



# BARNOOTA HERREGAA


Kitaaba Barataa  
Kutaa 6

ISBN 978-99944-2-162-6

BARNOOTA HERREGAA Kitaaba Barataa Kutaa 6

# BARNOOTA HERREGAA

Kitaaba Barataa  
Kutaa 6




Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatwaa Itoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa

MOE



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatwaa Itoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa

# KITAABA KANA HAALA GAARIITIIN QABACHUUN ITTI GARGAARAMI



Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetii dha.

Akka miidhaa irra hingeessisne yookiin miidhaan akka irra hin geeny eeggadhu.

Kitaaba kana haala gaariitiin qabachuuf, qajeelfamoota armaan gadiitti fayyadami.

- 1** Kitaabicha gaazexaa, pilaastikii yookaan waraqaadhuma argatte itti huffisi.
- 2** Kitaabicha yeroo hunda bakka gogaa fi qulqulluu ta'e kaa'i.
- 3** Kitaabicha yeroo hunda harka qulqullutiin qabadhu.
- 4** Qola isaa irratti yookaan keessa isaatti hoomayyu hin barreessiin.
- 5** Bakka booda banachuu barbaadu kaardiin yookaan waraqaan gabaabaa keessa kaa'uun mallattoo taasifadhu.
- 6** Fuula tokko yookiin fakkii tokkollee keessaa tarsasuuf hin yaaliin.
- 7** Fuulli tarsa'e yoo jiraate, haphee yookiin pilaasteriin deebisii walqabsiisi.
- 8** Karaa irrattiis haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
- 9** Kitaabicha yommuu nama biraatti kennitu eeggadhu.
- 10** Kitaaba haaraatti yeroo duraatiif yommuu gargaaramtu, kitaabicha, dugdaan ciibsi si'a tokko fulota muraasa qofa galagalchi. Suuta jedhii jidduu kitaabichaa harkaan gadi qabi. Haalli kunis qolli kitaabichaa akka hin miidhamne gargaara.



# **BARNOOTA HERREGAA**

## **KITAABA BARATAA**

**KUTAA 6<sup>ffaa</sup>**

### **Barreessitootaa fi Gulaaltota**

Abraham Kumsaa

Daanyee Girmaa

Saamu'eel Asaffaa

Kabbadaa Likkaasaa

Biraanuu Guutaa

Hundumaa Laggasa

### **Madaaltota**

Xilaahun Alamuu

Aliyyi Uluu

Laggasaa Tarrafaa



**Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti  
Ministeera Barnootaa**



Kan maxxanfame ALI bara 2003 Ripaablikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti pirojekti fooyya'insa Barnoota walii-galaatini dha. Pirojektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaablikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati. Mirgi hundi eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yookiin haala labsii Ripaablikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yookiin mirga ollummaan qabu eegsiisuun kaninni hayyameef irraa barreeffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin itti gargaaramuuf kaawwachuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yookiin kuusuun dhorkaa dha.

Ministeeri Barnootaa qaamota, gareeewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalan galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hin fudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamnaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiiloo, Lakkofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

### *Qophaa'ee kan maxxanfame*

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.  
24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,  
New Delhi – 110002, INDIA

*fi*

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE  
P.O. Box 21073  
ADDIS ABABA, ETHIOPIA  
under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.  
ISBN: 978-99944-2-162-6

# BAAFATA

---

## BOQONNAA

1

### YAAD-RIMEE TUUTOTAA..... 1

---

1.1 Seensa Tuutotaa.....	2
1.2 Hariiroo Tuutotaa.....	7
1.3 Tuutota Qoyyabuu .....	12

## BOQONNAA

2

### HIRAMUMMAA LAKKOOF SOTA HUNDAA ..... 25

---

2.1 Hiikoo Hiramummaa .....	26
2.2 Hirmaattotaa Fi Hiramoota.....	34

## BOQONNAA

3

### FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTA ..... 51

---

3.1 Firaakshinoota Salphisuu .....	53
3.2 Jijiirraa Firaakshinootaa, Deesimaalotaa Fi Dhibbantaa .....	56
3.3 Firaakshinoota Waliin Madaaluu Fi Tartibessuu .....	67
3.4 Ida'uu Fi Hir'isuu Firaakshinootaa Fi Deesimaalotaa.....	70
3.5 Baay'isuu Fi Hiruu Firaakshinootaa Fi Deesimaalotaa.....	76

## **BOQONNAA**

**4**

### **INTIIJAROOТА .....** 87

- 4.1 Seensa Intijarootaa.....** 88
- 4.2 Intijaroota Waliin Madaaluu Fi Tartibessuu .....** 92
- 4.3 Intijaroota Ida'uu Fi Hir'isuu.....** 96

## **BOQONNAA**

**5**

### **HIMOOTA WAL-QIXAA FI HIMOOTA WAL-CAALMAA SARARAAWAA**

### **FI PIROPPORSHINAALUMMAA .....** 103

- 5.1 Furmaata Himoota Wal-Qixaa Sararaawaa Fi Himoota  
Wal-Caalmaa Sararaawaa Sasalphoo.....** 104
- 5.2 Ko'oordinateeta .....** 111
- 5.3 Piropporshinaalummaa .....** 115


## **BOQONNAA**

**6**

### **JI'OOMEETIRII FI SAFARA .....** 129

- 6.1 Kofoota .....** 130
- 6.2 Rog-Sadoota Ijaaruu .....** 138
- 6.3 Rog-Sadoota Walittigaloo .....** 147
- 6.4 Safari .....** 159

# BOQONNAA 1



## YAAD-RIMEE TUUTOTAA

Kaayyoo Gooroo Boqonnaa

*Xumura Barnoota boqonnaa kanaa booda:*

- *yaad-rimee tuutotaa ni hubatta.*
- *hariiroo tuutota lamaa ni ibsita.*
- *makaa fi kipha tuutotaa ni barbaadda.*

Qabiyyeewan ijoo

**1.1 Seensa Tuutotaa**

**1.2 Hariiroo Tuutotaa**

**1.3 Tuutota Qoyyabuu**

Mirkaneeffannoo

Cuunfaa Boqonnaa

Gilgaala Kessa Deebii

## SEENSA

Jirenya guyyaa guyyaa keessatti yeroo baay'ee waa'een "tuutotaa" ni ka'a. Fakkeenyaaf yeroo waa'ee garee barattoota daree keessaa, garee taphattoota kubbaa miilaa, tuuta re'oottaa, tuuta sinbiroowwanii yookiin wa'ee walitti qabama waantootaa yoo dubbannu, wa'ee tuutotaa dubbanna.

Boqonnaa 1<sup>ffaa</sup> kana keessatti, waa'ee yaad-rimeewan iwoo tuutotaa, fi mallatoo tuutotaa ni baratta. Kana malees hariiroo tuutota lama gidduu fi qoyyaboota tuuta lamaa (makoo fi kipha tuutotaa), danaa veeniin fayyadamuun akkaataa itti makoo fi kiphini tuutotaa ibsamuu, fi itti fayyadama tuutotaa tokko tokkoo ni baratta.


### 1.1 SEENSA TUUTOTAA

Golee boqonnaa kanaa keessatti waa'ee yaad-rimeewan iwoo tuutotaa, hiikoo tuutaa, miseensa tuutaa, tuuta dhaabataa, tuuta fusfaa, fi tuuta duwwaa ni baratta. Dabalataanis, mallattoolee tokko tokko kan tuuta keessatti fayyadamnuu fi akkaataa hojii irra oolmaa isaanii ni baratta.

#### 1.1.1 Hiikoo tuutaa

##### Gocha 1.1

Fakkiwwan armaan gadii ilaali.



Danaa 1.1

- 1 Tokkoo tokkoo fakkiwwan kanaa akkamitti ibsita?
- 2 Dirree kubbaa miilaa danaa kana keessa jiru keessatti maal argita?
- 3 Garee kamtu miseensa baay'ee qaba?

Jirenya keenya guyyaa guyyaa keessatti yeroo baay'ee waa'ee tuutota adda addaa ni kaafna.

**Hiikoo 1.1:** Tuutni walitti qabama waantota siritti ibsamaniiti. Waantonni tuuticha keessatti walitti qabaman miseensota tuutichaa jedhamu.

**Fakkeenya 1:**

- Tuuta barattoota shamarran daree keessaa.
- Tuuta barattoota mana barumsaa keessaa.
- Tuuta qotee bultoota ganda keessaa.
- Tuuta hojjetoota warshaa keessaa.

## Hojii Garee 1.1

- 1 Miseensota tuutota armaan gadii adda baasi.
  - a Tuuta barattoota dhiiraa daree kee keessaa.
  - b Tuuta shamarran kophee gurracha godhatanii.
  - c Tuuta barattoota ciccimoo daree kee keessaa.
  - d Tuuta lakkofsota lakkawwii kan kudhanii gadii.
  - e Tuuta lakkofsota lakkawwii.
- 2 Garee miseensa sadii qabu ijaaruun, gareedhaan, deebiwwan gaaffii tokkoffaa armaan oliif kennitan irratti mariyadhaa.
  - a Deebii dhuunfaadhaan kennitan irratti garaagarummaan jiraa? Madda garaagarummaa kanaa irratti mariyadhaa.
  - b Kanneen siritti ibsaman adda baasa.

Tuutni tokko sirriitti ibsameera yoo jennu, wanti tokko yoo nuuf kenname, wantichi miseensa tuutichaa ta'uuf dhiisuu isaa shakkii malee murteessuu danda'u qabna. Tuutni yeroo moggaafamu qubeewwan gurguddaadhaan moggaafama. Tuuta miseensota isaatti fayyadamuun yoo ibsinu miseensota isaa tarreessuun mallattoo “{ }” keessatti (quodduun adda baasuun) hammachiisna.

Tuuta lakkofsota lakkawwii 5 gadii fudhadhu. Miseensotin tuuta kanaa maal fa'i? Tuuta kana qubee guddaa A fayyadamuun yoo moggaaste,

$$A = \{1, 2, 3, 4\}$$

Miseensoni tuuta A, quodduu (,) tiin fo'amanii jiru. 3 miseensa tuuta kanaa ta'uuf mallattoon yoo ibsitu  $3 \in A$  jetteeti.

Mallattoon “€” qubee Afaan Giriikii ti. Nuti asitti hariororo tuutaa fi miseensa isaa gidduu jiru ibsuuf itti fayyadamna.

$3 \in A$ , yoo dubbistu, 3 miseensa tuuta A ti jetta. Kana malees,  $2 \in A$ , yoo dubbistu 2 miseensa tuuta A ti.

5 miseensa tuuta A ti?

Fakkenya kenname keessatti, 5 miseensa tuuta A miti. Kana mallatoodhaan  $\notin A$  jettee barreessuun ibsita. Kana jechuun 5 miseensa tuuta A miti jechuu dha. Kanaaf, “ $\in$ ” mallattoo miseensummaa kan ibsu yoo ta’u, “ $\notin$ ” ammoo mallattoo miti miseensummaa ibsa.

**Fakkenya 2:** Tuuta D araan gadii, kan miseensonni isaa lakkofsota lakkaawwii 3 fi 9 gidduu jiran fudhadhu.

$$D = \{4, 5, 6, 7, 8\}$$

Tuutni D kun miseensota 5 qaba. Kun mallatoodhaan yoo ibsamu,  $b(D) = 5$ . Kana ammoo yoo dubbisnu, baay’inni miseensosta tuuta D 5 jenneeti.

### Gilgaala 1.1

- 1 Walitti qabama araan gadii keessaa kan sirriitti ibsaman kami? Maaliif?
    - a Tuuta lakkofsota mangoo 9 gadii.
    - b Walitti qabama sinbirroowwan babbareedduu paarkii Oomoo keessaa.
    - c Shamarran babbareedoo daree kee keessaa.
    - d Walittii qabama bineensota Oromiyaa keessaa.
  - 2 Ibsamoonni araan gadii mallattoo herregaatti fayyadamuun akkamitti ibsamu?
    - a y’n miseensa tuuta S ti
    - b y’n miseensa tuuta S miti.
  - 3 Bakka duwwaa araan gadii keessatti mallattoo  $\in$  barreessuun himicha dhugaa taasisaa?
    - a 6 \_\_\_\_\_ {1, 2, 3, 5}
    - b 24 \_\_\_\_\_ {2, 4, 6, 8}
    - c 7 \_\_\_\_\_ Tuuta lakkofsota kopxii
    - d 5 \_\_\_\_\_ {1, 2, 3, ...8}
  - 4 Baay’ina miseensota tuutota araan gadii barreessi.
    - a Tuuta lakkofsota hundaa irra xiqqaa 4
    - b  $F = \{a, b, i, o, u\}$
  - 5 Tuuta B araan gadii kan atileetota dhiiraa Itoophiyaa warraa Olompikii irratti meedaaliyaa warqee fudhatan qabate fudhadhu.
- B = {Miriuts, Haayilee, Qananiisaa}
- a Miseensonni tuuta kanaa eenu fa’i?
  - b Himni Miriuts  $\in$  B jedhu dhugaa dhaa?
  - c Himni Xurunesh  $\in$  B jedhu dhugaa dhaa?
  - d Himni Daratuun  $\notin$  B jedhu dhugaa dhaa?

## Tuuta duwwaa

### Gocha 1.2

Tuutota armaan gadii fudhadhu. Miseensota tuutota kanaa hunda isaanii barreessi.

- a** Tuuta lakkoofsota lakkaawwii irra xiqqaa 3.
- b** Tuuta barattoota daree kee keessaa kan umuriin isaanii 12 ta'e.
- c** Tuuta barattoota daree kee keessaa kan umuriin isaanii 100 ta'e.
- d** Tuuta beeladoota mana keessan keessaa kanneen miila shan qaban.

Wayitii gaaffiiwan armaan olii deebisuuf yaaltutti, tuutonni tokko tokko akka miseensa hin qabane hubatteetta ta'a. Hiikoon tuuta akkasii akka armaan gadiitti kennama.

**Hiikoo 1.2:** Tuutni miseensa hin qabne **tuuta duwwaa** jedhama. Tuutni duwwaan mallattoo {} yookiin Ø tiin ibsama.

**Fakkeenyaa 3:** Kanneen armaan gadii fakkeenyota tuuta duwwaa ti.

- Tuuta barattoota daree kee keessaa kanneen dheerinni isaanii meetira afur ta'e.
- Tuuta barattoota daree kee keessaa kan umuriin isaanii 100 ta'e.
- Tuuta namoota samii keessa baallee baasanii balali'anii.
- Tuuta rog-afreewan geengoo ta'anii.

## Hojii Garee 1.2

Kanneen armaan gadii keessaa kamtu tuuta duwwaa dha? Gareedhaan mari'adhaa.

- a** A = Tuuta barattoota daree kee keessaa kan miila sadii qaban.
- b** B = Tuuta lakkoofsota guutuu fi kopxii ta'anii.
- c** C = Tuuta fardeen samii keessa balali'anii.
- d** D = Tuuta lafa, urjii fi addeessa qabate.
- e** E = Tuuta rektaangilootaa, kan iskuweerii ta'anii.

## Tuuta dhaabataa fi tuuta fufaa

### Gocha 1.3

Tokko tokkoon tuutota armaan gadii miseensota meeqa qabu?

- a** {a, e, i, o, u}
- b** Tuuta lakkoofsota guutuu kan irra xiqqaa 10.
- c** Tuuta lakkoofsota mangoo irra xiqqaa 10.
- d** Tuuta lakkoofsota lakkaawwii.

**Hiihko 1.3:** Baay'inni miseensota tuuta tokkoo lakkaawamee kan dhumu yoo ta'e, tuutichi tuuta dhaabataa jedhama. Yoo kana hin ta'iin tuutichi tuuta fufaa jedhama.

**Fakkeenyaa 4:**

- a A = {0, 1, 2, 3, ..., 9} tuuta dhaabataaa dha. Tuutni A miseensota 10 qaba, kana jechuun b(A) = 10.
- b Tuutni B = lakkoofsota lakkaawwii 2 fi 15 gidduu, tuuta dhaabataa dha. b(B) = 12.
- c C =  $\emptyset$ , tuuta dhaabataa dha. Sababni isaas, C'n tuuta duwwaa waan ta'eef, b(C) = 0.
- d Tuutni lakkoofsota lakkaawwii tuuta fufaa dha.
- e Tuutni firaakshinootaa tuuta fufaa dha.

**Gilgaala 1.2**

- 1 Fakkeenyota tuuta duwwaa afur kenni.
- 2 Mallattoolee armaan gadii keessaa kamtu mallatto tuuta duwwaa ti?
  - a  $\emptyset$
  - b { }
  - c  $\{\emptyset\}$
  - d {0}
  - e 0
- 3 Tuuttonni armaan gadii miseensota meeqa qabu?
  - a A = {0}
  - b B = {1, 2}
  - c C = {0, 1, 2}
  - d D = {0, 1, 2, 3}
  - e E =  $\emptyset$
- 4 Tuutota A fi E gaaffii 3<sup>ffaa</sup> armaan olii fudhadhu. b(A) = b(E) ta'aa? maaliif?
- 5 Tuutota armaan gadii keessaa kamtu tuuta dhaabataa dha? Kamtu tuuta fufaa dha?
  - a Tuuta barattoota daree kee keessaa.
  - b Tuuta lakkoofsota lakkaawwii irra guddaa 20.
  - c Baay'ina konkolaattota addunyaa kan bara 2002 keessa oomishaman.
  - d Tuuta tuuqaalee sarara dhaabataa tokko irraa.
  - e Tuuta lakkoofsota guutuu 2 fi 4 gidduu.
  - f Tuuta firaakshinootaa 1 fi 2 gidduu.
- 6 Mee A = {0, 1, 2, 3}, B = Tuuta lakkoofsota lakkaawwii irra xiqqaa 30 kan hiramaa 5 haa ta'an. Kanneen armaan gadii barbaadi.
  - a b(A)
  - b b(B)

## 1.2 HARIIROO TUUTOTAA

Mata duree kana keessatti, waa'ee hariiroo tuutota lamaa, cita tuutaa, cita sirrii tuutaa, tuutota wal-madaaloo fi tuutotaa wal-qixaa ni baratta.

### 1.2.1 Cita tuutaa fi cita sirrii tuutaa

#### Gocha 1.4

Tuutota A fi B kanneen armaan gaditti kennaman fudhadhu.

$$A = \{a, b, 1, 3, 4\};$$

$$B = \{b, 1, 3\}$$

- a** Miseensonni tuuta B kanneen tuuta A keessatti argaman jiruu? adda baasi.
- b** Miseensonni tuuta A kanneen tuuta B keessatti hin argamne jiruu? adda baasi.
- c** Miseensi tuuta B hundi miseensa tuuta A ti?
- d** Miseensi tuuta A hundi miseensa tuuta B ti? Kanneen miseensa A ta'anii miseensa B hin taane adda baasi.
- e** Tuuta A moo tuuta B tu miseensa baay'ee qaba?

**Hiikoo 1.4:** A fi B'n tuutota ta'anii miseensonni tuuta B marti miseensa tuuta A yoo ta'an B'n cita tuuta A ti jedhama. Mallattoon cita tuutaa " $\subseteq$ " dha.

$B \subseteq A$  jechuun "tuutni B cita tuuta A" ti jechuu dha.

**Fakkeenya 1:** Tuutota A fi B armaan gadii fudhadhu.

$$A = \{1, 2, 3, a, b, c\}; B = \{a, 2, b\}$$

Miseensonni tuuta B: a, 2, fi b dha. Warreen kun hundi isaanii miseensota tuuta A ti. Kanaaf tuutni B cita tuuta A ti jenna.

Mallatoodhaan  $B \subseteq A$ .

**Hiikoo 1.5:** Fakkeenya 1 armaan olii irraa wanti hubattu, miseensi tokko, kan tuuta A keessa jiru, garuu tuuta B keessa kan hin jiraanne yoo ta'e, tuutni A cita tuuta B miti jenna. Mallatoodhaan,  $A \not\subseteq B$ . jennee barreessina.

**Hubadhu:**

- 1 Tuuta A kamiifiyyuu  $A \subseteq A$  ti ( tuutni kamiifiyyuu cita tuutaa mataa isaati)
- 2 Tuuta A kamiifiyyuu  $\emptyset \subseteq A$  ti. (tuutni duwwaan cita tuuta hundaa ti)

## Hojii Garee 1.3

1 Mee tuuta M = {a, 1, 2} fudhadhaa.

Miseensota tuuta M kanatti fayyadamuun, tuutota adda addaa kan

a Miseensa tokko qaban ijaaraa.

b Miseensota lama qaban ijaaraa.

c Walumaa galatti a fi b armaan olii keessatti tuutota meeqa argattan?

2 Gabatee armaan gadii guutaa.

Tuuta A	Baay'ina miseensota tuuta A	Citoota tuuta A	Baay'ina citoota tuuta A
A = $\emptyset$	0	$\emptyset$	-
A = {a}	1	$\emptyset, \{a\}$	2
A = {a, b}	2	-	-
A = {a, b, c}	-	$\emptyset, \{a\}, \{b\}, \{c\}, \{a,b\}, \{a,c\}, \{b,c\}, \{a,b,c\}$	-

3 Gabatee armaan oliitti guuttan xiinxaluun kanneen armaan gadii deebisaa.

a Hariiroon baay'ina miseensota tuutaa fi baay'ina citoota tuutichaa gidduu jiru maali?

b Hariiroo kana irraa ka'uun tuutni {a, b, c, d} kan miseensa 4 qabu, citoota tuutaa meeqa qaba?

c Tuutni miseensota 5 qabu citoota tuutaa meeqa qabaata?

4 Akka walii galaatti tuutni tokko baay'inni miseensota isaa yoo n ta'e citoota tuutaa meeqa qabaata?

**Fakkeenyä 2:** Tuutota M, N fi P kanneen armaan gaditti kennaman fudhadhu.

$$M = \{1, 2, 3, c, e, 4\}$$

$$N = \{2, 3, 4, a, d, 5\}$$

$$P = \{1, 2, 3, c, 4, e, f\}$$

$$M \not\subseteq N. \text{ Sababni isaas } c \in M \text{ ti, garuu } c \notin N.$$

$$M \subseteq P. \text{ Sababni isaas, miseensonni tuuta M hundi miseensa tuuta P ti.}$$

## Gocha 1.5

Tuutota A fi B, kan armaan gaditti kennaman ilaali.

$$A = \{w, x, y, 12, 16\}; B = \{y, z, 12, 16, w, x\}$$

- a** Tuutni A cita tuuta B ti? B'n cita tuutaa A ti ? Maaliif ?
- b** Tuuttonni A fi B'n miseensota meeqa qabu?
- c** Kamtu miseensa baay'ee qaba? Tuuta A moo tuuta B?

**Hiikoo 1.6:** A fi B'n tuutota yoo ta'anii fi  $A \subseteq B$  fi  $B \not\subseteq A$  yoo ta'e,  $A \subset B$  jenna.  $A \subset B$  jechuun "tuutni A cita sirrii tuuta B" ti jechuu dha, yookiin "tuutni A cita xiqqaa tuuta B" ti jechuu dha.

### Fakkeenyaa 3:

$$A = \{2, 3, 4\}; B = \{2, 3, 4, 5, 11\}; C = \{4, 11\}; D = \{\}; E = \{1, 2, 3, 4, 5, 11\}$$

- |                        |                        |                        |
|------------------------|------------------------|------------------------|
| <b>a</b> $A \subset B$ | <b>b</b> $C \subset E$ | <b>c</b> $C \subset B$ |
| <b>d</b> $D \subset A$ | <b>e</b> $D \subset B$ | <b>f</b> $D \subset C$ |

## Gilgaala 1.3

**1** Mee C = {☺, ❤, +}; D = {☺, ❤, +, □, △}

Tuutni C cita tuuta D tii? Maaliif?

**2** Mee A = {3, 5, t}

- a** Citoota tuuta A hunda isaanii barreessi.
- b** Citoota sirrii tuuta A kan miseensa tokko qaban barreessi.
- c** Citoota sirrii tuuta A kan miseensa 2 qaban barreessi.
- d** Walumaa galatti tuutni A, citoota sirrii meeqa qaba?

**3** Tuutni armaan gadii tuuta guyyoota torbaan tokkoo qabate dha.

T= { Dilbata, Wiixata, Kibxata, Roobii, Kamisa, Jimaata, Sanbata xiqqaa }

Citoota tuuta kanaa kan qabee k tiin jalqaban barreessi.

**4** Citoota tuutaa, tuuta D = {a, b, c, d} kanneen miseensota sadii sadii qaban barreessi.

**5** Tuutota armaan gadiif citoota tuuta isaanii hunda barreessi.

- |                    |                  |
|--------------------|------------------|
| <b>a</b> {1, 2, 3} | <b>b</b> { 5, 9} |
|--------------------|------------------|

**6** Yoo A = {2, k, 3, m, 4, n, 5} ta'e, citoota sirrii tuuta kanaa lama barreessi.

7 Bakka duwwaa arman gadii keessa mallattoo ⊂ yookiin ⊈ ka'i.

- a  $K = \{x \in \mathbb{N} : x \text{'n lakkoofsa kopxii dha}\}; L = \{2, 3, 5, 7\}$

$K \underline{\hspace{2cm}} L$

- b  $K = \{l, m, n, o, p\}; L = \{l, o, p, m\}$

$L \underline{\hspace{2cm}} K$

- c  $K = \{t, a, c, t, I, c\}; L = \{c, a, t\}$

$L \underline{\hspace{2cm}} K$

- d  $K = \{x \in \mathbb{N} : x < 20\}; L = \{x \in \mathbb{N} : x < 10\}$

$L \underline{\hspace{2cm}} K$

### 1.2.2 Tuutota walii gitaa fi tuutota wal-qixaa

Tuutota A fi B armaan gaditti kennaman ilaali.

$$\begin{aligned} A &= \{\text{😊}, \text{⭐}, \text{cilindro}, \text{❤️}\} \\ B &= \{\triangle, \square, \star, \odot\} \end{aligned}$$

Danaa 1.2

Tuutni A fi B'n miseensota adda addaa qabu. Tuutonni kun wal-qixa miti. Garuu miseensota tuutota kanaa tokko tokko waliin camaduun ni danda'ma.

Tuutota C fi D, kan [danaa 1.3](#) jalatti kennaman ilaali. Miseensota tuuta C fi D, tokko tokkoon camaduun danda'ama? Akka hin danda'amne ni hubatta.

$$C = \{\text{📄}, \text{📄}, \text{📄}, \text{📄}, \text{📄}\}$$



$$D = \{\text{铅笔}, \text{铅笔}, \text{铅笔}, \text{铅笔}\}$$

Danaa 1.3

**Hiikoo 1.7:** Tuutonni lama, baay'ini miseensota isaanii wal-qixa yoo ta'e, tuutonni kun tuutota wal-madaalan yookiin tuutota walii gitaa jedhamu.

Mallatoonis  $A \leftrightarrow B$  jennee barreessina.

#### Fakkeeny 4:

- i Tuutota X fi Y armaan gaditti kennaman fudhadhu.


$$X = \{1, 2, 4, a, b, c\}; Y = \{a, 6, 10, 12, b\}$$

Tuutonni X fi Y'n walii gita miti, baay'inni miseensota isaanii walqixa miti, sababni isaas miseensota isaanii tokko tokkoon walitti camaduun hin danda'amu.

- ii** Tuutota R fi S armaan gadii ilaali.

$$R = \{2, 4, 6, 8, 10, 12\}; S = \{1, 2, 3, 4, 5, 6\}$$

$$R \leftrightarrow S$$



## Gocha 1.6

Tuutota M fi N armaan gadii fudhadhu.

$$M = \{1, 3, 7, 8, 9\}; N = \{3, 7, 1, 9, 8\}$$

- a** M fi N'n tuutota walii gitaa ti? maaliif?
- b** Tuutni M cita tuuta N ti?
- c** Tuutni N cita tuuta M ti?

**Hiikoo1.8:** Tuuttonni A fi B'n miseensota gosa tokko yoo qabatan, tuutota wal-qixaa jedhmu. Jechuunis tuuttonni lama A fi B'n wal-qixa kan jedhaman yoo miseensonni tuuta A hundi miseensota tuuta B ta'anii fi miseensonni tuuta B hundi miseensosta tuuta A ta'ani dha.

**Mallattoo:**  $A = B$ , tuutni A tuuta B waliin wal-qixa dha.

**Hubadhu:**

$A = B$  yoo ta'e, lamaanuu cita tuutaa waliif ta'uu qabu.

$A \subseteq B$  fi  $B \subseteq A$  yoo ta'an,  $A = B$ .

**Fakkeeny 5:**

$$A = \{x \in \mathbb{N} : x \text{ n irra xiqa 7 ti}\}; B = \{1, 2, 3, 4, 5, 6\}$$

$A \subseteq B$  fi  $B \subseteq A$  ti. Kanaaf,  $A = B$

## Gilgaala 1.4

- 1** Miseensonni tuutaa haala adda addaatiin walitti firoomuu danda'u. Tuutotni waliiif gitaa lamaan armaan gadii karaa lama walitti firoomsamaniiru. Tuutota kana karaa biroo lama walitti camadi.

$$A = \{\text{smiley face}, \text{star shape}, \text{cylinder}\}$$

$$B = \{\triangle, \square, \star\}$$

$$A = \{\text{smiley face}, \text{star shape}, \text{cylinder}\}$$

$$B = \{\triangle, \square, \star\}$$

Danaa 1.4

- 2** Tuutota armaan gadii keessaa warreen waliigita ta'an adda baasi.  
 A = {a, b, c}                      B = {1, 2, 3}  
 C = { , , }              D = { , , , }
- 3** Tuuta A = {kitaaba, Qubeessaa, haqxuu}. Tuutota A waliin gita ta'an sadii barreessi.
- 4** Citoota tuuta {p, q, r, s} keessaa warraa tuuta {1, 2} tiif gitaa 6 barreessi.
- 5** Tuutota armaan gadii keessaa isaan kamtu tuutota wal-qixaa ti?  
 A = {0, 2, 4, 6, 8}; B = Tuuta lakkofsota guutuu irra xiqqaa 10.  
 C = {4, 8, 0, 6, 2}; D = {4, 8, 6, 2}  
 E = {2, 2, 2, 4, 6, 8}; F = {2, 4, 8, 6, 4}
- 6** Mee A = {1, 3, 5, 7, 9}  
 B = Tuuta lakkofsa mangoo irra xiqqaa 10; A = B ta'aa? Maaliif?

## 1.3 TUUTOTA QOYYABUU

Lakkofsota yoo qoyyabnu, qoyyaboota bu'uuraa afran, ida'uu, hir'isuu, baay'isuu fi hiruutti fayyadamna. Qoyyabonni hundinuu lakkofsa bira ni kenu. Haaluma wal-fakkaatuun qoyyabonni tuutota lama walitti fiduun tuuta bira nuuf kennan jiru. Mata duree kana jalatti, qoyyaboota tuutaa lamaa: makaa tuutotaa fi kipha tuutotaa ni baratta.

### 1.3.1 Kipha tuutotaa

#### Gocha 1.7

Tuutota armaan gadii lamaan fudhadhu.

$$A = \{r, s, t, u, v\}; B = \{a, r, b, s, c\}$$

- a**    Miseensota A keessatti, akkasumas B keessatti argaman adda baasi.
- b**    Tuuta bira kan miseensota walii A fi B qabate ijaari.

**Hiioko 1.9:** Kiphni tuutota lamaa A fi B, tuuta miseensota A isaan miseensota B ta'an of keessaa qabu dha.

**Mallatoodhan:** “A ∩ B” ta'a . yoo dubbistus “A kipha B” jetteeti.

**Hubadhu:** Miseensonni A ∩ B miseensosta walii A fi B ti. Kana jechuun tuuta kanneen miseensota tuutota lamaanuu keessatti argaman qabate jechuu dha.

**Fakkeenyaa 1:**

a       $A = \{0, 1, 2\}$   
 $B = \{2, 0, 5, 6\}$   
 $A \cap B = \{0, 2\}$

b       $P = \{2, 3, 5, 7\}$   
 $Q = \{2, 3, 5, 7, 9, 11\}$   
 $P \cap Q = \{2, 3, 5, 7\}$   
 $Q \cap P = \{2, 3, 5, 7, 9, 11\}$

**Tuutota Waliif Alagaa**

Kiphni tuutota lamaa tuuta duwwaa yoo ta'e, tuutonni kun tuutota **waliif alagaa** jedhamu. Kana jechuun tuutonni lamaan kun miseensa tokko illee waliin hin qaban jechuu dha.

**Fakkeenyaa 2:**

$A = \{4, 5, 8\}; B = \{6, 7\}$   
 $A \cap B = \emptyset$   
Kanaaf, A fi B'n tuutota waliif alagaa dha.

**Hubadhu:** Tuutni A fi B, tuutota waliif alagaa yoo ta'an,  $A \cap B = \emptyset$

**1.3.2 Makoo tuutotaa**

Akkuma kipha tuutotaa, makoon tuutotaa qoyyaba tuutota irratti ittiin hojjannu dha.

**Gocha 1.8**

Tuutota armaan gadii fudhadhu.

$A = \{\text{Daraaraa, Tolaa, Abdi, Tokkummaa}\};$   
 $B = \{\text{Almaaz, Adunyaa, Tokkummaa, Faaxumaa}\}$

Tuuta miseensota A yookiin miseensota B yookiin miseensosta A fi B qabate ijaaruun ibsi.

**Hiikoo 1.10:** Makoo Tuutota lamaa A fi B jechuun, tuuta miseensonni isaa miseensota A yookiin miseensota B yookiin miseensosta A fi B ta'ani dha.

**Mallattoo:** Makaa Tuutota lamaa A fi B mallattoo  $A \cup B$  tiin isbsina.

**Yoo dubbisnu "A makoo B" jenna.**

**Fakkeenyaa 1:**

a      Yoo  $A = \{1, 3, 5, 7\}$  fi  $B = \{2, 4, 6\}$  ta'e,  
 $A \cup B = \{1, 2, 3, 4, 5, 6, 7\}$

b      Yoo  $C = \{a, b, c\}$  fi  $D = \{d, e, f, g\}$  ta'e  
 $C \cup D = \{a, b, c, d, e, f, g\}$

## Hojii Garee 1.4

Mee A = {3, 4, 5, 6} fi B = {5, 6, 7} fudhadhu.

- a** Tuutni A miseensa meeqa qaba? Tuutni B hoo?
- b** Tuutni A ∪ B miseensa meeqa qaba?
- c** Baay'ina miseensota A ∪ B argachuuf, baay'ina miseensota A fi baay'ina miseensota B walitti ida'uu qabna? Maaliif?

Mee Tuutota armaan gadii fudhadhu

Yoo C = {1, 3, 5, 7, 9} fi D = {2, 4, 6, 8} ta'e,

$$C \cup D = \{1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8, 9\}$$

$$C \cap D = \emptyset \text{ (C fi D'n tuutota waliif alagaa dha).}$$

Kana malees, b(C) = 5, b(D) = 4, b(C ∪ D) = 9, b(C) + b(D) = 5 + 4 = 9

Kanaaf, b(C ∪ D) = b(C) + b(D)

Fakkeenya kana keessatti tuutonni lamaan waliif alagaa dha. Baay'ini miseensotaa makoo tuutota lamaanii ida'ama baay'ina miseensosta tuutota lamaanii ti.

Gara biraatiin akkuma **hojii garee 1.4** irraa hubatamutti tuutonni lamaan waliif alagaa yoo hin ta'ani (miseensa walii yoo qabaatan jechuu dha); baay'inni miseensotaa makoo tuutota lamaanii, yeroo hundaa baay'ina ida'ama miseensota tuutota lamaanii irraa baay'inni miseensota walii hir'isuun argama.

Kana jechuun, yoo A fi B'n tuutota ta'anii fi A ∩ B ≠ ∅ yoo ta'e,

$$b(A \cup B) = b(A) + b(B) - b(A \cap B)$$

### Fakkeenya 2:

- a** A = {2, 4, a, b, 6} fi B = {c, d, 2, r, 4}  
 $A \cup B = \{2, 4, 1, b, 6, c, d, r\}$  fi  $A \cap B = \{2, 4\}$   
 $b(A) = 5, b(B) = 5$   $b(A \cap B) = 2$   
Kanaaf,  $b(A \cup B) = b(A) + b(B) - b(A \cap B)$   
 $= 5 + 5 - 2 = 8$
- b** Yoo A = {Daraartuu, Humneessaa, Alii, Birruu} fi  
B = {Almaaz, Biiftuu, Birruu, Biqiltuu} yoo ta'e,  
 $A \cup B = \{Daraartuu, Humneessaa, Alii, Birruu, Almaaz, Biiftuu, Biqiltuu\}$   
 $A \cap B = \{Birruu\}$   
 $b(A) = 4; b(B) = 4; b(A \cap B) = 1$   
 $b(A \cup B) = b(A) + b(B) - b(A \cap B)$   
 $= 4 + 4 - 1 = 7$

### Gilgaala 1.5

- 1** Kipha tuutota armaan gadii barbaadi.
- a**  $A = \{a, b, c, d, e\}; B = \{a, e, i, o, u\}$
- b**  $A = \{x \in \mathbb{N} : x \text{ n lakkoofsa kopxii irra xiqqaa } 10\};$   
 $B = \{y \in \mathbb{N} : y \text{ n lakkoofsa mangoo irra xiqqaa } 10\}$
- c**  $A = \{\text{Adurree, Saawwa, Farda, Harree}\}; B = \{\text{Leenca, Qeerransa, Arba}\}$
- 2** Bakka duwwaa armaan gadii guuti.
- a** Yoo  $A \subseteq B$  ta'e,  $A \cap B = \underline{\hspace{2cm}}$       **b** Tuuta A kamiifuu,  $A \cap \emptyset = \underline{\hspace{2cm}}$
- c** Tuuta A kamiifuu,  $A \cup \emptyset = \underline{\hspace{2cm}}$       **d** Yoo  $A \subset R$  ta'e,  $A \cap R = \underline{\hspace{2cm}}$
- e** Tuuta A kamiifuu,  $A \cap A = \underline{\hspace{2cm}}$       **f** Tuuta A kamiifuu,  $A \cup A = \underline{\hspace{2cm}}$
- g** yoo  $A \subseteq B$  ta'e,  $A \cup B = \underline{\hspace{2cm}}$
- 3** Makoo tuutota armaan gadii barbaadi.
- a**  $A = \{a, b, c, d\}; B = \{b, d, e, f\}$
- b**  $X = \{2, 3, 6, 8, 10\}; Y = \{3, 6, 9, 12\}$
- c**  $P = \{\triangle, \square, \circlearrowleft, \star\}; Q = \{\triangle, \square, \circlearrowright\}$ .
- 4** Gaaffii 3<sup>ffaa</sup> armaan olii irratti hundaa'uun, kanneen armaan gadii deebisi.
- a**  $b(A \cup B) = \underline{\hspace{2cm}}$       **b**  $b(X \cup Y) = \underline{\hspace{2cm}}$       **c**  $b(P \cup Q) = \underline{\hspace{2cm}}$
- 5** Mee  $X = \text{Tuuta barattoota dhiiraa daree kee keessaa}$ .  
 $Y = \text{Tuuta barattoota dhiiraa daree kee keessa ta'aanii, garee kubbaa miilaa mana barumsaa keessa jirani haa jennu}$ .  
Dabalataan,  $b(X) = 22, b(Y) = 9$   
 $b(X \cap Y) = 4$  yoo ta'e,  $b(X \cup Y)$  barbaadi.
- 6** Mee  $X$  fi  $Y$ 'n tuutota haa jennu.  
 $b(X) = a, b(Y) = b$  fi  $b(X \cap Y) = c$  yoo ta'e,  
 $b(X \cup Y) = a, b$  fi  $c$  tti fayyadamuun ibsi. ( $a, b$  fi  $c$ 'n lakkoofsota lakkawwii ti)
- 7** Yoo  $A = \{2, 4, 6, 8\}; B = \{1, 3, 5\}$  fi  $C = \{a, b, c, d\}$  ta'e,
- a**  $A \cup B$  fi  $B \cup A$  barbaadi.  $A \cup B = B \cup A$  ta'aa?
- b**  $(A \cup B) \cup C$  fi  $A \cup (B \cup C)$  barbaadi.  $(A \cup B) \cup C = A \cup (B \cup C)$  ta'aa?

### 1.3.3 Danaa Veenii

Mata dureewwan armaan dura ilaalle keessatti; waa'ee hiikoo tuutaa, mallattoowwan tuutota keessatti fayyadamnuu, fi hariiroo tuutotaa baratteetta. Mata duree kana keessatti, akkaataa itti danaa Veeniitti fayyadamuun hariirroo tuutotaa ibsuun danda'amu ni baratta. Daanaan Veenii moggaasa kan argate, kabaja filoosofeeri herregaa lammii Ingiliizii ta'ee bara 1834 – 1923 jiraatee Roobert Veen jedhamuu irraa ka'uuni.

Danaa Veenii keessatti tuutonni danaa bifaa (boca) geengoo yookiin dulloo qabuun bakka buufamu. Miseensonni tuutichaa ammoo boca kana keessatti danaalee xixiqqoo fakkeessuun mul'ifamu.


**Fakkeenya 3:** Mee P = Tuuta lakkofsota mangoo 9 fi 19 gidduu jiran haa jennu. Danaa Veeniitti fayyadamuun tuuta kana ibsi.

**Furmaata:** Miseensota P hunda tarreessi.

$$P = \{11, 13, 15, 17\}$$


**Hubadhu:** 9 fi 19 gidduu yoo jennuu 9 fi 19 hin dabalatu.

Itti aansuun boca bifaa geengoo (killee) qabu fakkeessuun miseensota P achi keessatti tarreessi.



Danaa Veeniitti fayyadamuun hariiroo tuutotaa karaan itti ibsuu dandeessu hedduutu jira.


Fakkeenyaaf, yoo miseensi B hundi miseensa A ta'e,  $A \cap B = B$ . Akkasumas,  $A \cup B = A$ . Kana waan ta'eef, boca tuuta B bakka bu'u, boca tuuta A bakka bu'u keessatti hammachiisuun hojjenna. **Danaa 1.6** armaan gadii ilaali.



Haaluma wal fakkaatuun,  $A$  fi  $B$ 'n miseensa walii yoo qabaatan,  $(A \cap B \neq \emptyset)$ , yookaan  $b(A \cap B) \neq 0$  akka **Danaa 1.7** keessatti kaa'ameen fakkeessuu dandeenya.



Danaa 1.7 ( $A \cap B \neq \emptyset$ )  
Kan dibame  $A \cap B$  agarsiisa.  
 $A \cap B \neq \emptyset$



Kan dibame  $A \cup B$  agarsiisa

Danaa 1.8

Tuutonni A fi B'n ammoo waliif alagaa ( $A \cap B = \emptyset$ ) yoo ta'an, hariiroo isaan gidduu jiru akka Danaa 1.9 keessatti agarsiisuu dandeenya.



Danaa 1.9 ( $A \cap B = \emptyset$ ),  $b(A \cap B) = 0$

**Fakkeenya 4:** Danaa Veeniitti fayyadamuun hariiroo tuutota armaan gadii ibsi:


$$A = \{2, 4, 6\} \text{ fi } B = \{1, 2, 3, 4, 5, 6\}$$

**Furmaata:** (Danaa 1.10 ilaali).

**Tarkaanfii 1:** Geengoo tuuta A bakka bu'u , geengoo tuuta B bakka ba'u keessatti hammachiisuun fakkeessi.

**Tarkaanfii 2:** Miseensota tuuta A, geengoo tuutaa A bakka bu'u keessatti tarreessi.

**Tarkaanfii 3:** Miseensota B hafan B keessatti garuu A tiin alatti tarreessi.



Danaa 1.10



Fakkeenya itti aanu keessatti, danaa Veeniitti fayyadamuun akkaataa itti makoo fi kipha tuutotaa ibsuun danda'amu ilaalta.

**Fakkeenya 5:**

- a Yoo  $A = \{1, 2, 3, 4\}$  fi  $B = \{4, 5, 6\}$  ta'e,  $A \cup B$  fi  $A \cap B$  danaa veenii fayyadamuun agarsiisi.



**Furmaata:**  $A \cup B = \{1, 2, 3, 4, 5, 6\}$ , fi  $A \cap B = \{4\}$

$A \cup B$  fi  $A \cap B$  danaa 1.11 irratti isaan dibamanii dha.

A  $\cup$  BA  $\cap$  B



*Tuutoni lamaan miseensa walii ni qabu  
Danaa 1.11*

- b Yoo  $C = \{2, 3, 4, 5\}$  fi  $D = \{1, 6, 7, 8\}$  ta'e,  
 $C \cup D = \{1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8\}$  fi  $C \cap D = \emptyset$   
 $C \cup D$  fi  $C \cap D$  danaa 1.12 keessatti ibsamaniiru.

C  $\cup$  DC  $\cap$  D

*Tuutoni lamaan miseensa walii hin qabani  
Danaa 1.12*

- Yoo  $E = \{1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8\}$  fi  $F = \{6, 7, 8\}$  ta'e:  
 $E \cup F = \{1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8\}$  fi  $E \cap F = \{6, 7, 8\}$   
 $E \cup F$  fi  $E \cap F$  danaa 1.13 irratti ibsamaniiru (dibamanii)


E  $\cup$  FE  $\cap$  F

*Tuutni F citaa tuutaa sirrii tuuta E ti  
Danaa 1.13*

- Hubadhu:**
- a Kiphni tuutota waliif alagaa lamaa tuuta duwwaa dha.  
Kana jechuun  $C$  fi  $D$ 'n tuutota waliif alagaa yoo ta'an,  $C \cap D = \emptyset$ .
  - b Tuuta  $A$  kamiifuu,  $A \cup \emptyset = A$  fi  $A \cap \emptyset = \emptyset$ .
  - c Yoo  $F \subseteq E$  ta'e,  $E \cup F = E$  fi  $E \cap F = F$ .

**Fakkeenyaa 6:** Mana barumsaa tokko keessatti miseensonni gumii barnoota Herregaa (H) Roobaa, Ulfaataa, Bashaatuu fi Caaltuu dha. Miseensonni gumii barnoota Afaan Ingiliizii (I) immoo Bakakko, Tulluu, Roobaa fi Ulfaataa dha. Danaa Veenii itti fayyadamuun hariiroo tuutota kana lamaanii ibsi.

**Furmaata:**



Akkuma Danaa 1.14 irraa argamutti kan dibame Ulfaataa fi Roobaa miseensota gumii barnoota Herregaa fi Afaan Ingiliizii ti. Bashaatuu fi Caaltuu ammoo miseensa kan ta'an gumii barnoota Herregaa keessatti qofa dha. Bakakkoo fi Tulluu ammoo miseensa kan ta'an gumii barnoota Afaan Ingilizii keessatti qofa dha.

### Gilgaala 1.6

- 1 Danaa Veeniitti fayyadamuun hariiroo tuutota armaan gadii ibsi. Tuutonni kun Tuuta barattoota daree keeti. (miseensota ibsuun barbaachisaa miti).

$$F = \{x: x \text{'}n \text{ barataa daree kee keessaa}\}$$

$$M = \{y: y \text{'}n \text{ barattuu shamarree daree kee keessaa}\}$$

$$R = \{z: z \text{'}n \text{ barattuu shamarree daree kee keessaa kan umuriin ishee waggaa 13 gadii}\}$$

$$P = \{w: w \text{'}n \text{ barattuu shamarree daree kee keessaa kan umuriin ishee waggaa 10 fi 12 gidduu}\}$$

- 2 Danaa Veeniitti fayyaadamuun hariiroo tuutota armaan gadii gidduu jiru ibsi.

a Tuuta Rektaangilootaa fi Iskuweerotaa


b Tuuta Rektaangilootaa fi geengooowwanii

c Tuuta kofoota sirrii fi kofoota qajeelaa

- 3 Danaa 1.15 armaan gadii tti fayyadamuun kanneen gaafataman halluu dibuun agarsiisi.

a Kipha tuutota kennamanii

b Makoo tuutota kennamanii



- 4** Danaa Veeniitti fayyadamuun piroobleemii armaan gadii furi. Hoteellii Hawwii Magaalaa Finfinne keessaa maamiltoota isaa 75 irratti qorannoo fedhii akaakuu (filannoo) nyaataa gaggesse. Akkaataa qorannoo kanaan, namoonni 35 ittoo lukkuu, namoonni 41 raafuu fooniinii fi namoonni 11 ammoo ittoo lukkuu fi raafuu fooniini akka filatan (jallatan) himan. Namoonni ittoo lukkuu yookiin raafuu fooniin hin jaallanne meeqa?
- 5** Manni bashannanaa mana barumsaa tokko keessaa barattoota 36 irratti filannoo isaan gosoota lallaafaa irratti qaban gaafate. Gosoonni lallaafaa kun, kookaa koollaa, Faantaa fi Ispiraayitii dha. Filannoon barattootaas gabatee armaan gadii irratti ibsameera.

Baay'ina barattootaa	Filannoo isaanii
25	Kookaa – kollaa
20	Ispiraayitii
15	Faantaa
2	Gosoota lallaafaa sadanuu
1	Homaa (gosoota lallaafaa sadanuu hin filanne)
15	Kookaa – kollaa yookiin Ispiraayitii
8	Faantaa yookiin kookaa –kollaa
3	Ispiraayitii qofa

- a** Danaa Veeni itti fayyadamuun filannoo barattootaa kana mul'isi.
- b** Barattooni Faantaa qofaa jaallatan meeqa?
- c** Barattooni Faantaa yookiin Ispiraayitii jaallatan meeqa?
- d** Manni bashannanaa kun gosoota lallaafaa lama, kamii fi kam dabalataan dhiyeessuu qaba? ibsi.

## MIRKANEFFANNOO

Kanneen armaan gadii yaad-rimeewan ijoo boqonnaa kanaati. Mirkaneeffannoonaun ergaa boqonnaa kanaa hammam akka baratteettu akka of madaaltuuf si gargaara. Kanaaf, sirriitti hubatteetta yoo ta'e gaarii waan ta'eef, boqonnaa itti aanutti darbuu dandeessa. Kan siif hin galle yoo jiraate duubatti deebi'uun fuula yaadichi irra jiru irra deebi'uun dubbisuun, gadi fageenyaan qo'adhu.



## JECHOOTA IJOO

- |  |  |
|--|--|
| ↳ Cita tuutaa  | ↳ Cita xiqqaa tuutaa / cita sirrii tuutaa  |
| ↳ Danaa Veenii                                       | ↳ Hariiroo tuutotaa: $\subseteq$ , $\subset$ , $\subset$ , $=$ , $\leftrightarrow$ |
| ↳ Kipha tuutotaa                                     | ↳ Makoo tuutotaa   |
| ↳ Mallatoollee: { } , $\in$ , $\notin$ , $\emptyset$ | ↳ Miseensa tuutaa  |
| ↳ Qoyyaboota tuutaa: $\cap$ , $\cup$                 | ↳ Tuuta  |
| ↳ Tuuta duwwaa                                       | ↳ Tuuta fufaa  |
| ↳ Tuuta dhaabataa                                    | ↳ Tuutota waliif alagaa  |
| ↳ Tuutota waliigitaa/Tuutota wal-madaaloo)           | ↳ Tuutota wal-qixaa  |



## CUUNFAA BOQONNAA 1

- 1 Tuutni walitti qabama wantoota sirriiti ibsamaniit.
- Fakkeenya:** a Tuuta dijiitota guutuu  
b  $A = \{1, 3, 5, 7, 9\}$
- 2 Wantoonni tuuta keessatti walitti qabaman miseensa tuutichaa jedhamu. Mallatoon miseensummaa ibsuuf itti gargaaramnu " $\in$ " dha. Mallatoon miti miseensummaa ibsuuf itti gargaaramnu ammoo " $\notin$ " dha.
- Fakkeenya:** yoo  $A = \{2, 4, 6\}$  ta'e,  $2 \in A$ ,  $4 \in A$  fi  $6 \in A$  garuu  $5 \notin A$ .
- 3 Tuutni miseensa tokkollee hin qabne tuuta duwwaa jedhama. Mallatoon tuuta duwwaa { } yookiin  $\emptyset$  dha.
- Fakkeenya:** Tuuta lakkofsota mangoo haftee malee 2'f hirmanii
- 4 Tuutni dhaabataan tuuta baay'inni miseensota isaa murtaa'aa ta'e dha. (baay'inni miseensota isaa lakkawwamee kan dhumu dha)
- Fakkeenya:**  $M = \{1, 2, 3\}$ ,  $b(M) = 3$
- Tuutni fufaan ammoo tuuta baay'inni miseensota isaa lakkawwamee hin dhumne dha.
- Fakkeenya:**  $\mathbb{N} = \{1, 2, 3, \dots\}$
- 5 Miseensi tuuta A hundi miseensa tuuta B yoo ta'e, tuutni A cita tuuta B ti jedhama. Mallatoodhaanis  $A \subseteq B$  jechuun ibsama. Tuutni A cita tuuta B miti

yoo ta'e,  $A \subseteq B$  jechuun ibsina. Miseensonni tuuta A hundi isaanii miseensa tuuta B ta'anii, garuu tuutni B yoo xiqqaate miseensa tokkollee kan tuuta A keessa hin jiraanne yoo qabaate, tuutni A cita xiqqa (cita sirrii) tuuta B ti jedhamu. Mallatoodhaanis  $A \subset B$  jechuun ibsina.

$A \subseteq B$  fi  $B \not\subseteq A$  yoo ta'e,  $A \subset B$ .

**Fakkeenya:**  $A = \{1, 3\}$

$B = \{1, 2, 3, 4\}$  keessatti  $A \subseteq B$ . Akkasumas  $A \subset B$ .

- 6** Tuutonni lama miseensota walii hin qaban yoo ta'e, tuutota waliif alagaa jedhamu.  $A \neq B$ 'n tuutota waliif alagaa yoo ta'an,  $A \cap B = \emptyset$ .

**Fakkeenya:**  $A = \{1, 3, 5\}; B = \{2, 4, 6\}$

$A \cap B = \emptyset$ .

$A \neq B$ 'n tuutota waliif alagaa dha.

- 7** Tuutota lamaaf, baay'inni miseensota isaanii, akkasumas gosti miseensota isaanii tokko yoo ta'e, tuutonni kun lamaan tuutota wal-qixaa jedhamu.

**Fakkeenya:**  $A = \{1, 3, 5, 7\}$  fi

$B = \{x \in \mathbb{N} : x \text{ n lakkofsa mangoo irra xiqqa } 9\}$

$A = B$

- 8** Tuutonni lama wal-madaaloo (wali gita) yoo ta'an, miseensota isaanii tokko tokkoon walitti camaduun ni danda'ama.

**Fakkeenya:**  $A = \{1, 3, 5, 7, 9\}; B = \{0, 2, 4, 6, 8\}$

$A \leftrightarrow B$

- 9** Kiphni tuutota lamaa  $A \neq B$  tuuta miseensota walii tuutota lamaanii qabate dha. Mallatoon kipha tuutotaa "∩"dha.  $A \cap B$  yoo dubbisttu, "A kipha B" jetteeti.

**Fakkeenya:** Yoo  $A = \{1, 2, 3\}$

$B = \{2, 3, 4\}$  ta'e,  $A \cap B = \{2, 3\}$


- 10** Makoon tuutota lamaa  $A \neq B$  tuuta miseensonni isaa miseensota A yookiin miseensota B yookiin miseensosta A fi B lamaaniyyuu ta'ani dha.

**Fakkeenya:** Yoo  $A = \{1, 2, 3\}$

$B = \{2, 3, 4\}$  ta'e  $A \cup B = \{1, 2, 3, 4\}$

- 11** Danaan Veenii danaa hariroo tuutota gidduu jiru agarsiisuuf itti fayyadamnu dha. Kana malees qooyaba tuutotaa ittiin hojjechuuf nu gargaara.

**Fakkeenya:** Yoo  $A = \{1, 2, 3\}$  fi  $B = \{2, 3, 4\}$  ta'e,  $A \cap B = \{2, 3\}$ . Kun danaa armaan gadii irratti dibamee jira.




Danaa 1.16



## GILGAALA KESSA DEEBII BOQONNAA 1


- 1 Kanneen armaan gadii keessaa kan sirriitti ibsaman kami? Sababa kee ibsi.
  - a Barataa dhiiraa mana barumsa kee keessaa kan bareedaa ta'e.
  - b Tuuta qubeewwan dubbachiiftuu Afaan Oromoo.
  - c Tuuta dijiitota mangoo.
  - d Barattuu shamarree bareedduu mana barumsa kee keessaa.
- 2 Kanneen armaan gadii keessaa kamtu tuuta dhaabataa dha? Kamtu tuuta fufaa dha?
  - a  $A = \{1, 3, 5, 7, \dots\}$
  - b B = Tuuta ija bunaa kan kuntaala kiiloogiraama 100 qabatu keessa jiru.
  - c C = Tuuta lakkoofsota lakkaawwii irra guddaa 9.
  - d D = Tuuta barattoota Itoophiyaa kutaa 6 keessaa.
- 3 Citoota tuuta  $A = \{4, 5, 6\}$  lama barreessi.
- 4 Bakka duwwaa armaan gadii irratti mallattoolee  $\in$  fi  $\subseteq$  keessaa isa sirrii ta'e barreessi.
  - a  $5 \_\_ \{1, 3, 5, 7\}$
  - b  $\{7\} \_\_ \{1, 3, 5, 7\}$
  - c  $\emptyset \_\_ \{0\}$
- 5 Mee  $A = \{2, 3, 4, 5, 6\}$  fi  $B = \{4, 5, 6, 7\}$   
Kanneen armaan gadii barbaadi.
  - a  $A \cup B$
  - b  $A \cap B$
- 6 Kanneen armaan gadii keessaa kamtu tuuta duwwaa dha.
  - a Tuuta barattoota daree kee keessaa kanneen dheerinni isaanii meetirii 3 ta'an.
  - b Tuuta dijiitota guutuu.

- c** Tuuta saroota samii keessa balali'anii.
- d** Tuuta lakkoofsota mangoo 13 fi 15 gidduu.
- 7** Kanneena armaan gadii dhugaa yookiin soba jechuun deebisi.
- a** Tuutni {1, 2} cita xiqqaa tuuta {1, 2, 3} ti.
- b** Tuutni {2, 4} cita tuutaa mataa isaati.
- c** Tuutni {2, 4} cita xiqqaa (cita sirrii) tuuta {2, 4} ti.
- d** Tuutni duwwaan cita tuuta kamiyyuu ti
- 8** Yoo A = {a, b, c, d} fi B = {1, a, 2, d} ta'e, kanneen armaan gadii keessaa kamtu dhugaa dha?
- a**  $A \cup B = \{a, d\}$       **b**  $A \cap B = \{1, a, 2, b, c, d\}$
- c**  $\{2, d\} \subseteq A$       **d**  $A \cap B = \{a, d\}$
- 9** Mee X = {1, 2, 5, 7}  
 Y = {2, 5, 6, 8}. Danaa Veeniitti fayyadamuun kanneen armaan gadii mul'isi.
- a**  $X \cup Y$       **b**  $X \cap Y$
- 10** Danaa 1.17 armaan gadii irratti, tuutota kennaman irratti hundaa'uun kan dibame tuuta akkamii akka ibsu himi.(makoo, kipha)



- 11** Mana barumsaa Daraartuu Tulluu keessaa, barattoonni miseensa gumii Afaan Oromoo ta'an 25, barattonni misensa gumii saayinsii naannoo ta'an 30, barattoonni miseensa gumii lamaanii ta'an 15 yoo ta'e, barattoonni miseensa gumii Afaan Oromoo yookiin gummii saayinsii naannoo ta'an meeqa?
- 12** Gaaffii 11 armaan olii danaa Veeniitti fayyadamuun mul'isi.

# BOQONNAA 2



## HIRAMUMMAA LAKKOOF SOTA HUNDAA

Kaayyoo Gooroo Boqonnaa

*Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:*

- seerota hiramummaa lakkofsota hundaa ni ibsita.
- lakkofsota kopxii fi kompositii adda ni baafatta.
- lakkofsa hundaa kenneme tokko hirmaattoota kopxiitiin ni diddiriirsita.

Qabiyyeewan ijoo

**2.1 Hiikoo Hiramummaa**

**2.2 Hirmaattotaa Fi Hiramoota**

Mirkaneeffannoo

Cuunfaa Boqonnaa

Gilgaala kessa deebii

## SEENSA

Boqonnaa lammaffaa kana keessatti, hiikoo hiramummaa lakkofsota hundaa fi seerota lakkofsi hundaa, kennae tokko haftee malee 2'f, 3'f, 4'f, 5'f, 6'f, 8'f, 9 fi 10'f hiramuu danda'uu ittiin mirkanoeffattu ni baratta. Kana malees waa'ee hiramaa fi hirmaataa lakkofsota hundaa, fi akkaataa itti hirmaataa walii guddichaa (HWG) fi hiramaa walii xiqqicha (HWX) lakkofsota hundaa dijiitii tokkoo yookiin lamaa akkaataa itti barbaaddu ni baratta.

### 2.1 HIIKOO HIRAMUMMAA

#### Gaaffii ka'umsaa:

*Arfaasaa tokko keessa, Milkeessaan biqiltuu 144 mana barumsaa isaa keessa dhaabuuf karoorfate. Biqiltoota kana bifaa rektaangilaawwaa ta'een dhaabuu yoo barbaade, carraawwan filannoo meeqa qaba?*

#### Hojii Garee 2.1

Garee miseensa sadii qabu ijaaruun hojii garee armaan gadii hojjadhaa.

Tuuta barattoota daree kee keessaa fudhadhu. Daree kee keessa barattoota meeqatu jira? Garee miseensa lama qabuun garee yoo ijaarte, barattoota hunda ramaduu dandeessaa? Garee miseensota sadii hoo? Garee miseensota shan qabu hoo? Yaada walii galaa tokko irra gahuun dareef ibsaa.

#### Seerota Hiramummaa

Lakkofsi hundaa tokko lakkofsa lakkaawwii biraaf ni hirama kan jennu, ga'een adeemsa hiruu kanaa lakkofsa lakkaawwii irra guddaa yookiin walqixa 1 ta'ee, hafteen isaa ammoo yoo 0 ta'e dha. Fakkeenyaaaf, 42, 6'f ni hirama. Jecha biraatiin, 6 hirmaataa 42 ti. Sababni isaas,  $42 \div 6 = 7$  waan ta'eef dha. Lakkofsi hundaa tokkoon b haa jennu, *a* lakkofsa hundaa biraahaa jennu, *b'f* hiramuu isaa gaafachuu jechuun, adeemsa hiruu keessatti  $a \div b$ , kun haftee zeeroo qabaachuu isaa gaafachuu jechuun dha.

## Gocha 2.1

Gabatee armaan gadii ilaaluun bakka duwwaa ta'e guuti.

### Gabatee 1:

Lakkoofsa lakkaawwii (naqa 1 <sup>ffaa</sup> )	Lamaan baay'isi (naqa 2 <sup>ffaa</sup> )	Sadiin baay'isi (naqa 3 <sup>ffaa</sup> )	Shaniin baay'isi (naqa 4 <sup>ffaa</sup> )	Sagaliin baay'isi (naqa 5 <sup>ffaa</sup> )
1	2	3		
2	4		10	18
3		9		
4	8		20	36
5	10	15		45
6		18	30	54
10	20		50	90
18	36	54		
26		78	130	234
44	88		220	396

Naqoota (Irran- gadee) armaan olii keessatti, adeemsa walii-galaa mul'atu sirriitti ilaali.

- a Naqa 2<sup>ffaa</sup> keessatti dijiitiin mana tokkee (gatii bakkaa tokkee) keessa jiru maali? Dijiittonni kun eenu fa'i? Waa'ee 2'f hiramuu danda'uun lakkoofsota kanaa maal jetta?
- b Ammas, naqa 3<sup>ffaa</sup> gadi fageenyaan ilaali. Lakkoofsota kana keessaa tokko tokko fudhadhu. Dijiitota isaanii hunda ida'iitii ida'amicha 3'f hiri. Ida'amni argatte hundi 3'f ni hiramaa? Yoo kana ta'e, waa'ee lakkoofsi hundaa tokko 3'f hiramuu fi dhiisuu isaa maal jetta?
- c Haaluma wal-fakkaatuun, dijiitii mana tokkee lakkoofsota naqa 4<sup>ffaa</sup> keessa jiranii ilaali. Dijitoonni kun eenu fa'i? kana irraa ka'uun, waa'ee lakkoofsi hundaa tokko 5'f hiramuu fi dhiisuu isaa maal jetta?

Deebii kee gocha armaan olii keessaa, seerota armaan gaditti kennamaniin mirkaneeffadhu.

### Seera 1: 2'f hiramuu lakkoofsotaa madaaluu

Lakkoofsi hundaa tokko haftee malee 2'f kan hiramuu yoo dijiitiin mana tokkee lakkoofsa kanaa lakkoofsa guutuu ta'e dha. (dijiitiin mana tokkee 0, 2, 4, 6 yookiin 8 yoo ta'e dha.)

### Seera 2: 3'f hiramuu lakkoofsotaa madaaluu

Lakkoofsi hundaa tokko haftee malee 3'f kan hiramuu yoo ida'amni dijiitota lakkoofsa kanaa 3'f hirama ta'e dha.

### Seera 3: 5'f hiramuu lakkoofsotaa madaaluu

Lakkoofsi hundaa tokko haftee malee 5'f kan hiramuu, yoo dijiitiin mana tokkee 0 yookiin 5 ta'e qofaa dha.

0, 2, 4, 6 fi 8 dijiitota guutuu akka ta'an yaadadhu

1, 3, 5, 7, 9 ammoo dijjiitota mangoo akka ta'an yaadadhu.

**Fakkeeny 1:** 85 haftee malee 2'f ni hiramaa? 3'f hoo? 5'f hoo?

**Furmaata:**

- 85 lamaaf hin hiramu. Sababni isaas dijiitiin mana tokkee isaa (5) lakkoofsa guutuu waan hin taaneef dha.
- 85, 3'f hin hiramu. Sababni isaas, ida'amni dijiitota isaa:  $8 + 5 = 13$ . 13 ammoo 3' f hin hiramu.
- 85, 5'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin mana tokkee 5 waan ta'eef dha.

Mee ammas irra deebi'uun Gabatee 1 haa fudhannu. Gabatee kana irratti lakkoofsonti tokko tokko naqa 2<sup>ffaa</sup> (2'n baay'isuu, akkasumas, naqa 3<sup>ffaa</sup> (sadiin baay'isuu) keessatti ni argamu. Fakkeenyaaaf, lakkoofsonti 18 fi 54 naqoota lamaanuu keesssa ni jiru. Lakkoofsonti kuniif kanneen biroo (naqoota lamaanuu keessatti kan argaman), haftee malee 6'f ni hiramu

( $18 \div 6 = 3$ ;  $54 \div 6 = 9$ ). Kanaaf ammoo sababni  $6 = 2 \times 3$  waan ta'eef dha. Kanaafuu lakkoofsi haftee malee 6'f kan hiramu 3 fis, 2fis haftee malee lamaaniifuu kan hiramu dha.

Fakkeenyaaaf, 132, haftee malee 2'f akkasumas 3'f ni hirama. Kanaaf 132, 6'f ni hirama. Gabatee armaan olii irraa naqa 5<sup>ffaa</sup> keessatti (sagaliin baay'isuu), ida'ami dijitota lakkoofsota kanaa 9'f ni hirama. Fakkeenyaaaf, ida'amni dijiitota lakkoofsa 36 ( $3 + 6 = 9$ ) haftee malee 9'f ni hirama. Kun lakkoofsota naqa 5<sup>ffaa</sup> keessatti argaman hundaaf dhugaa dha.

0'n dijiitii guutuu waan ta'eef, lakkoofsonti lakkawwii kanneen manni tokkee isaanii 0 ta'e hundi, 2'f ni hiramu. Akkasumas, 5'f ni hiramu.  $10 = 2 \times 5$  waan ta'eef, lakkoofsonti kun hunduu 10'f ni hiramu. Lakkoofsonti kun naqa 2<sup>ffaa</sup> akkumas naqa 4<sup>ffaa</sup> keessatti warra argamani dha.

#### **Seera 4: 6'f hiramuu lakkoofsotaa madaaluu**

Lakkoofsi hundaa tokko haftee malee 6'f kan hiramu, lakkoofsichi 2'f fi 3'f kan hiramu yoo ta'e dha.

#### **Seera 5: 9'f hiramuu lakkoofsotaa madaaluu**

Lakkoofsi hundaa tokko 9'f haftee malee kan hiramu, yoo ida'amni dijiitota lakkoofsa kanaa 9'f hirama ta'e dha.

#### **Seera 6: 10'f hiramuu lakkoofsotaa madaaluu**

Lakkoofsi tokko haftee malee 10'f kan hiramu, yoo dijiitiin mana tokkee 0 ta'e dha.

**Fakkeenya 2:** 720, 6'f ni hiramaa? 9'f hoo? 10'f hoo? Maaliif?

**Furmaata:**

- 720, 6'f ni hirama. Sababni isaas 720, 2'f akkasumas 3'f ni hirama.
- 720, 9'f ni hirama. Sababni isaas,  $7 + 2 + 0 = 9$ , 9'f haftee malee ni hirama.
- 720, 10'f ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin mana tokkee 0 waan ta'eef dha.

### Gilgaala 2.1

- 1 Lakkoofsonni armaan gadii 2'f ni hiramuu? 3'f hoo? 5'f hoo? Maaliif akka ta'e ibsi.
 

<b>a</b> 25	<b>b</b> 30	<b>c</b> 72	<b>d</b> 346	<b>e</b> 1,034
-------------	-------------	-------------	--------------	----------------
- 2 Lakkoofsonni armaan gadii 2'f, 3'f yookiin 5'f hiramuuuf dhiisuu isaanii adda baasi.
 

<b>a</b> 3,660	<b>b</b> 2,670	<b>c</b> 3,998	<b>d</b> 4,998
<b>e</b> 4,815	<b>f</b> 1,845	<b>g</b> 5,280	<b>h</b> 7,275
- 3 Lakkoofsonni armaan gadii 6'f ni hiramuu? Maaliif?
 

<b>a</b> 108	<b>b</b> 333	<b>c</b> 254	<b>d</b> 444	<b>e</b> 900
--------------	--------------	--------------	--------------	--------------
- 4 Lakkoofsonni armaan gadii 9'f ni hiramuu? Maaliif?
 

<b>a</b> 108	<b>b</b> 801	<b>c</b> 376	<b>d</b> 414	<b>e</b> 1152
--------------	--------------	--------------	--------------	---------------
- 5 Lakkoofsonni armaan gadii 10'f ni hiramuu? Maaliif?
 

<b>a</b> 233	<b>b</b> 330	<b>c</b> 875	<b>d</b> 607	<b>e</b> 1770
--------------	--------------	--------------	--------------	---------------
- 6 Lakkoofsonni armaan gadii 6'f, 9'f akkasumas 10'f hiramuuuf dhiisuu isaanii adda baasi.
 

<b>a</b> 4,920	<b>b</b> 4,896	<b>c</b> 6,993	<b>d</b> 4,998	<b>e</b> 3,780
<b>f</b> 5,555	<b>g</b> 5,700	<b>h</b> 7,880		
- 7 Tarreessaa fi hiriyyoonni isaa afur, ulee wal-harkaa fuudhuun kiiloomeetira 82 fiiguu barbaadan. Namoonni kun kiiloomeetira guutuu wal-qixa ta'e fiiguu danda'uu? Maaliif?
 

Hojjattuun mana kitaabaa tokko, girgijjii kitaabaa, kan 36cm dheeratu qabdi. Kana ammoo kitaabota Herregaa dalga irra tarreessuu barbaadde. Kitaabonni hundinuu 2cm furdatu. Girgijjii kitaabaa kana kitaabota Herregaa kanaan guutuu dandeessii? Maaliif? Kitaabota 3cm furdataniin girgijjii kitaabaa kana guutuu dandeessii?
- 8 Hojjattuun mana kitaabaa tokko, girgijjii kitaabaa, kan 36cm dheeratu qabdi. Kana ammoo kitaabota Herregaa dalga irra tarreessuu barbaadde. Kitaabonni hundinuu 2cm furdatu. Girgijjii kitaabaa kana kitaabota Herregaa kanaan guutuu dandeessii? Maaliif? Kitaabota 3cm furdataniin girgijjii kitaabaa kana guutuu dandeessii?

**9** Gareen poolisii tokko miseensota 175 qaba. Baay'ina miseensotaa waalqixa ta'een;

- |   |                                  |
|---|----------------------------------|
| <b>a</b> Toora lamaan hiriiruu danda'u? | <b>b</b> Toora 3'n hoo?          |
| <b>c</b> Toora 5'n hoo?                 | <b>d</b> Toora 9'n hoo? Maaliif? |

### Seera 4'f fi 8'f hiramuu lakkoofsotaa madaaluu.

Itti aansuun haala lakkoofsi hundaa tokko 4'f yookiin 8'f hiramuu danda'u isaa osoo hirtee hin ilaaliin itti beekuu dandeessu baratta.

Lakkoofsichi lakkoofsa dijiitii tokko yookiin dijiitii lama kan qabu yoo ta'e, lakkoofsicha 4'f yookiin 8'f hiruun, lakkoofsichi 4'f yookiin 8'f hiramuu isaa beekuu dandeessa. Fakkeenyaaf, 74 haftee malee 4'f hiramuu fi dhiisuu isaa beekuu yoo barbaadde; 74, 4'f hirta.

Lakkoofsi tokko dijiitii baay'ee yoo qabate, otoo hin hiriin lakkoofsichi 4'f yookiin 8'f hiramuuf dhiisuu isaa akkamitti beekta? Gaaffii kana otoo hin deebisiin dura, jalqaba waa'ee hiramummaa baay'attootaa, hiramummaa ida'amaa fi hiramummaa caalmaawwanii ilaalla.

#### i Hiramummaa baay'attootaa

$4 \times 5 = 20$  keessatti, 4 fi 5 hirmaattota akka jedhaman yaadadhu. 20 ammoo baay'taa dha. Kana malees 20, 4'f. akkasumas 5'f ni hirama jechuu dandeenya.

Lakkoofsi “ $15 \times 14$ ” 15 fis 14 fis ni hirama. Kana malees baay'ataan kun 5'f akkasumas 7'f akka hiramu otoo hin hiriin mirkaneeffachuu dandeessa.

$$\begin{aligned} 15 \times 14 &= (5 \times 3) \times 14 & 15 \times 14 &= 15 \times (2 \times 7) \\ &= 5 \times (3 \times 14) \text{ fi} & &= (15 \times 2) \times 7 \end{aligned}$$

Baay'ataan “ $15 \times 14$ ” kan hiramu 15 fi 14'f qofaa miti. Hirmaattota isaanii birrofis ni hirama.

**Hiramummaa baay'attootaa:** Hiramaataan lakkoofsa m yoo xiqlqaate hirmaattota lakkoofsa biraan tokkoo tiif kan hiramu yoo ta'e, ( $m > n$ ),  $m'n$ ,  $n'f$  ni hirama.

**Fakkeenya 3:** 900, 4'f ni hiramaa? Maaliif?

**Furmaata:**  $900 = 9 \times 100$

100, 4'f akka hiramu ni beekta. Sababni isaas,  $100 = 4 \times 25$  waan ta'ef.

Kanaaf 900, 4f ni hirama. (Hiramummaa baay'attootaa)

## ii Hiramummaa ida'amootaa / caalmaawwanii

### Gocha 2.2

**Gabatee 2:**

a (naqa 1 <sup>ffaa</sup> )	b (naqa 2 <sup>ffaa</sup> )	a'n 3'f ni hiramaa? (naqa 3 <sup>ffaa</sup> )	b'n 3'f ni hiramaa? (naqa 4 <sup>ffaa</sup> )	(a + b) 3'f ni hiramaa? (naqa 5 <sup>ffaa</sup> )
12	5	Eeyyee	Lakkii	Lakkii
17	20			
15	27			
48	54			

Gabatee 2 armaan olii irratti, bakka duwwaa guuti. Deebiwwan naqa 5<sup>ffaa</sup> keessaa deebiwwan naqa 3<sup>ffaa</sup> fi 4<sup>ffaa</sup> waliin wal-bira qabuun gadi fageenyaan ilaali. Deebi naqa 5<sup>ffaa</sup> keessaa “eeyyee” kan ta'u yoomi? Kana jechuun, ida'amni laccofsota lamaanii 3'f kan hiramu yoomi?

**Hubadhu:** **Hiramummaa ida'amootaa:** Laccofsonni hundaa lama, a fi b'n lamaanuu laccofsa lakkawwii n'f kan hiraman yoo ta'e, ida'amni isaanii, a + b'n n'f ni hirama.

**Fakkeenyaa 4:** 936, 4'f ni hiramaa?

**Furmaata:** Kana ilaaluuf, jalqaba 936 akka ida'ama laccofsota hundaa lamaatti ibsina. Inni jalqabaa baay'ataa 100 fi inni lammaffaan ammoo irra xiqqaa 100 akka ta'u gochuun,

$$936 = 900 + 36$$

$$= (9 \times 100) + 36$$

900, 4'f ni hirama. Sababni isaas,  $900 = 9 \times 100$  fi 100, 4'f waan hiramuuf dha.

36, 4'f ni hirama. Sababni isaas,  $36 = 4 \times 9$

Kanaaf 936, 4'f ni hirama. (hiramummaa ida'amootaa)

### Gocha 2.3

Fakkeenyaa 4 armaan olii irraa maal hubatta? Ida'amtoota kana keessaa irra caalaatti hiramummaa laccofsichi qabu kan murteessu kami? Kan jalqabaa moo kan lammataa? Maaliif?

Laccofsi hundaa tokko akka ida'ama laccofsota lamaatti yoo ibsame, as keessatti inni jalqabaa baay'ataa 100 fi inni lammaffaan immoo irra xiqqaa 100 yoo ta'e, laccofsi baay'ataa 100 ta'e kamiyyuu 4'f waan hiramuuf, inni jalqabaa 4'f ni hirama. Garuu, ida'amtoota kana keessaa inni lammaffaan, dijiitota dhumaan lamaan laccofsichaa

qabata. Ida'amaa lammaffaan kun afuriif kan hiramu yoo ta'e lakkofsichi afuriif ni hirama. Yoo ida'amaa lammaffaan afuriif hin hiramu ta'e, lakkofsichi afuriif hin hiramu jechuu dha.

Kana irraa ka'uun, lakkofsi tokko haftee malee afuriif hiramuuf dhiisuu isaa murteessuuf kan nu gargaaru, ida'amaa lammaffa dha jechuu dha. Ida'amaan inni lammaffaan kun ammoo dijiitota dhumaan lamaan lakkofsichaa kana qabate dha.

### Seera 7: 4'f hiramuu lakkofsotaa madaaluu

Lakkofsi hundaa tokko haftee malee 4'f kan hiramu, yoo lakkofsi dijiitota lakkofsichaa kan dhumaan lamaan fudhachuun uumamu 4'f hirama ta'e dha.

**Fakkeenyä 5:** Lakkofsonni armaan gadii 4'f ni hiramuu? Maaliif?

- a 4648      b 12622

**Furmaata:** a 4648, 4'f ni hirama. Sababni isaas, lakkofsi dijiitota dhumaan 4648 keessaa fudhachuun uumamu 48 dha. 48 ammoo 4'f waan hiramuu dha.

- b 12622 Lakkoofsa 12622 keessaa dijiitota dhumaan yoo fudhannu lakkofsi argamu 22 dha. Kun ammoo 4'f hin hiramu.

Kanaaf 12622 afuriif hin hiramu.

Haaluma wal-fakkaatuun, lakkofsi tokko 8'f hiramuu isaa karaa itti mirkaneeffannu ni qabna. Kana gochuuf jalqaba lakkofsicha kennname akka ida'amaa lakkofsota lamaatti ibsina. Wayitii kana goonu, ida'amaa isa jalqabaa baay'ataa 1000, ida'amaa isa lammaffaam ammoo irra xiqqaa 1000 gochuun ibsina. Ida'amaan inni lammaffaan saddeetiif kan hiramu yoo ta'e, lakkofsichi saddeetiif ni hirama.

### Seera 8: 8'f hiramuu lakkofsotaa madaaluu

Lakkofsi hundaa tokko haftee malee 8'f kan hiramu yoo lakkofsi dijiitota dhumaan lakkofsichaa sadan fudhachuun uumamu 8'f hirama ta'e dha.

**Fakkeenyä 6:** Lakkofsi 2640, 8'f ni hiramaa? Maaliif? Sababa kenni.

**Furmaata:**  $2640 = 2000 + 640 = 2 \times 1000 + 640$ .

$2000 = 8 \times 2 \times 125$  waan ta'eef 2000, 8'f ni hirama.

$640 = 8 \times 80$  waan ta'eef 640, 8'f ni hirama.

Kanaaf, 2640 haftee malee 8'f ni hirama.

### Gilgaala 2.2

- 1**  $x + y$ , haftee malee  $z'$ f hiramuuuf dhiisuu isaa adda baasi. Sababa kees kenni.
- a**  $x = 600, y = 78, z = 4$       **b**  $x = 78, y = 36, z = 6$   
**c**  $x = 21, y = 220, z = 7$
- 2** Dhugaa yookiin soba jechuun deebisi.
- a** 5 hirmaataa  $(65 + 70)$  ti      **b** 4 hirmaataa  $(240 + 38)$  ti.  
**c** 3 hirmaataa  $(220 + 25)$  ti.
- 3** Lakkooftsonni armaan gadii  $4'$ f ni hiramuu? Maaliif?
- a** 5716      **b** 724      **c** 4,075  
**d** 3,120      **e** 3,7952
- 4** Lakkoofsota kan dijiitii 5 qabanii fi kan haftee malee  $4'$ f hiraman 5 kenni.
- 5** Mee  $7 * 32$  lakkoofsa dijiitii afuriiti haa jennu. Lakkoofsi kun haftee malee  $4'$ f akka hiramaniif bakka\* dijiitonni bu'uu qaban kam fa'i?
- 6** Lakkooftsonni armaan gaditti kennaman  $8'$ f ni hiramuu? Maaliif?
- a** 27,320      **b** 4,5776      **c** 3,056  
**d** 73,641      **e** 53,128
- 7** Lakkoofsi 5312\*, lakkoofsa dijiitii shan qabu ta'ee, haftee malee  $8'$ f kan hiramuu yoo ta'e, dijiitonni bakka \* bu'uu qaban kam fa'i?
- 8** Lakkooftsonni armaan gadii  $4'$ f yookiin  $8'$ f hiramuuuf dhiisuu isaanii adda baasi.
- a** 918      **b** 2,470      **c** 1,700  
**d** 2,348      **e** 16,454
- 9** Gabatee armaan gadii keessatti bakka duwwaa guuti.
- |   |   |   |   |   |   |   |    |
|---|---|---|---|---|---|---|----|
| Lakkoofsa lakkawii kan<br>dijiitiin mana tokkee | 0 | 2 | 4 | 5 | 6 | 8 | 00 |
| Haftee malee kan hiramuuuf                      |   |   |   |   |   |   |    |
- 10** Lakkoofsota armaan gadii keessaa kamtu
- i**  $10'$ f hirama?      **ii**  $100'$ f hirama?  
**iii**  $2'$ f hirama?      **iv**  $5'$ f hirama?  
**a** 120      **b** 159      **c** 6,400      **d** 24,030  
**e** 8,775      **f** 56,040      **g** 780,000      **h** 0

- 11** Barattoota 120, gareewwan miseensa 8 wal-qixa qabanitti qooduun yoo barbaadame, gareewwan kun miseensota meeqa meeqa qabaachuu danda'u?
- 12** Manni kitaabaa mana barumsa haaraa tokkoo kitaabota 3,488 qaba. Hojjataan mana kitaabaa tokkoo tokkoo kutaawwan mana kitaabaa kana hunda keessaa kitaabota wal qixa 500 hamma 1000 kaa'uu barbaade. Tokkoo tokkoon kutaawwan mana kitaabaa kun kitaabota meeqa qabatu?

## 2.2 HIRMAATTOTAA FI HIRAMOOTA

### Gocha 2.4

Odeeffannoo armaan gadii sirriitti dubbisuun, gaaffiwwan itti aanan deebisi.

*Warshaan saamunaa gosoota saamunaa lama oomisha. Inni tokko bifa Rektaangulaa'aa qabaatee dheerina 10 mm, olee 5 mm fi dalgee 3 mm qaba. Inni biraan ammoo bifa kiyubii qabaatee dheerina roga 5 mm qaba. warshaan kun gosoota saamunaa kana saanduqoota dheerina 30cm, oolee 20cm fi dalgee 15cm qabanitti keessa naquu barbaade.*

- a** Saanduqa kana saamunaa bifa rektaangulaa'aa ta'e qofaan guutuun danda'amaa?
- b** Saanduqa kana saamunaa bifa kiyubii qabu qofaan guutuun danda'amaa?

Deebiwwan gaaffiwwan armaan olii hubanno waa'ee hiramootaa fi hirmaattotaa barbaadu. Mata duree kana jalatti waa'ee hiramootaa fi hirmaattota lakkofsota hundaa bal'inaan ni baratta.

### 2.2.1 Keessa deebii hiramootaa fi hirmaattotaa

Lakkofsota waliin baay'isuu keessatti lakkofsonni waliin baay'atan hirmaattota yoo jedhaman firiin isaanii ammoo baay'ataa (hiramaa) jedhama.

Hirmaataa	Hirmaataa	Hiramaa (firi)
2	$\times$	3
		=
		6

2

$\times$

3

=

6

Kana irraa,  $6 \div 2 = 3$  fi  $6 \div 3 = 2$

Kanaaf 6 haftee malee 2'f akkasumas 3'f ni hirama. As keessatti 2 fi 3 hirmaattota 6 ti. 6 ammoo hiramaa 2 akkasumaa hiramaa 3 ti jenna.

<b>Hubadhu:</b> <ul style="list-style-type: none"> <li>d hiramaa c</li> <li>c hirmaataa d</li> <li>d'n, haftee malee</li> <li>c'f ni hirama</li> </ul>	$\left. \begin{array}{l} d \\ \times \\ c \\ \hline d'n \\ c'f \end{array} \right\}$ <p style="margin-top: 10px;">jechuun</p>	Yoo xiqqaate lakkofsi hundaa tokko, haa jennu n, kan $d = c \times n$ dhugaa taasisu ni jira
--	---	--

**Fakkeenya 1:**

35 hiramaa 7 ti. Sababni isaas  $7 \times 5 = 35$  waan ta'eef dha.

5 fi 7 ammoo hirmaattota 35 ti.

Sababni isaas,  $5 \times 7 = 35$  waan ta'eef dha.

**Hirmaataan** lakkofsa hundaa tokkoo, gahee lakkofsichaa fi lakkofsa hundaa biraati. Hiramoota lakkofsa hundaa tokkoo argachuuf, lakkofsicha lakkofsa hundaa biraatiin baay'isna.

Fakkeenyaaf, baay'attoota 4 barbaaduuf, 4 lakkofsota hundaatiin akka gabatee armaan gadii irrattiin baay'isna.

**Gabatee 3:**

Lakkofsa Hundaa	Baay'attoota 4
0	$0 \times 4 = 0$
1	$1 \times 4 = 4$
2	$2 \times 4 = 8$
3	$3 \times 4 = 12$
4	$4 \times 4 = 16$
5	$5 \times 4 = 20$
.	.
.	.
.	.
15	$15 \times 4 = 60$
16	$16 \times 4 = 64$
.	.
.	.
.	.

Gabateen 3 armaan olii dhaabbii otoo hin qabaatiin itti fufa.

Kanaaf, baay'attoonni 4: 0, 4, 8, 12, 16, 20, 24, ...

**Hubadhu:**  $a$ 'n hiramaa  $b$  ti jechuun, yoo xiqaate lakkofsi hundaa bira haa jennu  $n$ , kan  $a = b \times n$  dhugaa taasisu jira jechuu dha. ( $a$ ,  $b$  fi  $n$ 'n lakkofsota hundaa ti)

Lakkofsi akkasii,  $n$ 'n kan hima  $a = b \times n$  dhugoomsu hin jiru yoo ta'e  $a$ 'n hiramaa  $b$  miti. Fakkeenyaaf 18 hiramaa 5 miti. Sababnii isaas lakkofsi hundaan kan hima

$5 \times n = 18$  jedhu dhugoomsu waan hin jirreef.

**Hubadhu:** Yaada gabatee armaan olii irraa amaloota hiramootaa akka armaan gadiitti ibsuu dandeessa

**1** Lakkofsi hundaa kamiyyuu hiramaa 1 ti.

**Fakkeenya:**  $1 \times 7 = 7$ ,  $13 = 1 \times 13$  k.k.f.

- 2** Lakkoofsi hundaa kamiiyyuu hiramaa mataa isaati. (zeroo malee).  
**Fakkeenyaa:**  $5 = 5 \times 1$ ,  $17 = 17 \times 1$  k.k.f.
- 3** (0) zeeroon hiramaa lakkoofsota hundaa hundumaa ti. Garuu hirmaa 0 miti  
**Fakkeenyaa:**  $0 = 8 \times 0$ ,  $0 = 73 \times 0$  k.k.f.

Lakkoofsi hundaa irra guddaa 1 ta'e kamiiyyuu yoo xiqlaate hirmaattota lama qabaata. Isaanis 1 fi mataa isaati. [Hub 1 fi 2 armaan olii] zeeroon akka hirmaataatti hin fudhatamu. Garuu lakkoofsi zeeroo irraa adda ta'e kamiiyyuu hirmaataa 0 ti.

### Gilgaala 2.3

- 1** 42 hiramaa 5,6 yookiin 7 ta'uu adda baasi. Sababa isaas kenni.
- 2** Kanneen armaan gadii keessaa kamtu dhugaa dha? Kamtu soba? Maaliif?
- a** 12 hiramaa 2 ti.    **b** 18 hiramaa 3 ti.    **c** 35 hiramaa 5 ti.  
**d** 52 hiramaa 4 ti.    **e** 62 hiramaa 8 ti .
- 3** Kanneen armaan gadii dhugaa ta'uuf dhiisuu isaanii murteessi. Sababas kenni.
- a** 24 hiramaa 4 ti.    **b** 74 hiramaa 4 ti.    **c** 100 hiramaa 4 ti.
- 4** **a** Hiramoota 3, kan 47 fi 62 gidduu jiran tarreessi.  
**b** Lakkoofsota hundaa kan 35 fi 47 gidduu jiran kan hiramaa (baay'ataa) 3 hin taane barbaadi.
- 5** Gabatee armaan gadii irratti, *a*'n hiramaa *b* ta'uuf dhiisuu isaa adda baasi.

<b>a</b>	42	28	9	14	27	0	1	13	0	2
<b>b</b>	7	6	0	14	3	18	9	1	0	12

- 6** Lakkoofsota 56, 42, 36, 81, 63, fi 87 keessaa kamtu
- a** Hiramaa 9 ti?    **b** Hiramaa 9 miti?  
**c** Hiramaa 7 ti?    **d** Hiramaa 7 miti?  
**e** Hiramaa 7 fi 9 ti?
- 7** *a*'n hirmaataa *b* ta'uuf dhiisuu isaa adda baasi.

<b>a</b>	5	7	8	1	17	0	4	6	9	10
<b>b</b>	15	77	65	10	17	8	6	72	3	100

- 8** Hirmaattota lakkoofsota armaan gadii hunda isaanii barbaadi.
- a** 16    **b** 15    **c** 18  
**d** 55    **e** 81    **f** 23

- 9 Gabatee armaan gadii irratti bakka duwwaa guuti.

	$x$	$y$	$x \div y$	$y \div x$	$y' n$ $x$ ti	hiramaa	$x' n$ hiramaa y ti
a	45	9	5		Deebii hin qabu	Lakkii	Eeyyee
b	80	4					
c	30	30					
d	12	0					

## 2.2.2 Lakkoofsota kopxii, kompoositii fi hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu


### Gocha 2.5

Gabatee armaan gadii irratti, bakka duwwaa guuti.

Lakkoofsa	Hirmaattota	Baay'ina Hirmaattotaa
1	1	1
2	1,2	2
3	1,3	2
4	1, 2, 4	3
5		
6		
7		
8		
9		
10		
11		
12		

Lakkoofsi lakkaawwii tokko yoo nuuf kenname, hirmaattota isaa hunda tarreessanii xumuruun ni danda'ama.

Fakkeenyaaaf, hirmaattota 24 hunda barbaaduuf, lakkoofsota cimdi, kan baay'ataan isaanii 24 ta'e barbaaduuf qabda. Kana gochuuf danaa 2.1 kan akka gara harka mirgaatti jiru fayyadamuu qabda. Danaan akkasii kun yeroo tokko tokko "damee hirmaattotaa" jedhama.



Danaa 2.1

As irraa wanti hubannu 24 hirmaattota hedduu qaba. 1 hirmaataa tokko qofa qaba. Innis 1 matuma isaa ti. Lakkoofsonni hundaa biraa yoo xiqlaate hirmaattota lama qabu.

Lakkoofsonni hundaa tokko tokko hirmaattota lama qofa qabaatu, 1 fi mataa isaanii; Lakkoofsonni hundaa tokko tokko ammoo hirmaattota hedduu qabu.

### Fakkeenya 2:

a  $12 = 1 \times 12 = 2 \times 6 = 3 \times 4$

c  $1 = 1 \times 1$

b  $5 = 1 \times 5$

d  $0 = 0 \times 1 = 0 \times 2 = 0 \times 3 = 0 \times 4 = \dots$

Lakkoofsi hundaa kamiyyuu akka baay'ataa hirmaattota isaatti barreeffamuu danda'a. Hirmaattonni kun hundi isaanii irra guddaa 1 yoo ta'an, malli kun diddiriirsuu jedhama. Fakkeenyaaf,  $12 = 1 \times 12$ , 12 diddiriirsuu miti, garuu 12 yoo akka baay'ataa hirmaattota isaatti diddiriirsinu,

$12 = 2 \times 6$ , yookiin  $12 = 3 \times 4$  ta'a.

Lakkoofsa kenname.....




Hirmaattota lamatti fayyadamuun yoo

$2 \times 6$

$4 \times 3$

Diddiriirsuun yoo itti fufu .....



Akkuma armaan olitti argisiifameen, hirmaattotaan diddiriirsuun  $2 \times 2 \times 3$  irratti dhaabateera. Sababni isaa immoo 2 fi 3, lamaanuu hirmaattota 2 qofa waan qabaniif dha, 1 fi mataa isaanii jechuu dha.

### Gocha 2.6

Gabatee 4 armaan gadii irratti haala fakkeenya 2 armaan oliitiin, lakkoofsota 1 -20 tti jiraniif hirmaattota isaanii tarreessi.

- a Lakkoofsa hirmaattonni isaa 1 fi mataa isaa qofa ta'etti mari.
- b Lakkoofsa hirmaattota lamaa ol qabu jala sarari.

### Gabatee 4:

Lakkoofsa	Hirmaattota	Lakkoofsa	Hirmaattota
1	1	11	
2		12	
3		13	1, 13
4	1, 2, 4	14	
5		15	
6		16	
7		17	
8		18	1, 2, 3, 6, 9, 18
9		19	
10	1, 2, 5, 10	20	

**Hiioko 2.1:** Lakkoofsi hundaa kan irra guddaa 1 ta'e hirmaattota lama qofa yoo qabaate, lakkoofsi kun lakkoofsa kopxii jedhama. Hirmaattonni isaa lamaan kunis 1 fi mataa isaa ti. Lakkoofsi hundaa kan irra guddaa 1 ta'e, hirmaattota adda addaa lamaa ol yoo qabaate lakkoofsa kompozitii jedhama. Lakkooftsonni hundaa 0 fi 1 kopxiis, kompozitiis miti.

**Fakkeenyä 3:** Lakkooftsonni 2, 3, 5 fi 7 lakkoofsota kopxii dha.

Lakkoofsi hundaa kompozitii ta'e tokko akka baay'ataa lakkoofsota kopxiitti ibsamuu ni danda'a. Lakkoofsa kompozitii tokko akka baay'ataa lakkoofsota kopxiitti ibsuuf, jalqaba lakkoofsicha akka baaya'taa hirmaattota isaatti barreessuun jalqabi. Hanga baay'attoonni hundii kopxii ta'anitti itti fufi (hangaa hirmaattonni hundi kopxii ta'anitti adeemsicha itti fufi).

**Fakkeenyä 4:** a  $12 = 2 \times 6 = 2 \times 2 \times 3$


b  $27 = 3 \times 9 = 3 \times 3 \times 3$

c  $60 = 2 \times 30 = 2 \times 2 \times 15 = 2 \times 2 \times 3 \times 5$

d  $90 = 2 \times 45 = 2 \times 3 \times 15 = 2 \times 3 \times 3 \times 5$


Lakkoofsi hundaa tokko akka baay'attoota isaa kopxii ta'aniitti yoo barreeffame, lakkoofsichi hirmaattota kopxiitiin diddiriirfame jenna.

Danaawwan armaan gadii hundi isaanii kallattiwwan adda addaa hirmaattoota kopxiitiin 60 diddiriirsnu agarsiisu. Danaawwan kun damee hirmaattotaa jedhamu.



Dameewwan kana hunda keessatti dhuma dameewwanii irratti lakkooftsonni kopxii jiran akaakuu tokkicha dha. (tartiibni isaanii adda adda haa ta'uyyu malee).

Damee hirmaattota armaan gadiitti fayyadamuun, 60 akka salphaatti hirmaattota kopxii isatiin diddiriirsuun ni danda'ama.



Mallatoo paaworiitti fayyadamuun, laccoofsa tokko hirmaattota kopxiitiin ibsamuu isaa barreessuu dandeenya.

a  $12 = 2 \times 2 \times 3 = 2^2 \times 3$

b  $27 = 3 \times 3 \times 3 = 3^3$

c  $60 = 2 \times 2 \times 3 \times 5 = 2^2 \times 3 \times 5$

d  $90 = 2 \times 3 \times 3 \times 5 = 2 \times 3^2 \times 5$

### Gilgaala 2.4

- 1 “Damee hirmaattotaatti” fayyadamuun, hirmaattota laccoofsota armaan gadii hunda barbaadi.

a 16

b 35

c 17

d 20

- 2 Kanneen armaan gadii dhugaa yookiin soba ta’uu isaanii murteessi. Sababas kenni.

a 1 hirmaataa tokko qofa qaba.

b Laccoofsi hundaa kan irra guddaa 1 ta’e kamiiyyuu yoo xiqqaate hirmaataa tokko qaba.

c Laccoofsi hundaa kamiiyyuu yoo xiqqaate hirmaataa tokko qaba.

- 3 Laccoofsota armaan gadii keessaa kamtu kopxii dha?

7, 9, 17, 27, 31, 49, 75, 83, 19, 29, 39, 43, 56, 61, 73, 87

- 4 Laccoofsota kopxii kan 15 fi 50 gidduu jiran hunda barreessi.

- 5 Laccoofsota armaan gadiitiif hirmaattota isaanii hunda barbaadi.

a 9

b 19

c 90

d 60

- 6 Laccoofsota armaan gadii kopxii, yookiin lamaan keessaa hin qabu jechuun deebisi.

a 13

b 27

c 96

d 23

e 0

f 37

g 1

h 177

i 233

j 507

- 7 Laccoofsota armaan gadii hirmaattota kopxiitiin diddiiriirsi.

a 25

b 36

c 80

d 72

e 117

- 8 Laccoofsota armaan gadii hirmaattota kopxiitiin diddiiriirsi, kan danda’amu yoo ta’e mallatoo paaworiitti fayyadami.

a 18

b 21

c 32

d 40

e 48

f 72

g 81

h 100

## 2.2.3 Hirmaattota walii

Mata duree 2.2.1 keessatti akkaataa itti hirmaattota lakkofsa hundaa barbaaddu barattee jirta. Kana si yaadachiisuuf, mee fakkeenya armaan gadii ilaali.

**Fakkenya 5:** Hirmaattota 16 barbaadi.

**Furmaata:**

$$1 \times 16 = 16 \text{ waan ta'eef, } 1 \text{ fi } 16 \text{ hirmaattota } 16 \text{ ti.}$$

$$2 \times 8 = 16 \text{ waan ta'eef, } 2 \text{ fi } 8 \text{ hirmaattota } 16 \text{ ti.}$$

$$4 \times 4 = 16 \text{ wan ta'eef, } 4 \text{ hirmaataa } 16 \text{ ti.}$$

Kanaaf, Hirmaattonni 16: 1, 2, 4, 8 fi 16 dha.


Mata duree kana keessatti, akkaataa itti hirmaattota walii lakkofsota hundaa lamaa yookiin sadii kan dijiitii tokko yookiin lama qabanii barbaaddu ni baratta.

Mee lakkofsota hundaa 36 fi 60 fudhadhu.

Hirmaattota 36:  $\boxed{1}, \boxed{2}, \boxed{3}, \boxed{4}, \boxed{6}, 9, \boxed{12}, 18, 36$

Hirmaattota 60:  $\boxed{1}, \boxed{2}, \boxed{3}, \boxed{4}, \boxed{5}, \boxed{6}, 10, \boxed{12}, 15, 20, 30, 60$

Danaa Veenii (Danaa 2.2) armaan gadiitti fayyadamuun hirmaattota walii kan 36 fi 60 barbaadi.



1, 2, 3, 4, 6 fi 12 hirmaattota walii 36 fi 60 ta'uu hubadhu.

Hirmaattota walii kana keessaa ammoo inni guddaan 12 dha.

Hirmaataa walii guddicha (HWG) lakkofsota hundaa lamaa fi lamaa olii barbaaduuf tarkaanfiwwan armaan gadiitti fayyadamina.

- 1 Hirmaattota lakkofsotaa hundaa isaanii tarreessi.
- 2 Hirmaattoota walii (waliinii) ta'an itti marii.
- 3 Hirmaattota walii kana keessaa isa guddaa filadhu.

**Fakkeeny 6:** Hirmaataa walii guddicha (HWG) kan 12, 54 fi 90 barbaadi.

- 1 Hirmaattota lakkofsota kennamanii tarreessi.

Hirmaattota 12: (1, 2, 3), 4, (6), 12,

Hirmaattota 54: (1, 2, 3, 6), 9, 18, 27, 54

Hirmaattota 90: (1, 2, 3, 5, 6), 9, 10, 15, 18, 30, 45, 90

- 2 Hirmaattota walii itti mari. Hirmaattonni walii kan 12, 54 fi 90: 1, 2, 3 fi 6 dha.

- 3 Hirmattota walii kana keessaa inni guddaan 6 dha.

Kanaaf, HWG'n 12, 54 fi 90, 6 dha.

**Hiikoo 2.2:** Lakkofsonni hundaa lama hirmaataa walii 1 irraa adda ta'e hin qaban  
yoo ta'e, lakkofsonni kun waliif kopxii jedhamu.

**Fakkeeny 7:** 14 fi 15 waliif kopxii dha.

Sababni isaas, hirmaattonni 14: 1, 2, 7, 14

Hirmaattonni 15: 1, 3, 5, 15

Hirmaataan walii isaanii 1 dha. Hirmaataa walii 1 irraa adda ta'e hin qaban. Kanaaf 14 fi 15 lakkofsota waliif kopxii dha.

### Gilgaala 2.5

- 1 HWG lakkofsota armaan gadii barbaadi.

a 21, 28      b 24, 48      c 63, 84      d 60, 80

- 2 HWG lakkofsota armaan gadii barbaadi.

a 24,36,42      b 36,15,45      c 35,49,84      d 36,72,90

- 3 Lakkofsota sadii kan HWG'n isaanii 5 ta'e barreessi.

- 4 12 fi 15 waliif kopxii dhaa? maaliif?

### 2.2.3 Hiramoota walii

Mata duree 2.2.1 keessatti waa'ee baay'ataa fi hiramaa lakkofsota hundaa baratteetta. Mata duree kana keessatti akkaataa itti hiramaa walii lakkofsota hundaa lamaa yookiin lamaa olii kan dijiitii lama yookiin sadii qabanii ittiin barbaaddu baratta.

**Hiioko 2.3:** Hiramaan walii lakkofsota lamaa yookiin lamaa olii, lakkofsota hiramaa lakkofsota kennaman hundaa ta'e dha.

**Fakkeenyä 8:** Hiramotoa walii kan 10 fi 8 barbaadi.

**Furmaata:**

Hiramotoa 10: 0, 10, 20, 30, 40, 50, 60, 70, 80, ...

Hiramotoa 8: 0, 8, 16, 24, 32, 40, 48, 56, 64, 72, 80, ...

Zeeroon (0) hiramaa lakkofsota kamiyyuti. Kanaaf, 0, 40, 80, ... hunduu hiramaa walii 10 fi 8 ti. Garuu yeroo waa'ee hiramaa walii isa xiqqichaa yoo dubbannu, hiramaa walii xiqqicha isa zeeroo irraa adda ta'e dubbanna.

Hiramaan walii xiqqicha (HWX) lakkofsosta hundaa lamaa fi lamaa olii, lakkofsota lakkawwii xiqqicha kan hiramaa lakkofsota kennaman hundaa ta'e dha.

**Fakkeenyä 9:** Hiramaa walii xiqqicha (HWX) kan 12 fi 18 barbaadi

**Furmaata:** Hiramaa walii xiqqicha (HWX) 12 fi 18 barbaaduuf,

1 Hiramotoa lakkofsota kennamanii tarreessi.

Hiramotoa 12: 0, 12, 24, 36, 48, 60, 72, 84, 96, 108, 120, ...

Hiramotoa 18: 0, 18, 36, 54, 72, 90, 108, 126, ...

2 Hiramotoa walii kan 0 irraa adda ta'an tarreessi. 36, 72, 108, ...

3 Hiramotoa walii kana keessaa isa xiqqicha filadhu.

Kanaaf, HWX'n 12 fi 18 36 dha.

**Fakkeenyä 10:** HWX 8, 9 fi 12 barbaadi.

**Furmaata:** Hiramaa walii xiqqicha (HWX) 8, 9 fi 12 barbaaduuf,

1 Hiramotoa lakkofsota kennamanii tarreessi.

Hiramotoa 8: 0, 8, 16, 24, 32, 40, 48, 56, 64, 72, 80, ...

Hiramotoa 9: 0, 9, 18, 27, 36, 45, 54, 63, 72, 81, 90, ...

Hiramotoa 12: 0, 12, 24, 36, 48, 60, 72, 84, 96, 108, 120, ...

2 Hiramotoa walii kan zeero irraa adda ta'anitti mari (tarreessi) 72, 144, ...

Kanneen keessaa inni xiqlaan 72 dha.



Kanaaf, HWX'n 8, 9 fi 12, 72 dha.

Kanatti aansuun hirmaattota kopxiitiin fayyadamuun akkaataa itti HWG fi HWX lakkoofsosta hundaa lamaa yookiin sadii barbaaduun danda'amu ni baratta.

Hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuun HWG lakkoofsota barbaaduuf,

- 1** Lakkoofsota hunda hirmaattota kopxiitiin diddiriirsi.
- 2** Hirmaattota kopxii waliinii adda baasi.
- 3** Hirmaattota kopxii waliinii kana waliin baay'isuun HWG lakkoofsotaa argadhu.

**Fakkeenyä 11:** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuutti fayyadamuun, HWG 210 fi 525 barbaadi.



Kanaaf

$$210 = 2 \times 3 \times 5 \times 7$$

$$525 = 3 \times 5 \times 5 \times 7$$

↓      ↓      ↓

Hirmaattota kopxii waliinii

Hirmaattota kopxii waliinii kana waliin baay'isi

Hirmaattonni kopxii walinii: 3, 5 fi 7 dha.

Kanaaf, HWG'n 210 fi 525:  $3 \times 5 \times 7 = 105$

**Fakkeenyä 12:** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuutti fayyadamuun, HWG 12 fi 18 barbaadi.

Furmaata:

$$12 = 2 \times 2 \times 3$$

$$18 = 2 \times 3 \times 3$$

↓      ↓

Hirmaattota kopxii waliinii tarreessi.

Hirmaattota kopxii waliinii baay'isi.

Hirmaattonni kopxii walinii kan 12 fi 18: 2 fi 3 dha.

Kanaaf, HWG'n 12 fi 18:  $2 \times 3 = 6$  dha.

**Fakkeenya 13:** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriisutti fayyadamuun, HWG 9, 21 fi 24 barbaadi.

**Furmaata:**

$$\begin{aligned} 9 &= 3 \times 3 \\ 21 &= 3 \times 7 \\ 24 &= 2 \times 2 \times 2 \times 3 \end{aligned}$$

3

Hirmaattonni kopxii waliinii kan 9, 21 fi 24: 3

Kanaaf, HWG'n 9, 21 fi 24, 3 dha.

Mala hirmaattota kopxiitti fayyadamuun, HWG lakkofsota lakkaawwii barbaaduuf:

- 1 Lakkoofsota kennaman hunda isaanii hirmaattota kopxiitiin diddiriirsi.
- 2 Hirmaattota kopxii walii adda baasi. Hirmaataan kopxii tokko al tokko caalaa dhufuu danda'a.
- 3 Hirmaattota kopxii walii kana waliin baay'isuun HWG lakkofsota lakkaawwii nuuf kenna. Hirmaataan kopxii tokko al tokkoo ol kan jiru yoo ta'e deddebi'insa xiqqicha fudhanna.

Haaluma wal fakkaatuun, mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsutti fayyadamne hiramaa walii xiqqicha (HWX) lakkofsota lakkaawwii lamaaf lamaa olii barbaaduu dandeenya. Mala kanatti fayyadamuun HWX wayitii barbaannu, hirmaattota kopxii jiran hunda fayyadamna. HWX barbaaduu keessaatti, hirmaataa kopxii tokko al baay'ee irra deddeebi'ee jira yoo ta'e, guddicha deddeebinsa kanaa fudhanna.

**Fakkeenya 14:** Mala hirmaattoota kopxiitiin diddiriirsutti fayyadamuun, hiramaa walii xiqqicha 12 fi 18 barbaadi.

**Furmaata:**

$$\begin{aligned} 12 &= 2 \times 2 \times 3 \\ 18 &= 2 \times 3 \times 3 \end{aligned}$$

2 x 2    x    3 x 3

Hirmaattota kopxii hunda tarreessi.

Hirmaattota kopxii jiran hunda waliin baay'isi. Irra deddeebi'insi tokkoo ol yoo jiraate, irra deddeebinsa isa guddaa fudhadhu.

Kanaaf, HWX kan 12 fi 18:  $2 \times 2 \times 3 \times 3 = 2^2 \times 3^2 = 36$

**Fakkeenya 15:** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsun HWX 9, 21 fi 24 barbaadi.

**Furmaata:**

$$9 = 3 \times 3 = 3^2$$

$$21 = 3 \times 7 = 3 \times 7$$

$$24 = 2 \times 2 \times 2 \times 3 = 2^3 \times 3$$

Paaworii guddaan kan lamaa 3 dha. Kanaaf  $2^3$  fudhanna.

Paaworii guddaan sadii kan sadii, 2 dha. kanaaf,  $3^2$  fudhanna.

Paaworii guddaan kan torbaa, 1 dha. Kanaaf  $7^1$  fudhanna.

Kanaaf, HWX'n 9, 21 fi 24 =  $2^3 \times 3^2 \times 7 = 504$  dha.

## Gilgaala 2.6

**1** Lakkofsota armaan gadii hirmaattota kopxiitiin diddiriirsi.

- |          |     |          |     |          |     |          |     |          |     |
|----------|-----|----------|-----|----------|-----|----------|-----|----------|-----|
| <b>a</b> | 56  | <b>b</b> | 84  | <b>c</b> | 72  | <b>d</b> | 210 | <b>e</b> | 306 |
| <b>f</b> | 150 | <b>g</b> | 510 | <b>h</b> | 330 | <b>i</b> | 252 | <b>j</b> | 126 |

**2** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsutti fayyadamuun HWG lakkofsota armaan gadii barbaadi.

- |          |         |          |          |          |         |          |         |
|----------|---------|----------|----------|----------|---------|----------|---------|
| <b>a</b> | 21 , 28 | <b>b</b> | 68 , 102 | <b>c</b> | 60 , 80 | <b>d</b> | 27 , 54 |
| <b>e</b> | 63 , 84 |          |          |          |         |          |         |

**3** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsutti fayyadamuun HWG lakkofsota armaan gadii barbaadi

- |          |          |          |          |          |           |          |            |
|----------|----------|----------|----------|----------|-----------|----------|------------|
| <b>a</b> | 24,36,42 | <b>b</b> | 35,49,84 | <b>c</b> | 45,105,75 | <b>d</b> | 90,252,630 |
|----------|----------|----------|----------|----------|-----------|----------|------------|

**4** HWG'n  $2 \times 3^2 \times 5^2$  fi  $2^3 \times 3 \times 5^2$  meeqa?

**5** 3 hirmaataa lakkofsota adda addaa lamaa ta'uu isaa ijaan ilaaluun beekuun danda'amaa? Maaliif?

**6** Lakkofsota sadii kan HWG'n isaanii 5 ta'e barreessi.

**7** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsutti fayyadamuun, HWX lakkofsota cimdii armaan gadii barbaadi.

- |          |        |          |        |          |        |          |        |
|----------|--------|----------|--------|----------|--------|----------|--------|
| <b>a</b> | 12, 16 | <b>b</b> | 20, 50 | <b>c</b> | 16, 24 | <b>d</b> | 15, 18 |
|----------|--------|----------|--------|----------|--------|----------|--------|

**8** Mala hirmaattota kopxiitiin diddiriirsutti fayyadamuun HWX lakkofssota armaan gadii barbaadi

- |          |         |          |           |          |            |          |             |
|----------|---------|----------|-----------|----------|------------|----------|-------------|
| <b>a</b> | 2, 7, 8 | <b>b</b> | 8, 28, 30 | <b>c</b> | 35, 25, 49 | <b>d</b> | 68, 170 , 4 |
|----------|---------|----------|-----------|----------|------------|----------|-------------|

**9** HWX'n lakkofsota lamaa, tokkoon isaanii keessaa kan ta'u yoomi?

**10** HWX'n lakkofsota lamaa, baay'ataa lakkofsota kana lamaanii kan ta'u yoomi?

- 11** Zabiibaan maqaaniwwan lama, kan dheerinni isaanii inchii 72 fi inchii 54 ta'e qabdi. Maqaaniwwan kana mummuruun waan meeshaa irra kaawwattu (girgijjii) hojjetachuu barbaadde. Maqaaniwwan kun yoo cicitan bakka wal-qixa ta'etti akka ciccitanii homtiiyuu lafatti hin badne barbaaddi.
- a** Dheerinni maqaaniwwan itti cicitan inni guddaan meeqa?
- b** Zabiibaan ciccitaa maqaaniwwanii meeqa qabdi?
- 12** Awutoobisoonni magaalaa Finffinnee keessaa bakka ka'umsa isaanii markaatoo irraa yeroo tokkoo ka'an. Inni jalqabaa bakka ka'umsa isaatti kan deebi'u garaagarummaa daqiqaa 12 tiin dha. Inni lammaaffaan B<sub>2</sub> ammoo garaagarummaa daqiqaa 18 tiin bakka ka'umsa isaatti deebi'a. Awutoobisoonni kun deebi'annii bakka ka'umsaatti kan walitti dhufan daqiqaa meeqa booda?
- 13** Bilbiloonni sadii, B<sub>1</sub>, B<sub>2</sub>, B<sub>3</sub> jalqaba yeroo takcaa bilbilaman. Inni jalqabaa B<sub>1</sub> graagarummaa sekoondii 6tiin bilbilama. Inni lammaaffaan B<sub>2</sub> ammoo garaagarummaa sekoondii 9, Inni sadaffaan B<sub>3</sub> garaagarummaa sekoondii 12 tiin bilbilamu. Sekoondii meeqa booda bilbiloonni kun erga takcaa irra deebi'annii bilbilu?

## MIRKANEEFFANNOO

Kanneen armaan gadii yaad-rimeewan ijoor boqonnaa kanaati. Mirkaneeffannoonaan kun ergaa boqonnaa kanaa hammam akka baratteettu akka of madaaltuuf si gargaara. Kanaaf, sirriitti hubatteetta yoo ta'e gaarii waan ta'eef, boqonnaa itti aanutti darbuu dandeessa. Kan siif hin galle yoo jiraate duubatti deebi'uun fuula yaadichi irra jiru irra deebi'uun dubbisuun, gadi fageenyaan qo'adhu.



### JECHOOTA IJOO

→ Hiramaa (Hiramoota) walii	→ Hiramaa walii xiqqicha (HWX)
→ Hiramoota	→ Hiramummaa
→ Hiramummaa baay'attootaa	→ Hiramummaa ida'amtootaa / caalmaawwanii
→ Hiramummaa lakkofsosta hundaa	→ Hirmaataa (Hirmaattoota)
→ Hirmaataa (Hirmaattota) walii	→ Hirmaataa walii guddicha (HWG)
→ Hirmaattootaan diddiriirsuu	→ Hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu
→ Lakkofsota kompoziitii	→ Lakkofsosta kopxii
→ Lakkofsota waliif kopxii	→ Madaallii hiramummaa kan 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8, 9 fi 10



## CUUNFAA BOQONNAA 2

### 1 Seera /Madaallii hiramummaa

- a** Lakkofsi hundaa tokko 2'f kan hiramu, yoo dijiitoni mana tokkee guutuu ta'anii dha. Kana jechuun dijiitoni mana tokkee 0, 2, 4, 6 yookiin 8 ta'ani dha.

**Fakkeenya:** 1294: 2'f ni hirama. Sababni isaas 4 dijiitii guutuu dha.

- b** Lakkofsi hundaa tokko 3'f kan hiramu yoo ida'amni dijiitota lakkofsichaa haftee malee 3'f hirama ta'e dha.

**Fakkeenya:** 405: 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota isaa,  $4 + 0 + 5 = 9$  haftee malee waan 3'f hiramuuf dha.

636: 3'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota isaa  $6 + 3 + 6 = 15$  waan ta'eef dha.

16,497: 3'f ni hirama. Sababni isaas, idaa'amni dijiitota isaa,  $1 + 6 + 4 + 9 + 7 = 27$ ;  $2 + 7 = 9$  haftee malee 3'f waan hiramuuf dha.

- c** Lakkofsi hundaa tokko haftee malee 4'f kan hiramu, yoo lakkofsi dijiitota lakkofsichaa kan dhumaalamaan fudhachuun uumamu 4'f hirama ta'e dha.

**Fakkeenya:** 40832: 4'f ni hirama. Sababni isaas 32, 4'f ni hirama waan ta'eef dha.

- d** Lakkofsi hunda tokko haftee malee 5'f kan hiramu, yoo dijiitiin mana tokkee 0 yookiin 5 ta'e qofa dha.

**Fakkeenya:** 495: 5'f ni hirama.

- e** Lakkofsi hundaa tokko haftee malee 6'f kan hiramu, lakkofsichi 2'f akkasumas 3'f kan hiramu yoo ta'e dha.

**Fakkeenya:** 1,458: 6'f ni hirama. Sababni isaas manni tokkee 8, guutuu waan ta'eef 2'f ni hirama. Ida'amni dijiitota isaa  $1 + 4 + 5 + 8 = 18$ , waan ta'eef 3'f ni hirama. Kanaaf 1,458: 2'f akkasumas 3'f ni hirama.

Kana waan ta'eef, 1,458 6'f ni hirama.

- f** Lakkofsi hundaa tokko haftee malee 8'f kan hiramu yoo lakkofsi dijiitota lakkofsichaa kan dhumaalamaan fudhachuun uumamu 8'f hirama ta'e dha.

**Fakkeenya:** 34,152: 8'f ni hirama. Sababni isaas, 152, 8'f ni hirama waan ta'eef dha.

- g** Lakkoofsi hundaa tokko 9'f haftee malee kan hiram, yoo ida'amni dijiitota lakkoofsa kanaa 9'f hirama ta'e dha.

**Fakkeenya:** 2,880; haftee malee 9'f ni hirama. Sababni isaas, ida'amni dijiitota isaa,  $2 + 8 + 8 + 0 = 18$ ; 9'f waan hiramuuf dha.

- h** Lakkoofsi tokko haftee malee 10'f kan hiram, yoo dijiitiin mana tokkee 0 ta'ee dha.

**Fakkeenya:** 130, 10'f haftee malee ni hirama. Sababni isaas, dijiitiin gatii bakkaa tokkee 0 waan ta'eef dha.

- 2** Baay'ataan (Hiramaan) lakkoofsa tokkoo jechuun lakkoofsicha lakkoofsa hundaa biraatiin baay'isuu dha. Lakkooftsonni waliin baay'atan sun hirmaattota jedhamu.

**Fakkeenya:**  $6 \times 7 = 42$  keessatti 42 hiramaa yoo ta'u, 6 fi 7 hirmaattota jedhamu.

- 3** Lakkoofsi lakkaawwii hirmaattota lama qofaa qabu lakkoofsa **kopxii** jedhama.

**Fakkeenya:** 11 hirmaattota 2 qofaa qaba. Isaanis 1 fi 11 dha. Kanaaf 11 lakkoofsa kopxii dha.

- 4** Lakkoofsi lakkaawwii hirmaattoota lamaa ol qabu lakkoofsa kompoziitii jedhama.

**Fakkeenya:** 12 lakkoofsa kompoziitii dha. Sababni isaas 12, hirmaattota 6 waan qabuuf dha. Isaanis 1, 2, 3, 4, 6 fi 12 dha.

- 5** Lakkooftsonni 0 fi 1 kopxiis, kompoziitiis miti.

- 6** Lakkooftsonni lakkaawwii lama, hirmaataa walii 1 irraa adda ta'e hin qaban yoo ta'e lakkoofsota **waliif kopxii** jedhamu.

**Fakkeenya:** 19 fi 20 waliif kopxii dha.

- 7** Hirmaataan walii guddicha (HWG) lakkoofsota lakkaawwii lamaaf lamaa olii jechuun, hirmaataa lakkoofsota kennaman hundaa ta'ee isa gudda jechuu dha.

**Fakkeenya:** HWG'n 21 fi 28, 7 dha.

- 8** Malli hirmaattota isaatti fayyadamuun, lakkoofsa tokko akka baay'ataa hirmaattota isaatiin barreessuu, hirmaattotaan diddiriirsuu jedhama. Hirmaattonni hundi kopxii yoo ta'an ammoo, hirmaattota kopxiitiin diddiriirsuu jedhama.

**Fakkeenya:** 12 hirmaattota kopxiitiin yoo diddiriirfamu

$$12 = 2 \times 2 \times 3 = 2^2 \times 3$$

- 9** Hiramaa walii xiqqicha (HWX) lakkoofsota lakkaawwii lamaaf lamaa olii jechuun hiramaa lakkoofsota kennaman hundaa ta'ee isa xiqqaa jechuu dha.


**Fakkeenya:** HWX'n 10 fi 8, 40 dha.



## GILGAALA KESSA DEEBII BOQONNAA 2

- 1** Hiramoota 15, warra irra xiqqaa 70 ta'e barreessi.
- 2** **a** **i** Hirmaattoota 9 hunda isaanii tarreessi.  
**ii** Hirmaattoota 13 hunda isaanii tarreessi.
- b** Lakkoofsota 9 fi 13 keessaa kamtu kopxii dha.
- 3** Kanneen armaan gadii keessaa kamtu dhugaa dha? Kamtu soba?  
**a** 5 hirmaataa 56 ti.      **b** 1 hirmaataa 17 ti.  
**c** 23 hirmaataa mataa isaati.      **d** 6 hirmaataa 5 ti.
- 4** Lakkoofsota kopxii 20 fi 30 gidduu jiran hunda isaanii tarreessi.
- 5** Kanneen armaan gadii dhugaa yookiin soba ta'uu adda baasi. Sababa kenni.  
**a** 2 hirmaataa  $(12 + 36)$  ti.      **b** 7 hirmaataa  $(14 \times 28)$  ti.
- 6** **a** 11,128 haftee malee 4'f ni hiramaa? Maaliif?  
**b** 1,254 haftee malee 6'f ni hiramaa? Maaliif?
- 7** Lakkoofsosta armaan gadii hirmaattota kopxiitiin diddiriirsii barreessi. Dhuma irratti mallatoo paawuriitti fayyadamuu ibsi.  
**a** 42      **b** 24
- 8** Hirmaataa walii guddicha (HWG) lakkoofsota armaan gadii barbaadi.  
**a** 12 fi 28      **b** 18 fi 25
- 9** Hiramaa walii xiqqicha (HWX) lakkoofsota armaan gadii barbaadi.  
**a** 9 fi 12      **b** 16 fi 48      **c** 3 fi 5
- 10** Mee A = Tuuta hiramoota 4 irra xiqqaa 10 ta'an.  
 B = Tuuta hirmaattota 8.  
 Kanneen armaan gadii deebisi.  
**a** **i** Miseensosota A hunda isaanii tarreessi.  
**ii** Miseensota B hunda isaanii tarreessi.  
**b** Tuutni A citaa tuuta B ti? Deebii kee mallattootiin ibsi.

# BOQONNAA 3



## FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTA

Kaayyoo Gooroo Boqonnaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaa bood:

- lokkoofsonni firaakshinii fi deesimaalotni bifaa lamaatiin haa ibsaman malee lakkooftuma tokkicha kan ibsan ta'uu ni hubatta.
- ogummaa tartiibeesuu, ida'uu, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu firaakshinootaa fi deesimaaloottaa ni guddifatta.
- piroobileemota lakkooftota firaakshinootaa fi deesimaalotaan bakka bu'an ni hojjetta.

Qabiyyeewan ijoo

**3.1 Firaakshinoota Salphisuu**

**3.2 Jijiirraa Firaakshinootaa, Deesimaalotaa Fi  
Dhibbantaa**

**3.3 Firaakshinoota Waliin Madaaluu Fi Tartiibessuu**

**3.4 Ida'uu Fi Hir'isuu Firaakshinootaa Fi Deesimaalotaa**

**3.5 Baay'isuu Fi Hiruu Firaakshinootaa Fi  
Deesimaalotaa**

Mirkaneeffannoo

Cuunfaa Boqonnaa

Gilgaala Kessa Deebii

## SEENSA


Kutaalee 4 fi 5 keessatti waa'ee gosoota firaakshinootaa, madaallii firaakshinootaa, tartiibessuu firaakshinootaa, akkasumas qoyyabuu firaakshinootaa fi deesiimalotaa baratteetta.

### Boqonnaa kana keessatti:

- Waa'ee firaakshinoota salphisuu ni baratta. (HWG fayyadamuun)
- Akkaataa firaakshinii fi deesimaaliin gara dhibbantaatti jijiiramu ni baratta.
- Waa'ee dhibbantaa gara firaakshinii fi deesiimalitti jijiiruu ni baratta.
- Waa'ee deesiimalota dhaabbatoo ni baratta.
- Akkaataa itti firaakshinoota wal-madaalchistuu fi tartiibessitu ni baratta.
- Waa'ee ida'u, hir'isuu, baay'isuu fi hiruu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti beekumsa kanaan dura qabdu ni cimsatta.

## Hojii Garee 3.1

- 1 Daree kee keessatti garee miseensa afur qabuun ijaaramaa. Mee burtukaana tokko bakka wal- qixa ta'e afuritti qoodi gar-tokkeewwan kana miiltoowwan kee afuriif qoodi.
  - a Ga'ee miiltoowwan kee kana akkamitti ibsita?
  - b Hammam isaan gahe jenna? Dhuunfaatti tokko tokko argatan jenna moo harka afur keessaa harka tokko argatan jenna?
  - c Gaheewwan miiltoowwan kee kana lakkofsatti fayyadamuun akkamitti ibsita?
- 2 Danaa armaan gadii ilaala.



Danaa 3.1

- a Danaan kun gar tokkeewwan wal-qixa ta'an meeqatti qoodameera?
- b Gartokkeewwan kana lakkofsaa ibsaa.
- c  $\frac{1}{8}$  danaa armaan olii gurmaachessaa.
- d  $\frac{2}{8}$  danaa armaan olii gurmaachessaa.
- e  $\frac{3}{8}$  danaa armaan olii gurmaachessaa.
- f  $\frac{4}{8}$  danaa kanaa gurmaachessaa.

- g**  $\frac{6}{8}$  danaa kanaa gurraachessaa.
- h**  $\frac{3}{4}$  danaa kanaa gurraachessaa.
- i**  $\frac{8}{8}$  danaa kanaa gurraachessaa.
- j**  $\frac{3}{4}$  fi  $\frac{6}{8}$  keessaa kamtu caala? (kan g fi h keessatti hojjattan ilaala).

**Hiikoo 3.1:** a fi b'n lakkofsota hundaa fi  $b \neq 0$  yoo ta'an  $\frac{a}{b}$  jechuun, waan guutuu tokko gar-tokkeewwan wal-qixa ta'an "b" tti yoo qoodame, gar-tokkeewwan uumaman kana keessaa gar-tokkeewwan "a" jechuu dha.

**Mallattoon:**  $\frac{a}{b}$  ta'a. yoo dubbistus a - b<sup>ffaa</sup> yookiin a irra b, jechuun.

Lakkoofsa firaakshinii  $\frac{a}{b}$  keessatti a'n waamamaa jedhama. b'n ammoo waamsisaa jedhama.

#### Fakkeenyaaaf:

- a** Firaakshinii  $\frac{1}{2}$  jechuun, waan guutuu tokko gar-tokkeewwan wal-qixa ta'an lamatti yoo quodde, gar-tokkeewwan lamaan kana keessaa isa tokko jechuu dha.
- b** Firaakshinii  $\frac{3}{4}$  jechuun, waan guutuu tokko gar-tokkeewwan wal-qixa ta'an afuritti yoo quodde, gar-tokkeewwan afran kana keessaa, gar-tokkeewwan sadii jechuu dha.

Firaakshinooni gar-tokkee waan guutuu tokkoo ibsuuf nu gargaaru. Burtukaana tokko gar-tokkeewwan wal-qixa ta'an afuritti yoo quoddee tokko keessaa nyaatte, amma illee kan hin nyaatamiin  $\frac{3}{4}$  dha. Muraawwan sadii hafanii jiru jechuu dha.

## 3.1 FIRAAKSHINOOTA SALPHISUU

Mata duree kana keessatti akkaataa itti firaakshinii kennname tokko ittiin salphistu ni baratta. Kana malees, firaakshinii tokko akkamitti firaakshinii biraatiin ibsuu akka dandeessu ni baratta. As keessatti firaakshinooni kun waan tokko akka ibsan ni hubatta.

## Gocha 3.1

Firaakshinii  $\frac{6}{8}$  fudhadhu.

- a Hirmaataa walii guddicha (HWG) 6 fi 8 barbaadi.
- b Waamamaa firaakshinii  $\frac{6}{8}$  2'f hiri. Firiin argatte meeqa?
- c Waamsisaa firaakshinii  $\frac{6}{8}$  2'f hiri. Firiin argatte meeqa?
- d Firii b keessatti argatte waamamaa, firii c keessati argatte waamsisaa gochuun firaakshinii biraan uumi. HWG'n waamamaa fi waamsisaa firaakshinii kanaa meeqa?
- e Hariiroon firaakshinii kanaa fi firaakshinii  $\frac{6}{8}$  gidduu jiru maali?
- f (Walumaa galatti) firaakshinii bifa  $\frac{a}{b}$ ,  $b \neq 0$  ta'e yoo siif kenname, firaakshinii kana bifa biraan kan HWG'n waamamaa fi waamsisaa isaa 1 ta'e argachuuf, tarkaanfilee barbaachisan tarreessi.

**Hiioko 3.2:**  $\frac{a}{b}$ 'n firaakshinii yoo ta'ee fi HWG (a, b) = 1 yoo ta'e,  $\frac{a}{b}$ 'n firaakshinii salphaa jedhama.

Firaakshinii tokko bifa salphaatiin barreessuu jechuun HWG'n waamamaa fi waamsisaa 1 akka ta'utti ibsuu jechuu dha. Kana immoo kan goonu waamamaa fi waamsisaa HWG isaaniitiin hiruunii dha.

**Fakkeenyä 1:** Firaakshinii  $\frac{6}{18}$  salphisi.

**Furmaata:** Tarkaanfii 1<sup>ffaa</sup>: HWG (6, 18) barbaadi.

Hirmaattonni 6: 1, 2, 3, 6

Hirmaattonni 18: 1, 2, 3, 6, 9, 18.

Hirmaattonni walii 6 fi 18 : 1, 2, 3, 6 dha.

Kanneen keessaa inni guddaan 6 dha.

Kanaaf, HWG (6, 18) = 6 dha.

**Tarkaanfii 2<sup>ffaa</sup>:** waamamaa fi waamsisaa firaakshinii  $\frac{6}{18}$  6'f hirree

firaakshinii biraan uumna.

$$\frac{6}{6} = 1 \text{ akkasumas } \frac{18}{6} = 3$$

Kanaaf,  $\frac{6}{18} = \frac{1}{3}$

HWG'n (1, 3) = 1 waan ta'eef firaakshinii  $\frac{1}{3}$ 'n firaakshinii salphaa dha.

Kanaaf  $\frac{6}{18}$  yoo salphatu  $\frac{1}{3}$  ta'a. Firaakshinooni kun lamaan  $\left(\frac{6}{18} \text{ fi } \frac{1}{3}\right)$

firaakshinoota walii gitaa jedhamu. Firaakshinoota walii gitaa argachuuf, firaakshinoota kanneen laccoofsa tokkichaan baay'isna (hirra).

**Fakkeenyä 2:** Firaakshinii  $\frac{80}{100}$  bifa salphaatiin barreessi.

**Furmaata:** Tarkaanfii 1<sup>ffa</sup>: HWG (80, 100) = 20 (akkamitti?)

**Tarkaanfii 2<sup>ffa</sup>:** Waamamaa fi waamsisaa firaakshinii kanaa HWG isaanii 20'f hiri.

Kanaaf,  $\frac{80}{100} = \frac{80 \div 20}{100 \div 20} = \frac{4}{5}$ .

**Hiikoo 3.3:** a fi b'n laccoofsota lakkawwii yoo ta'an, firaakshinii  $\frac{a}{b}$  'n laccoofsa raashinaal-pozatiivii jedhama. Mallattoon tuuta laccoofsota raashinaal-pozatiivii  $\mathbb{Q}^+$  dha.

$$\mathbb{Q}^+ = \left\{ \frac{a}{b} : a, b \in \mathbb{N} \right\} \text{ N'n tuuta laccoofsota lakkawwii ti.}$$

### Gilgaala 3.1

1 Firaakshinoota armaan gadii salphisi.

<b>a</b>	$\frac{8}{10}$	<b>b</b>	$\frac{14}{12}$	<b>c</b>	$\frac{18}{24}$	<b>d</b>	$\frac{48}{60}$
<b>e</b>	$\frac{24}{18}$	<b>f</b>	$\frac{216}{1080}$	<b>g</b>	$\frac{72}{60}$		

2 Firaakshinoota adda addaa sadii yoo salphatan kan

**a**  $\frac{3}{4}$  waliin wal-gita ta'an barreessi. **b**  $\frac{1}{2}$  waliin wal-gita ta'an barreessi.

3 Firaakshinoota armaan gadii keessaa kamtu salphaa dha? Maaliif akka ta'e ibsi.

<b>a</b>	$\frac{2}{3}$	<b>b</b>	$\frac{18}{24}$	<b>c</b>	$\frac{6}{7}$
<b>d</b>	$\frac{10}{20}$	<b>e</b>	$\frac{5}{4}$	<b>f</b>	$\frac{6}{30}$

## 3.2 JIIJIIRRAA FIRAAKSHINOOTAA, DEESIIMAALOTAA FI DHIBBANTAA

Mata duree 3.1 keessatti akkaataa itti firaakshinii kenname tokko salphisuu dandeessu barattee jirta. Mata duree kana keessatti ammoo akkaataa itti firaakshinii kenname tokko gara deesimaliitti yookiin gara dhubbantatti jijiiruu dandeessu ni baratta. Deesimaaliin argamu kun dhaabbataa miti yoo ta'e, deesimaliin kun gara mana barbaadameetti ni siqfama. As keessatti akkamitti deesimaalii tokko gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitii lamaa yookiin dijiitii sadii qabuutti akka siiqfamu (butamu) ni baratta. Dabalataan deesimaalonni akkamitti gara firaakshinii fi dhubbantaatti, dhubbantaan gara firaakshinii fi deesimaalitti akka jijiiramuu ni baratta.

### 3.2.1 Firaakshinoota gara deesimalootaa fi dhubbantaatti jijiiruu

Firaakshiniin lakkofsa gar-tokkee waan guutuu tokkoo ibsuuf nu gargaaru dha. Lakkofsi muraa yookiin gar-tokkee waan guutuu tokkoo ibsuuf itti gargaaramnu kan biraan deesimaalii dha.

#### Gocha 3.2

Firaakshinoota armaan gadii gara deesimaalitti jijiiri. (waamamaa waamsisaaf hiruun deebii argatte kaa'i).

<b>a</b>	$\frac{1}{2}$	<b>b</b>	$\frac{3}{4}$	<b>c</b>	$\frac{2}{5}$	<b>d</b>	$\frac{8}{13}$	<b>e</b>	$\frac{22}{7}$
----------	---------------	----------	---------------	----------	---------------	----------	----------------	----------	----------------

**Fakkeenya 1:** Lakkofsa lakkaawwii 234 fudhadhu. Dijiitota lakkofsa kanaa gidduu bakka tokko tokkotti mallattoo tuqaa “.” yoo barreessine lakkofsi tuqaa kana irraa gara mirgaa deesimaalii tokkoo gadi ta'a. Fakkeenyaaf, 2.34 yoo dubbisnu lama tuqaa sadii-afur jenna. Tuqaan kun ammoo **tuqaa deesimaalii** jedhama.

**Hubadhu:** Deesimaalota keessatti dijiitonni tuqaa deesimaalii booda jiran gatii bakkaa qabu. Dijiitiin tuqaa deesimaalitti aanu gatii bakkaa kurnaffaa qaba jenna. Dijiitiin isatti aanu gatii bakkaa dhubbaffaa qaba jenna. Kan itti aanu gatii bakkaa kumaffaa, kan itti aanu gatii bakka kuma kurnaffaa k.k.f qabu jenna.

**Fakkeenyaaf:** Deesimaalii 0.2346 keessatti,

Gatiin bakkaa dijiitii 2 kurnaffaa dha.

Gatiin bakkaa dijiitii 3 dhubbaffaa dha.

Gatiin bakkaa dijiitii 4 kumaffaa dha.

Gatiin bakkaa dijiitii 6 kuma-kurnaffaa dha.

### Deesimaalota gara mana barbaadameetti siiqsuu (tilmaam-dhiyoo deesimaalotaa barbaaduu)

Deesimalii tokko ol yookiin gadi siqsuu jechuun tilmaamaan deesimaala biraan kan deesimaala kana irra xiqqoo caalu yookiin xiqqoo hanqatutti siqsuu jechuu dha. Deesimalii haaraan kun irra guddaa yookiin irra xiqqaa deesimaalii jalaqabaa ta'uu danda'a. As keessatti deesiimalii tokko yoo siqsunu tuqaa deesimaalii booda dijiitoni jiran lama yookiin sadii gochuun akkamitti akka siqsunu ilaalla. Kana gochuuf seerii hordufuu qabnu jira.

Deesimalii tokko, gara deesiimalii tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama qabuutti siiqsuuf: seerota armaan gadii hordofi.

**Seera 1:** Deesimalii kennname keessatti, dijiitoota tuqaa deesimaalii booda jiran fudhadhu. Dijiitiin inni mana kumaffaa keessa jiru irra guddaa 5 yoo ta'e, dijiitii mana dhibbiffaa keessa jiru irratti 1 ida'uun warreen hafan (dijiitoota karaa mirgaa dijiitii mana dhibbaffaa) ammoo dhiisuun siqsina jechuu dha.

**Fakkeeny 2:** Deesimalii  $3.5864$  gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitoota lama qabuutti siqsi.

**Furmaata:** Dijiitiin mana kumaffaa keessa jiru 6 dha. Kun ammoo irra guddaa 5 waan ta'eef, dijiitii mana dhibbaffaa keessa jiru, 8 irratti 1 ida'uun dijiitoota karaa mirgaa 8 jiran dhiisuun firii arganne keenya.

Kanaaf,  $3.5864$ , gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama qabuutti yoo siiqfamu,  $3.59$  ta'a.

Kanaaf, tilmaamaan,  $3.5864 = 3.59$  yookin  $3.5864 \approx 3.59$  jechuun ibsina.

*"≈" jechuun tilmaamaan walqixa jechuu dha)*

**Seera 2:** Deesimalii kennname keessatti, dijiitoota tuqaa deesimaalii booda jiran fudhachuun, dijiitiin inni mana kurnaffaa keessa jiru irra xiqqaa 5 yoo ta'e, dijiitota karaa mirgaa dijiitii mana dhibbaffaa jiran hunda dhiisuun, warreen hafan fudhachuun siiqsina.

**Fakkeeny 3:**  $0.23241$  gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama qabuutti siiqsi.

**Furmaata:** Dijiitiin gatii bakka kumaffaa keessa jiru 2 dha. Kun ammoo irra xiqqaa 5 waan ta'eef, dijiitota karaa mirgaa dijiitii mana dhibbaffaa, jiran hunda gatuun (dhiisuun) siqsina. Kanaaf,  $0.23241 \approx 0.23$  ta'a.

**Seera 3:** Yoo dijiitiin mana kumaffaa deesimaalichaa 5 ta'e, dijiitiin mana dhibbaffaa dijiitii guutuu akka ta'uuf ol yookiin gad-butuun siiqsina (dijiitota warreen kaan gatuun jechuu dha). Keessumaayyuu dijiitiin gatii bakka dhibbaffaa dijiitii mangoo (1, 3, 5, 7, 9) ta'e 1 dijiitii mana dhibbaffaa irratti idaana. Yoo dijiitiin gatii bakkaa dhibbaffaa guutuu ta'e garuu isuma fudhanna.

**Fakkeeny 4:** 1.2152 gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitii 2 qabuutti siqsi.

**Furmaata:** Dijiitiin mana kumaffaa 5 waan ta'eef dijiitii mana dhibbaffaa irratti 1 idaana. Dijiitota karaa mirgaa dijiitii mana dhibbaffaa jiran ni dhiisna. Kanaaf,  $1.2152 \approx 1.22$  ta'a.

1.2452 gara deesimaalii tuqaa deesimalii booda dijiitii 2 qabuutti yoo siiqfamu firiin argannu 1.24 ta'a. (akkamitti akka ta'u agarsiisi).

Deesimaalii tokko gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitii sadii qabuutti siqsuun ni danda'ama. Kana gochuuf tarkaanfilee armaan gadii hordofna.

#### Tarkaanfii 1:

Deesimaalii kenname keessatti dijiitota tuqaa deesimaalii boodaa fudhachuun, dijiitiin mana kuma-kurnaffaa (tartiibaan afraffaa) keessa jiru 0, 1, 2, 3 yookiin 4 yoo ta'e, dijiitota sadan jalqabaa akkuma jiranitti fudhachuun, warreen kaan gatuun (dhiisuun) deesimaalicha barreessina.

#### Tarkaanfii 2:

Deesimaalii kenname keessatti dijiitiin mana kuma-kurnaffaa (tartiibaan afraffaa) keessa jiran 6, 7, 8 yookiin 9 yoo ta'an, dijiitii mana kumaffaa keessa jiru irratti 1 ida'uun warreen hafan gatuun (dhiisuun) siqsina.

**Fakkeeny 4:** Deesimaalii 2.673462 gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitota sadii qabuutti siqsi.

**Furmaata:** Dijiitota tuqaa deesimaalii booda jiran keessaa, dijiitiin mana kuma kurnaffaa 4 dha. Kun irra xiqqaa 5 waan ta'eef, dijiitota karaa mirgaa dijiitii mana kumaffaa jiran gatuun, warreen kaan akka jiranitti fudhachuun siiqsina kanaaf,  $2.673462 \approx 2.673$  ta'a.

Amma akkaataa itti deesimaalota gara deesimaalii dijiitii barbaadde qabatetti jijiirtu baratteet jirta. Kanatti aansuun akkaataa itti firaakshinoota gara deesimaaliitti jijiirtu ni baratta. Firaakshinii gara deesimaalitti yoo jijiirtu deesimaaliin argamu dhaabbataa ta'uun dhiisuun danda'a. Waayitii kana deesimaalicha gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama yookiin sadii qabutti siqsuu dandeessa.

Firaakshinii gara deesimaaliitti karaa lamaan jijiiruu dandeensa.

**Mala 1<sup>ffaa:</sup>**

Firaakshinicha kenname waamsisaan isaa 10, 100, 1000, 10,000, k.k.f akka ta'u gochuun barreessi. Kana gochuuf, waamamaa fi waamsisaa firaakshinichaa lakkoofsa mijataa ta'een baay'isuu qabda. Achiin booda gara deesimaaliitti jijiiruuf siif salphata.

**Fakkeenyaa 5:** Firaakshinii  $\frac{3}{5}$  gara deesimaaliitti jijiiri.

**Furmaata:**  $\frac{3}{5}$  keessatti waamsisaa 10, 100, 1000, k.k.f gochuu yaali. Akka salphaatti

waamsisaa isaa 10 gochuu dandeessa. Kanaaf, waamamaa fi waamsisaa firaakshinichaa 2'n baay'isi.(waamsisaa firaakshinichaa 10 taasisuuf 2 lakkoofsa mijataa waan ta'eef).

$$\text{Kanaaf, } \frac{3}{5} = \frac{3 \times 2}{5 \times 2} = \frac{6}{10}$$

Waamsisaan firaakshinii  $\frac{6}{10}$ , kudhan waan ta'eef, tuqaa deesimaalii booda dijiitii tokko kaa'uun gara deesimaaliitti jijiiri.

$$\text{Kanaaf, } \frac{3}{5} = \frac{6}{10} = 0.6.$$

**Fakkeenyaa 6:** Firaakshinii  $\frac{7}{20}$  gara deesimaaliitti jijiiri.

**Furmaata:**  $\frac{7}{20} = \frac{7 \times 5}{20 \times 5}$  (5 lakkoofsa mijataa waamamaa fi waamsisaa ittiin baay'isnu

$$\text{dha. Maaliif ?) } = \frac{35}{100}.$$

Waamsisaan firaakshinii kanaa 100 waan ta'eef, tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama kahuun gara deesimaalitti jijiiri.

$$\text{Kanaaf, } \frac{7}{20} = \frac{35}{100} = 0.35.$$

**Mala 2<sup>ffaa</sup>**

Malli inni lammafaan firaakshinii gara deesimaaliitti itti jijiirtu hiruutti fayyadamuu dha. Mala kana keessatti, waamamaa waamsisaaf hiruun hojatta.

**Fakkeeny 7:** Firaakshinii  $\frac{2}{5}$  gara deesimaaliitti jijiiri.

**Furmaata:** Waamamaa waamsisaaf hiri.

$$\begin{array}{r} 0.4 \\ 5 \overline{)20} \\ -20 \\ \hline 00 \end{array}$$

$$\text{Kanaaf } \frac{2}{5} = 0.4.$$

Hiruu kana keessatti tarkaanfii lama booda hiruun dhaabbatee jira. (haftee 0 argattee jirta).

**Fakkeeny 8:** Firaakshinii  $\frac{2}{6}$  gara deesimaaliitti jijiiri.

**Furmata:** Waamamaa wamsisaaf hiri.

Hiruun kun dhaabachuu hin danda'u (Hafteen zeeroo ta'uu hin danda'u. Kanaaf deesimaaliin argannus dhaabbataa miti.

$$\text{Kanaaf } \frac{2}{6} = 0.3333 \dots$$

Tuqaaleen sadan, dijiittonni deesimaalii akka itti fufan agarsiisu. Deesimaalichi dhaabataa miti yoo ta'e, shallaguuf (hojiif) akka siif mijatutti gara deesimaalii dijiitii barbaaddu qabateetti siqsuu dandeessa.

Kanaaf,  $\frac{2}{6} = 0.33$  (deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama qabateetti yoo siqfamu).

**Hiikoo 3.4:** Deesimaalotni tuqaa deesimaalii booda dijiitota baay'inni isaanii murtaa'aa ta'e irratti dhaabatan deesimalota dhaabatoo jedhamu.

**Hiikoo 3.5:** Deesimaaliin tuqaa deesimaalii booda haala dhuma hin qabneen itti fufu deesimaalii dhaabataa hin taane jedhamu. Deesimaalii dhaabbataa hin taane keessaa tuqaa deesimaalii booda dijiitiin tokko yookiin tuutni dijiitotaa kan deddeebi'ee dhufu yoo ta'e, deesimaalii deddeebi'aa jedhamu.

**Fakkeeny 9:**

- 1      0.234 deesimaalii dhaabataa dha.
- 2      0.6666 ... deesimaalii deddeebi'aa dha.
- 3      1.22661 deesimaalii dhaabataa dha.

## Gocha 3.3

- 1 Gareedhaan ta'uun dhibbantaa jechuun maal jechuu akka ta'e mari'achuun hiriyyoota keef ibsi. Mallattoon dhibbantaa maali?
- 2 Firaakshinoota armaan gadii gara dhibbantaatti jijiirii mallattootiin ibsi.

a  $\frac{1}{2}$

b  $\frac{1}{4}$

c  $\frac{3}{4}$

d 1

**Hiikoo 3.6:** Dhibbantaa jechuun firaakshinii waamsisaan isaa 100 ta'e jechuu dha.

**Mallattoon:**  $\frac{a}{100} = a\%$  yommu dubbifnus dhibbantaa *a* jenneeti.

**Fakkeenyaa 10:**

- |   |  |
|---|--|
| a $\frac{3}{100} = 3\%$ ; dhibbantaa 3    | b $\frac{14}{100} = 14\%$ ; dhibbantaa 14                                |
| c $\frac{20}{100} = 20\%$ ; dhibbantaa 20 | d $\frac{135}{100} = 135\%$ ; dhibbantaa dhibba tokkoo fi soddomii shan. |

Firaakshinii kennname tokko gara dhibbantaatti jijiiruuf wanti ati gochuu qabdu, waamsisaa firaakshinichaa 100 taasisuu dha. Kana gochuuf waamsisaa fi waamamaa firaakshinichaa lakkoofsa mijataa ta'een baay'isu qabda. Deesimalii kennname tokko gara dhibbantaatti jijiiruuf, firaakshinicha  $\frac{100}{100}$  tiin baay'isu qabda.

**Fakkeenyaa 11:** Firaakshinii  $\frac{1}{5}$  dhibbantaatti jijiirri.

**Furmaata:** Firaakshinii kana dhibbantaatti jijiiruuf waamsisaa firaakshinichaa 100 taasisuu qabda. Kana yeroo gootu, firaakshinichi jijiiramuu waan hin qabneef, waamamaa fi waamsisaa lakkoofsa wal-fakkaataa ta'een baay'isi. 5, 100 kan ta'u, yoo 20'n baay'ate waan ta'eef waamamaa fi waamsisaa 20'n baay'isi.

$$\text{Kanaaf, } \frac{1}{5} = \frac{1}{5} \times 1 = \frac{1}{5} \times \frac{20}{20}$$

$$= \frac{20}{100} = 20\% = 20\% \text{ (dhibbantaa 20)}$$

Kana jechuun,  $\frac{1}{5}$  gara dhibbantaatti yoo jijiiramu deebiin argattu, 20% ta'a.

### Gilgaala 3.2

1 Firaakshinoota armaan gadii gara deesimaalitti jijiiri.

- |          |               |          |               |          |                |          |                 |
|----------|---------------|----------|---------------|----------|----------------|----------|-----------------|
| <b>a</b> | $\frac{3}{5}$ | <b>b</b> | $\frac{5}{2}$ | <b>c</b> | $\frac{5}{6}$  | <b>d</b> | $\frac{2}{7}$   |
| <b>e</b> | $\frac{7}{3}$ | <b>f</b> | $\frac{1}{6}$ | <b>g</b> | $\frac{11}{5}$ | <b>h</b> | $\frac{100}{3}$ |

2 Firaakshinoota armaan gadii gara deesimaalitti jijiiri. Deesimaaliin argamu dhaabbataa moo deddeebi'aa dha? Deebii kenni. Deesimaalichi deddeebi'aa yoo ta'e, deesimaalicha gara deesimaalii tuqaa deesimaalii booda dijitetota sadii qabuutti siqsi.

- |          |               |          |               |          |                |          |                |          |                 |
|----------|---------------|----------|---------------|----------|----------------|----------|----------------|----------|-----------------|
| <b>a</b> | $\frac{1}{3}$ | <b>b</b> | $\frac{3}{4}$ | <b>c</b> | $\frac{3}{8}$  | <b>d</b> | $\frac{2}{7}$  | <b>e</b> | $\frac{22}{7}$  |
| <b>f</b> | $\frac{7}{3}$ | <b>g</b> | $\frac{5}{6}$ | <b>h</b> | $\frac{11}{3}$ | <b>i</b> | $\frac{9}{10}$ | <b>j</b> | $\frac{13}{15}$ |

3 Deesimaalota armaan gadii keessatti gatii bakkaa dijiitii "3" himi.

- |          |       |          |       |          |       |          |        |
|----------|-------|----------|-------|----------|-------|----------|--------|
| <b>a</b> | 1.312 | <b>b</b> | 0.013 | <b>c</b> | 5.432 | <b>d</b> | 10.341 |
|----------|-------|----------|-------|----------|-------|----------|--------|

4 Firaakshinoota armaan gadii gara dhibbantaatti jijiiri.

- |          |                  |          |               |          |                 |          |                |
|----------|------------------|----------|---------------|----------|-----------------|----------|----------------|
| <b>a</b> | $\frac{23}{100}$ | <b>b</b> | $\frac{2}{5}$ | <b>c</b> | $\frac{13}{50}$ | <b>d</b> | $\frac{12}{7}$ |
|----------|------------------|----------|---------------|----------|-----------------|----------|----------------|

### 3.2.2 Deesimaalii dhaabataa gara firaakshinii fi gara dhibbantaatti jijiiruu

#### Gocha 3.4

1 Firaakshinoota armaan gadii gara deesimaaliitti jijiiri.

- |          |                  |          |                    |          |               |          |                 |
|----------|------------------|----------|--------------------|----------|---------------|----------|-----------------|
| <b>a</b> | $\frac{5}{10}$   | <b>b</b> | $\frac{25}{100}$   | <b>c</b> | $\frac{3}{4}$ | <b>d</b> | $\frac{1}{100}$ |
| <b>e</b> | $\frac{5}{1000}$ | <b>f</b> | $\frac{281}{1000}$ |          |               |          |                 |

2 Deesimaalota gaafii (1) armaan olii keessatti argatte, mala ittiin gara dubaatti (gara firaakshiniitti) deebisuu dendeesu qabdaa? Mala kanatti fayyadamuun deesimaalota argatte gara firaakshiniitti jijiiri. Deebiin ati argattes sirrii ta'uuf dhiisuu mirkaneeffadhu. (firaakshinii kenname waliin wal-madaalchisi).

3 Deesimaalota armaan gadii gara dhibbantaatti jijiiri. Tarkaanfii fudhlettes ibsi.

- |          |       |          |       |          |      |          |      |
|----------|-------|----------|-------|----------|------|----------|------|
| <b>a</b> | 0.5   | <b>b</b> | 0.25  | <b>c</b> | 0.75 | <b>d</b> | 0.01 |
| <b>e</b> | 0.005 | <b>f</b> | 0.281 |          |      |          |      |

Deesimaalota dhaabatoo gara firaakshiniitti jijiiruuun, deesimalicha 10, 100, 1000, 10,000 ... tiin baay'isuu fi hiruu irratti kan hundaa'e dha. Haaluma wal-fakkaatuun deesimaalii dhaabataa gara dhibbantaatti jijiiruuuf, deesimaalicha 100'n baay'isii 100'f hiri. Kun waamsisaa dhibbatti ni jijiira.

**Fakkeenyaa 12:** Deesimaalii 0.12 fudhadhu.

- i** Deesimaalii kana gara firaakshiniitti jijiiri.
- ii** Deesimaalii kana gara dhibbantaatti jijiiri.

**Furmaata:** **i**  $0.12 = 0.12 \times 1$

Deesimaaliin kun, tuqaa deesimaalii booda dijiitota lama qofa waan qabuuf, (hanga gatii bakkaa dhibbaffaatti) deesimalicha  $\frac{100}{100}$ , n baay'isi.

$$0.12 = 0.12 \times 1$$

$$= 0.12 \times \frac{100}{100} = \frac{12}{100}$$

Kanaaf, deesimaaliin 0.12 gara firaakshiniitti yoo jijiiramu

$$0.12 = \frac{12}{100} = \frac{3}{25} \text{ (maaliif?)}$$

- ii** Deesimaalii 0.12 gara dhibbantaatti jijiiruuuf,  $\frac{100}{100}$ , n baay'isi.

$$0.12 = 0.12 \times \frac{100}{100} = \frac{12}{100} = 12\%$$

**Fakkeenyaa 13:** Deesimaalii 0.145

- a** Gara dhibbantaatti jijiiri. **b** Gara firaakshiniitti jijiiri.

**Furmaata:**

- a** Deesimaalicha gara dhibbantaatti jijiiruuuf,  $\frac{100}{100}$ , n baay'isi.

$$0.145 = 0.145 \times \frac{100}{100} = \frac{14.5}{100} \\ = 14.5\%$$

- b** Deesimaalii 0.145 gara firaakshiniitti jijiiruuuf; deesimaalichi tuqaa deesimaalii booda dijiitota 3 waan qabuuf, (hanga gatii bakkaa kumaffatti waan qabuuf), deesimaalicha  $\frac{1000}{1000}$  tiin baay'isi.

$$\text{Kanaaf, } 0.145 = 0.145 \times 1$$

$$= 0.145 \times \frac{1000}{1000} \\ = \frac{145}{1000} = \frac{29}{200} \text{ (yoo salphatu)}$$

**Hubachiisa:** Deesimaalii dhaabataa tokko gara dhibbantaatti jijiiruuf

deesimaalicha  $\frac{100}{100}$  tiin baay'isi.

## Hojii Garee 3.2

Baay'ina barattoota daree kee keessaa lakkaa'uun gaaffiwwan armaan gadii deebisi.

- a Baay'inni barattoota dhiiraa meeqa?
- b Baay'inni barattoota shamarranii meeqa?
- c Baay'ina barattoota dhiiraa firaakshinii baay'ina barattoota daree kee keessaatiin ibsi.
- d Baay'ina barattoota dhiiraa dhibbantaadhaan ibsi?
- e Baay'ina barattoota shamarranii baay'ina firaakshinii barattoota daree kee keessaan ibsi
- f Baay'ina barattoota shamarranii dhibbantaadhaan ibsi.

## Gilgaala 3.3

- |   |   |   |                       |   |                        |   |       |
|---|---|---|-----------------------|---|------------------------|---|-------|
| 1 | Deesimaalota armaan gadii gara firaakshini  |   |                       |   |                        |   |       |
| a | 0.2   | b | 0.02                  | c | 0.56                   | d | 0.025 |
| e | 0.64  | f | 0.72                  |   |                        |   |       |
| 2 | Deesimaalota gaafii 1 <sup>ffaa</sup> armaan olii keessaa gara dhibbantaatti jijiiri. |   |                       |   |                        |   |       |
| 3 | Kanneen armaan gadii dhugaa yookiin soba jechuun deebisi.                             |   |                       |   |                        |   |       |
| a | $0.25 = \frac{25}{100} = 25\% = \frac{1}{4}$  | b | $\frac{1}{10} = 10\%$ | c | $0.56 = \frac{14}{25}$ |   |       |
| d | $\frac{7}{25} = 28\%$   | e | $0.025 = 25\%$        | f | $0.025 = \frac{1}{40}$ |   |       |


## 3.2.3 Dhibbantaa gara firaakshinii fi deesimaaliitti jijiiruu

### Gocha 3.5

- |   |  |   |      |   |       |   |    |
|---|--|---|------|---|-------|---|----|
| 1 | Dhibbantaawan armaan gadii gara firaakshiniitti jijiiri. Firaakshinichas salphisuun kaa'i. |   |      |   |       |   |    |
| a | 80%  | b | 95%  | c | 15%   |   |    |
| d | 2.5%   | e | 25 % | f | 1.5 % |   |    |
| 2 | Kanneen armaan gadii gara deesimaalitti jijiiri.   |   |      |   |       |   |    |
| a | 80%  | b | 95%  | c | 15%   |   |    |
| d | 2.5%   | e | 35%  | f | 5%    |   |    |
| 3 | Dhibbataa 20 (20%) laccofsota armaan gadii barbaadi.                                       |   |      |   |       |   |    |
| a | 100  | b | 60   | c | 30    | d | 20 |

## Hojii Garee 3.3

Danaa armaan gadii ilaaluun gaaffiiwwan itti aananii jiran gareedhaan mariyachuun deebisaa.



Danaa 3.2

- 1** Gabateen kun rektaangiloota wal-qixa ta'an meeqa qabatee jira?
- 2** Kanneen keessaa kan dibame meeqa? Kan hin dibamiin meeqa?
- 3** Kan dibame
  - i** Firaakshiniidhaan ibsi.
  - ii** Deesimaaliidhaan ibsi.
  - iii** Dhibbantaadhaan ibsi.
- 4** Kan hin dibamiin
  - i** Firaakshiniidhaan ibsi.
  - ii** Deesimaaliidhaan ibsi.
  - iii** Dhibbantaadhaan ibsi.
- 5** Deesimaalota armaan olii keessaa warra deesimaalii dhaabataa ta'an fo'i. Warra deddeebi'a ta'anis adda baasi.

Dhibbantaan firaakshinii waamsisaan isaa 100 ta'e ta'uun yaadadhu. Kanaaf dhibbantaan gara firaakshiniitti akkasumas gara deesimaalitti ni jijiirama. Dhibbantaa gara firaakshiniitti jijiiruuf, dhibbanticha 100'f hirii salphisi. Dhibbantaa gara deesimaalitti jijiiruuf, jalqaba dhibbantichaa gara firaakshiniitti jijiiri. Itti aansuun firaakshinicha gara deesimaaliitti jijiiri.

### Fakkeenyaa 14:

- a** 35% gara firaakshiniitti jijiiri.
- b** 35% gara deesimaaliitti jijiiri.

### Furmaata:

$$\text{a} \quad 35\% = \frac{35}{100}$$

Kun yoo salphatu  $\frac{7}{20}$  ta'a.

$$\text{b} \quad 35\% = \frac{35}{100} = \underbrace{\frac{7}{20}}_{\substack{\text{Dhibbantaa} \\ \text{Firaakshinii}}} = 0.35. \quad \text{Deesimaalii.}$$

- Hubadhu:**
- 1 Yoo  $a < b$  ta'e, firaakshiniin bifaa  $\frac{a}{b}$  tiin kennname firaakshiniin sirrii jedhama.
  - 2 Yoo  $a > b$  ta'e firaakshiniin bifaa  $\frac{a}{b}$  tiin kennname firaakshiniin miti-sirrii (firaakshiniin sirrii hin taane) jedhama.
  - 3 Firaakshiniin bifaa  $\frac{a}{c}$  (yoo dubbifnu  $a$  fi  $b$ ,  $c$  <sup>ffaa</sup>) firaakshiniin makaa jedhama. (yoo  $b < c$  ta'e)

#### Fakkeenya 15:

- |          |  |          |  |
|----------|--|----------|--|
| <b>a</b> | $\frac{3}{4}$ firaakshiniin sirrii dha.      | <b>b</b> | $\frac{1}{11}$ firaakshiniin sirrii dha. |
| <b>c</b> | $\frac{7}{6}$ firaakshiniin miti sirrii dha. | <b>d</b> | $2\frac{1}{2}$ firaakshiniin makaa dha.  |
| <b>e</b> | $3\frac{1}{5}$ firaakshiniin makaa dha.      |          |  |

#### Gilgaala 3.4

- 1 Dhibbantaawwan armaan gadii gara firaakshiniitti jijiiri.
 

<b>a</b> 30%	<b>b</b> 12%	<b>c</b> 1.2%	<b>d</b> 0.07 %
<b>e</b> 0.05%	<b>f</b> 23%	<b>g</b> 39%	<b>h</b> 0.027%
- 2 Dhibbantaawwan armaan gadii gara deesimaalitti jijiiri.
 

<b>a</b> 65%	<b>b</b> 135%	<b>c</b> 220%	<b>d</b> 15%
<b>e</b> 60%	<b>f</b> 20%	<b>g</b> 66%	<b>h</b> 0.6%
- 3 Firaakshinoota armaan gadii firaakshiniin sirrii, firaakshiniin makaa fi firaakshiniin miti sirrii jechuun adda baasi.
 

<b>a</b> $\frac{13}{50}$	<b>b</b> $\frac{5}{2}$	<b>c</b> $\frac{12}{7}$	<b>d</b> $\frac{8}{100}$	<b>e</b> $3\frac{1}{6}$	<b>f</b> $5\frac{1}{4}$
--------------------------	------------------------	-------------------------	--------------------------	-------------------------	-------------------------

- 4 Gabatee armaan gadii guuti.

Firaakshinii	Deesimaalii	Dhibbantaa
	0.21	21%
$\frac{13}{25}$		52%
		24%

### 3.3 FIRAAKSHINOOTA WALIIN MADAALUU FI TARTIIBESSUU

Mata duree kana keessatti akkaataa itti firaakshinoota waliin madaaltuu fi tartiibessitu ni baratta. Firaakshinoota waliin-madaluu jechuun, firaakshinii isa kamtu irra guddaa isa kamii akka ta'e adda baasuu jechuu dha. Firaakshinoota tartiibessuu jechuun ammoo guddaa irraa gara xiqaatti yookiin xiqaati irraa gara guddaatti tarreessuu jechuu dha.

#### Gocha 3.6

- 1 Cimdi firaakshinootaa armaan gaditti kennaman keessaa kamtu irra guddaa dha? Kamtu xiqaati dha? Mallattoolee <, > yookiin = tti fayyadamuun deebii kenni.

a  $\frac{4}{10}$  fi  $\frac{6}{10}$       b  $\frac{1}{12}$  fi  $\frac{1}{10}$       c  $\frac{1}{5}$  fi  $\frac{1}{2}$       d  $\frac{4}{10}$  fi  $\frac{8}{20}$

- 2 a Sarartoo kaatoonii irraa hojjetame fudhadhu. Sararticha bakka wal-qixaa lamatti qoodi. Gartokkeewwan isaas firaakshinootaan ibsi.

?	?
A	B

A \_\_\_\_\_  
B \_\_\_\_\_

- b Sarartoo kana bakka wal-qixa ta'e saditti qooduun, gartokkeewwan isaas firaakshinootaan ibsi.

?	?	?
C	D	E

C \_\_\_\_\_  
D \_\_\_\_\_  
E \_\_\_\_\_

- c Gartokkeewwan (a) fi gartokkeewwan (b) keessaa kamtu guddaa dha?

- d Sarartoo kana bakka wal-qixa ta'e afuritti qoodi, Gar-tokkeewwan isaas firaakshiniin ibsi.

?	?	?	?
F	G	H	I

F \_\_\_\_\_  
G \_\_\_\_\_  
H \_\_\_\_\_  
I \_\_\_\_\_

- e Gartokkeewwan b, c fi d keessatti argatte waliin madaali. Warreen kamtu caala?

**Fakkeeny 1:**  $\frac{15}{100} < \frac{40}{100}$

Sababni isaas, firaakshinooni lamaanuu waamsisaa wal-qixa ta'e qabu. Kanaaf, waamamaa isaanii waliin madaalla.

$$15 < 40 \text{ waan ta'eef}, \frac{15}{100} < \frac{40}{100} \text{ ta'a.}$$

Kana deesimaaliidhaan yoo ibsinu,  $0.15 < 0.40$  ta'a.

**Fakkeeny 2:**  $\frac{40}{100} < \frac{55}{100} < \frac{60}{100}$  ta'a.

As keessatti, waamsisaan firaakshinoota hundaa 100 ta'uu fi  $40 < 55 < 60$  ta'uu hubadhu. Kanaaf,  $\frac{40}{100} < \frac{55}{100} < \frac{60}{100}$  ta'a. Yoo waamsisaan firaakshinoota waliin madaalluu wal-qixa miti ta'e, seera armaan gadiitti fayyadamuun waliin madaalla. Yoo a, b, c fi d'n laccoofsota lakkaawwii ta'anii fi  $\frac{a}{b} > \frac{c}{d}$  ta'e,  $a \times d > b \times c$  ta'a. Fakkeenyaaaf,  $\frac{3}{2} > \frac{2}{3}$  ti. Sababni isaas  $3 \times 3 > 2 \times 2$  ( $9 > 4$ ) waan ta'eef dha.

Deesimaalota waliin madaaluuf, deesimaalota kennaman keessatti jalqaba laccoofsota tuqaa deesimaalii dura jiran waliin-madaali. Inni tuqaa deesimaalii duraa laccoofsa guddaa qabu guddaa dha. Laccoofsonni fuuldura tuqaa deesimaalii jiran wal-qixa yoo ta'an, dijiitota tuqaa deesimaalii booda jiran waliin-madaali. Dura dijiitii mana kurnaffaa wal madaalchisi. Inni dijiitii guddaa qabu guddaa ta'a. Yoo dijiitonni mana kurnaffaa wal-qixa ta'an, dijiitota gatii bakka dhibbaffaa walmadaalchisi. Inni dijiitii guddaa qabu guddaa dha. Yoo dijiitonni mana dhibbaffaa wal-qixa ta'an, dijiitota mana kumaffaa wal-madaalchisi. Inni dijiitii guddaa qabu guddaa dha. Haala kanaan hamma adda baastutti itti fufi.

**Fakkeeny 3:** 16.53 fi 4.47 keessaa kamtu guddaa dha?

**Furmaata:** Deesimaalota kana waliin madaaluuf, jalqaba dijiitota tuqaa deesimaalii dura jiran wal madaalchisi. Inni laccoofsa guddaa qabu guddaa dha. As keessatti  $16 > 4$  waan ta'eef, 16.53 irra guddaa 4.47 ti.

$$16.53 > 4.47$$

**Fakkeeny 4:** Kamtu xiqqaa dha? 3.51 moo 3.42?

**Furmaata:** Deesimaalota kennaman lamaan kana keessatti dijiitiin tuqaa deesimaalii dura jiru 3 dha. Kanaaf warreen tuqaa deesimaalii booda jiran waliin madaali. Deesimaala 3.51 keessatti dijiitiin mana kurnaffaa keessa jiru 5 dha. Deesimaalii 3.42 keessatti ammo dijiitiin gatii mana kurnaffaa 4 dha.  $5 > 4$  waan ta'eef, 3.51 irra guddaa 3.42 ta'a. Kana jechuun 3.42 irra xiqqaa 3.51 ti. Kanaaf  $3.42 < 3.51$ .

## Gocha 3.7

- 1 Firaakshinoota armaan gadii xiqaat irraa gara guddaatti tarreessi. Mallattoo < fayyadami.
- a  $\frac{1}{12}, \frac{1}{10}$ , fi  $\frac{1}{8}$     b  $\frac{1}{2}, \frac{1}{3}, \frac{1}{4}$  fi  $\frac{1}{5}$     c  $\frac{5}{12}, \frac{2}{3}, \frac{3}{4}$  fi  $\frac{7}{8}$
- 2 Firaakshinoota armaan gadii guddaa irraa gara xiqaatti tarreessi mallattoo > fayyadami.
- a  $\frac{1}{12}, \frac{1}{10}$ , fi  $\frac{1}{8}$     b  $\frac{1}{2}, \frac{1}{3}, \frac{1}{4}$  fi  $\frac{1}{5}$     c  $\frac{5}{12}, \frac{2}{3}, \frac{3}{4}$  fi  $\frac{7}{8}$
- 3 Deesimaalota armaan gadii xiqaat irraa gara guddaatti tartibessi.
- a 0.3, 0.52, 0.35    b 0.43, 0.72, 0.8, 0.38    c 1.3, 2.52, 0.35, 0.36

Firaakshinoota baay'inni isaanii lamaa olii tartibessuuf, jalqaba cimdii cimdiidhaan tartibessi. Achiin booda guddaa irraa gara xiqaatti yookiin xiqqqa irraa gara guddaatti akka barbaachisummaa isaatti tartibessi. Firaakshinoota xiqaat irraa gara guddaatti tartibessuuf mallattoo < fayyadami. Firaakshinoota guddaa irraa gara xiqaatti tartibessuuf mallattoo > fayyadami.

**Fakkeenyä 5:** Firaakshinoota armaan gadii gudaa irraa gara xiqaatti tartibessi.

$$\frac{1}{3}, \frac{20}{3}, \frac{7}{3} \text{ fi } \frac{40}{3}$$

**Furmaata:** Firaakshinooni hundinuu 3 akka waamsiisaa isaaniitti waan qabaniif, warreen waamamaan isaanii xiqaat ta'e xiqaat dha.

$$\frac{40}{3} > \frac{20}{3} > \frac{7}{3} > \frac{1}{3} \text{ ta'a.}$$

**Fakkeenyä 6:** Kanneen armaan gadii guddaa irraa gara xiqaatti tartibessi.  $\frac{3}{10}, \frac{3}{5} \text{ fi } \frac{4}{6}$

**Furmaata:** Jalqaba cimdii-cimdiidhaan walmadaalchisi.

$$\frac{3}{5} > \frac{3}{10} \text{ ti. (sababni isaas, } 3 \times 10 > 5 \times 3 \text{ ti)}$$

Ammas,  $\frac{4}{6} > \frac{3}{5} \text{ ti. Sababni isaas, } 4 \times 5 > 6 \times 3 \text{ ti.}$

Kanaaf,  $\frac{4}{6} > \frac{3}{5} > \frac{3}{10} \text{ ti.}$

### Gilgaala 3.5

1 Firaakshinoota armaan gaditti kennaman xiqqaal irraa gara guddaatti tartiibessi.

- a  $\frac{1}{2}, \frac{3}{4}, \frac{4}{5}, \frac{1}{3} \text{ fi } \frac{5}{6}$   
 c  $\frac{2}{3}, \frac{1}{5}, \frac{1}{6}, \frac{1}{4} \text{ fi } \frac{1}{2}$   
 e  $\frac{1}{8}, \frac{1}{6}, \frac{1}{12}, \frac{1}{3}, \frac{1}{2}, \frac{1}{5} \text{ fi } \frac{5}{6}$

- b  $\frac{5}{12}, \frac{2}{3}, \frac{3}{4} \text{ fi } \frac{7}{8}$   
 d  $\frac{2}{3}, \frac{3}{8}, \frac{3}{10}, \frac{1}{2} \text{ fi } \frac{1}{4}$

2 Firaakshinoota armaan gadii guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.

- a  $\frac{1}{2}, \frac{3}{4}, \frac{4}{5}, \frac{1}{3} \text{ fi } \frac{5}{6}$   
 c  $\frac{5}{12}, \frac{2}{3}, \frac{3}{4} \text{ fi } \frac{7}{8}$

- b  $\frac{1}{5}, \frac{1}{2}, \frac{1}{4}, \frac{1}{3} \text{ fi } \frac{1}{6}$

3 Deesimaalota armaan gadii xiqqaal irraa gara guddaatti tartiibessi.

- a 0.6, 0.48, 0.62, 0.91, 0.86, 0.45      b 0.57, 0.63, 0.72, 0.48

4 Deesimaalota armaan gadii guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.

0.58, 0.65, 0.9, 0.28, 0.73

5 Kanneen armaan gadii gara dhibbantaatti jijiiruuun xiqqaal irraa gara guddaatti tartiibessi.

0.2, 0.67, 0.25, 0.35,  $\frac{4}{5}, \frac{2}{5}$

## 3.4 IDA'UU FI HIR'ISUU FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTAA

Mata duree kana keessatti waa'ee ida'uuf hir'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa irratti beekumsa qabdu ni gabbifatta. Firaakshinoonni waamsisaa tokkicha yoo qabaatan akkaataa itti ida'amani fi wal irraa hir'ifaman, akkasumas yoo waamsisaan firaakshinootaa adda adda ta'e akkaataa isaan itti ida'amani fi wal-irraa hir'ifaman ni baratta. Ida'uu fi hir'isuu deesimaalotaa irrattis beekumsa duraan qabdu ni gabbifatta.

### 3.4.1 Ida'uu firaakshinootaa fi Deesimaalotaa

Firaakshinoota waamsisaa adda addaa qaban otoo hin ida'iin dura, akkaata HWX lakkofsota lakkaawwii baay'inni isaanii lamaa fi lamaa ol ta'ee itti barbaaddu yaadachuu qabda. Firaakshinoota waamsisaa tokkicha qaban walitti ida'uuf, waamsisaa walii fudhachuun waamamaawwan firaakshinootaa walitti idaata.

**Fakkeenyaa 1:** Kanneen armaan gadii ida'i.

a  $\frac{5}{6} + \frac{4}{6}$

b  $\frac{1}{3} + \frac{4}{3}$

Furmaata: a  $\frac{5}{6} + \frac{4}{6}$

Firaakshinooni ida'aman waamsisaa tokkicha waan qabaniif, waamsisaa walii fudhachuun, waamamaawwan isaanii walitti ida'i.

Kanaaf,  $\frac{5}{6} + \frac{4}{6} = \frac{5+4}{6} = \frac{9}{6} = \frac{3}{2}$

b Haaluma wal-fakkaatuun,  $\frac{1}{3} + \frac{4}{3} = \frac{1+4}{3} = \frac{5}{3}$

### Hojii Garee 3.4

- 1 Yoo firaakshinoota lama kan waamsisaan isaanii adda adda ta'e siif kenname akkamitti idaata? Gareen mariyachuun dareef ibsaa.
- 2 Firaakshinoota armaan gadii ida'i.

a  $\frac{1}{2} + \frac{1}{3}$

b  $\frac{5}{4} + \frac{1}{5}$

c  $\frac{1}{2} + \frac{2}{3}$

Firaakshinoota waamsisaa adda addaa qaban, ida'uuf, jalqaba waamsisaa firaakshinoota walitti ida'amni tokkicha taasisi. Kana kan gootu HWX waamsisaa firaakshinoota barbaaduun ta'a. Erga waamsisaa isaanii tokkicha gootanii booda firaakshinoota walitti ida'aa.

**Fakkeenyaa 2:** Firaakshinoota armaan gadii ida'i.

a  $\frac{1}{4} + \frac{3}{5}$

b  $\frac{5}{7} + \frac{1}{2}$

Furmaata: a  $\frac{1}{4} + \frac{3}{5}$ , Waamsisaan firaakshinoota kanaa adda adda waan ta'eef, jalqaba waamsisaa firaakshinoota kanaa tokkicha taasisi.

Kana gochuuf jalqaba, HWX 4 fi 5 barbaadi.

Hiramoota 4: 4, 8, 12, 16, 20, 24, ...

Hiramoota 5: 5, 10, 15, 20, 25, 30, ...

Kanaaf, HWX (4, 5) = 20 dha. Kana jechuun firaakshinoota kanneen walitti ida'uuf, waamsisaa firaakshinoota lamaanii 20 taasisi.

$$\begin{aligned}\frac{1}{4} + \frac{3}{5} &= \frac{1}{4} \times \frac{5}{5} + \frac{3}{5} \times \frac{4}{4} \\ &= \frac{5}{20} + \frac{12}{20} \\ &= \frac{5+12}{20} = \frac{17}{20}\end{aligned}$$

**b** Haaluma wal-fakkaatuun  $\frac{5}{7} + \frac{1}{2} = \frac{5}{7} \times \frac{2}{2} + \frac{1}{2} \times \frac{7}{7}$   
 $= \frac{10}{14} + \frac{7}{14} = \frac{10+7}{14} = \frac{17}{14}$ .

**Hubbachiisa:**

- 1** Yoo  $\frac{a}{b}$  fi  $\frac{c}{d}$  firaakshinoota ta'an,  $\frac{a}{b} + \frac{c}{d} = \frac{a \times d + b \times c}{b \times d}$
- 2**  $a\frac{b}{c}$  firaakshinii makaa yoo ta'e,  $a\frac{b}{c} = a + \frac{b}{c} = \frac{a}{1} + \frac{b}{c} = \frac{a \times c + b}{c}$ .

**Fakkeenyä 3:** Kanneen armaan gadii ida'i.

**a**  $\frac{2}{5} + \frac{3}{4}$       **b**  $1\frac{1}{3} + 2\frac{1}{2}$

**Furmaata:**

- a** Hubachiisa armaan oliitti fayyadamuun,  

$$\frac{2}{5} + \frac{3}{4} = \frac{2 \times 4 + 5 \times 3}{5 \times 4} = \frac{8+15}{20} = \frac{23}{20}$$
- b** Duraan dursii firaakshinoota makaa gara firaakshinii bifaa  $\frac{a}{b}$  tiin barreessi.

$$1\frac{1}{3} = 1 + \frac{1}{3} = \frac{1 \times 3 + 1 \times 1}{1 \times 3} = \frac{3+1}{3} = \frac{4}{3} \text{ fi}$$

$$2\frac{1}{2} = 2 + \frac{1}{2} = \frac{2 \times 2 + 1 \times 1}{2} = \frac{4+1}{2} = \frac{5}{2}$$

Kanaaf,  $1\frac{1}{3} + 2\frac{1}{2} = \frac{4}{3} + \frac{5}{2}$   
 $= \frac{4 \times 2 + 3 \times 5}{3 \times 2} = \frac{8+15}{6} = \frac{23}{6}$

Deesimaalota lama walitti ida'uuf irraa gadee, akka tuqaaleen deesimaalii sarara oolee tokkoo irra akka oolan gochuun barreessi. Achiin booda mirgaa irraa gara bitaatti mana mana isaaniitiin ida'i. Baay'inni dijiitota walitti ida'amani wal-qixa miti yoo ta'e, isa dijiitii xiqqaa qabu irratti karaa mirgaa zeeroowwan dabali. Kana kan gootu baay'ina dijiitota wal-qixa gochuuf dha.

**Fakkeenyä 4:** Deesimaalota armaan gadii ida'i.

**a**  $0.22 + 0.37$       **b**  $0.263 + 0.451$       **c**  $3.84 + 0.372$

Furmaata: a

$$\begin{array}{r} 0.22 \\ + \frac{0.37}{0.59} \end{array}$$

b

$$\begin{array}{r} 0.263 \\ + \frac{0.451}{0.714} \end{array}$$

c

$$\begin{array}{r} 3.840 \\ 0.372 \\ \hline 4.212 \end{array}$$

Baay'inni dijiitotaa Wal-qixa akka  
ta'uuf 0 dabali

### Gilgaala 3.6

1 Kanneen armaan gadii ida'i.

a  $\frac{3}{4} + \frac{5}{4}$

b  $\frac{1}{6} + \frac{7}{6}$

c  $\frac{1}{2} + \frac{1}{4}$

d  $\frac{2}{5} + \frac{1}{3}$

e  $\frac{3}{5} + \frac{1}{2} + \frac{1}{3}$

f  $\frac{5}{8} + \frac{1}{2} + \frac{2}{3}$

g  $\frac{1}{10} + \frac{1}{2}$

2 Deesimaalota armaan gadii ida'i.

a  $0.53 + 0.45$

b  $0.47 + 0.35$

c  $0.92 + 0.75$

d  $0.271 + 0.451$

e  $1.358 + 0.814$

f  $0.385 + 0.6712$

g  $0.306 + 0.283$

h  $0.925 + 0.034$

## 3.4.2 Hir'isuu firaakshinootaa fi deesimaalotaa

### Gocha 3.8

1 Firaakshinoota armaan gadii wal-irraa hir'isi.

a  $\frac{4}{5} - \frac{1}{5}$

b  $\frac{3}{2} - \frac{1}{2}$

c  $\frac{7}{8} - \frac{3}{5}$

2 Bashaatuun Zayitii nyaataa liitira  $\frac{3}{4}$  bitatte. Kana keessaa liitira  $\frac{1}{4}$  nyaataa hojjechuuf fayyadamte. Zayitiin Bashaatuu hammantu hafe?

3 Deesimaalota armaan gadii wal-irraa hir'isi.

a  $0.75 - 0.25$

b  $0.897 - 0.368$

c  $0.749 - 0.387$

Firaakshinoota hir'isuuf malli itti fayyadamnu, mala firaakshinoota ida'uuf itti fayyadamnu waliin wal-fakkaata. Wayitii hir'isnu irraa kan hafe adeemsi jiru tokko jechuu dha.

Firaakshinoota waamsisaan isaanii walfakkaatu wal-irraa hir'isuuf, waamsisaa walii fudhachuun, waamamaawwan isaanii wal-irraa hir'isna. Yoo waamsiisaan isaanii adda adda ta'e ammoo, mala HWX fayyadamnuun waamsisaa isaanii tokkicha goonee wal-irraa hir'isna.

**Fakkeeny 5:** Firaakshinoota armaan gadii wal-irraa hir'isi.

a  $\frac{3}{4} - \frac{1}{4}$

b  $\frac{6}{7} - \frac{1}{2}$

Furmaata: a  $\frac{3}{4} - \frac{1}{4}$

Firaakshinootni lamaanuu waamsisaa tokkicha waan qabaniif, waamsisaa walii kana fudhachuun waamamaa isaanii akkaataa kennameen wal-irraa hir'isi.

Kanaaf,  $\frac{3}{4} - \frac{1}{4} = \frac{3-1}{4} = \frac{2}{4} = \frac{1}{2}$ .

b  $\frac{6}{7} - \frac{1}{2}$

Kana keessatti waamsisaan firaakshinoota lamaanii adda adda waan ta'eef, jalqaba waamsisaa isaanii tokkicha taasifna. Waamsisaa tokkicha taasisuuf lakkoofsa mijataa ta'een baay'isi. HWX (7, 2) = 14 waan ta'eef, waamsisaa firaakshinoota lamaanii 14 taasisi.

$$\begin{aligned}\frac{6}{7} - \frac{1}{2} &= \frac{6}{7} \times \frac{2}{2} - \frac{1}{2} \times \frac{7}{7} \\ &= \frac{12}{14} - \frac{7}{14} \\ &= \frac{12-7}{14} = \frac{5}{14}.\end{aligned}$$

**Fakkeeny 6:** Deesimaalota armaan gadii wal-irraa hir'isi.

a  $0.73 - 0.23$

b  $0.4 - \frac{1}{5}$

Furmaata:

$$\begin{array}{r} 0.73 \\ - 0.23 \\ \hline 0.50 \end{array}$$

Ibsamooni lameen waan wal-hin fakkaanneef (tokko deesimaalii, tokko immoo firaakshinii waan ta'eef), lamaanuu wal-fakkeessuu qabda. Kana jechuun firaakshinicha gara deesimaalitti yookiin immoo deesimaalicha gara firaakshinitti jijiirta jechuu dha. Ammaaf, firaakshinicha gara deesimaalitti jijiiri.

$$\frac{1}{5} = 0.2$$

Kanaaf,  $0.4 - \frac{1}{5} = 0.4 - 0.2 = 0.2$

**Hubachiisa:** Yoo  $\frac{a}{b}$  fi  $\frac{c}{d}$  'n firaakshinoota ta'anii fi  $\frac{a}{b} > \frac{c}{d}$  ta'e  $\frac{a}{b} - \frac{c}{d} = \frac{a \times d - b \times c}{b \times d}$ .

**Fakkeenya 7:** Firaakshinoota armaan gadii wal-irraa hir'isi.

a  $\frac{6}{5} - \frac{3}{4}$

b  $\frac{14}{2} - \frac{7}{3}$

Furmaata: a  $\frac{6}{5} - \frac{3}{4}$

Hubachiisa armaan oliitiin  $\frac{6}{5} - \frac{3}{4} = \frac{6 \times 4 - 5 \times 3}{5 \times 4} = \frac{24 - 15}{20} = \frac{9}{20}$

b Haaluma wal-fakkaatuun,

$$\begin{aligned}\frac{14}{2} - \frac{7}{3} &= \frac{14 \times 3 - 2 \times 7}{2 \times 3} \\ &= \frac{42 - 14}{6} \\ &= \frac{28}{6} = \frac{14}{3}\end{aligned}$$

### Gilgaala 3.7

1 Kanneen armaan gadii hojjadhu

a  $\frac{3}{4} - \frac{1}{8}$

b  $\frac{6}{7} - \frac{1}{2}$

c  $\frac{7}{9} - \frac{1}{3}$

d  $\frac{7}{8} - \frac{1}{12}$

e  $\frac{5}{8} - \frac{1}{3}$

f  $\frac{4}{5} - \frac{5}{12}$

g  $\frac{5}{12} - \frac{1}{8}$

h  $\frac{28}{10} - \frac{14}{8}$

i  $\frac{16}{12} - \frac{16}{12}$

j  $\frac{19}{5} - \frac{14}{5}$

2 Deesimaalota armaan gadii wal-irraa hir'isi.

a  $0.469 - 0.142$

b  $0.847 - 0.307$

c  $0.682 - 0.471$

d  $0.889 - 0.268$

e  $0.759 - 0.432$

f  $0.213 - 0.2$

3 Firaakshinoota armaan gadii wal-irraa hir'isi.

a  $20\frac{2}{5} - 17\frac{1}{2}$

b  $6\frac{1}{3} - 2\frac{1}{3}$

c  $5\frac{2}{5} - 2\frac{1}{4}$

4 Qotee buaan tokko lafa qotiisa isaa keessaa  $\frac{1}{5}$  gaafa wiixataa qotate.  $\frac{1}{4}$  isaa immoo guyyaa kiphxata qotate.

a Lafti qotee bulaa kanaa kan hin qotamiin hangami?

b Kan qotame dhibbantaadhaan hangami?

c Kan hin qotamne dhibbantaadhaan hangami?


### 3.5 BAAY'ISUU FI HIRUU FIRAAKSHINOOTAA FI DEESIMAALOTAA

Kutaalee gadi aanan keessatti waa'ee baay'isuu fi hiruu lakkofsotaa akka walii galaatti barattee jirta. Addatti immoo baay'isuu fi hiruu firaakshinootaa fi deesimaalotaa barattee jirta. Mata duree kana keessatti waa'ee baay'isuu fi hiruu firaakshinootaaf deesimaalitaa irratti beekumsa qabdu gadi-fageenyaan ni cimsatta. Kana malees pirobleemoota baay'isuu fi hiruu firaakshinootaa qaban irratti ni hojjatta.

#### 3.5.1 Firaakshinootaa fi deesimaalota baay'isuu

##### Gocha 3.9

- 1 Danaa armaan gadii ilaaluun gaaffiiwwan itti aananii jiran deebisi.



Danaa 3.3

- a Danaan kun gar-tokkeewwan wal-qixa ta'an meeqatti qoodameera?
  - b Walakkaa danaa kanaa firaakshiniidhaan ibsuu dandeessaa?
  - c Danaa kana keessaan kan dibame firaakshiniidhaan ibsuu dandeessaa?
  - d Kan dibame akka baay'ataa firaakshinoota lamaatti ibsuu dandeessaa?
- 2  $\frac{1}{2}$  firaakshinoota armaan gadii barbaadi.
- |          |               |          |               |          |               |          |               |
|----------|---------------|----------|---------------|----------|---------------|----------|---------------|
| <b>a</b> | 2             | <b>b</b> | $\frac{1}{2}$ | <b>c</b> | $\frac{1}{3}$ | <b>d</b> | $\frac{1}{4}$ |
| <b>e</b> | $\frac{3}{4}$ | <b>f</b> | $\frac{5}{6}$ | <b>g</b> | $\frac{2}{3}$ | <b>h</b> | $\frac{6}{5}$ |
- 3  $\frac{1}{4}$  firaakshinoota armaan gadii barbaadi.
- |          |                |          |               |          |               |          |               |          |                |
|----------|----------------|----------|---------------|----------|---------------|----------|---------------|----------|----------------|
| <b>a</b> | $\frac{2}{15}$ | <b>b</b> | $\frac{1}{6}$ | <b>c</b> | $\frac{2}{5}$ | <b>d</b> | $\frac{5}{8}$ | <b>e</b> | $\frac{10}{9}$ |
|----------|----------------|----------|---------------|----------|---------------|----------|---------------|----------|----------------|
- 4  $\frac{2}{3}$  kan 60 meeqa?
- 5  $\frac{2}{3}$  kan 45 barbaadi.
- 6 Deesimaalota armaan gaditti kennaman waliin baay'isi.
- |          |                  |          |                   |          |                     |
|----------|------------------|----------|-------------------|----------|---------------------|
| <b>a</b> | $0.342 \times 2$ | <b>b</b> | $0.0213 \times 2$ | <b>c</b> | $0.412 \times 0.21$ |
|----------|------------------|----------|-------------------|----------|---------------------|
- 7 Atileetiin tokko torbaan keessaan guyyoota shaniif aannan liitira  $\frac{3}{4}$  dhuga. Atileetiin kun torbaan torbaniin aannan liitira meeqa dhuga?

Akkuma lakkofsa lakkawwii lakkofsa lakkawwii biraatiin baay'istu, firaakshiniis firaakshinii dhaan, akkasumas deesimaalii deesimaalaan, ni baay'ista. Wayitii deesimaalii firaakshinidhaan yookiin firaakshinii deesimaalaan baay'istu ibsamoota lamaan wal-fakkeessuu qabda. Kana jechuun firaakshinicha gara deesimaaliitti yookiin deesimaalicha gara firaakshiniitti jijjiiruu qabda.

Firaakshinii firaakshiniidhaan baay'isuuf, waamaawwan isaanii waliin, akkasumas waamsisaa isaanii waliin baay'ista.

**Hubachiisa:** Jechi 'kan' jedhu baay'isuu bakka bu'a.

$$\text{Fakkeenyaaaf, } \frac{2}{3} \text{ kan } 60 \text{ jechuun, } \frac{2}{3} \times 60 = \frac{120}{3} = 40$$

$$\frac{2}{5} \text{ kan } 0.7 \text{ jechuun, } \frac{2}{5} \times 0.7 = 0.4 \times 0.7 = 0.28.$$

**Fakkeenyaa 1:** Firaakshinoota armaan gadii waliin baay'isi.

$$\text{a} \quad \frac{1}{2} \times \frac{1}{3} \quad \text{b} \quad \frac{2}{3} \times \frac{5}{7} \quad \text{c} \quad \frac{6}{7} \times \frac{14}{15} \quad \text{d} \quad 1\frac{1}{2} \times \frac{5}{6}$$

**Furmaata:**

**a**  $\frac{1}{2} \times \frac{1}{3} = \frac{1 \times 1}{2 \times 3} = \frac{1}{6}$  (waamamaa waamamaa waliin, akkasumas waamsisaa waamsisaa waliin baay'ista).

**b**  $\frac{2}{3} \times \frac{5}{7} = \frac{2 \times 5}{3 \times 7} = \frac{10}{21}$

**c**  $\frac{6}{7} \times \frac{14}{15} = \frac{6 \times 14}{7 \times 15} = \frac{84}{105} = \frac{4}{5}$

**d**  $1\frac{1}{2} \times \frac{5}{6} = \frac{3 \times 5}{2 \times 6} \left( 1\frac{1}{2} = 1 + \frac{1}{2} = \frac{3}{2} \text{ waan ta'eef} \right)$   
 $= \frac{3 \times 5}{2 \times 6} = \frac{15}{12} = \frac{5}{4}$   
 $= 1\frac{1}{4}$  (akka firaakshinii makaatti yoo barreeffamu)

Wayitii deesimaalota waliin baay'istu, akkuma lakkofsota lakkawwii waliin baay'istu, dijiitota deesimaalotaa waliin baay'ista. Bakka tuqaa deesimaalii murteessuuuf, baay'ina dijiitota tuqaa deesimaalii boodaa kan deesimaalota lamaan keessa jiran fudhatta.

**Fakkeenyaa 2:** Deesimaalota armaan gadii waliin baay'isi.

$$\text{a} \quad 0.32 \times 0.5 \quad \text{b} \quad 0.802 \times 0.31$$

**Furmaata:** **a** Dura 32 fi 5 waliin baay'isi.

$32 \times 5 = 160$  ta'a. Bakka tuqaa deesimaalii murteessuuf, baay'ina dijiitota tuqaa deesimaalii boodaan kan deesimaalota lamanii lakkoofta. 0.32 keessa, tuqaa deesimaalii booda dijiitota 2 tu jira. 0.5 keessa ammoo tuqaa deesimaalii booda dijiitii tokkotu jira. Kanaaf baay'ataan deesimaalota kanaa, tuqaa deesimaalii booda dijiitota 3 qabaachuu qaba. (lama kan jalqabaa keessaa, 1 kan lammataa keessaa) Kanaaf,  $0.32 \times 0.5 = 0.160$ .

Adeemsi armaan olii kun tarkaanfilee armaan gadii keessatti cuunfameera.

**Tarkaanfii 1<sup>ffaa</sup>:** Deesimaalota kennaman keessaa tuqaa deesimaalii dhiisuun lakkoofsota fudhadhu. (32 fi 5).

**Tarkaanfii 2<sup>ffaa</sup>:** Lakkoofsota kana waliin baay'isi  $32 \times 5 = 160$

**Tarkaanfii 3<sup>ffaa</sup>:** Bakka tuqaa deesimaalii murteessi.

(baay'ataan deesimaalota kanaa tuqaa deesimaalii booda dijiitota 3 qabaachuu qaba (2, 0.32 keessaa 1 immoo 0.5 keessa)  
Kanaaf  $0.32 \times 0.5 = 0.160$ .

**b**  $0.802 \times 0.31$

Haaluma wal-fakkaatuun,

$802 \times 31 = 24862$ .

Baay'ataan deesimaalota kanaa tuqaa deesimaalii booda dijiitota 5 qabaachuu qaba. (3 kan jalqabaa keessaa, 2 ammoo kan lammataa keessaa)

Kanaaf,  $0.802 \times 0.31 = 0.24862$ .

Kun akka armaan gadiitti cuunfuun ta'a.

**Tarkaanfii 1<sup>ffaa</sup>:** Deesimaalota kennaman keessaa, tuqaa deesimaalii dhiisuun lakkoofsota fudhadhu (802 fi 31)

**Tarkaanfii 2<sup>ffaa</sup>:** Lakkoofsota kana waliin baay'isi.  $802 \times 31 = 24862$

**Tarkaanfii 3<sup>ffaa</sup>:** Bakka tuqaa deesimaalii murteessi. Baay'ataan deesimaalota kanaa tuqaa deesimaalii booda dijiitota 5 qabaachuu qaba.

Kanaaf,  $0.802 \times 0.31 = 0.24862$ .

Firaakshinoota deesimaalotaan baay'isuun ni danda'ama. Firaakshinoota deesimaalotaan yoo baay'isnu, ibsamoonni jiran waan wal-hin fakkaanneef, ibsamoota

kana wal-fakkeessuu qabda. Kana jechuun firaakshinicha gara deesimaaliitti yookiin deesimaalicha gara firaakshinitti jijiiruu qabda.

**Fakkeenya 3:** Baay'isi.

a  $0.25 \times 4$

b  $\frac{4}{9} \times 0.57$

c  $\frac{5}{9} \times 0.25$

**Furmaata:**

a  $0.25 \times 4$

Dura deesimaalii 0.25 gara firaakshiniitti jijiiri.

$$0.25 = \frac{0.25 \times 100}{100} = \frac{25}{100} = \frac{1}{4}$$

$$\text{Kanaaf, } 0.25 \times 4 = \frac{1}{4} \times \frac{4}{1} = \frac{4}{4} = 1$$

b Dura deesimaalii 0.57 gara firaakshiniitti jijiiri.

$$0.57 = \frac{0.57 \times 100}{100} = \frac{57}{100}$$

$$\begin{aligned} \text{Kanaaf, } 0.57 \times \frac{4}{9} &= \frac{57}{100} \times \frac{4}{9} \\ &= \frac{228}{900} = \frac{19}{75} \text{ (yoo salphatu)} \end{aligned}$$

c Haaluma wal-fakkaatuun,  $\frac{5}{9} \times 0.25 = \frac{5}{9} \times \frac{25}{100}$

$$= \frac{125}{900} = \frac{5}{36} \text{ (yoo salphatu)}$$

### Gilgaala 3.8

1 Firaakshinoota armaan gadii waliin baay'isi.

a  $\frac{1}{2} \times \frac{2}{3}$

b  $\frac{1}{6} \times \frac{12}{13}$

c  $\frac{27}{11} \times \frac{11}{27}$

d  $\frac{35}{13} \times \frac{13}{35}$

e  $\frac{20}{9} \times \frac{7}{10}$

f  $\frac{3}{5} \times \frac{15}{18}$

g  $\frac{10}{143} \times \frac{143}{27}$

h  $\frac{8}{17} \times \frac{51}{64}$

i  $2\frac{2}{3} \times \frac{6}{7}$

j  $2\frac{2}{5} \times 2\frac{1}{2}$

2 Deesimaalota armaan gadii waliin baay'isi.

a.  $0.75 \times 0.32$

b.  $0.59 \times 0.13$

c.  $0.612 \times 0.02$

d.  $0.861 \times 0.121$

3 Kanneen armaan gadii baay'isi.

a.  $0.75 \times \frac{2}{3}$

b.  $0.5 \times \frac{1}{2}$

c.  $0.625 \times \frac{1}{4}$

d.  $0.5 \times \frac{21}{20}$

4 Gaaffiwwan armaan gadii deebisi.

a. Dhibbantaan kudhan kan 60 meeqa?

b.  $\frac{5}{9}$  kan 27 barbaadi


c.  $\frac{4}{5}$  kan  $\frac{2}{7}$  barbaadi

d. Baay'ataan  $\frac{4}{5}$  fi  $\frac{15}{16}$  meeqa?

### 3.5.2 Deesimaalotaa fi firaakshinoota hiruu

#### Gocha 3.10

- 1 Walakkaa kan walakkaa barbaaduu dandeessaa? Firii argatte kana firaakshiniitti fayyadamuu ibsuu dandeessaa?
- 2 Danaa armaan gadii irratti, kan A jala jiru saanduqoota lama  $\left(\frac{1}{2} \text{ guutuu saanduqaa}\right)$  qabatee jira. Kan A jala jiru kana bakka wal-qixa ta'e lamatti yoo qoodde firiin argatuu maali? Firaakshniidhaan ibsi.



- 3 Firaakshinii  $\frac{1}{2}, \frac{2}{5}$ , f hiri. Kana jechuun,  $\frac{1}{2} \div \frac{2}{5}$  shallagi.
- 4  $\frac{1}{2} \times \frac{5}{2}$  barbaadi
- 5 Kan (3) fi (4) armaan olii keessatti argatte waliin-madaali. Deebii kee kana irratti hundaa'uun adeemsa walii-galaa kaa'uu dandeessaa?
- 6 a  $\frac{12}{25} \div \frac{4}{5}$  shallagi. b  $\frac{12}{25} \times \frac{5}{4}$  shallagi.  
c Deebii kan a fi b keessatti argattee waliin madaali. Kana irraa ka'uun adeemsa walii-galaa hiruu firaakshinootaaf hojjatu kaa'uu dandeessaa?
- 7  $0.125 \div 0.35$  shallagi.

Hiruun firaakshinootaa akka salphaatti, galagaltoodhaan baay'isuu dha. Firaakshiniin 0 irraa adda ta'e kamiyyuu galgaltoo qaba. Galagaltoon firaakshinii kan argamu bakka waamamaa fi waamsisaa firaakshinichaa waljijiiruuni.

Fakkeenyaaaf, galgaaltoon firaakshinii  $\frac{2}{3}, \frac{3}{2}$  dha.

Firaakshinii  $\frac{a}{b}$ , firaakshinii  $\frac{c}{d}$  tiif hiruu jechuun,  $\frac{a}{b}$  galgaltoo  $\frac{c}{d}$  tiin baay'isuu jechuu dha.

$$\text{Kana jechuun } \frac{a}{b} \div \frac{c}{d} = \frac{a}{b} \times \frac{d}{c} = \frac{a \times d}{b \times c} \quad \left( \frac{c}{d} \neq 0 \right)$$

**Fakkeenyaa 4:** Kanneen armaan gadii shallagi

a  $6 \div \frac{11}{3}$

b  $\frac{1}{2} \div \frac{13}{5}$

c  $\frac{4}{7} \div \frac{16}{21}$

**Furmaata:**

- a**  $6 \div \frac{11}{3} = \frac{6}{1} \times \frac{3}{11} = \frac{18}{11}$
- b**  $\frac{1}{2} \div \frac{13}{5} = \frac{1}{2} \times \frac{5}{13} = \frac{5}{2 \times 13} = \frac{5}{26}$
- c**  $\frac{4}{7} \div \frac{16}{21} = \frac{4}{7} \times \frac{21}{16} = \frac{4 \times 21}{7 \times 16} = \frac{84}{112} = \frac{3}{4}$

Deesimaalii, deesimaaliif hiruuf, duraan dursa deesimaalota lamaan gara firaakshiniitti jijiirii achiin booda mala hiruu firaakshinootaatti fayyadami.

**Fakkeeny 5:** Kanneen armaan gadii shallagi.

**a**  $0.2 \div 0.4$       **b**  $25.6 \div 0.16$

**Furmaata:**

**a**  $0.2 \div 0.4$

Hiruu kana hojjachuuf, jalqaba deesimaalota lamaan gara firaakshiniitti jijiiri.

$$\text{Kannaf, } 0.2 = \frac{0.2 \times 10}{10} = \frac{2}{10} = \frac{1}{5} \text{ fi}$$

$$0.4 = \frac{0.4 \times 10}{10} = \frac{4}{10} = \frac{2}{5}$$

Kana waan ta'eeef,

$$0.2 \div 0.4 = \frac{1}{5} \div \frac{2}{5}$$

$$= \frac{1}{5} \times \frac{5}{2} = \frac{5}{10} = \frac{1}{2} = 0.5 \text{ (deesimaaliitti yoo jijiiramu)}$$

**b** Adeemsuma wal-fakkaatuun,

$$25.6 = \frac{25.6 \times 10}{10} = \frac{256}{10} \text{ fi}$$

$$0.16 = \frac{0.16 \times 100}{100} = \frac{16}{100}$$

$$\text{Kannaf, } \frac{25.6}{0.16} = \frac{256}{10} \div \frac{16}{100}$$

$$= \frac{256}{10} \times \frac{100}{16}$$

$$= \frac{25600}{160} = 160$$

Malli biraan ittiin deesimaalii deesimaaliif hirru, fakkeenyaa armaan gadiitiin ibsamee jira.

**Fakkeenyaa 6:** Hiri,  $21.5 \div 0.006$

$$\begin{aligned}\text{Furmaata: } \frac{21.5}{0.006} &= \frac{21.5 \times 1000}{0.006 \times 1000} \\ &= \frac{21500}{6} \\ &= 3583.33 \text{ (Tuqaa deesimaalii booda gara dijiitota lamaatti siqfamee).}\end{aligned}$$

### Mallattoo saayinsaawaa

Lakkoofsa lakkaawwii karaan ittiin ibsinu baay'etu jira. Isaan keessaa inni tokko mallattoo saayinsawaa jedhama. Mallattoo saayinsawaa kana keessatti, lakkoofsicha akka baay'ataa paawuroota 10 (10, 100, 10,000, . . .) fi deesimaaliitti barreessina. Wayitii kana, deesimaalichi tuqaa deesimaalii dura dijiitii 0 irraa adda ta'e tokko qofaa qabaachuu qaba.

**Fakkeenyaa 7:**

- 1 39 mallattoo saayinsaawaatiin yoo ibsinu  $3.9 \times 10^1$  ta'a.
- 2 216 mallattoo saayinsaawaatiin yoo ibsinu  $2.16 \times 10^2$  ta'a.
- 3 2192 mallattoo saayinsaawaatiin yoo ibsinu  $2.192 \times 10^3$  ta'a.
- 4  $960 = 9.6 \times 10^2$  (mallattoo saayinsaawaatiin).

### Gilgaala 3.9

1 Kanneen armaan gadii shallagi.

a	$\frac{1}{5} \div \frac{3}{10}$	b	$\frac{3}{4} \div \frac{1}{3}$	c	$\frac{3}{4} \div \frac{1}{6}$	d	$2 \div 1\frac{1}{3}$
e	$3\frac{1}{2} \div \frac{1}{3}$	f	$\frac{7}{10} \div \frac{3}{20}$	g	$6 \div \frac{1}{2}$		

2 Kanneen armaan gadii shallagi.

a	$2.3 \div 10$	b	$3.6 \div 100$	c	$9.6 \div 0.96$
d	$3.2 \div 4$	e	$0.354 \div 5.004$	f	$0.042 \div 6$
g	$52.5 \div 5.5$				

3 Kanneen armaan gadii shallagi.

a	$0.4 \div \frac{1}{4}$	b	$\frac{1}{2} \div \frac{3}{5}$	c	$\frac{4}{7} \div \frac{16}{21}$	d	$5 \div 2.5$
e	$1.25 \div 0.05$	f	$0.25 \div 0.75$	g	$10 \div \frac{1}{5}$	h	$\frac{4}{5} \div \frac{2}{5}$
i	$\frac{2}{3} \div \frac{16}{24}$						

4 Lakkoofsota armaan gadii mallattoo saayinsawaatiin ibsi.

a	35	b	105	c	2005
d	191	e	8900		

## MIRKANEEFFANNOO

Kanneen armaan gadii yaad-rimeewwan ijoo boqonnaa kanaati. Mirkaneeffannoona kun ergaa boqonnaa kanaa hammam akka baratteettu akka of madaaltuuf si gargaara. Kanaaf, sirriitti hubatteetta yoo ta'e gaarii waan ta'eef, boqonnaa itti aanutti darbuu dandeessa. Kan siif hin galle yoo jiraate duubatti deebi'uun fuula yaadichi irra jiru irra deebi'uun dubbisuun, gadi fageenyaan qo'adhu.



### JECHOOTA LJOO

↳ Baay'isuu deesimaalotaa	↳ Baay'isuu firaakshinootaa
↳ Deesimaalii	↳ Deesimaalii Dhaabataa
↳ Deesimaalota gara firaakshiniitti jijiiruu	↳ Deesimaalota walitti siqsuu
↳ Dhibbantaa	↳ Dhibbantaa firaakshinitti jijiiruu
↳ Firaakshinii	↳ Firaakshinii makaa
↳ Firaakshinii salphaa	↳ Firaakshinii sirrii
↳ Firaakshinii miti sirrii	↳ Firaakshinoota gara deesimaaliitti jijiiruu
↳ Firaakshinoota/Deesimaalota tartiibessuu	↳ Firaakshinoota/Deesimaalota waliin madaaluu
↳ Firankshinii dhibbantaatti jijiiruu	↳ Firaakshinoota guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessuu
↳ Firaakshinoota xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessuu	↳ Hir'isuu deesimaalotaa
↳ Hir'isuu firaakshinootaa	↳ Hir'isuu firaakshinootaa
↳ Hiruu firaakshinootaa	↳ Ida'uu deesimaalotaa
↳ Ida'uu firaakshinootaa	↳ Mallattoo saayinsaawaa



## CUUNFAA BOQONNAA 3

- 1 Firaakshiniin tokko firaakshinii sirrii, firaakshinii makkaa yookiin firaakshinii miti sirrii ta'uu danda'a.
- 2 Firaakshiniin bifa  $\frac{a}{b}$  tiin kenname firaakshinii salphaa kan jedhamu yoo HWG (a, b) = 1 ta'e dha.
- 3 Firaakshinii tokko bifa salphaatiin barreessuuf HWG waamamaa fi waamsisaatti fayyadamna.
- 4 Dhibbantaan firakshinii waamsisaan isaa 100 ta'e dha.
- 5 Firaakshinii  $\frac{a}{b}$ 'n deesimaalii dhaabataa kan kenu waamamaa (a), waamsisaaf (b) hiruu keessatti haftee 0'n bakka tokkotti yoo argame dha.
- 6 Firaakshinii  $\frac{a}{b}$ 'n deesimalii deddeeb'an kan kenu, waamamaa (a), waamsisaaf (b) otoo hirruu hafteen 0 yoo ta'uu baate hiruun kan itti fufu ta'e dha.
- 7 a, b, c fi d'n lakkoofsota lakkaawwii yoo ta'an
 

<b>i</b> $\frac{a}{b} + \frac{c}{b} = \frac{a+c}{b}$	<b>ii</b> $\frac{a}{b} + \frac{c}{d} = \frac{a \times d + b \times c}{b \times d}$
<b>iii</b> $\frac{a}{b} - \frac{c}{b} = \frac{a-c}{b}$	<b>iv</b> $\frac{a}{b} - \frac{c}{d} = \frac{a \times d - b \times c}{b \times d}$
<b>v</b> $\frac{a}{b} \times \frac{c}{d} = \frac{a \times c}{b \times d}$	<b>vi</b> $\frac{a}{b} \div \frac{c}{d} = \frac{a}{b} \times \frac{d}{c}$
- 8 Lakkoofsa lakkaawwiin tokko mallattoo saayinsaawaatiin ibsuu jechuun lakkoofsicha akka baay'ataa paawuroota kudhanii fi deesimaaliitti barreessuu jechuu dha. As keessatti deesimaaliichi tuqaa deesimaalii dura dijiitii 0 irraa adda ta'e tokko qofa qabaachuu qaba.



## GILGAALA KESSA DEEBII BOQONNAA 3

- 1 Danaawwan armaan gadii keessaa kutaa dibame firaakshiniidhaan ibsi.



b



c



Danna 3.4

- 2** Firaakshinoota armaan gadii bifa salphaatiin kaa'i
- |          |                 |          |                 |          |                 |          |                 |
|----------|-----------------|----------|-----------------|----------|-----------------|----------|-----------------|
| <b>a</b> | $\frac{18}{10}$ | <b>b</b> | $\frac{24}{42}$ | <b>c</b> | $\frac{9}{36}$  | <b>d</b> | $\frac{55}{77}$ |
| <b>e</b> | $\frac{21}{28}$ | <b>f</b> | $\frac{48}{84}$ | <b>g</b> | $\frac{18}{20}$ |          |                 |
- 3** Firaakshinoota armaan gadii keessaa kamtu bifa salphaatiin taa'eera?
- |          |                 |          |                 |          |                 |          |                 |
|----------|-----------------|----------|-----------------|----------|-----------------|----------|-----------------|
| <b>a</b> | $\frac{15}{20}$ | <b>b</b> | $\frac{6}{9}$   | <b>c</b> | $\frac{1}{3}$   | <b>d</b> | $\frac{13}{24}$ |
| <b>e</b> | $\frac{64}{72}$ | <b>f</b> | $\frac{14}{15}$ | <b>g</b> | $\frac{9}{100}$ | <b>h</b> | $\frac{5}{6}$   |
- 4** Gabatee armaan gadii guuti.

	Deesimaalii	Firaakshinii	Dhibbantaa
<b>a</b>	0.2		20%
<b>b</b>		$\frac{2}{5}$	
<b>c</b>	0.51		
<b>d</b>		$\frac{13}{4}$	
<b>e</b>	0.85		
<b>f</b>		$\frac{2}{25}$	
<b>g</b>	0.35		
<b>h</b>		$\frac{5}{8}$	
<b>i</b>			12.5%
<b>j</b>			100%
<b>k</b>		$\frac{3}{8}$	

- 5** Firaakshinoota armaan gadii gara deesimaaliitti jijjiiri
- |          |                 |          |                |          |                 |          |                 |
|----------|-----------------|----------|----------------|----------|-----------------|----------|-----------------|
| <b>a</b> | $\frac{1}{10}$  | <b>b</b> | $\frac{8}{10}$ | <b>c</b> | $\frac{4}{10}$  | <b>d</b> | $\frac{3}{5}$   |
| <b>e</b> | $\frac{19}{20}$ | <b>f</b> | $\frac{3}{50}$ | <b>g</b> | $\frac{39}{50}$ | <b>h</b> | $\frac{17}{25}$ |
- 6** Dhibbantaawwan armaan gadii gara firaakshiniitti jijjiiri.
- |          |       |          |      |          |       |
|----------|-------|----------|------|----------|-------|
| <b>a</b> | 15.5% | <b>b</b> | 7.5% | <b>c</b> | 0.5%  |
| <b>d</b> | 17.3% | <b>e</b> | 45%  | <b>f</b> | 0.05% |

**7** Firaakshinoota armaan gadii gara dhibbantaatti jijiiri.

a  $\frac{19}{100}$

b  $\frac{43}{100}$

c  $\frac{7}{10}$

d  $\frac{19}{25}$

e  $\frac{7}{20}$

**8** Firaakshinoota armaan gadii xiqqaai irraa gara guddaatti tartiibessi.

a  $\frac{1}{2}, \frac{1}{4}, \frac{3}{4}, \frac{2}{3}$

b  $\frac{1}{2}, \frac{4}{7}, \frac{5}{8}, \frac{3}{4}$

c  $\frac{7}{10}, \frac{5}{6}, \frac{7}{9}, \frac{3}{4}$

d  $\frac{9}{25}, \frac{7}{20}, \frac{1}{4}$

**9** Firaakshinoota armaan gadii guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.

a  $\frac{1}{2}, \frac{2}{5}, \frac{7}{10}, \frac{4}{5}$

b  $\frac{1}{2}, \frac{5}{8}, \frac{3}{4}, \frac{3}{5}$

c  $\frac{1}{2}, \frac{7}{12}, \frac{4}{6}, \frac{9}{20}$

**10** Kanneen armaan gadii shallagi.

a  $1\frac{1}{2} + \frac{4}{9}$

b  $2 + \frac{5}{8} + \frac{7}{8}$

c  $\frac{1}{4} + \frac{1}{3} + \frac{1}{2}$

d  $3\frac{2}{3} - 1\frac{3}{4}$

e  $\frac{3}{4} - \frac{1}{4}$

f  $\frac{3}{4} - \frac{3}{8}$

g  $\frac{7}{10} - \frac{3}{5}$

h  $\frac{3}{4} \times \frac{5}{5}$

i  $\frac{7}{6} \times \frac{2}{5}$

j  $\frac{3}{5} \times \frac{25}{6}$

k  $\frac{2}{3} \times \frac{6}{5} \times \frac{15}{2}$

l  $1.27 + 5.063$

m  $4.5 + 1.83$

n  $0.009 + 0.435$

o  $4.063 - 1.27$

p  $4.5 - 1.83$

q  $1 - 0.999$


r  $6.3 \times 0.9$

s  $0.04 \times 0.3 \times 0.028$

**11** “Iskuweerii maajikii” armaan gadii guuti. Dalgeewwan hundi, ooleewwan hundii fi sarbiwwan ida’ama tokkicha(ida’ama walqixa) qabu.

$3\frac{1}{2}$		
	5	3
		$6\frac{1}{2}$

# BOQONNAA 4



## INTIJAROOТА

### Kaayyoo Gooroo Boqonnaa

*Xumura barnoota boqonnaaa kanaa booda:*

- *yaad-rimee intijarootaa ni hubatta.*
- *intijaroota sarara lakkofsaa irratti ni agarsiista.*
- *intijaroota qoyyaboota ida'uu fi hir'isuun ni hojjata.*

### Qabiyyeewan ijoo

#### 4.1 Seensa Intijarootaa

#### 4.2 Intijaroota Waliin Madaaluu Fi Tartibessuu

#### 4.3 Intijaroota Ida'uu Fi Hir'isuu

Mirkaneeffannoo

Cuunfaa Boqonnaa

Gilgaala Kessa Deebii

## SEENSA

Kaayyoon boqonnaa kanaa, yaad-rimee masaanuu lakkofsotaa, lakkofsota pozativii, lakkofsa nagaatiivii, sarara lakkofsaa fi mallattoo lakkofsotaa si hubachiisun, amaloota intijarootaa fi akkaataa itti intijaroota walitti ida'uu fi wal-irraa hir'isu, intijaroota wal madaalchisuu fi tartiibessuu dandeessu irratti beekumsa akka gonfattu gochuu dha. Kana malees, intijarooni maali? Intijaroota akkamitti jirenya guyyaa guyyaa keessatti itti fayyadamna kan jedhu irratti hubannoo ni argatta.

### 4.1 SEENSA INTIJJAROOTAA

Caalmaan 10-9 meeqa? Deebiin kee 1 akka ta'e ifa dha. Garuu caalmaan 9-10 meeqa jedhamuun yoo gaafatamte deebiin kee maal ta'a? Tarii deebii hin qabu jechuu dandeessa. Beekumsa amma yoonaa waa'ee lakkofsotaa irratti qabdu irraa ka'uun deebii hin qabu yoo jette homaa miti. Sababii isaas deebiin qoyyaba kanaa lakkofsa lakkaawwi yookiin lakkofsa hundaa miti. Deebiin qoyyaba kanaa garuu lakkofsa hiika qabessa ta'e dha.

#### Gocha 4.1

Mee harka kee irratti qarshii 5 qabda haa jennu. Karameellaa tokkoo isaa qarshii 1'n bitachuu barbaadda haa jennu.

- a** Karameellaa 3 yoo bitatte, qarshiin harka keetti hafe meeqa?
- b** Karameellaa 5 yoo bitatte, qarshiin harka kee irratti hafe meeqa?
- c** Qarshii 5 qabduun karameellaa 7 bitachuu dandeessaa?
- d** Karameellaa 7 bitachuuf maal gochuu qabda?

Mee qarshii 9 harkatti qabathee jirta haa jennu. Meeshaa qarshii kudhaniin bitachuu barbaadda ta'a. Garuu harka kee irraa qarshii 9 qofa waan qabduuf, bitachuu akka hin dandeenye ni beekta. Sababni isaas qarshiin ati qabatte, kan meeshaa bituuf si barbaachisu irraa qarshii tokkoon waan xiqlaatuuf dha. Garuu hiriyyaa gaarii kan qarshii 1 siif liqeessu qabaachuu dandeessa. Qarshii 1 hiriyyaa kee irraa liqeeffachuu meeshaa barbaaddu sana bitachuu dandeessa. Garuu liqiin hiriyyaa kee qarshiin 1 akka sirra jiru beekta. Akkuma qarshii argatteen qarshii hiriyyaa kee irraa liqeeffatte kana deebisuu hin dagatiin. Garuu qarshii 11 harka irraa qabaathee, qarshiin kudhaniin meeshaa yoo bitatte, qarshiin 1 harkatti siif hafa.

Fakkeenya armaan olii kana irraa wanti hubattu qarshiin 9, qarshii 10 irraa qarshii tokkoon xiqlaata. Kana jechuun, qarshiin 10, qarshii 9, qarshii 1'n caala. Qarshii 1'n caala kan jedhu kana ibsuuf mallattoo +1 fayyadamna. 1'n xiqlaata kan jedhu ibsuuf ammoo mallattoo -1 fayyadamna. Kana jechuun -1 fi 1 faallaa walii ti jechuu dha.

Jaarraa hedduu dura, beektooni herregaa, rakkooowwan jirenyaa guyyaa guyyaa keessaa, lakkoofsota hundaa fi lakkoofsota lakkaawwii qofatiin akka hin furamne hubachuun, rakkooowwan lakkoofsota lakkaawwitiin yookiin lakkoofsota hundaatiin hin furamne kana furuuf lakkooftsonni irra xiqqaat zeeroo ta'an akka barbaachisan hubatan. Kanaaf,  $0 - 1$  akka  $-1$  tti barreessuuf murteessan. “ $-1$ ” yoo dubbistu nagaatiivii tokko jechuun dubbista. Kana jechuun  $0$  irraa  $1$ 'n xiqqaata jechuu dha.

Kanaaf,  $9 - 10 = -1$  (wayitii qarshii tokko hiriyyaa kee irraa liqeeffattu)

$-1 + 1 = 0$ , (wayitii qarshii 1 argattee liqii hiriyyaan kee sirraa qabu deebistu)

Tuutni lakkoofsota lakkaawwii,  $0$  fi lakkoofsota mallattoo “ $-$ ” of duraa qaban (intijaroota nagaatiivii) of keessatti qabate tuuta lakkoofsota Intijarii jedhama.

Jiruu fi jirenyaa guyyaa guyyaa keessaa wantoota intijarootaan ibsaman keessaa ho'insi yookiin qorriinsi waan tokkoo (teempireechera) isa tokko dha. Teermooomeetra irraa akkuma mul'atu qorri baay'ee yoo dabalu ho'insi isaa zeerootii gadi ni ta'a.



Danaa 4.1

Teempireecherri  $0$  gadi ta'e tokko lakkoofsa nagaatiiviitiin ibsama. Fakkeenyaaf, tempireecherri digirii  $-5$  jechuun, qorriinsi jiru zeerootii gaditti digirii  $5$  jechuu dha. Mee fakkeenya armaan gadi ilaali.



Danaa 4.2

**Fakkeenyaa 1:** Itiyoophiyaa keessatti bakki ol- ka’insa guddaa qabu tulluu Ras-Daashinii dha. Tulluun kun diriira galaanaa irraa meetria 4,620 ol-dheerata. Bakki baay’ee dhooqaa ta’e immoo gadi bu’a Danaakili dha. Gadi-bu’iinsi kun dirra galaana irraa gaditti (sadarkaa galaana lafaa irraa) meetira 116 gadi bu’a. Faggeenyi fiixee tulluu Ras-Daashinii fi jala gadi-bu’insa Danaakil gidduu jiru meeqa?

**Furmaata:** Ol ka’insa yookiin gadi-bu’insa kana intijariitti fiyyadamuu ibsuu dandessa.

Ol-ka’insa/gadi-bu’insa	Intijarii
Diriira galaanaa olitti meetira 4,620	+ 4,620
Diriira galaanaa gaditti meetiraa 116	-116

Fageenyi fiixee tulluu Ras-Dashinii hamma diriira lafaa jiru meetira 4,620 yoo ta’u, fageenyi jala gadi bu’insa Danaakili hamma diriira lafaatti jiru meetira 116. Kanaaf, faggeenyi walii-galaa ida’ama 4,620 m fi 116 m dha. Kun ammo meetira 4,736 ta’u.

Fakkeenyi armaan olii kun yaada faallaawwaniitti fayyadameera. Diriira galaanaa irraa olii fi diriira galaanaa gaditti. Kanneen armaan gadii fakkeenyaa dabalataa ti.

Duuba, fuuldura, Argachuu, dhabuu, Irra, jala, Xiqqaa, baay’ee

## Gocha 4.2

- 1 Yaada armaan gaditti kenneme lakkoofsaan ibsi.

Yaada	Hammamtaa lakkoofsaan
0’n olitti digirii seentii gireedii 10	
Qarshii 13 dhabuu	
Qabxii 7 argachuu	
Tarkaanfii 3 duubatti deebi’uu	

- 2 Intijarii yaada armaan gadii ibsu barressi. Qananiisaan shaakala fiigichaaf ganama sa’aatii 11tti yoo ka’u, ho’ii jiru zeerootii gaditti digirii seentiigireedii 4 dha. Shaakala xumuree sa’aatii 3 irratti gara manaatti yoo galu ho’ii jiru zeerootii olitti digirii seentiigireedii 11 dha.

**Hiikoo 4.1:** Tuutni Intijarootaa tuuta lakkoofsota lakkaawwii, faallaa (masanuu) isaanii fi zeeroo kan qabate dha. Mallattoon tuuta intijarootaa ittiin ibsinu  $\mathbb{Z}$  dha.

$$\text{Kanaaf, } \mathbb{Z} = \{ \dots, -3, -2, -1, 0, 1, 2, 3, \dots \}$$

**Fakkeenya 2:** Masaanuuun 4, -4, masaanuuun 6, -6 dha. 0'n poozatiiviis, nagaatiiviis waan hin taaneef, masaanuuun zeeroo, zeeroo dha.

Mallattoon negaatiivi "—" dha.

Mallattoon Pozatiivi "+" dha.

-3: Nagaatiivi 3, +4: pozatiivi 4.

Lakkoofsi tokko fuuldura isaatti mallattoo "—" yookiin "+" hin qabu yoo ta'e, pozatiivi dha. Fakkeenyaaf, 5 jechuun +5 jechu dha. 0'n intijara pozatiiviis, nagaatiiviis miti. 0'n lakkofsa, waan homaa hin qabne tokko ibsu dha. Fakkeenyaaf, battallee daree keessatti, gaaffiwwan hunda yoo deebiste, homaa hin dhabne jechuu dha. Kanaaf, deebii atti dogoggortee deebiste 0 dha.

## Hojii Garee 4.1

1 Haalota jiruuf jereenya guyyaa guyyaa keessatti itti fayyadamtu keessaa kan intijarootaan ibsaman lama himi.

2 Masaanuu lakkofsa armaan gadii himi

a	-15	b	+44	c	+9	d	-53
e	88	f	17	g	-37		

3 Danaa Veenii fayyadamuun hariiroo tuutota armaan gadii ibsi.

$$\mathbb{N} = \{1, 2, 3, \dots\}$$

$$\mathbb{W} = \{0, 1, 2, 3, \dots\}$$

$$\mathbb{Z} = \{\dots, -3, -2, -1, 0, 1, 2, 3, \dots\}$$

## Gilgaala 4.1

1 Intijaroota kanneen yaadota armaan gadii ibsan barreessi.

i Diriira galaanaa olitti meetira 210.

ii Diriira galaanaa gaditti meetira 162.

iii Zeerootiin gaditti  $12^{\circ}\text{C}$ .

iv Qarshii 100 dhabuu.

v Qabxii 10 argachuu.

vi Baankii keessaa qarshii 150 baasuu.

vii Baankii keessatti qarshii 400 kuufachuu.

2 Masaanuu intijaroota armaan gadii barreessi.

a	-6	b	+73	c	$36^{\circ}\text{C}$
d	0	e	$-12^{\circ}\text{C}$	f	-16


## 4.2 INTIIJAROUTA WALIIN MADAALUU FI TARTIIBESSUU

Intijaroota waliin madaaluuf tartiibessuu keessatti, akkaataa itti intijara isa guddaa, intijara isa xiqqaal irraa adda baastu, akkasumas, akkaataa itti intijaroota baay'inaan kennaman, xiqqaal irraa gara guddaatti yookiin guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessuu dandeessu ni baratta.

### i. Sarara laccofsaa

Tuutni intijarootaa, laccofsota lakkawwii, zeeroo fi masaanuuwan isaanii akka qabate yaadadhu. Masaanuun laccofsa tokkoo kan argamu mallattoo isaa jijiiruuni dha. Kana jechuun “–” gara “+” tti yookiin ammoo “+” gara “–” tti jijiiruun jechuu dha. Intijaroota akka salphaatti waliin madaaluuf sarara laccofsaatti fayyadamna.

Intijaroota sarara laccofsaa irratti ibsuuf, jalqaba qixxalamaan sararichaa irra tuqaa 0 bakka bu'u kaa'i. Itti aansuun intijaroota pozatiivii ta'an karaa mirgaa zeeroo gara mirgaatti xiqqaal irraa gara guddatti tarreessi. Intijaroota nagaatiivii ta'nis, karaa bitaa zeeroo faallaa intijaroota pozatiiviitti tarreessi. Fageenyi intijarii pozatiivii fi faallaan isaa zeeroo irraa qaban wal-qixa dha.



Danaa 4.3: Sarara laccofsaa


Sarara Laccofsaa, irratti laccofsi 0 irraa gara mirgaatti fagaachaa yoo adeemu, dabalaan adeema. 0 irraa gara bitaatti fagaachaa yoo adeemu ammoo xiqqaachaa adeema.

### Gocha 4.3

- 1 Obbo Gammachiis Aadde Samiiraa irraa qarshii 5 liqeefate. Aadde Biqileen ammoo aadde Samiiraa irraa qarshii 2 liqeeffatte.
  - a Aadde Samiiraan eenuy irraa qarshii baay'ee qabdi?
  - b Eenyutu xiqqaal liqeefate? Obbo Gammachiis moo, aadde Biqilee?
  - c  $-5$  moo  $-2$  tu caala? Maaliif?
  - d Sarara laccofsaa irratti  $-5$  fi  $-2$  keessaa kamtu “0” tti dhiyaata?
- 2 Intijaroota armaan gadii xiqqaal irraa gara guddaatti tartiibessi.
  - a  $0, -3, -5$
  - b  $-7, 1, -2$
  - c  $-8, -3, 0$
  - d  $2, 4, 0$
  - e  $-5, 5, -55$
  - f  $-1, -2, -3$
- 3 Intijaroota armaan gadii guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.
  - a  $-3, 7, 1$
  - b  $9, -9, 0$
  - c  $2, -2, -12$
  - d  $-9, -8, -7$
  - e  $4, -4, 5$
  - f  $-1, -10, 1$

## ii. Sarara lakkofsaa ijaaruu


Sararri lakkofsaa ka'umsa isaanii "0" irraa godhatanii xiyyoota gara mirgaattii fi gara bitaatti deeman kan qabate dha. Akka seeratti, intijaroonni pozatiivii karaa mirgaa 0, intijaroonni nagaatiivii karra bitaa 0 kaa'amu. Xiyyoonni lamaan, lakkofsonni intijaroota kallattii lamaaniin akka itti fufiinsa qaban agarsiisu.



## iii. Sarara lakkofsaa irratti intijaroota waliin madaaluu



Sarara lakkofsotaa irratti intijaroota wal-madaalchisuuf, intijaroota kennaman sarara lakkofsaa irra kaa'i. Intijaroota warra pozatiivii ta'an karaa mirgaa fi intijaroota warra nagaatiivii ta'an immoo karaa bitaa kaa'i. Intijiarri gara mirgaatti zeeroo irraa fagaachaa adeemu guddachaa adeema. Intijiarri gara bitaatti zeeroo irraa fagaachaa adeemu ammoo xiqlaachaa adeema.



**Hubachiisa:**


- 1** Intijaronni lama, tokko karaa mirgaa zeeroo, tokko karaa bitaa zeeroo yoo siif kennaman, inni karaa mirgaa zeeroo jiru irra guddaa isa karaa bitaa zeeroo jiruuti.
- 2** Intijaroonni lamaanuu zeeroo irraa kallattii tokko irra yoo jiraatan inni gara mirgaa jiru irra guddaa dha.

**Fakkeenyä 1:** Kamtu guddaa dha?  $-5$  moo  $-3$ ?

**Furmaata:**

**Tarkaanfii 1<sup>ffaa</sup>:** Sarara lakkofsaa ijaari.

**Tarkaanfii 2<sup>ffaa</sup>:** Intijaroota waliin madaaluu barbaaddu sana sarara lakkofsaa irra kaa'i.



Danaa 4.7

Lakkofsonni lamaanuu karaa bitaa 0 waan ta'aniif inni gara zeerootti siqu guddaa dha. Kanaf,  $-3$  gara zeerootti waan dhiyaatuuf (mirqaa  $-5$  irrati waan arganuuf) guddaa dha. Kana jechuun  $-3 > -5$  ti.

## Gocha 4.4

Gabateen armaan gadii pilaanetoota sirna soolaarii sagalii fi ho'a isaanii giddu -galeessa ta'e kan qabate dha.

Pilaaneeti ho'aa giddu- galeessa	Laja	Juppitarli	Maarsii	Meerkuri	Nepituuni	Piluuto	Saataarnii	Yuuraanasii	Veenusi
8°C	-150°C	-37°C	179°C	-225°C	-236°C	-185°C	-214°C	453°C	

Pilaaneetota kana ho'aa isaanii ho'aa irraa gara qorraatti gabatee armaan gadii keessatti tarreessi.


**Fakkeenyä 2:**  $-1$  irra guddaa  $-2$  ti. Lamaanuu irra xiqqa 0 ti. Kanaaf  $-1 > -2$ , yookiin  $-2 < -1$  ti.  $-1 < 0$ ,  $-2 < 0$  ti.

Sarara laccofsaa irratti intijaroonni hundi bitaa irraa gara mirgaatti, xiqqaa irraa gara guddatti tartiibeffamanii jiru. Kanaaf sarara laccofsaa irratti bitaatii gara mirgaatti yoo deemnu hammi laccofsota intijarii dabalaa adeema.

**Fakkeeny 3:** Intijaroota armaan gadii xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.

$$-23, 17, -32, 2, -4, 0$$

**Furmaata:** Duraan warreen nagaatiivii ta'an tartiibessi  $-32$  hunda caalaa  $0$  irraa gara bitaatti waan fagaatuuf, hunda irra xiqqaa dha.  $-23, -4$  caalaa  $0$  irraa gara bitaatti waan fagaatuuf,  $-23 < -4$ .

Kanaaf  $-32 < -23 < -4$ .

Garuu intijaroonni nagaatiivii hundi irra xiqqaa  $0$  ti.

Kanaaf,  $-32 < -23 < -4 < 0$  ta'a.

Intijaronni pozatiivii irra guddaa  $0$  waan ta'anii fi  $2 < 17$  waan ta'ef,  $0 < 2 < 17$  ta'a.

Kanaaf, intijaroota kennaman xiqqaa irraa gara guddaatti yoo tartiibessitu,  $-32 < -23 < -4 < 0 < 2 < 17$  ta'a.

**Fakkeeny 4:** Intijaroota armaan gadii keessaa kamtu irra guddaa  $-6$ , garuu irra xiqqa 4 ti?  $-8, -10, 5, -4, 0$

**Furmaata:**  $-6$  fi  $4$  intijaroota kennaman kanatti makuun, xiqqaa irraa gara guddatti tartiibessi. Kanaaf xiqqaa irraa gara guddaatti yoo tartiibessitu,  $-10 < -8 < -6 < -4 < 0 < 4 < 5$  ti. Kanaaf, kana irraa, irra guddaa  $-6$ , garuu irra xiqqaa  $4$  kan ta'e,  $-4$  fi  $0$  dha.

**Hubachiisa:**

- 1  $a'$ n intijarii nagaatiivii yoo ta'e,  $a < 0$
  - 2  $a'$ n intijarii nagaatiivii yoo ta'ee fi  $b'$ n intijarii pootatiivii yoo ta'e,
- |          |         |           |         |            |            |
|----------|---------|-----------|---------|------------|------------|
| <b>i</b> | $a < 0$ | <b>ii</b> | $0 < b$ | <b>iii</b> | $a < b$ ti |
|----------|---------|-----------|---------|------------|------------|

### Gilgaala 4.2

- 1 Intijaroota armaan gadii sarara laccofsaa irratti erga agarsiistee booda xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.

$$5, -3, 6, -5, 3, -8, 8, -9$$



Danaa 4.8

- 2 Masaanuu intijaroota armaan gadii barreessi.

**a** 16

**b** -7

**c** -31

**d** 18

- 3** Sarara lakkofsaatti fayyadamuun, mallattoolee <, > yookiin = bakka duwwaa armaan gadii irratti guuti.
- |                        |                        |                        |
|------------------------|------------------------|------------------------|
| <b>a</b> 10 _____ 14   | <b>b</b> -3 _____ -5   | <b>c</b> 6 _____ -4    |
| <b>d</b> -15 _____ 13  | <b>e</b> -10 _____ -10 | <b>f</b> 76 _____ 67   |
| <b>g</b> -37 _____ -73 | <b>h</b> -46 _____ -85 | <b>i</b> -2 _____ -202 |
- 4** Intijaroota armaan gadii xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.
- |                                     |  |
|-------------------------------------|--|
| <b>a</b> 8, -9, -12, 0, -11, 15, 12 | <b>b</b> 17, -5, -7, -12, 0, 4, -13, 6 |
| <b>c</b> -28, 27, -30, 3, -33, -31  |  |
- 5** Intijaroota armaan gadii guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.
- |                                      |                                       |
|--------------------------------------|---------------------------------------|
| <b>a</b> -21, 16, -8, 14, 21, 0, 22  | <b>b</b> 24, 14, -14, -22, 10, 0, -20 |
| <b>c</b> 11, -1, 10, -13, -19, -9, 9 |                                       |
- 6** Magaalaa tokko keessatti ho'i ol aanaa inni guddaan rikoordii ta'uun galmaa'e bara 1997. Wayitii kana ho'i magaalaa kanaa 27°C ture. Ho'i gadi aanaan rikoordii ta'ee galmaa'e ammoo -8°C dha. Caalmaan rikoordii ho'i guddaa fi rikoordii ho'aa xiqqaa meeqa?

### 4.3 IDA'UU FI HIR'ISUU INTIJJAROOTAA

Mata duree kana keessatti, akkaataa itti intijaroota walitti idaatuu fi wal-irraa hiri'istu ni baratta. Kana malees, garaagarummaa mallattoo pozatiivii fi ida'uu, akkasumas garaagarummaa mallattoo negatiivii fi hir'isuu adda ni baafatta.

#### Gocha 4.5

- 1** Sarara lakkofsaarmaan gadii keessatti kennname ilaaluun gaaffilee kana deebisi.




Danaa 4.9

- i** **a** 1 irraa ka'ii gara mirgaatti yuuniitii 4 deemi. Meeqa irratti dhaabatte?  
**b** Kan (a) jalatti hojjatte kana mallattoo ida'uutti fayyadamtee ibsuu ni dandeessaa? Ibsi.
  - ii** 5 irraa ka'uun gara bitaatti yuuniitii 6 adeemi. Meeqa irratti dhaabatte? Kana mallattoo hir'isuutti fayyadamuun ibsi.
  - iii** -6 irraa ka'uun gara mirgaatti yuuniitii 6 adeemi. Meeqa irratti dhaabatta? Mallattoo ida'uutti fayyadamuun ibsi.
  - iv** 8 irraa ka'uun gara bitaatti yuuniitii 8 adeemi. Meeqa irratti dhaabatta? Mallattoo mijataa ta'e (+, yookiin -) tti fayyadamuun ibsi.
- 2** Kitaaba qarshii 65'n bitachuu barbaaddee, kan ati of-harkaa qabdu qarshii 35 qofaa yoo ta'e, qarshii dabalataa meeqa si barbaachisa?
- 3** Ida'ama 73 argachuuf, 44 irratti meeqatu ida'amuu qaba?


Ida'uu fi hir'isuu intijarootaa sirriitti hubachuuf, sarara lakkoofsaatti fayyadamna. Sarara lakkoofsaa irratti bakka tokko irraa gara mirgaatti adeemuun ida'uu yoo agarsiisu, gara bitaatti adeemuun ammoo hir'isuu agarsiisa.

Fakkeenyota armaan gadii fudhadhu.




Danaa 4.10

Kana jechuun 5 irraa ka'uun gara mirgaatti tarkaanfii afur adeemta.




Danaa 4.11

Kana jechuun, 2 irraa ka'uun gara mirgatti tarkaanfii 3 yoo adeemte 5 irratti dhaabatta.




Danaa 4.12

Kana jechuun  $-2$  irraa ka'uun gara mirgaatti tarkaanfii 3 yoo adeemte 1 irratti dhaabatta.




Danaa 4.13

Kana jechuun,  $-3$  irraa ka'uun gara mirgaatti tarkaanfii 2 yoo deemte,  $-1$  irratti dhaabatta. Sarara lakkoofsaa irratti gara bitaatti deemuun hir'isuu agarsiisa.




Danaa 4.14

Kana jechuun, 2 irraa ka'uun gara bitaatti tarkaanfii 3 yoo adeemte  $-1$  irratti dhaabatta.



Danaa 4.15

Kana jechuun,  $-2$  irraa ka'uun gara bitaatti yuuniitii  $3$  yoo deemte,  $-5$  argatta.



Danaa 4.16

$5$  irraa ka'uun gara bitaatti yuuniitii  $2$  yoo deemte  $3$  irratti dhaabatta.

### i. Ida'uu intijaroota pozatiivii

Intijaroota pozatiivii ta'an lama walitti ida'uuun, lakkofsota lakkaawwii walitti ida'uu jechuu dha.

**Fakkeenya 5:**  $3 + 5 = 8$ . Pozatiivii  $5$  fi pozatiivii  $3$  ida'uuun pozatiivii  $8$  arganna.

### ii. Intijaroota pozatiivii hir'isuu.

Intijaroota pozatiivii hir'isuu jechuun, lakkofsota lakkaawwii hir'isuu jechuu dha.

**Fakkeenya 6:**  $9 - 6 = 3$

Pozatiivii  $9$  hir'isuu pozatiivii  $6$ , pozatiivii  $3$  ta'a.

Intijara negaatiivii, intijara irraa hir'isuun ida'uutiin ibsama.

**Fakkeenyaaf,**  $6 - (-3) = 6 + 3 = 9$  ta'a. Kun seera armaan gadiitiin ibsama.

Seera	Fakkeenya	
Mallattoowwan wal-fakkaatan lama yoo walitti aananii dhufan ida'uutti jijiramu	+ (+)	$3 + (+2) = 3 + 2 = 5$
	-(-)	$3 - (-4) = 3 + 4 = 7$
Mallattoowwaan wal-hin fakkaanne lama yoo walitti aananii dhufan hir'isutti jijiiramu	+(-)	$7 + (-2) = 7 - 2 = 5$
	-(+)	$8 - (+2) = 8 - 2 = 6$ .

**Fakkeenyaa 7:**  $5 + (-2)$  meeqa?

**Furmaata:** Seera armaan olii irraa,  $+(-)$ , gara hir'isutti jijiirama.

$$\text{Kananf, } 5 + (-2) = 5 - 2 = 3$$

**Hubachiisa:**

- 1 Mallattoo “+” ergaa lama akka dabarsutti itti fayyadamma.
  - i Lakkofsa ful-dura yoo taa'e lakkofsichi pozatiivii ta'uu ibsa.  
**Fakkeenyaaaf,**  $+ 5$  jechuun pozatiivii  $5$  jechuu dha.
  - ii Lakkofsota lama gidduu yoo ta'e garuu lakkofsota sana lamaan walitti ida'uu jechuu dha.  
**Fakkeenyaaaf,**  $3 + 4 = 7$   

$$3 + (-4) = 3 - 4 = -1.$$
- 2 Mallattoo “-” ergaa lama akka dabarsutti itti fayyadamma.
  - i Lakkofsa fuul-dura yoo taa'e, lakkofsichi nagaatiivii ta'uu ibsa  
**Fakkeenyaaaf,**  $-4$  jechuun nagatiivii  $4$  jechuu dha.
  - ii Lakkofsota lama gidduu yoo ta'e garuu, lakkofsota sana lamaan wal-irraa hir'isuu jechuu dha.  
**Fakkeenyaaaf,**  $2 - 9 = -7$ ,  $2$  irraa  $9$  hir'isuu jechuu dha.

## Gocha 4.6

- 1 Intijarii kam irrattiyyu yoo ida'ame, intijarichuma deebisee kan kenu intijarii biraan barbaadi. Intijarri akkasii meeqatu jira?
- 2 Intijarii kam irraayyu yoo hir'ifame intijarichuma deebisee kan kenu, intijarii biraan barbaadi. Intijarri akkasii meeqatu jira?
- 3 Mee masaanuu intijarii tokkoo fudhachuun, intijarichaa fi masaanuu isaa walitti ida'i. Firiin argattu meeqa? Deebiin kun intijara kamiif iyyuu ni hojjataa?
- 4 Kanneen armaan gadii shallagi.

<b>a</b>	$-4 + 4$	<b>b</b>	$5 - 5$
<b>e</b>	$8 + (-8)$	<b>f</b>	$7 - 0$
		<b>c</b>	$9 + 0$
		<b>g</b>	$-100 + 100$
		<b>d</b>	$-3 + 3$

Intijari “0”n intijarii kamiyyu irratti yoo ida'ame intijaricha hin jijiiru. Akkumas, intijarii “0”n intijara kam irrayyu yoo hir'ifame, intijaricha hin jijiiru.

Kanaaf intijarii “0”n amaloota armaan gadii qaba.

- i Intijarii  $a$  kamifiyyuu,  $a + 0 = 0 + a = a$ .  $0$ 'n miseensa of taasisaa ida'uu jedhamuun beekama.
- ii Intijarii  $a$  kamifiyyuu  $a - 0 = a$  garuu  $0 - a \neq a$ .
- iii  $a$ 'n intijarii yoo ta'ee fi  $-a$  masaanuu a yoo ta'e,  $a + (-a) = -a + a = 0$ . Kana keessatti  $-a$ 'n masaanuu a ti.

**Fakkeenyaa 7:i**  $-2 + 2 = 0$  kanaaf,  $-2 \neq 2$  masaanuu waliiti.

**ii**  $12 + (-12) = 0$  kanaaf,  $12 \neq -12$  masaanuu waliiti.

**Hubachiisa:**

- 1  $a \neq b$  n intijaroota yoo ta'an,  
**i**  $a - b = a + (-b)$  **ii**  $a - (-b) = a + b.$
- 2  $a' n$  intijarii yoo ta'e,  
**i**  $a + 1$  intijirii  $a$  tti aanee dhufu dha. **ii**  $a - 1$  intijirii dursaa a ta'e dha.

### Gilgaala 4.3

- 1 Intijaroota armaan gadii guddaa irraa gara xiqlaatti tartiibessi.
 

<b>a</b> $-9, -4, 4, 0, -3, 8$	<b>b</b> $-7, -11, -3, -5, 1, 0, 2, 6$
<b>c</b> $-8, 12, -5, -3, 3, 8, 6$	<b>d</b> $0, 7, -5, -7, 2, 10, -3, -6.$
- 2 Kanneen armaan gadii shallagi.
 

<b>a</b> $(-23) + (-12)$	<b>b</b> $(-3) - 7$	<b>c</b> $12 - 33$
<b>d</b> $-42 - (-21)$	<b>e</b> $24 - (-24)$	<b>f</b> $-24 + 24$
- 3 Bakka duwwaa armaan gadii mallattoo " $>$ " yookiin " $<$ " tiin guuti.
 

<b>a</b> $-8 \underline{\hspace{1cm}} 8$	<b>b</b> $-17 \underline{\hspace{1cm}} 71$	<b>c</b> $-63 \underline{\hspace{1cm}} -36$
<b>d</b> $-(-8) \underline{\hspace{1cm}} 0$	<b>e</b> $(-17) - 17 \underline{\hspace{1cm}} 17 - (-17)$	

### MIRKANEEFFANNOO

Kanneen armaan gadii yaad-rimeewwan ijoo boqonnaa kanaati. Mirkanoeffannoon kun ergaa boqonnaa kanaa hammam akka baratteettu akka of madaaltuuf si gargaara. Kanaaf, sirriitti hubatteetta yoo ta'e gaarii waan ta'eef, boqonnaa itti aanutti darbuu dandeessa. Kan siif hin galle yoo jiraate duubatti deebi'uun fuula yaadichi irra jiru irra deebi'uun dubbisuun, gadi fageenyaan qo'adhu.



### JECHOOTA IJOO

<ul style="list-style-type: none"> <li>↳ Intijarii</li> <li>↳ Intijaroota hir'isuu</li> <li>↳ Intijaroota nagaatiivii</li> <li>↳ Intijaroota tartiibessuu</li> <li>↳ Intijaroota xiqlaatti tartiibessuu</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>↳ Intijaroota guddaa irraa gara xiqlaatti tartiibessuu</li> <li>↳ Intijaroota ida'uu</li> <li>↳ Intijaroota pootatiivii</li> <li>↳ Intijaroota waliin madaaluu</li> <li>↳ Masaanuu intijarootaa</li> </ul>
--	---



## CUUNFAA BOQONNAA 4

- 1** Tuutni lakkofsota hundaa fi intijaroota nagaatiivii of keessatti qabate, tuuta lakkofsota intijarii jedhama. Tuutni lakkofsota intijarii mallattoo  $\mathbb{Z}$  tiin ibsama.  
 $\mathbb{Z} = \{ \dots, -3, -2, -1, 0, 1, 2, 3, \dots \}$
- 2** Sararri lakkofsaa kallattii lamaaniin dhaabbii malee itti fufa. Kun kallattii lamaaniinuu xiyyaan ibsama.
- 3** Sarara lakkofsaa irratti, intijaroonni nagaatiivii ta'an karaa bitaa 0 yoo taa'an, intijaronni pozatiivii immoo karaa mirgaa 0 taa'u.
- 4** Intijarii 0'n pozatiiviis, nagaatiiviis miti.
- 5** Intijaroonni lama masaanuu waliiti kan jedhaman yoo ida'amni intijaroota lamaanii 0 ta'e dha.
- 6** Masaanuu zeeroo matuma isaa zeeroo dha.
- 7** Sarara lakkofsaatti fayyadamuun intijaroota yoo idaatu,
  - Intijara pozatiivii, kan kenname irratti yoo idaatu gara mirgaatti tarkaanfilee barbaachisu adeemi.
  - Intijara nagaatiivii, kan kenname irratti yoo idaatu, gara bitaatti tarkaanfilee barbaachisan adeemi.
- 8** Intijaroota  $a$  fi  $b$  kamifiyyuu
  - $a = b$  yoo ta'e,  $a - b = 0$
  - $a > b$  yoo ta'e,  $a - b > 0$
  - $a < b$  yoo ta'e,  $a - b < 0$



## GILGAALA KESSA DEEBII BOQONNAA 4

- 1** Ho'i magaalaa Finfinnee  $22^{\circ}\text{C}$  yoo ta'u, ho'i magaalaa Baalee Roobee ammoo  $-3^{\circ}\text{C}$ . Garaagarummaan Tempireecharii magaloota kanneenii meeqa?
- 2** Dooniin bishaan lixu tokko, diriira galaanaatii gaditti bishaan keessa meetira 137 gadi fagaatee jira. Dooniin kun dabalataan meetira 91 gadi yoo seene, fageenyi dooniin kuni irra jiru hammami?
- 3** Haliimaan daldalaan tokko irraa qarshii 33 liqeefatte. Kana keessaa harmeen Haliimaa namichaaf qarshii 15 yoo kennite, qarshiin daldalaan kanaa Haliimaa irratti meeqatu hafe?
- 4** Gabatee armaan gadii guuti. Haala gabatee irratti kenname lakkofsaan ibsi.

Haala	Gatii lakkoofsaan
Zeeroo olitti digirii seentii gireedii 9	
Diriira galaanaatii olitti meetirii 54	
Sarara lakkoofsa irratti, 0 irraa gara bitaatti yuuniitii 12	
Baankii keessaatti qarshii 860 kuufachuu	
Qarshii 45 argachuu	
Masaanuu 181	
Sarara lakkoofsa irratti, 1 irraa gara bitaatti yuuniitii 8	

5 Masaanuu lakkoofsota armaan gadii barreessii

<b>a</b> 14	<b>b</b> 91	<b>c</b> -65	<b>d</b> 3
<b>e</b> -12	<b>f</b> 0	<b>g</b> -23	

6 Intijaroota armaan gadii xiqqa irraa gara guddaatti tartiibessi.

<b>a</b> 34, -37, 58, 16, -43, 36, -85	<b>b</b> 29, 19, 16, -22, -4, -10, -27, 0, -29
<b>c</b> 12, -14, 16, -18, -22, -41, -8, 20	<b>d</b> 48, 46, 41, -13, -31, -35, -53

7 Intijaroota armaan gadii guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi

<b>a</b> 15, -27, 11, -41, 33, -19, 77	<b>b</b> -1, -4, -13, 42, 29, 72, 46, -43
<b>c</b> 81, -63, -17, 26, 31, -5, -69	<b>d</b> -34, -45, -56, 55, 61, 9, 53, 40, 33

8 Ganna tokko, guyyaa waaree Tempireecheriin  $8^{\circ}\text{C}$  dha. Guyyuuma kana halkan waarii Tempireecheriin digirii seentiigiredii 11'n gadi bu'e. Tempireecheriin halkan waarii meeqa?

9 Kanneen armaan gadii ida'i.

<b>a</b> $-5 + 47$	<b>b</b> $27 + 14$	<b>c</b> $18 + -45$
<b>d</b> $-47 + -44$	<b>e</b> $-23 + 32$	<b>f</b> $-1 + 59$

10 Kanneen armaan gadii hir'isi.

<b>a</b> $-25 - 47$	<b>b</b> $44 - 14$	<b>c</b> $-16 - (-6)$
<b>d</b> $-71 - 42$	<b>e</b> $34 + -17$	<b>f</b> $-1 - 49$

11 Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

<b>a</b> $28 + \underline{\quad} = 43$	<b>b</b> $\underline{\quad} + 23 = 31$	<b>c</b> $4 - \underline{\quad} = -27$
<b>d</b> $-22 - \underline{\quad} = -42$	<b>e</b> $40 - \underline{\quad} = -2$	<b>f</b> $\underline{\quad} - (-11) = 66$


12 Bakka duwwaa armaan gadii mallattoowwan “>”, “<” yookiin “=” tiin guuti.

<b>a</b> $-9 \underline{\quad} 6$	<b>b</b> $41 \underline{\quad} -41$	<b>c</b> $-13 \underline{\quad} -31$
<b>d</b> $-(-2) \underline{\quad} 2$	<b>e</b> $6 - (-6) \underline{\quad} (-6) - 6$	<b>f</b> $4 + (-4) \underline{\quad} 0$

13 Aadde Tolasheen re'oota diddiimoo 12, re'eota gugurraacha 8 fi re'eota adii 8 qabdi.

- a** Aadde Tolasheen re'oota meeqa qabdi?
- b** Re'ootni Aadde Tolashee kan gurraacha hin taane meeqa?

# BOQONNAA 5



## HIMOOTA WAL-QIXAA FI HIMOOTA WAL-CAALMAA SARARAAWAA FI PIROPPORSHINAALUMMAA

### Kaayyoo Gooroo Boqonnaa

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:

- ogummaa hima wal-qixaa fi hima wal-caalmaa bifa  $x + a = b$  fi  $x + a > b$  furuu irratti qabdu ni gabbifatta.
- yaad-rime piropporshinaalummaa kallattii fi fuggisoo irratti qabdu ni cimsatta.
- piropporshinaalummaa kallattii fi fuggisoo giraafiidhaan ni ibsita.

### Qabiyyeewan ijoo

#### 5.1 Furmaata Himoota Wal-Qixaa Sararaawaa Fi Himoota Wal-Caalmaa Sararaawaa Sasalphoo

#### 5.2 Ko'oordineetota

#### 5.3 Piropporshinaalummaa

Mirkaneeffannoo  
Cuunfaa Boqonnaa  
Gilgaala Kessa Deebii

## SEENSA

Boqonnaa kana keessatti, beekumsa himoota wal-qixaaaf himoota wal-caalmaa jijiiramaa tokko of keessaa qaban irratti qabdu ni gabbifatta. Kana malees, akkaataa tartii cimdii lakkofsota raashinaalii pozatiivii tuqaalee dirra ko'ordineetotaa irratti ibsuu dandeessu, yaad-rimee piropporshinaalummaa kallattii, piropporshinaalummaa fuggisoo fi dhaab-giteessa piropporshinaalummaa ni baratta.

### 5.1 FURMAATA HIMOOTA WAL-QIXAA FI HIMOOTA WAL-CAALMAA SARARAAWAA SASALPHOO

Akkuma kutaalee dabranii fi boqonnaawwan armaan duraa keessatti baratteen, tuutota armaan gadii yaadadhu.

$$\mathbb{N} = \{1, 2, 3, \dots\}$$

$$\mathbb{W} = \{0, 1, 2, 3, \dots\}$$

$$\mathbb{Z} = \{\dots, -2, -1, 0, 1, 2, \dots\}$$

$$\mathbb{Q} = \left\{ \frac{a}{b} : a \in \mathbb{Z}, b \in \mathbb{Z} \text{ fi } b \neq 0 \right\}$$

Kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessatti, waa'ee hima wal-qixaa fi hima wal-caalmaa barattee jirta. Mata duree kana keessatti, waa'ee himoota wal-qixaa fi himoota wal caalmaa gadi fageenyaan erga ilaaltee booda seerota ittiin himoota wal-qixaa fi himoota wal-caalmaa sararaawoo jijiiramaa tokko tokko qaban furtu ni baratta. Beekumsa himoota wla-caalmaa fi wal-qixaa saraarwoo furuu irratti argattes ni gabbifatta.

#### 5.1.1 Himoota wal-qixaa sararaawoo tarkaanfii tokkoon furuu

##### Hojii Garee 5.1

- 1 Tarmoota armaan gadii irratti gareedhaan mariyadhaa.
 

a Jijiiramaa. c Himoota wal-qixaa wal-madaaloo. e Mandhee.	b Hima wal-qixaa. d Hima wal-qixaa sararaawaa. f Tuuta Furmaataa.
--	---
- 2 Tuuta aramaan gaditti kennname keessaa lakkofsi bakka x bu'ee hima wal-qixaa kennname dhugaa taasisu isa kami. Tuuta kennname keessaa hima wal-qixaa kennname keessatti bakka x bu'uun, himicha dhugaa kan taasisan meeqatu jira?

**a**  $x + 3 = 5, x \in \{-2, -1, 0, 2, 5, 7\}$       **b**  $x - 6 = 12, x \in \left\{0, \frac{1}{2}, 1, \frac{3}{2}, 5\right\}$

**c**  $9 - x = 7, x \in \{1, 2, 3, \dots, 20\}$       **d**  $x + 4 = 4, x \in \mathbb{W}$

**e**  $x + 45 = 55, x \in \{-1.1, 3, 6.7, 10, 11.2\}$       **f**  $x + \frac{4}{5} = \frac{9}{5}, x \in \mathbb{N}$

Barnoota Herregaa kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessaa himni wal-qixaa madaallii hangaa waliin akka wal-fakkaatu barattee jirta. Hima wal-qixaa keessatti, ibsamni karaa mirgaa fi karaa bitaa “=” wal-qixa dha.

Mee hima wal-qixaa  $x + 3 = 6$  fudhadhu. Madaallii hangaa armaan gadii ilaali.



Danaa 5.1

Madaalliin hangaa kun, karaa bitaa saanduqa tokkoo fi kubbaawan xixiqqoo sadii qabatee jira. Karaa mirgaa ammoo kubbaawan xixiqqoo 6 qabatee jira; Inni karaa mirgaa isa karaa bitaa wajjiin wal madaala. Kana jechuun, hangi inni karaa mirgaa fi hangi karaa bitaa wal-qixa jechuu dha.

Saanduqa karaa bitaa jiru jijiirama  $x$ -tiin, kubbaa tokko ammoo lakkofsa 1 tiin yoo bakka buuste, madalliin hangaa kun hima wal-qixaa  $x + 3 = 6$  bakka bu'a.

Hima wal-qixaa kana furuu jechuun, hanga saanduqa karaa bitaa jiru barbaaduu waliin tokko dha.

Hanga saanduqa kanaa, hanga kubbaawan xixiqqoo kanaan ibsuuf, jalqaba karaa bitaa madaallichaa irraa kubbaawan xixiqqoo sadan kaasi. Wayitii kana, madaalichi gara mirgaatti jallata. Akka madaalichi wal-qixxaatuuf, kubbaawan xixiqqoo sadii karaa mirgaa madaallichaa irraa kaasi. Kanaaf, saanduqni  $\square$ , kubbaawan xixiqqoo 3 tiin bakka buufama. Kanaaf,  $x = 3$  furmaata hima wal-qixaa  $x + 3 = 6$  ta'a.

Kana irraa wanti hubattu, gam-tokkoo madallii irraa waan tokko yoo kaafte, madallichi akka wal-qixxaatuuf, gama biraatiinis, hangasuma kaasuu qabda.

Kana waan ta'eef, himni wal-qixaa armaan olitti kennname, akka armaan gadiitti irra deebl'i'un barreeffama.

$$x + 3 = 6$$

$x + 3 - 3 = 6 - 3$  (gama lamaan irraa hanga wal-qixa ta'e hir'isuun)

$$x = 3$$

**Fakkeeny 1:** Tuuta W keessatti hima wal-qixaa  $x - 6 = 11$  furi.

**Furmaata:** Tilmaamaan Tuutni furmaata hima wal-qixa kanaa, {17} dha.

Ibsamni karaa bitaa jiru hir'isuu waan qabateef, gama lamaan mallattoo wal-qixaa irratti 6 idaana. Kun gatii jijiirama  $x$  akka argannu nu gargaara.

Kana jechuun,  $x - 6 = 11$

$$x - 6 + 6 = 11 + 6$$

$$x = 17.$$

Bakka  $x$ , 17 hima wal-qixaa kenname keessa yoo buustu, himni wal-qixaa dhugaa ta'a.

Kanaaf, tuutni furmaataa hima wal-qixaa kennamee {17} ta'a.

## Gocha 5.1

Mee madaallii hangaa armaan gadii fudhadhu. Hangi karaa bitaa fi hangi karaa mirgaa wal-qixa dha.



Danaa 5.2

- a 3 kg karaa bitaa madallicha irratti yoo idaate, madaallichi akka wal-qixxaatuuf, karaa mirgaa madallichaa irratti maaltu ta'uu qaba?
- b Karaa bitaa madaallichaa irraa 3 kg yoo kaaste, madaallichi akka wal-qixxaatuuf, karaa mirgaa madaallichaa irratti maaltu ta'uu qaba?

Gocha armaan olii irraa wanti hubattu, madaallichi akka madaaluuf, jijiiramni karaa mirgaa fi bitaa taasifamu wal-qixa ta'uu qaba. Himoota wal-qixaa irrattis qoyyaboota haala kanaan fayyadamna. Hima wal-qixaa sararaawaa furuuf, tarkaanfii tarkaanfiidhaan hamma himichi bifaa  $x = a$  ( $a - lakkofsa$ ) tiin ta'uu danda'utti adeemi. Kun daddabarsuu hima wal-qixaa jedhama. Himni wal-qixaa booda irratti argamu, hima wal-qixaa jalqaba irratti kenname waliin walii-gitaa (wal-madaala) dha.

### Seerota himoota wal-qixaa sararaawaa, gara hima wal-qixa sararaawaa walii gitatti Jijiiruu

- 1 Gama lamaan hima wal-qixaa irratti lakkoofsa wal-qixa ta'e yoo idaate, himni wal-qixaa argamu, hima wal-qixaa jalqabaa waliin, walii-gita.  
Kana jechuun,  $x = a$ , keessatti,  $x + b = a + b$ , ( $b$ 'n lakkoofsa).
- 2 Gama lamaan hima wal-qixaa irraa lakkoofsa wal-qixa ta'e yoo hir'iste, himni wal-qixaa argamu, hima wal-qixaa jalqabaa waliin walii-gita.  
Kana jechuun,  $x = a$  keessatti,  $x - b = a - b$  ( $b$ 'n lakkoofsa)

**Fakkeeny 2:** Hima walrqiixaa  $x + 8 = 5$  fudhadhu.

- a Mandheen tuuta intijarootaa yoo ta'e gatii  $x$ -barbaadi
- b Mandheen tuuta lakkoofsota lakkaawwii yoo ta'e, gatii  $x$ -barbaadi.

**Furmaata:** Barnoota Herregaa kutaa  $5^{ffaa}$  kessatti mandhee hima wal-qixaa jechuun tuuta lakkoofsotaa, kan bakka jijiiramaa buusuuf keessaa filattu akka ta'e baratteee jirta. Kanaaf, furmaatni hima wal-qixaa mandhee kennname irratti hundaa'a.

Kanaaf,  $x + 8 = 5$

$$x + 8 - 8 = 5 - 8 \text{ (maaliif?)}$$

$$x + 0 = -3$$

$$x = -3.$$

$-3 \in \mathbb{Z}$  waan ta'eef, madheen intijara yoo ta'e, tuutni furmaataa  $\{-3\}$  ta'a. Mandheen tuuta lakkoofsota hundaa yoo ta'e, himni wal-qixaa kennname furmaata hin qabu. Kanaaf tuutni furmaata isaa tuuta duwwaa dha. Akka walii galatti, yaada walii-galaa armaan gadii kaa'uu ni dandeenya.

Himni wal-qixaa kennname, seerota daddabarsuutti fayyadamuun, bifa  $x = a$  tiin erga barreeffamee booda, yoo  $a$ 'n miseensa mandhee kennnamee ta'e, tuutni furmaataa  $\{a\}$  ta'a.

Yoo  $a$ 'n miseensa mandhee kennnamee miti ta'e, himichi furmaata hin qabu. Kanaaf, tuutni furmaataa isaa tuuta duwwaa dha.

**Fakkeeny 3:** Tolaan sammuu isaa keessatti lakkoofsa lakkaawwii tokko qabatee jira. Lakkoofsa Tolaan sammuu isaa keessatti qabate irraa 13 yoo hir'ate, firriin argamu 36 dha. Lakkoofsi Tolaan sammuu isaatti qabate meeqa?

**Furmaata:** Hima wal-qixaa akkasii furuuf, hima jechaa kana, gara hima Herregaatti jijiiruuun barbaachisaa dha.

Mee lakkoofsa Tolaan sammuu isaa keessatti qabate x-haa jennu.

$$\text{Kanaaf, } x - 13 = 36 \text{ (Maaliif?)}$$

$$x - 13 + 13 = 36 + 13 \text{ (maaliif?)}$$

$$x = 49.$$

Kanaaf, lakkoofsi Tolaan sammuu isaatti qabate 49 dha.

**Hiikoo 5.1:** Himooni wal-qixaa sararaawaa ta'an lama, mandhee kennname keessatti, tuuta furmaataa tokko yoo qabaatan, himoota wal-qixaa walii gitaa (wal-madaaloo) jedhamu.

Fakkeenyaaaf,  $x - 5 = 9$  fi  $x = 14$  himoota wal-qixaa walii gitaa ti. Akkasumas:

$13 - x = 7$  fi  $x = 6$  himoota wal-qixaa walii gitaa ti?

### Gilgaala 5.1

- 1 Himoota armaan gadii keessatti, lakkoofsota 2, 0.4, 1.5 fi  $\frac{3}{4}$  bakka  $x$  buusuun, himichi dhugaa yookiin soba ta'uu isaa adda baasi.
 

<b>a</b> $x + 0.75 = \frac{3}{2}$	<b>b</b> $4.56 - x = 4.16$
<b>c</b> $\frac{11}{2} - x = 5.1$	<b>d</b> $12\frac{1}{2} - x = 3\frac{1}{2}$
- 2 Himoota wal-qixaa sararaawaa armaan gadiitiif, himoota wal-qixaa walii gitaa barbaadi.
 

<b>a</b> $x - \frac{1}{2} = \frac{7}{2}$	<b>b</b> $x - 3 = 4.5$	<b>c</b> $1\frac{1}{2} + y = 2$
<b>d</b> $14 - x = 10$	<b>e</b> $1.2 + x = 4.3$	<b>f</b> $4\frac{1}{5} - x = 2.4$
- 3 Mandheen tuuta lakkoofsota hundaa yoo ta'e, himoota wal-qixaa sararaawaa armaan gadii furi.
 

<b>a</b> $y + 3 = 1$	<b>b</b> $-4 + x = 10$	<b>c</b> $y + \frac{2}{5} = \frac{2}{5}$
<b>d</b> $14 - x = 10$	<b>e</b> $1.2 + x = 4.3$	<b>f</b> $4\frac{1}{5} - x = 2.4$
- 4 Lakkoofsa lakkaawwii ta'e tokko irratti 32 yoo ida'ame, lakkoofsi argamu 26 ta'a. Lakkoofsi jalqabaa meeqa?

### 5.1.2 Himoota wal-caalmaa sararaawaa tarkaanfii tokkoon furu

#### Gocha 5.2

- 1 Ibsamoonni armaan gadii, hima wal-qixaa yookiin hima wal caalmaa ta'uu isaanii adda baasi.
 

<b>a</b> $\frac{4}{5} = \frac{8}{10}$	<b>b</b> $13 < y$	<b>c</b> $\frac{5}{2} \neq -\frac{1}{2}$
<b>d</b> $-3 + x = 9$	<b>e</b> $2 - y > 1.5$	<b>f</b> $y + 2\frac{1}{2} \geq 0$

- 2 Himoota wal-caalmaa armaan gadii keessaa kamtu dhugaa dha?

a  $9 < 7$

b  $-4 > -6$

c  $\frac{1}{2} < \frac{3}{4}$

d  $\frac{-2}{3} > \frac{-3}{2}$

e  $0.12 < 0.21$

f  $3\frac{1}{4} \leq \frac{13}{4}$

**Fakkeenya 4:** Mandheen tuuta lakkofsa hundaa yoo ta'e, gatii  $x$ -barbaadi.

a  $x - 3 = 1$

b  $x - 3 < 1$

**Furmaata:** Mandhee kenname keessatti himoota akkasii furuuf, bakka  $x$  lakkofsa buusi.

$x$	0	1	2	3	4	5	6	...
$x - 3$	-3	-2	-1	0	1	2	3	...

Gabatee armaan olii keessaa, hima wal-qixaa  $x - 3 = 1$  dhugaa kan taasisu  $x = 4$  qofaa dha. Garuu,  $x - 3 < 1$  dhugaa kan taasisu  $x = 0, x = 1, x = 2, x = 3$  dha. Hima wal caalmaa  $x - 3 < 1$  soba kan taasisu,  $x = 4, 5, 6, \dots$

Kanaaf mandhee  $\mathbb{W}$  keessatti, tuutni furmaataa hima wal caalmaa  $x - 3 < 1, \{0, 1, 2, 3\}$  dha.

Haala armaan oliitiin gabateetti fayyadamuun, furmaata hima wal caalmaa barbaaduun, kan yeroo fudhatu dha. Hima wal-caalmaa daftee furuuf, seerota daddabarsootti fayyadamuun barbaachisaa dha. Akkuma himoota wal-qixaa, himootni wal caalmaa tuuta furmaataa tokko yoo qabaatan, himoota wal caalmaa waliigita jedhamu.

Fakkeenyaaaf,  $x - 7 < 4$  fi  $x < 11$  himoota wal caalmaa waliigita ti.

### Seerota daddabarsuu himoota wal-caalmaa

- 1 Gama lamaan mallattoo wal-caalmaa lakkofsa wal-qixa ta'e yoo idaate, himni wal-caalmaa haaraan argamu kan jalqabaa waliin walii gita dha.

Fakkeenyaaaf,  $x - 2 > 5$  irratti, gama lamaanii irratti 6 yoo idaate,

$$x - 2 + 6 > 5 + 6 \text{ ti.}$$

$$x + 4 > 11.$$

Gama lamaan hima wal caalmaa kanaa ( $x - 2 > 5$ ) irratti 2 yoo idaate,

$$x - 2 + 2 > 5 + 2$$

$$x > 7$$

Kanaaf,  $x - 2 > 5, x + 4 > 11$  fi  $x > 7$  hundinuu himoota wal caalmaa waliigita ti.

- 2 Gama lamaan mallattoo wal caalmaa irraa lakkofsa wal-qixaa yoo hir'iste, himni wal caalmaa haaraan argamu kan jalqabaa waliin waliigita dha.

Fakkeenyaaaf,  $x + 4 < 10$ , keessatti gama bitaa hima wal caalmaa kanaa irraa, yoo maaltu hir'ate,  $x$ 'n qofaa hafa?

**Fakkeenyaa 5:** Mee  $x + 26 < 78$  fudhadhu. Mandheen tuuta intijarootaa yoo ta'e, hima wal caalmaa kana furi.

**Furmaata:** Gama bitaa mallattoo  $<$  inni jiru ida'uu waan qabateef, gama lamaan irraa 26 hir'ista. Kana jechuun,  $x + 26 < 78$

$$x + 26 - 26 < 78 - 26$$

$$x < 52.$$

Kanaaf, tuutni furmaata hima wal caalmaa kanaa,  $\{x : x \in \mathbb{Z}, \text{ fi } x < 52\}$

Tuuta kanaaf miseensota hunda tarreessuu hin dandeenyu.

Kanaaf,  $\{\dots, -2, -1, 0, 1, 2, \dots, 51\}$ .

**Fakkeenyaa 6:** Mandheen  $\mathbb{W}$  yoo ta'e tuuta furmaataa hima wal caalmaa  $x + 3 \leq 8$ , sarara laccofsaa irratti agarsiisi.

**Furmaata:**  $x + 3 \leq 8$

$$x + 3 - 3 \leq 8 - 3 \text{ (maaliif?)}$$

$$x \leq 5.$$

Kanaaf, tuutni furmaataa =  $\{0, 1, 2, 3, 4, 5\}$ .

Tuuta furmaataa kana sarara laccofsaa irratti akka armaan gadiitti agarsiifna.



Danaa 5.3

### Gilgaala 5.2

- 1 Mandhee kenname keessatti, himoota walcaalmaa sararaawaa armaan gadii furi.
  - a  $-y - 6 > 0.2, y \in \mathbb{Z}$
  - b  $-2 < x + 5, x \in \mathbb{N}$
  - c  $-5 < \frac{1}{2} + x, x \in \mathbb{Z}$
  - d  $x \geq -2, x \in \mathbb{Z}$
- 2 Mandhee kenname keessatti, himoota wal-caalmaa armaan gadii furuun, tuuta furmaataa argatte sarara laccofsaa irratti agarsiisi.
  - a  $\frac{1}{2} + y \leq 0.5, y \in \mathbb{W}$
  - b  $-x + 2 > 0, x \in \mathbb{N}$
  - c  $-5 < \frac{1}{2} + x, x \in \mathbb{Z}$
  - d  $4 - x > \frac{1}{2}, x \in \mathbb{W}$
- 3 Himootni walcaalmaa armaan gadii mandhee kenname keessatti furmaata qabaachuu fi dhiisuu isaanii adda baasi.

- a**  $x - 6 \leq -10, x \in \mathbb{W}$       **b**  $x + \frac{1}{2} > 3\frac{1}{2}, x \in \mathbb{N}$
- c**  $3 - x < 4.5, x \in \mathbb{N}$       **d**  $-4 - x \geq 3, x \in \mathbb{W}$
- 4** Mandhee kennname keessatti tuuta furmaataa barbaadi.
- i** Mandheen yoo  $\{-5, -3, 0, 2, 4, 6\}$
- ii** Mandheen tuuta lakkofsa hundaa yoo ta'e.
- a**  $x + 8 < 12$       **b**  $x + 0.2 < 5$       **c**  $2 - x \geq 4$       **d**  $-x + \frac{1}{2} \geq 0$

## 5.2 KO'OORDINEETOTA


Mata duree kana jalatti waa'ee ko'oordinetotaa baratta. Kana malees, akkaataa itti tuqaa diriiroo ko'oordinateetii irraa, tartii cimdiitti fayyadamuun ibsuu dandeessu baratta.

### Gocha 5.3

- a** Dabtara kee irratti, sararoota waliif parpendiikulaarii ta'an lama fakkeessi.
- b** Sareroonni kun bakka meeqatti wal-kiphu?
- c** Bakka wal-kiphiinsa sararoota kanaatti, safarri kofa gidduu isaanii jiru meeqa?
- d** Sareroonni kun, waraqaa irratti fakkeessaman bakka meeqatti qoodan?

Wanti gocha armaan olii keessatti baratte gara yaada armaan gadiitti nu geessa.

Mee sareroonni lama  $\ell_1$  fi  $\ell_2$  waliif parpendiikulaarii ta'an, bakka tuqaa O irratti wal-kiphu haa jennu.



Danaa 5.4

- Sararri inni dalgeen,  $(\ell_1)$  siiqqee  $x$  jedhama.
- Sararri oleen  $(\ell_2)$ , siiqqee  $y$  jedhama.
- Tuqaan itti sareroonni lamaan wal-kiphan, O, **madda ko'oordinateetotaa** yookiin (**handhuura**) ko'oordinateetotaa jedhama.

Siiqqee- $x$  fi siiqqee- $y$ 'n siiqqeewan ko'oordinateetotaa jedhamu. Kofti siiqqee  $x$  fi siiqqee  $y$  gidduu jiru,  $90^\circ$  waan ta'eef, siiqqeewan ko'oordinateetii kan siiqqee

rektaangulaa'aa jedhamuu beekama. Madda siiqqeewan ko'oordineetii, O, irraa ka'uun, gara mirgaatti yoo deemtu siiqeen  $x$ -pozatiivii ta'a. Madda siiqqeewan ko'oordineetotaa irraa ka'uun ol yoo deemtu siiqee  $y$ -pozatiivii ta'a. Siiqqeewan ko'oordineetii, tuqaalee dirraa irra jiran waliin, sirna ko'oordineetii jedhama.

## Gocha 5.4

Barattoota daree kee keessaa, lakkofsota 1, 2, 3 qabatan fudhadhu. Umuriin barattoota kanaa danaa armaan gadii keessatti ibsamee jira. Lakkofsi barattoota kanaa siiqee  $x$  irratti, umriin isaanii immoo siiqee  $y$ -irratti kaa'ameera. Tuqaalee dirraa kana irratti kaa'aman ilaaluun, umrii barattoota kanaa himi.



Baay'ina barattootaa

## Danaa 5.5

Gocha armaan olii irraa akkuma argitu, bakki tuqaa A, O irraa gara bitaatti yuuniitii 1, 0 irraa irraan-olee yuuniitii 12 fagaachuun argama. Bakki tuqaa A kanaa, gabaabaatti (1, 12) tiin ibsama. Mala gabaabaa kana fayyadamuun, tuqaa B tartii cimdii (2, 10) fayyadamuun ibsina. Kun tuqaan B, O irraa gara bitaatti yuuniitii 2, O irraa, irraan-olee ammoo yuuniitii 10 fagaata jechuu dha. Bakka tuqaa C tartii cimdii fayyadamuun ibsuu dandeessaa?

Gocha armaan olii irraa wanti hubattu, diriiroo ko'oordineetotaa irratti bakka tuqaa ibsuuf lakkofsota lama akka barbaachisu dha.


Lakkofsonni kun kan argaman, tuqaa kana irraa gara siiqee  $x$ -tti akkasuma gara siiqee  $y$ -tti sarara perpendikulaarii ta'e sararuuni dha.

Tuqaa P, dirra ko'oordinateetii irraa yoo siif kenname, tuqaa kana irraa gara siiqqee  $x$ -tti sarara dhaabbataa siiqqe  $x$ -tiif perpendikulaarii ta'e yoo kaastu, lakkofsa " $a$ ", akkasumas tuqaa kana irraa gara siiqqee  $y$ -tti sarara dhaabbataa siiqqee  $y$ -tiif parpendiikulaarii ta'e yoo kaastu, lakkofsa " $b$ " yoo argatte, tuqaan P kun tartii cimdii ( $a, b$ ) tiin ibsama. Tartii cimdii ( $a, b$ ) kun ko'oordinateetii tuqaa P jedhama. Tartii cimdii ( $a, b$ ) keessatti, a'n fageenya P'n siiqqee  $x$ -irraa qabu, b'n ammoo fageenya P'n siiqqee  $y$ -irraa qabu agarsiisu.  $a$ 'n ko'oordinateetii  $x$  yookiin absiisaa jedhama.  $b$ 'n ammoo ko'oordinateetii  $y$  yookiin oordinateetii jedhama. Tuqaa diriiroo ko'oordinateetii tokko tartii cimdiitiin yoo ibsitu, yeroo hunda absiisaan jalqaba irratti, oordinateetiin ammoo lammaffaa irratti barreffama. Lamaan isaanii quodduudhaan adda baasuun, hammattuu keessti tarreessita.

### Hubadhu:

- 1** Tartii cimdii  $(a, b) \neq (b, a)$ . Yoo  $a = b$  ta'e garuu  $(a, b) = (b, a)$ .
- 2**  $P(a, b)$  jechuun tuqaa P, ko'oordinateetiin isaa  $(a, b)$  ta'e jechuu dha.

**Fakkeenyaa 1:** Diriiroo ko'oordinateetii armaan gadii irraa, ko'oordinateetii tuqaalee kennamanii barreessi.



Danaa 5.6

**Furmaata:** Ko'oordinateota tuqaalee kanaa barreessuuf, jalqaba tuqaalee kennaman irraa sarara dhaabbataa siiqqee  $x$ -tiif, akkasumas siiqee- $y$  tiif parpendiikulaarii ta'an kaasuun lakkofsota argattu qabadhu. Absiisaa jalqaba, oordinateetiin lammaffaa irratti barreessuun, tartii cimdii tuqaalee kana ibsu barbaadi.

Kanaaf, ko'oordinateetiin tuqaa A (1, 4) dha.

Ko'oordinateetiin tuqaa B (2, 1) dha.

Ko'oordinateetiin tuqaa C (4, 3) dha.


Ko'oordinateetiin tuqaa D (5, 2) dha.

Ko'oordinateetiin tuqaa O (0, 0) dha.

**Fakkeenyaa 2:** Tuqaalee armaan gadii diriiroo ko'oordinateetataa irratti agarsiisi.


- a** A(2, 2)      **b** B(5, 0)      **c** C(0, 3)      **d** D(3, 1)

**Furmaata:** Tuqaaleen diriiroo ko'oordinateetii irratti akka armaan gadiitti mul'ifameera.



Danaa 5.7

Siiqqeewwan ko'oordinateetii lamaan, diriiroo ko'oordinateetii bakka afurtti quodu. Bakkeewwan kun ammoo qarxii jedhamuu beekamu. Isaanis qarxii I, qarxii II, qarxii III, qarxii IV jedhamuu waamamu, Danaa armaan gadii ilaali.



Danaa 5.8

Kutaa kana keessatti kan fudhannee ilaalle qarxii I qofaa dha. Qarxii I keessatti ko'oordinateetiin  $x$  fi ko'oordinateetiin  $y$  lamaanuu pozatiivii dha. Fakkeenyaaaf,  $(2, 1)$ ,  $(3, 5)$ ,  $(4, 2)$  hundinuu qarxii I<sup>ffaa</sup> keessatti argamu.

Lakkoofsota  $x$  fi  $y$  kamiifyyuu,

- $(x, 0)$  siiqgee- $x$ -irra oola
- $(0, y)$  siiqgee- $y$ -irra oola

Fakkeenyaaaf tuqaa  $(7, 0)$  siiqgee  $x$ -irra oola.  $(0, 6)$  immoo siiqgee  $y$  irra oola.

### Gilgaala 5.3

- 1 Ko'oordinateetiin handhuura ko'oordinateetii maali?
- 2 Tuqaan tokko siiqgee  $y$  irra yoo ta'e, absiisaan isaa maal ta'a?
- 3 Tuqaan tokko siiqgee  $x$  irra yoo ta'e, oordinateetiin isaa maal ta'a?
- 4 Tuqaaleen armaan gadii siiqgee  $x$  fi siiqgee  $y$  keessaa kam irratti akka argaman himi.

- a**    A(0, 0)              **b**    B(0, 3)              **c**    C(1, 0)

**5** Tuqaalee armaan gadii diriiroo ko'oordinateetii irratti agarsiisi.

**a** A(1, 1)      **b** B(4, 1)      **c** C(0, 9)  
**d** D(9, 0)      **e** E $\left(2, \frac{1}{2}\right)$

**6** Diriiroo ko'oordinateetii armaan gadii irratti tuqaalee agarsiifamaniiif ko'oordinateetota isaanii himi.

Danaa 5.9

### 5.3 PIROPPORSHINAALUMMAA

Mata duree kana keessatti yaad-rimee piropporshinaalummaa ni baratta. Garaagarummaa piropporshinaalummaa kallattii fi fuggisoo ni ilaalta. Kana malees, piropporshinaalummaa kallattii fi fuggisoo giraafidhaan( taatoodhaan) ni agarsiista.

#### Gocha 5.5

Gabateewwan armaan gadii lakkofsota tartii qabatanii jiru.

**a**

x	0.1	0.8	1.2	4	9
y	0.5	4	6	20	45

**b**

x	3	6	9	12	15	18
y	1	2	3	4	5	6

- 1 Gati  $x$ , gati  $y$ 'f hiri. Bakka lamaanittiyyuu deesiimaalii dhaabbataa argatteettaa?
- 2 Gati  $y$ , gati  $x$ 'f hiri. Giddu isaaniitti hariiroo akkamii argatte?
- 3 Gatiin  $x$  dabalaan yoo deemu, gatiin  $y$  maal ta'a?
- 4 Gatiin  $x$  yoo hir'atu, gatiin  $y$  maal ta'a?

Gatiin wantoota adda addaa lamaa, walii wajjiin dabalaan yookiin walii wajjiin xiqlaachaa yoo deeman, yookiin tokko yoo dabalu inni biraan yoo hir'ate, gatiinwan kun hariiroo piropporshinaalummaa qabu jenna.

**Fakkeenyaaaf:**

- i** Waan baay'ee yoo bitatte, qarshiin baastu ni dabala.
- ii** Namoonni hojii tokko hojjetan baay' ee yoo ta'an, hojii sana xumuruuf yeroon fudhatu ni gabaabbata.

Hariiroon piropporshinaalummaa kun karaa lama ta'uu danda'a.

- i** Gatiin waantota kanaa waliin dabalu yookiin waliin hir'achuu danda'a
- ii** Gatiin isa tokkoo yoo dabalu inni biraan ni hir'isa yookiin gatiin isa tokkoo yoo hir'isu, gatiin isa biraan ni dabala.

### 5.3.1 Piropporshinaalummaa kallattii

Mee daldalaan tokko qubeessaa tokko saantima shantamaan gurguran haa jennu. Gabateen armaan gadii baay'ina qubeessawan gurguramanii ( $x$ ) fi gatii isaanii saantimaan agarsiisa ( $y$ ).

<b>x</b>	1	2	3	4	5	6
<b>y</b>	50	100	150	200	250	300

Gabatee kana irraa maal hubatta?

Gabatee armaan olii irraa wanti hubatte akka armaan gadiitti taa'a.

- i** Gatiin  $y$  fi gatiin  $x$  waliin dabalu yookiin waliin hir'atu.
- ii** Reeshoon gatiawan  $y$ , gara gatiawan  $x$ , lakkofsa tokkicha dha. Kana jechuun,  $\frac{y}{x}$ 'n dhaabbataa dha.

$$\frac{y}{x} = \frac{50}{1} = \frac{100}{2} = \frac{150}{3} = \frac{200}{4} = \frac{250}{5} = \frac{300}{6} = 50$$

Gatiin wanta tokkoo yoo dabalu, gatiin issa biraas kan dabalu yoo ta'e, yookiin gatiin wanta tokkoo yoo hir'atu, gatiin issa biraan kan hir'atu yoo ta'e, wantonni kun piropporshinaalummaa kallattii qabu jenna.

**Hiikoo 5.2:**  $y$  fi  $x$ 'n hariiroo piropporshinaalummaa kallattii qabu kan jennu, lakkofsi zeeroo irraa adda ta'e haa jennu k, kan  $y = kx$  dhugaa taasisu yoo jiraate dha. As keessatti k'n dhaabgiteessa piropporshinaalummaa jedhama.

**Mallattoo:**  $y$  fi  $x$ 'n hariiroo piropporshinaalummaa kallattii yoo qabaatan,  $y \propto x$  jechuun barreessina.

**Fakkeenyaa 1:** Uffata 4 qopheeffachuuf, huccuu meetira 16 kan barbaachisu yoo ta'e, uffata 6 qopheessuuf, huccuu meetira meeqa barbaachisa?

**Furmaata:** Jalqaba uffatni qophaa'e = 4

Uffata kana qopheessuuf huccuu barbaachise = 16m

Mee uffata 6 qopheessuuf huccuun barbaachisu meetira  $x$  haa jennu.

Baay'ina uffataa	4	6
Huccuu barbaachisu meetiraan	16	$x$

Baay'inni uffata qophaa'ee fi huccuun barbaachisu piropporshinaalummaa kallattii waan qabaniif.

$$\frac{16}{4} = \frac{x}{6}$$

$$16 \times 6 = 4 \times x$$

$$x = \frac{16 \times 6}{4} = 24$$

Kanaaf, uffata 6 qopheessuuf, huccuu meetira 24 barbaachisa jechuu dha.

Mala biraa: jalqaba uffatni qophaa'e = 4

Uffata kana qopheessuuf huccuu barbaachise 16m.

Mee uffata 6 qopheessuuf huccuu barbaachise meetira  $x$  haa jennu.

Baay'inni uffata qophaa'ee huccuun barbaachisu piropporshinaalummaa kallattii waan qabaniif, dhaabgiteessi piropporshinaalummaa kanaa,

$$k = \frac{\text{huccuu meetiraan barbaachise}}{\text{Baay'ina uffata qophaa'ee}} = \frac{16}{4} = 4$$

$$\text{Kanaaf, } \frac{x}{6} = 4$$

$$\text{Kanaaf, } x = 24.$$

Kanaaf, uffata 6 qopheessuuf huccuu meetira 24 tu barbaachisa jechuu dha.

**Hubachiisa:**  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa kallattii yoo qabaatan, lamaanuu wal faana dabalaad adeemu yookiin lamaanuu wal faana hir'achaa adeemu.

Kun reeshoo isaanii ilaaluun hubatama.  $y \propto x$  yoo ta'e, fi  $x_1$  fi  $x_2$

$$\text{gatiwwan } x, \text{ akkasumas, } y_1 \text{ fi } y_2 \text{ gatiwwan } y \text{ yoo ta'an, } \frac{y_1}{x_1} = \frac{y_2}{x_2}$$

$$\text{yookiin } \frac{x_1}{y_1} = \frac{x_2}{y_2}.$$

**Fakkeenyaa 2:** Gabatee armaan gadii keessatti  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa kallattii qabu. Gati  $x_1$  fi  $y_1$  barbaadi.

<b>x</b>	$x_1$	9	15
<b>y</b>	3	$y_1$	7.5

**Furmaata:**  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa kallattii waan qabaniif, hariroo  $\frac{x_1}{3} = \frac{9}{y_1} = \frac{15}{7.5}$

$$\text{Kanaaf, } \frac{15}{7.5} = \frac{9}{y_1} \text{ fi } \frac{x_1}{3} = \frac{15}{7.5}$$

$$15 \times y_1 = 9 \times 7.5 \text{ fi } 7.5 \times x_1 = 3 \times 15$$

$$y_1 = \frac{9 \times 7.5}{15} \text{ fi } x_1 = \frac{3 \times 15}{7.5}$$

$$y_1 = 4.5 \quad \text{fi } x_1 = 6$$

Kanaaf,  $x_1 = 6$  fi  $y_1 = 4.5$

## Hojii Garee 5.2

Gareedhaan ta'uun, gabatee armaan gadii ilaaluun gaaffiiwwan itti aananii jiran deebisi.

<b>x</b>	1	2	3	4	5
<b>y</b>	3	6	9	12	15

- a  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa kallattii qabuu?
- b  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa kallattii yoo qabaatan, hariroo isaanii bifa  $y = kx$  tiin barreessi.
- c Tartiwwan cimdii  $(x, y)$ , diriiroo ko'oordinateetii irratti agarsiisi.
- d Tuqaalee kana sararaan wal-qabsiisi.
- e Giraafii (taatoo) akkamii argatte?
- f Ko'oordinateetiin  $(0, 0)$  piropporshinaalummaa kana keessatti hammatamaa?

**Fakkeenyaa 3:** Mee hariroo lakkoofsota armaan gadii fudhadhu.


<b>x</b>	1	2	4	6	8
<b>y</b>	1.5	3	6	9	12

Akkuma gabatee kana irraa argamutti, akka gatiin  $x$  dabalaad adeemuun, gatiin  $y$  dabalaad adeema. Dhaabgiteessi piropporshinaalummaa isaanii  $\frac{3}{2}$  dha.

Kanaaf,  $y$  fi  $x$ 'n hariroo piropporshinaalummaa kallattii qabu.

Kana waan ta'eef,  $y = \frac{3}{2}x$  ta'a.

Piropporshinaalummaa kana diriiroo ko'oordineetotaa irratti yoo agarsiistu, tuqaaleen hundi sarara  $y = \frac{3}{2}x$  irra oola.



Danaa 5.10

Hojii garee fi fakkeenya 3 araan olii irraa, kan araan gadii hubatteetta ta'a.

- 1  $y$  fi  $x$ 'n hariiroo piropporshinaalummaa kallattii yoo qabaatan, taatoon  $y = kx$  sarara qajeelaa madda ko'oordinetii kessa darbu ta'a.
- 2 Taattoo sarara  $y = kx$  ( $k > 0$ ), sarara qajeelaa handhuura ko'oordinetii keessa kan darbu yoo ta'e,  $y$  fi  $x$ 'n hariiroo piropporshinalummaa kallattii qabu.

### Gilgaala 5.4

- 1 Gabateewwan araan gadii keessaa warra kam keessatti  $y$  fi  $x$ 'n hariiroo piropporshinaalummaa qabu?

a

<b>x</b>	2	4	6	8	10	11
<b>y</b>	3	5	7	9	11	13

b

<b>x</b>	$\frac{3}{2}$	$\frac{5}{2}$	$\frac{7}{2}$	$\frac{9}{2}$	$\frac{11}{2}$
<b>y</b>	3	5	7	9	11

c

<b>x</b>	1.5	2.5	3.8	4.3
<b>y</b>	15	25	38	43

d

<b>x</b>	22	33	66	77	99
<b>y</b>	2	3	6	7	9

- 2** Lakkofsotni tartii armaan gadii hariiroo piroopporshinaalummaa kallattii qabu. Gabateewwan keessatti gatiiwwan hin guutamiin itti guuti.

**a**

x	2		4		
y	2	3		5	8

**b**

x			6	8	9	
y	5	7			36	48

**c**

x	3.4	4.6			9
y	17		28	36	

**d**

x	5		11	18	48
y		35			240

- 3**  $y$  fi  $x$ 'n hariiroo piroopporshinaalummaa kallattii qabu.  $x$ 'n 8 yoo ta'u,  $y$ 'n 12 ta'a. Kanneen armaan gadii keessaa hariiroo  $x$  fi  $y$  gidduu kan ta'uu hin dandeenye kami?

**a** 10 fi 15    **b** 2 fi 3    **c** 6 fi 9    **d** 12 fi 20

- 4** Bal'ina lafaa meetir- iskuweerii 22'f, xaa'oon barbaachisu giraamii 682 yoo ta'e.

**a** Lafa meetir-iskuweerii 13 gabbisuuf xaa'oon giraamii meeqatu barbaachisa?  
**b** Xaa'oon giraamni 248, lafa hammam gabbisuu danda'a?

- 5** Dhaabgiteessaa kennametti fayyadamuun, gabateewwan armaan gadii keessatti lakkofsota hafan barbaadi.

**i**  $k = 1.5$ **ii**  $k = 3$ **a**

x	5	8	9	13	
y					

**b**

x					
y	3	12	24	45	

- 6** Gabateen armaan gadii uffata seeraa mana barumsaa hodhisiisuuf gatii barbaachisu (qarshiidhaan) (C) fi huccuu meetiraan barbaachisu (L) kan qabate dha.

L	3	4	5	6	7
C	60	80	100	120	140

**a** Dhaabgiteessi piroopporshinaalummaa meeqa?**b** Huccuun meetira  $4\frac{1}{2}$  qarshii meeqa baasa?**c** Hima gatii fi dheerina huccuu walitti fidu barbaadi.**d** Tuqaalee armaan olii diriiroo ko'oordinateetotaa irratti argisiisuun, tuqaalee kana sararaan wal-qabsiisi.

### 5.3.2 Piropporshinaalummaa fuggisoo

#### Gocha 5.6

1 Mee  $y = \frac{24}{x}$

- a Yoo  $y = 3$  ta'e, gatii  $x$  barbaadi.
- b Gatiin  $x = 3$  yoo ta'e, gatiin  $y$  meeqa ?

2 Gabatee armaan gadii ilaaluun, gaaffiwwan itti aananii jiran deebisi.

<b>x</b>	1	2	4	8	16
<b>y</b>	32	16	8	4	2

- a Gatiin  $x$  yoo dabalu, gatiin  $y$  maal ta'a?
- b Gatiwwan  $y$ , gatii  $x$  isaatiif hiri. Bakka hundumaatti lakkofsa tokkicha argattee?
- c  $x$  fi  $y$  walitti camadaman, waliin baay'isi. Firiin hundaaf argatte wal-qixaa dhaa?

Wantonni lama hariiroo piropporshinaalummaa fuggisoo qabu kan jennu, yoo inni tokko dabalu, inni biraan ni hir'ataa yookiin tokko yoo hir'atu inni biraan ni dabala yoo ta'e dhaa.

**Hiikoo 5.3:** Hariiroon  $x$  fi  $y$  hariiroo piropporshinaalummaa fuggisoo ti kan jennu yoo lakkofsi zeeroo irraa adda ta'e haa jennu  $k$ , kan  $xy = k$  ( $y = \frac{k}{x}$ ) dhugaa taasisu jiraatee dha. As keessatti  $k$ 'n dhaabgiteessa piropporshinaalummaa jedhama.

**Mallattoo:**  $y$  fi  $x$ 'n hariiroo piropporshinaalummaa fuggisoo yoo qabaatan,  $y \sim \frac{1}{x}$  jechuun barressina.

**Fakkeenyaa 4:** Gabatee armaan gadii fudhadhu.

<b>x</b>	2	4	8	16	32	64
<b>y</b>	8	4	2	1	$\frac{1}{2}$	$\frac{1}{4}$

Akkuma gabatee kana irraa argitu, gatiin  $x$  dabalaan yoo deemu, gatiin  $y$  hir'ataa adeema. Gati  $y$ , gatii  $x$ 'f yookiin gatii  $x$  gatii  $y$ 'f yoo hirte, lakkofsa tokkicha hin argattu. Kana jechuun,

$$\frac{8}{2} \neq \frac{4}{4} \neq \frac{2}{8} \neq \frac{1}{16} \neq \frac{\frac{1}{2}}{32} \neq \frac{1}{64}$$

Gama biraatiin baay'ataan  $x$  fi  $y$  hunda isaaniif wal-qixa dha.

$$xy = 2 \times 8 = 4 \times 4 = 8 \times 2 = 16 \times 1 = 32 \times \frac{1}{2} = 64 \times \frac{1}{4} = 16$$

Kanaaf,  $x$  fi  $y$ 'n piropporshinaalummaa fuggisoo qabu. As keessatti dhaab-giteessi piropporshinaalummaa 16 dha.

**Fakkeeny 5:** Badhaasni qarshii 2,400, namoota dorgommii tokko mo'ataniiif qoodamuuf qophaa'ee jira. Mee baay'inni namoota dorgommii kana mo'atanii  $x$ , gahee namoota kanaa ammoo  $y$  haa jennu.

- a** Hima  $y$  fi  $x$  walitti fidu barressi.
- b** Dorgommii kana kan mo'atan namoota 24 yoo ta'an, gaheen isaanii dhuunfaatti meeqa?
- c** Gaheen namoota dorgommii kana mo'atanii dhuunfaadhaan qarshii 120 yoo argatan, baay'inni namoota dorgommii kana mo'atanii meeqa?

**Furmaata: a** Akka baay'inni namoota dorgommii kana mo'atanii dabalaan adeemeen, gaheen namoota kanaa dhuunfaa dhunfaadhaan hir'ataa adeema. Kanaaf  $x$  fi  $y$ 'n piropporshinaalummaa fuggisoo qabu.

$$y = \frac{k}{x}, \quad k = 2400, \text{ maaliif?}$$

$$\text{Kanaaf, } y = \frac{2400}{x}.$$

$$\text{b} \quad x = 24 \text{ waan ta'eef, } y = \frac{2400}{24} = 100$$

Kanaaf, gaheen namoota digdamii afurii dhuunfaadhaan qarshii 100 ta'a.

$$\text{c} \quad y = 120 \text{ fi } y = \frac{2400}{x} \text{ waan ta'eef,}$$

$$120 = \frac{2400}{x}$$

$$x = \frac{2400}{120} = 20$$

Kanaaf, baay'inni namoota dorgommii kana mo'atanii 20 jechuu dha.

**Hubachiisa:**  $x_1$  fi  $x_2$  gatiwwan adda addaa lama kan  $x$  fi  $y_1$  fi  $y_2$  gatiwwan adda addaa lama kan  $y$  haa jennu.  $x$  fi  $y$ 'n piropporshinaalummaa fuggisoo yoo qabaatan,  $x_1y_1 = x_2y_2$ .

## Gocha 5.7

Gabatee armaan gadii ilaaluun gaffiwwan itti aananii jiran deebisi.

<b>x</b>	4	3	5	2	24
<b>y</b>	6	8	4.8	12	1


- a  $x$  fi  $y$ 'n hariiroo piropporshinaalummaa qabuu? Yoo qabatan kan akkamiiti?
- b Tuqaalee kana, diriiroo ko'oordinateetii irratti agarsiisi.
- c Tuqaalee dirraa ko'oordinateetii irratti agarsiiste kana, sararaan wal-qabsiisi.
- d Taatoo kaaste kana, giraafii piropporshinaalummaa kallattii beektu waliin madaali. Garaagarummaa akkamii argita?

Hojii kee gocha armaan olii irraa wanti argitu, giraafiin piropporshinaalummaa fuggisoo sarara qajeelaa handhuura diriiroo ko'oordinateetii keessa darbu miti.

**Fakkeeny 6:** Taatoo piropporshinaalummaa fuggisoo armaan gadii ijaari.

<b>x</b>	1	2	3	4	6	12
<b>y</b>	12	6	4	3	2	1

**Furmaata:** Dura tuqaalee kana diriiroo ko'oordinateetii irratti agarsiisi.



Danaa 5.11

**Gaaffii:** Tuqaan  $(0, 0)$  giraafii kana irra oolaa?

### Gilgaala 5.5

- 1**  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa fuggisoo qabu. Yoo  $y = 40$  ta'u,  $x = 5$  ta'a.
- Hima  $x$  fi  $y$  walitti fidu barreessi.
  - Hima kanatti fayyadamuun, yoo  $y = 100$  ta'e, gatii  $x$  barbaadi.
  - Hima kanatti fayyadamuun, yoo  $x = 20$  ta'e, gatii  $y$  barbaadi.
- 2** Hariiroowwan armaan gadii keessaa kamtu piropporshinaalummaa fuggisoo agarsiisa?
- Dheerinaa fi dalgee rektaangili bal'inni isaa  $20m^2$  ta'e
  - Saffisa konkolaataa fi yeroo inni fageenya kenneme tokko adeemee xumuruuf fudhatu.
  - Qarshii namni tokko baankii keessa kuufatuu fi bu'aa inni akka seera baankichaatti waggaatiin argatu.
- 3** Gabateewwan armaan gadii keessaa kamtu piropporshinaalummaa fuggisoo  $x$  fi  $y$  qabatee jira?
- |          |     |   |     |   |
|----------|-----|---|-----|---|
| <b>x</b> | 3   | 4 | 5   | 6 |
| <b>y</b> | 4.5 | 6 | 7.5 | 9 |
  - |          |    |    |   |    |    |
|----------|----|----|---|----|----|
| <b>x</b> | 5  | 7  | 9 | 11 | 13 |
| <b>y</b> | 14 | 10 | 8 | 7  | 16 |
  - |          |     |   |   |    |    |
|----------|-----|---|---|----|----|
| <b>x</b> | 1   | 2 | 3 | 8  | 11 |
| <b>y</b> | 0.5 | 4 | 6 | 16 | 22 |
  - |          |    |    |   |   |    |
|----------|----|----|---|---|----|
| <b>x</b> | 1  | 2  | 4 | 5 | 10 |
| <b>y</b> | 20 | 10 | 5 | 4 | 2  |
- 4** Gabateewwan armaan gadii keessatti  $x$  fi  $y$ 'n piropporshinaalummaa fuggisoo yoo qabaatan, gatii  $a$ ,  $b$ , fi  $c$  barbaadi.
- |          |    |    |    |    |
|----------|----|----|----|----|
| <b>x</b> | 36 | 72 | b  | c  |
| <b>y</b> | 48 | a  | 16 | 12 |
  - |          |    |      |   |     |
|----------|----|------|---|-----|
| <b>x</b> | 19 | b    | 6 | 1.5 |
| <b>y</b> | a  | 4.75 | c | 38  |

### MIRKANEEFFANNOO

Kanneen armaan gadii yaad-rimeewan ijoo boqonnaa kanaati. Mirkanoeffannoon kun ergaa boqonnaa kanaa hammam akka baratte akka of madaaltuuf si gargaara. Kanaaf, sirriitti hubatteetta yoo ta'e gaarii waan ta'eef, boqonnaa itti aanutti darbuu dandeessa. Kan siif hin galle yoo jiraate duubatti deebi'uun fuula yaadichi irra jiru irra deebi'uun dubbisuun, gadi fageenyaan qo'adhu.



## JECHOOTA LJOO

- |  |  |
|--|--|
| 8→ Absiisaa tuqaa diriiroo<br>ko'oordineetii irraa | 8→ Dhaab-giteessa<br>piropporshinaalummaa                |
| 8→ Diriiroo  | 8→ Hima wal caalmaa                                      |
| 8→ Hima wal caalmaa sararaawaa                     | 8→ Hima wal-qixaa  |
| 8→ Hima wal-qixaa furuu                            | 8→ Hima wal-qixaa sararaawaa                             |
| 8→ Himoota wal-qixaa waliigittaa                   | 8→ Jijiiramaa  |
| 8→ Ko'oordineetota tuqaa                           | 8→ Madda (handhuura) ko'oordineetii                      |
| 8→ Mandhee jijiiramootaa                           | 8→ Ko'oordineetii tuqaa diriiroo<br>ko'oordineetii irraa |
| 8→ Piropporshinaalummaa fuggisoo                   | 8→ Piropporshinaalummaa kallatti                         |
| 8→ Siiqqee x                                       | 8→ Siiqqee y   |
| 8→ Siiqqeewan ko'oordineetii                       | 8→ Tartii cimdii   |
| 8→ Tuuta furmaataa                                 |  |



## CUUNFAA BOQONNAA 5

- 1** Mandhee tokko keessatti himootni wal-qixaa tuuta furmaataa tokko qabaatan, himoota wal-qixaa walii-gitaa jedhamu.
- 2** Mandhee hima wal-qixaa jechuun, tuuta lakkofsotaa kan ta'ee fi keessaa filachuun hima wal-qixaa sana keessa buusuun, himichi dhugaa yookaan soba ta'uu adda baastu dha.
- 3** Hima wal-qixaa furuu keessatti, seerota armaan gadiitti fayyadamta.
  - a** Gama lamaan mallattoo wal-qixaa irratti lakkofsa wal-qixaa ida'uu ni dandeessa.
  - b** Gamaa gamana hima wal-qixaa irraa lakkofsa tokkicha hir'isuu dandeessa.
- 4** Hima wal caalmaa sararaawaa furuuf seerota armaan gadii hordofi (*a, b* fi *c'n* lakkofsota yoo ta'an),
 

<b>a</b> yoo $a < b$ ta'e, $a + c < b + c$	<b>b</b> yoo $a > b$ ta'e, $a + c > b + c$
--	--
- 5** Himooni wal caalmaa lamaa fi lamaa olii tuuta furmaataa tokko yoo qabaatan, himoota walcaalmaa walii-gitaa jedhamu.
- 6** Tuutni furmaataa hima walcaalmaa tuuta dhaabataa ykn fufaa ta'uu danda'a.

- 7** Absiisaan tuqaa diriiroo ko'oordineetii irraa, fageenyaa tuqaan sun siiqqee  $y$  irraa qabu agarsiisa.
- 8** Ordineetiin tuqaa diriiroo ko'oordineetii irraa, fageenya tuqaan sun siiqqee  $x$ -irraa qabu agarsiisa.
- 9** Tuqaan tokko siiqqee  $y$  irraa yoo jiraate, absiisaan tuqaa kanaa 0 dha.
- 10** Tuqaan tokko siiqqee  $x$ -irraa yoo jiraate, oordineetiin isaa 0 dha.
- 11** Ko'oordineetiin handhuura ko'oordineetotaa  $(0, 0)$  dha.
- 12** Siiqqee  $x$ 'n sarara qajeelaa dalgee ta'e dha.
- 13** Siiqqee  $y$ 'n sarara qajeelaa oolee ta'e dha.
- 14** Qarxii 1<sup>ffaa</sup>n kan daangeffamu siiqqee  $x$  pozatiivii fi siiqqee  $y$ -pozatiiviidhaani.
- 15**  $y$  fi  $x$ 'n jijiiramoota piropporshinaalummaa kallattii yoo qabaatan,  $y = kx$  ta'a ( $k > 0$ ). As keessatti  $k$ 'n dhaab-giteessa piropporshinaalummaa jedhama.
- 16** Piropporshinaalummaa kallattii keessatti jijiiramoonni lamaan wal-faana dabalu yookiin walfaana hir'atu.
- 17**  $x_1, x_2$  gatiwwan  $x$  fi  $y_1, y_2$  gatiwwan  $y$  yoo ta'anii fi  $x$  fi  $y$ 'n piropporshinaalummaa kallattii yoo qabaatan, ( $y \propto x$ )  $\frac{y_1}{x_1} = \frac{y_2}{x_2}$  yookiin  $\frac{x_1}{y_1} = \frac{x_2}{y_2}$
- 18**  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa fuggisoo kan qabaatan yoo baay'ataan gatiwwan  $x$  fi gatiwwan  $y$  lakkofsa dhaabbataa ta'e dha. Kana jechuun  $xy = k$ .  $k$ 'n dhab-giteessa piropporshinaalummaa jedhama.
- 19** Piropporshinaalummaa fuggisoo keessatti, gatiin isa tokkoo yoo dabalu, gatiin isa biraa ni hir'ata yookiin gatiin isa tokkoo yoo hir'atu, gatiin isa biraa ni dabala.
- 20**  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinalummaa fuggisoo yoo qabaatanii fi  $x_1, x_2$  gatiwwan  $x$ , fi  $y_1, y_2$  gatiwwan  $y$  yoo ta'an,  $\frac{y_1}{y_2} = \frac{x_2}{x_1}$  yookiin  $\frac{y_2}{y_1} = \frac{x_1}{x_2}$



## GILGAALA KESSA DEEBII BOQONNAA 5

- 1** Mandheen tuuta lakkofsota intijarii yoo ta'e himoota wal-qixaa sararawaa armaan gadiitiif tuuta furmaataa barbaadi.

**a**  $y + 105 = 95$

**b**  $1.2 + x = 31.2$


**c**  $\frac{4}{3} - x = \frac{2}{3}$

**d**  $-x + 4.27 = 13.13$

**e**  $\frac{14}{5} + y = 2.8$

**f**  $-1\frac{1}{2} - y = -3\frac{1}{2}$


- 2** Mandheen tuuta lakkofsota raashinaalii yoo ta'e kanneen armaan gadii furi.
- a**  $x - 1 = \frac{1}{2}$       **b**  $y + 0.13 = 2.23$       **c**  $y + 1.13 = 5.63$
- d**  $-x + \frac{3}{4} = \frac{-5}{4}$       **e**  $x + 7 = 29$       **f**  $x + 2.43 = 2.23$
- 3** Himoota wal-qixaa sararawaa armaan gaditti kennaman keessaa kanneen walii-gita ta'an adda baasi.
- a**  $x = 7, x - 7 = 1, x + 6 = 13$       **b**  $2 - x = 1, x = -1, x - 1 = 0$
- c**  $x + 9 = 3, x - 8 = -2, x = 6$
- 4**  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa kallattii yoo qabaatanii fi yoo  $x = 8$  ta'u  $y = 5$  ta'a. Gatiin  $x = 20$  yoo ta'e, gatiin  $y$  meeqa ta'a? Dhaab-giteessi piropporshinaalummaa meeqa?
- 5** Gabatee armaan gadii irratti bakka duwwaa ta'e guuti.
- a**  $y$  fi  $x$ 'n piropporshinaalummaa kallattii qabu.
- |          |    |    |    |    |    |
|----------|----|----|----|----|----|
| <b>x</b> | 10 | 25 | 35 |    |    |
| <b>y</b> | 14 |    |    | 21 | 63 |
- b**  $x$  fi  $y$ 'n piropporshinaalummaa fuggisoo qabu.
- |          |    |   |    |    |     |
|----------|----|---|----|----|-----|
| <b>x</b> | 6  |   | 15 | 16 |     |
| <b>y</b> | 16 | 8 |    |    | 128 |
- 6** Muuzii kiiloogiraamni lama qarshii 12 yoo bite,
- a** Gatiin muuzii kiiloogiraama 5 meeqa?
- b** Qarshii 36tiin muuzii kiiloogiraama meeqa bituun danda'ama?
- c** Dhaab-giteessa piropporshinaalummaa barbaadi.
- 7** Danaa armaan gadii irratti, sararoonni  $\ell_1$  fi  $\ell_2$ , tartii lakkofsotaa adda adda ta'an agarsiisu.
- a** Tokko tokkoo sararoota kanaa irraa, yoo xiqlaate tuqaalee 3 dabalii himi.
- b** Sararoota lamaaniifuu dhaab-giteessa isaanii barbaadi.



Danaa 5.12

- 8** Piropporshinaalummaawan armaan gadiitiif taatoo(giraafii) ijaari.
- a**  $xy = 12$       **b**  $y = \frac{20}{x}$       **c**  $\frac{y}{x} = 4$
- d**  $x = \frac{16}{y}$       **e**  $\frac{x}{y} = 1$

# BOQONNAA 6



## JI'OOUMEETIRII FI SAFARA

### Kaayyoo Gooroo Boqonnaa

*Xumura barnoota boqonnaa kana booda*

- *kofoota adda ni baafatta.*
- *walitti- galummaa rog-sadootaa ni mirkaneeffatta.*
- *rog-sadoota ni ijaarta.*

### Qabiyyeewan ijoo

#### 6.1 Kofoota

#### 6.2 Rog-Sadoota Ijaaruu

#### 6.3 Rog-Sadoota Walittigaloo

#### 6.4 Safari

Mirkaneeffannoo

Cuunfaa Boqonnaa

Gilgaala kessa deebii

## SEENSA

Boqonnaa kana keessatti kan kutaa 5 keessatti baratte keessa deebi'uun baratta. Kofoota cimdiidhaan jiraniif hiikoo ni laatta, jechoota ijoo kan yoo sararootni wal-tarree ta'an sararaan kutaman kofoota uumaman waliin wal-qabatan ni qo'atta. Sarartoo fi kompaasiitti fayyadamuun rog-sadoota ni ijaarta. Hiikoo Rog-sadoota walitti galoo kennuun, walitti galummaa rog-sadootaa ni markaneessita. Bal'ina rog-sadoota kofa sirrii ni shallagda. Yuuniitota safara bal'inaa tokko irraa tokkotti ni jijiirta. Dhuma irratti qabee piriizimoota rektaangulaa'oo shallaguun yuuniitota safaraa qabee tokko irraa tokkotti ni jijiirta.


### 6.1 KOFOOTA

Mata duree kana keessatti kofoota wal-maddii fi kofoota waliin duubaa adda baafachuun, kofoota waliif hirkoo fi kofoota waliif guuchisoo ta'an adda ni baafatta.


#### Gilgaala keessa Deebii 6.1

- 1 Danaa 6.1 armaan gadii irraa:


- a Rogoota adda baasi.
- b Verteeksii rogootaan uumamuu adda baasi.



- 2 Danaa 6.2 armaan gadii keessatti, kofoota armaan gadii kofa akkiyuutii, kofa sirrii, kofa obtiyuusii, kofa qajeelaa fi kofa refileeksii jechuun adda baasi.



- 3 Danaa 6.3 irratti, pirotiraaktariitti fayyadamuun, kofoota kennaman safari.



Danaa 6.3

- 4 Kofoota armaan gadii kofa akkiyuutii, kofa sirrii, kofa qajeelaa fi kofa refileeksii jechuun adda baasi.

- |               |              |              |               |
|---------------|--------------|--------------|---------------|
| a $203^\circ$ | b $37^\circ$ | c $91^\circ$ | d $180^\circ$ |
| e $359^\circ$ | f $90^\circ$ | g $1^\circ$  |               |


- 5 Sararoota waltarree jechuun maali? Sararootni walkiphani hoo?

### 6.1.1 Kofoota hariiroo qaban

## Gocha 6.1


- 1 Danaa 6.4 armaan gadii keessatti,

- a Roga walii kofoota  $\angle ABC$  fi  $\angle CBD$  adda baasi.
- b Kofoota  $\angle ABC$  fi  $\angle CBD$  tiif, rogoonni roga walii kofoota kanaa hin taane sarara qajeelaa uumuu?
- c Cimdi kofoota kanaaf ( $\angle ABC$  fi  $\angle CBD$ ) maqaa addaa qabdaa?



Danaa 6.4

- 2 Danaa 6.5 gara mirgaa ilaali.



Danaa 6.5

- a i Rogni walii kofoota,  $\angle AOD$  fi  $\angle AOB$  kami?  
Kofootni  $\angle AOD$  fi  $\angle AOB$  verteeksii walii qabuu? Adda baasi.  
ii Ida'amni safaroota kofoota  $\angle AOD$  fi  $\angle AOB$  meeqa?
- b i Kofootni  $\angle AOB$  fi  $\angle BOC$  roga walii qabuu? Adda baasi. Verteeksii walii qabuu? Adda baasi.
- c Safarri kofoota  $\angle AOD$  fi  $\angle BOC$  wal-qixa dhaa?
- d Cimdi kofootaa kanaaf ( $\angle AOD$  fi  $\angle BOC$ ) maqaa addaa qabdaa?
- e Danaa kana keessatti koofootni cimdi kan verteeksii O irratti uumamani kan  $\angle AOD$  fi  $\angle BOC$  irraa adda ta'anii safarri isaanii wal-qixa ta'e jiruu?

**Hiikoo 6.1:** Kofootni lama, roga walii, verteeksii walii qabaatanii, tuqaalee keessoo walii hin qaban yoo ta'e, kofoota maddii jedhama.

**Fakkeenyaa 1:** Danaa 6.4 irratti,  $\angle ABC$  fi  $\angle CBD$  roga walii,  $\overrightarrow{BC}$  qabu. B'n ammoo verteeksii walii isaaniiti. Kanaaf  $\angle ABC$  fi  $\angle CBD$  kofoota maddii ti.

**Hiikoo 6.2:** Kofootni maddii lama, yoo rogootni qarqaraa lamaan sarara qajeelaa uuman, kofoota cimdii diriiraa jedhama.(kofoota irkoo)

**Fakkeenyaa 2:** Danaa 6.5 keessatti, kofoota  $\angle AOD$  fi  $\angle AOB$ 'f rogootni walii hin taane  $\overrightarrow{OD}$  fi  $\overrightarrow{OB}$  dha. Rogootni kun sarara qajeelaa uumu. Kanaaf,  $\angle AOD$  fi  $\angle AOB$  kofoota cimdii diriiraa jedhamu.

Sararoonni qajeeloon lama tuqaa tokko irratti yoo wal-kiphan kofoota adda addaa afur uumu. Danaa 6.5 keessatti,  $\overrightarrow{BD}$  fi  $\overrightarrow{AC}$  tuqaa O irratti wal-kiphu. Kanaanis kofoota  $\angle AOD$ ,  $\angle BOC$ ,  $\angle COD$  fi  $\angle AOB$  uumu. Danaa 6.5 keessatti,  $\angle AOB$  fi  $\angle COD$  akkasumas,  $\angle BOC$  fi  $\angle AOD$  kofoota waliin duubaa jedhamu.

Danaa 6.5 keessatti,  $\angle AOB$  fi  $\angle BOC$  kofoota cimdii diriiraa maddii waan ta'aniif,  
 $S(\angle AOB) + S(\angle BOC) = 180^\circ$

Haaluma wal fakkaatuun,  $\angle BOC$  fi  $\angle COD$  Kofoota cimdii diriiraa maddii waan ta'aniif,  
 $S(\angle BOC) + S(\angle COD) = 180^\circ$ .

Kanaaf,  $S(\angle AOB) + S(\angle BOC) = S(\angle BOC) + S(\angle COD)$ .

Gama lamaan irraa  $S(\angle BOC)$  yoo hir'iste,  $S(\angle AOB) = S(\angle COD)$  ta'e.

Haaluma wal-fakkaatuun,  $S(\angle BOC) = S(\angle AOD)$

Kofootni waliin duubaa safara wal-qixa ta'e qabu.

## Gocha 6.2

- 1 Kofoota cimdii armaan gadii fudhadhu. ( $20^\circ, 70^\circ$ ), ( $30^\circ, 60^\circ$ ), ( $10^\circ, 80^\circ$ ), fi ( $2^\circ, 88^\circ$ )
  - a Kofoota cimdiwwan kana walitti ida'i.
  - b Hunda isaanii keessatti amala walii akkamii argita?
  - c Kofoota cimdii kan bira, kan amala warreen armaan olitti kennaman waliin wal-fakkaatu qaban himi.
  - d Kofoota cimdii akkasiif maqaa addaa qabdaa?
- 2 Cimdii kofoota armaan gadii fudhadhu. ( $30^\circ, 150^\circ$ ), ( $1^\circ, 179^\circ$ ), ( $60^\circ, 120^\circ$ ), ( $90^\circ, 90^\circ$ )

- a** Kofoota cimdiwwan kana walitti ida'i.
- b** Hunda isaanii keessatti amala walii akkamii argita?
- c** Kofoota cimdi kan biraa, kan amala warreen armaan olitti kennaman waliin wal-fakkaatu qaban himi.
- d** Kofoota cimdi akkasiif maqaa addaa qabdaa?

**Hiikoo 6.3:** Ida'amni safara kofoota lamaa  $90^\circ$  yoo ta'e, kofoonni kun kofoota waliif guuchisoo jedhamu.

**Fakkeenyä 3:** Kofootni  $30^\circ$  fi  $60^\circ$  kofoota guuchisoo dhaa?

**Furmaata:**  $30^\circ + 60^\circ = 90^\circ$  waan ta'eef, kofootni kun kofoota waliif guuchisoo dha.

**Hiikoo 6.4:** Kofootni  $\alpha$  fi  $\beta$ 'n kofoota waliif guuchisoo yoo ta'an  $\alpha$ 'n kofa guchisoo kofa  $\beta$ , akkasumas,  $\beta$ 'n kofa guuchisoo kofa  $\alpha$  jedhama.

**Fakkeenyä 4:** Guuchisoon kofa  $57^\circ$  barbaadi.

**Furmaata:** Mee kofa guuchisoo kofa  $57^\circ$  ta'e,  $x$  haa jennu.

$$\text{Kanaaf, } x + 57^\circ = 90^\circ$$

$$x + 57^\circ - 57^\circ = 90^\circ - 57^\circ$$

$$\text{Kanaaf, } x = 33^\circ$$

Kanaaf, kofti guuchisoo kofa  $57^\circ$ ,  $33^\circ$  dha.

**Hiikoo 6.5:** Ida'amni safara kofoota lamaa  $180^\circ$  yoo ta'e, kofootni kun kofoota hirkoo jedhamu.

**Fakkeenyä 5:** Kofootni  $20^\circ$  fi  $170^\circ$  kofoota hirkoo dhaa?

**Furmaata:**  $20^\circ + 170^\circ = 190^\circ \neq 180^\circ$  waan ta'eef,  $170^\circ$  fi  $20^\circ$  kofoota hirkoo miti.

**Hiikoo 6.6:** Kofootni lama  $\gamma$  fi  $\theta$ 'n kofoota waliif hirkoo yoo taan  $\gamma$ 'n kofa hirkoo kofa  $\theta$  jedhama. Akkasumas  $\theta$ 'n kofa hirkoo kofa  $\gamma$  jedhama.

**Fakkeenyä 6:** Hirkoo kofa  $35^\circ$  barbaadi.

**Furmaata:** Mee kofa hirkoo kofa  $35^\circ$ ,  $y$  haa jennu.


$$\text{Kanaaf, } y + 35^\circ = 180^\circ$$

$$\text{Kana irraa } y = 180^\circ - 35^\circ = 145^\circ$$

Kanaaf, kofti hirkoo kofa  $35^\circ$ ,  $145^\circ$  ta'a.


### Gilgaala 6.2

- 1** Danaa 6.6 armaan gadii keessatti, cimdii kofoota maddii 3 tarreessi.



- 2** Danaa 6.7 armaan gadii keessatti,  $\angle NPM$  fi  $\angle MPL$ , kofoota cimdii diriiraa dha. Safari kofa


$$\angle MPL = 137^\circ \text{ yoo ta'e, safari kofa } \angle NPM \text{ meeqa?}$$



- 3**  $\alpha$  fi  $\beta$ 'n duraa fi duubaan kofa guuchisoo fi kofa hirkoo  $32^\circ$  ti. Safara kofa  $\alpha$  fi  $\beta$  barbaadi.

- 4** Danaa 6.8,  $\overrightarrow{LN}$  fi  $\overrightarrow{MP}$  tuqaa O irratti wal-qaxxaamuru.  $S(\angle LOM) = 46^\circ$  yoo ta'e, safara kofoota armaan gadii barbaadi.

- a**  $\angle NOP$
- b**  $\angle MON$
- c**  $\angle LOP$



- 5**  $\alpha$  fi  $\beta$ 'n kofoota waliif guuchisoo yoo ta'an, bakka duwwaa gabatee armaan gadii guuti.

$\alpha$		$69^\circ$		$47^\circ$
$\beta$	$32^\circ$		$24^\circ$	

- 6**  $\alpha$  fi  $\theta$ 'n kofoota waliif hirkoo yoo ta'an, bakka duwwaa gabatee armaan gadii guuti.

$\alpha$	$140^\circ$	$12^\circ$	$24\frac{1}{2}^\circ$	
$\theta$		$168^\circ$		$154.5^\circ$

- 7** A fi B armaan gadii jalatti, safarri kofoota tokko tokkoo kennamee jira. Kofoota cimdi hirkoo akka uumanif kan A jala jiran, kan B jala jiran waliin walitti firoomsi.


	A	B
i	$20^\circ$	$72^\circ$
ii	$36^\circ$	$133^\circ$
iii	$47^\circ$	$154^\circ$
iv	$26^\circ$	$160^\circ$
v	$108^\circ$	$144^\circ$

- 8** Kofti tokko kofa guuchisoo kofa obtiyuusii ta'uuf, kofa akkamii ta'uu qabaa?
- 9** Kofoota lama, kan roga walii qaban, garuu kofoota waliif hirkoo hin taane ijaari.
- 10**  $\theta$ 'n kofa hirkoo kofa  $\beta$ ,  $\beta$ 'n kofa hirkoo kofa  $\gamma$  yoo ta'an, waa'ee safara kofoota  $\theta$  fi  $\gamma$  maal jetta?

### 6.1.2 Kofootaa fi sararoota wal-tarree

**Hiikoo 6.7:** Sararri sararoota lama yookiin lamaa ol qaxxaamuru (kutu), sarara qaxxaamuraa jedhama.

Danaa 6.9 irrattii sararri  $n$ 'n sararoota  $\ell$  fi  $m$  qaxxaamura. Kanaaf,  $n$ 'n sarara qaxxaamuraa dha.



Sararri qaxxaamuraan tokko sararoota wal tarree lama yoo qaxxaamure kofoota 8 uuma. Kofootni cimdi as keessatti uumaman maqaa adda addaa qabu.

Danaa 6.9 armaan olii irratti, kofootni cimdi akka armaan gadiitti moggaafamu.

- 1** Kofoota cimdi a fi b, 1 fi 2, c fi d, akkasuma 3 fi 4, *kofoota waliigita* jedhamu.
- 2** Kofootni cimdi 1 fi d, 3 fi b, *kofoota keessaan cinaachaa* jedhamu.
- 3** Kofootni cimdi a fi 4, c fi 2, *kofoota alaan cinaachaa* jedhamu.
- 4** Kofootni cimdi, a fi 2 fi c fi 4, kofoota gam-tokkee sarara qaxxaamuraa irra jiranii kofoota alaan cinaachaa jedhamu.
- 5** Cimdiin kofoota 1 fi b, 3 fi d, kofoota keessaan cinaachaa gam-tokkoo sarara qaxxaamuraa irratti argaman jedhamu.

Kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessatti, sararoota wal-tarree jechuun maal jechu akka ta'e barattee jirta. Kana malees, set iskuweeriitti fayyadamuun akkaataa itti sararoota wal-tarree ijaartu barattee jirta. Mata duree kana keessatti, sararoonni wal-tarree lama sarara qaxxaamuraa tiin yoo qaxxamuraman, waa'ee kofoota uumamanii irratti yaadota hedduu baratta.

**Hubadhu:** Sararoonni lama, sararoota wal-tarree kan jedhaman, diriiroo tokko irra ta'anii wal-hin kiphan yoo ta'e dha.  $\ell_1$  fi  $\ell_2$  sararoota wal-tarree yoo ta'an,  $\ell_1 \parallel \ell_2$  jechuun barreessina. Yoo dubbistu  $\ell_1$  waltarree  $\ell_2$  ti jechuuni.


## Gocha 6.3

- 1    a    Dabtara kee irratti, sarara  $\ell$  ijaari. Tuqa P, kan sarara kana irra hin taane fudhadhu.
  - b    Sarartoo fi set iskuweeriitti fayyadamuun, sarara tuqaa P keessa darbuu, fi sarara  $\ell$  tiif wal-tarree ta'e ijaari.
  - c    Sarara qaxxaamuraa kan tuqaa P keessa darbuu fi  $\ell$  qaxxaamuru ijaari.
  - d    Kofoota cimdii keessaan cinaachaa fudhachuun safari. Safarri isaanii wal-qixa moo wal-qixaa miti?
  - e    Kofoota cimdii alaan cinaachaa fudhachuun safari. Safarri isaanii wal-qixa moo wal-qixaa miti?
  - f    Kofoota walii gitaa uumaman fudhachuun safari. Safarri isaanii wal-qixa moo wal-qixaa miti?
  - g    Cimdii kofoota keessoo, kan gam-tokkee sarara qaxxaamuraa irra jiran fudhachuun, safara isaanii ida'i. Ida'amni isaanii meeqa?
- 2    d, e, f fi g armaan olitti hojjatte irraa maal jechuu dandeessa?

Sararoonni wal-taree lamä,  $\ell_1$  fi  $\ell_2$  sarara qaxxaamuraan yoo qaxxaamuraman, kanneen armaan gadii dhugaa dha.

- i    Kofootni walii-gitaa uumaman safara wal-qixa ta'e qabu.
- ii    Kofootni keessaan cinaachaa safara wal-qixa ta'e qabu.
- iii    Kofootni alaan cinaachaa safara wal-qixa ta'e qabu.
- iv    Kofootni keessaan cinaachaa gam tokkee sarara qaxxaamuraatiin uumaman yoo idaane  $180^\circ$  arganna.


Danaa 6.10 iraa  $\beta + \alpha = 180^\circ$ .




Danaa 6.10

### Gilgaala 6.3


- 1 Danaa 6.11 armaan gadii keessatti
- Kofoota cimdii waliigita tarreessi.
  - Safarri kofoota  $\angle NMQ$  fi  $\angle TPM$  walqixa kan ta'u yoomi?




- 2 Danaa 6.12 armaan gadii keessatti,  $\overleftrightarrow{AB}$  fi  $\overleftrightarrow{CD}$  sararoota wal-tarree dha.  $S(\angle BFG) = 108^\circ$  yoo ta'e safara kofoota verteeksiin isaanii F fi G ta'e barbaadi.




- 3 Danaa 6.13 keessatti  $\overleftrightarrow{MN}$ ,  $\overleftrightarrow{PQ}$  fi  $\overleftrightarrow{RS}$  sararoota sadii, wal-tarree ta'ani dha. Sararri qaxxaamuraan  $\overleftrightarrow{AB}$  sararoota kana tuqaalee C, D fi E irratti qaxxaamura.  $S(\angle REB) = 135^\circ$ , yoo ta'e, safarri kofa  $\angle ACM$  meeqa?




- 4 Danaa 6.14 armaan gadii keessatti  $\overleftrightarrow{DE}$  fi  $\overleftrightarrow{GF}$  wal-tarree dha. Akkasumas  $\overleftrightarrow{DG}$  fi  $\overleftrightarrow{EF}$  wal-tarree dha.  $S(\angle DEF) = 73^\circ$  yoo ta'e, safara kofoota Rog-afree kanaa warren hafan barbaadi.



- 5 Danaa 6.15 safara kofoota 1, 2 fi 3 barbaadi.




- 6 Danaalee armaan gadii keessatti gatii  $x$  barbaadi.



Danaa 6.16

- 7 Danaa 6.17 keessatti  $\ell_1$  fi  $\ell_2$  wal-tarree dha.  
akkasumas  $\ell_3$  fi  $\ell_4$  sararoota wal-tarree dha.  
Safari kofa 1,  $70^\circ$  yoo ta'e safari kofa 2 meeqa?




Danaa 6.17

## 6.2 ROG-SADOOTA IJAARUU

Kutaalee gadii keessatti akkaataa itti sarara dhaabataa bakka wal-qixa ta'e lamatti qooddu barattee jirta.

Kana malees, kompaasiitti fayyadamuun, akkaataa itti kofa bakka wal-qixa ta'etti qooddu ilaaltee jirta. Mata duree kana keessatti, akkaataa itti rog-sadee ijaaruu dandeessu ni baratta. As keessatti safari rogootaa yookiin kofootaa tokko tokko yoo siif kenname, kompaasii fi sarartootti fayyadamuun rog sadee ijaarta.

**Hubadhu:** Rog-sadeen danaa diriirroo sarara cufaa ta'ee, sararoota dhaabatoo 3 tiin ijaarama. Rog-sadeen kofoota 3 fi verteeksota 3 qaba. Rog-sadeen tuqaalee verteeksota isaatti fayyadamuun moggaafama A B fi C'n verteeksota rogsadichaa yoo ta'an rog sadicha,  $\Delta ABC$  (yoo dubbisnu rog sadee A, B, C) jechuun moggaasuu dandeessa.



Danaa 6.18

Ijaarsa Rog-sadee otoo hin jalqabiin dura ijaarsa salphoo armaan gadii hojjadhu.

**Ijaarsa 1:**

**Kan kenneame:** sarara dhaabbataa AB, sarara  $\ell$  tuqaa P qabate.


**Kan ijaartu:** sarara dhaabbataa sarara  $\ell$  irraa, P irratti, kan dheerinni isaa dheerina sarara dhabbataa AB waliin wal-qixa ta'e.

Tarkaanfilee Ijaarsaa	Ijaarsa
<b>Tarkaanfii 1:</b> Tuqaa A akka handhuuraatti, raadiyesii dheerinni isaa hamma dheerina $\overline{AB}$ ta'etti fayyadamuun golboo geengoo ijaaruu.	
<b>Tarkaanfii 2:</b> Tuqaa P akka handhuuraatti, fayyadamuun, raadiyesii tarkaanfii 1 armaan olii keessatti ijaarte fayyadamuun golboo geengoo sarara 1 tuqaa Q irratti kiphu ijaaruu.	
<b>Tarkaanfii 3:</b> Dheerinni sarara dhaabataa $\overline{PQ}$ dheerina sarara dhaabataa $\overline{AB}$ tiin waliin wal-qixa dha.	

**Ijaarsa 2:**

**Kan kenneame:** kofa ABC fi sarara  $\ell$  tuqaa P qabate


**Kan ijaartu:** kofa P, Rogni isaa tokko sarara  $\ell$  kan ta'e fi safari isaa safara  $\angle ABC$  waliin wal-qixa ta'e.




Danaa 6.19

Tarkaanfilee Ijaarsaa	Ijaarsa
<b>Tarkaanfii 1:</b> B akka handhuuraatti fayyadamuun, fi raadiyesii mijataa ta'e fudhachuun, golboo geengoo kan $\angle ABC$ tuqaalee R fi S irratti kiphu ijaari.	
<b>Tarkaanfii 2:</b> P akka handhuraatti fayyadamuun fi raadiyesii tarkaanfii 1 keessaa fudhachuun golboo sarara $\ell$ tuqaa E irratti kiphu ijaari.	
<b>Tarkaanfii 3:</b> S akka handhuuraatti fudhachuu fi dheerina $\overline{SR}$ akka raadiyesitti fudhachuu golboo ijaari.	

**Tarkaanfii 4:**  $\ell$  irraa, E akka handhuratti fudhachuu fi dheerina  $\overline{SR}$  akka raadiyesiitti fudhachuun, golboo kan golboo tarkaanfii 2 keessatti ijaarte tuqaa D irratti kiphu ijaari.



**Tarkanfii 5:** Sarartootti fayyadamuun  $\overrightarrow{PD}$  ijaari. Achiin booda safarri kofa  $\angle DPE$  safara kofa  $\angle ABC$  waliin wal-qixa ta'a.



## Hojii Garee 6.1


- 1    a    Sarartootti fayyadamuun sarara dhaabbataa dheerinni isaa saantiimetira 5 ta'e ijaari.
- b    Sarartoo fi Kompaasiitti fayyadamuun, sarara dhaabbataa a keessaa irra deebi'uun fakkeessi.
- 2    a    Pirotiraaktariitti fayyadamuun, kofa safarri isaa  $90^\circ$  ta'e ijaari.
- b    kompaasii fi sarartootti fayyadamuun, kofa a keessatti ijaarte fakkeessi.

Amma immoo akkaataa itti rogsadee qaamni isaa tokko tokko kenname ijaaruu dandeessu baratta. Yoo rogoonniif kofoonni isaa tokko tokko siif kennaman rog sadee ni ijaarta.

### Ijaarsa 3:

**Kan kenname:** Rogoota sadan rogsadichaa, kan dheerinni isaanii yuunitii a, b, fi c ta'e.


**Kan ijaartu:** Rog-sadee dheerinni rogoota isaa yuuniitota a, b fi c ta'e.



Danaa 6.20

Tarkaanfilee Ijaarsaa	Ijaarsa
<b>Tarkaanfii 1:</b> Sarara $\ell$ ijaaruun sarara $\ell$ irraa tuqaa P fudhadhu.	
<b>Tarkaanfii 2:</b> P irraa sarara dhaabbataa kan dheerinni isa yuuniitii a ta'e ijaari.	


**Tarkaanfii 3:** P akka handhuuraatti fayyadamuunii fi yuunitoota **c** akka raadiyesiitti fayyadamuun, golboo sarara  $\ell$  irratti ijaari.



**Tarkaanfii 4:** Q akka handhuuraatti fayyadamuunii fi yuunitoota **b** akka raadiyesiitti fayyadamuun golboo, kan golboo tarkaanfii 3 keessatti ijaarte, tuqaa R irratti kiphu ijaari.



**Tarkaanfii 5:**  $\overline{RP}$  fi  $\overline{RQ}$  ijaari,  $\Delta PQR$ 'n rog sadee rogonni isaa yuunitota a, b fi c ta'e dha.



## Gocha 6.4

- 1 Sarartoo fi kompaasiitti fayyadamuun, rogsadee dheerinni rogoota isaa kan yuunitota armaan gadii ta'e ijaari.
 


<b>a</b> 1, 2, 3	<b>b</b> 2, 3, 5	<b>c</b> 6, 7, 12
<b>d</b> 1, 2, 1.5	<b>e</b> 2, 3, 3	<b>f</b> 6, 6, 6
- 2 Dheerina rogoota rog-sadee gaaffii 1<sup>ffa</sup> armaan olii keessatti kennaman keessa lakkofsota warreen xixiqqoo ta'an walitti ida'uun lakkofsaa isa sadaffaa waliin madaali. Ida'ama lakkofsota lamaanii moo isaa 3<sup>ffa</sup> tu caala?
- 3  $a, b$  fi  $c$ 'n lakkofsota kan rogoota rog-sadee uuman yoo ta'an,
 

<b>a</b> $a + b$ , $c$ waliin madaali.	<b>b</b> $a + c$ , $b$ waliin madaali.
<b>c</b> $b + c$ , $a$ waliin madaali.	
- 4 Lakkofsota akka dheerina rogoota rog sadeetti yoo keessu, lakkofsota sadan kana irratti ulaagaan ati keessu maali?

Gocha 6.4 armaan olii yaada baay'ee barbaachisaa ji'oomeetirii armaan gaditiin guduunfama.

### Wal-caalmaa rogoota rog-sadee

Rog-sadee kamuu keessatti, ida'amni dheerina rogoota lamaa irra guddaa dheerina roga isa sadaffaa ti. Kana jechuun  $a, b$  fi  $c$ 'n dheerina rogoota rog-sadee tokkoo yoo ta'an,  $a + b > c$ ,  $a + c > b$  fi  $b + c > a$  ta'u.



## Danaa 6.21

Kanaaf, lakkofsota akka dheerina rogoota rog sadeetti yoo keessu, lakkofsonni kun wal caalmaa rog sadee guutuu isaanii mirkanoeffachuu qabda.

## Gilgaala 6.4

- 1** Kompaasii fi sarartuu fayyadamuun, rog sadee dheerinni rogoota isaa armaan gaditti kennaman ijaari.
 

<b>a</b> 3cm, 4cm fi 5cm	<b>b</b> 3cm, 4cm, 8cm	<b>c</b> 6cm, 6cm, 6cm
<b>d</b> 5cm, 4cm fi 9cm	<b>e</b> 8cm, 4cm, 5cm	
  
- 2** Kanneen armaan gadii keessaa kan dheerina rogoota rogsadee ta'uu danda'u kami?
 

<b>a</b> (3cm, 2cm, 2.5cm)	<b>b</b> (3cm, 4cm, 8cm)	<b>c</b> (6cm, 6cm, 6cm)
<b>d</b> 5cm, 4cm, fi 9cm	<b>e</b> (8cm, 4cm, 5cm)	
  
- 3**  $a$  fi  $b$ 'n dheerina rogoota rog-sadee lama yoo ta'an, kanneen armaan gadii keessaa kamtu dheerina roga isa sadaffaa ta'uu danda'aa?
 

<b>a</b> $a = 4\text{cm}$ fi $b = 5\text{cm}$		
<b>i</b> 7cm	<b>ii</b> 10cm	<b>iii</b> 9cm
<b>b</b> $a = 3.6\text{cm}$ fi $b = 4.4\text{cm}$		
<b>i</b> 8.1 cm	<b>ii</b> 8cm	<b>iii</b> 2cm
<b>c</b> $a = 2.5\text{cm}$ fi $b = 6.5\text{cm}$		
<b>i</b> 4.5cm	<b>ii</b> 1.5cm	<b>iii</b> 9cm



Rogootni lamaa fi kofti gidduu rogoota kanaa yoo kenname, rog-sadee ijaaruun ni danda'ama.

## Ijaarsa 4:

**Kan kenname:** Rogoota lama  $a$  fi  $b$  akkasumas  $\angle C$ , kan rogoota kana giddu jiru.

Danaa 6.22

**Kan ijaartu:** Rogsadee dheerinni roogta isaa lamaa fi kofti gidduu rogoota kanaa kan kenname.




Danaa 6.23

Tarkaanfilee ijaarsaa	Ijaarsa
<b>Tarkaanfii 1:</b> Sarara $\ell$ ijaaruun, tuqaa C sarara $\ell$ irraa filadhu	
<b>Tarkaanfii 2:</b> C akka tuqaa handhuuraatti fudhachuun, sarara dhaabbataa dheerinni isaa yuuniitii b ta'e ijaarun dhuma sarara dhabbataa kanaa Q jechuun moggaasi.	
<b>Tarkaanfii 3:</b> C irratti kofa safarri isaa hamma safara $\angle C$ ta'e ijaaruun, sarara dhaabbaticha m jechuun moggaasi.	
<b>Tarkaanfii 4:</b> C akka tuqaa ka'umsaatti fudhachuun, sarara m irratti sarara dhaabbataa dheerinni isaa yuuniitii a ta'e ijaarun dhuma sarara dhabbataa kanaa R jechuun moggaasi.	
<b>Tarkaanfii 5:</b> Sarara dhaabbataa $\overline{QR}$ ijaari. $\Delta RCQ$ Rogsadee barbaadamu dha.	

Kana malees kofootni lamaa fi rogni gidduu isaanii yoo kenname rogsadee ijaaruun danda'ama.

### Ijaarsa 5:


**Kan kenname:** Kofoota lama B fi C fi roga gidduu kofoota kanaa ta'ee dheerinni isaa yuunitii  $a$  ta'e.



Danaa 6.24

**Kan Ijaartu:** Rogsadee kofootni isaa lama kennamanii

fi rogni gidduu isaanii jiru kenname.



Tarkaanfilee ijaarsaa	Ijaarsa
<b>Tarkaanfii 1:</b> Sarara $\ell$ ijaaruun, sarara $\ell$ irraa tuqaa B filadhu.	
<b>Tarkaanfii 2:</b> B irraa ka'uun sarara dhabbataa dheerinni isaa yuuniitii a ta'e ijaaruun, dhuma sarara dhabbataa kanaa C jechuun moggaasi.	
<b>Tarkaanfii 3:</b> B irratti kofa safarri isaa safara kofa $\angle B$ ta'ae ijaari.	
<b>Tarkaanfii 4:</b> C irratti kofa safarri isaa safara kofa $\angle C$ ta'e ijaari. Mee kipha sarara $m$ fi sarara $n$ , A haa jennu.	
<b>Tarkanfii 5:</b> kiphini sarara $m$ fi sarara $n$ verteeksii sadaffaa rog-sadichaa rog sadee barbaadamu dha.	

### Hariiroo rogootaa fi kofoota rogsadee tokkoo

Mata duree kana osoo hin guduunfiin dura, hariiroo rogootaa fi kofoota rogsadee gidduu jiru ilaali.

### Gocha 6.5


- 1 Kompaasii fi sarartootti fayyadamuun, rog sadoota rogoota armaan gadii qaban ijaari.
- |                               |                           |
|-------------------------------|---------------------------|
| <b>a</b> 2cm, 2cm, fi 3cm     | <b>b</b> 5cm, 5cm, fi 6cm |
| <b>c</b> 10cm, 11cm, fi 10 cm | <b>d</b> 6cm, 6cm fi 6 cm |

- 2** Gaaffii (1) armaan olii keessatti kofa rogoota dheerina wal-qixa qaban lamaanii fi roga sadaffaa gidduu jiru pirootiraaktariin safari. Maal hubatta?
- 3** Kompaasii fi sarartuu fayyadamuun, rogsadoota rogoonni isaanii armaan gadii ijaari. Iddoo hundattuu pirootiraaktarii fayyadamuun kofoota uumaman safari.
- a** 3cm, 4cm, fi 5cm      **b** 6cm, 7cm, fi 8cm  
**c** 11cm, 15cm, fi 16cm
- 4** Gaaffii 3<sup>ffaa</sup> armaan olii keessatti:
- a** Rogni inni gabaabaan, fuullee kofa isa xiqlaatti argamaa?  
**b** Rogni inni dheeraan fuullee kofa isa guddaatti argamaa?  
**c** kofti inni guddaan, fuullee roga isa dheeraatti argamaa?  
**d** kofti inni xiqlaan, fuullee roga isa gabaabaatti argamaa?
- 5** Rogsadeewwan adda addaa sadii kan dheerinni roga isaanii wal-qixa ta'e ijaari. Kofoota rogsadeewwan kanaa safari. Hariroo isaan gidduu jiru barbaadi.
- 6** Rog sadeewwan iskeelanii adda addaa sadii ijaaruun kofoota isaanii safari. Safarri kofoota rogsadeewwanii wal-qixa ta'e qabaachuu danda'uu?

Gocha armaan olii irraa, hariroon rogootaa fi kofoota rogsadee gidduu jiru akka armaan gadiitti taa'uu ni danda'a.


Rog sadee ayisoosilesii keessatti, kofootni rogsadichaa lama safara wal-qixa ta'e qabu. Kana jechuun,  $\Delta ABC$  keessatti,

$$s(\overline{AB})=s(\overline{AC}) \text{ yoo ta'e, } \angle ABC = \angle ACB \text{ safara wal qixa qabu.}$$



**Fakkeenyaa 1:** Danaa 6.27 armaan gadii keessatti,

$$s(\overline{AB})=s(\overline{AC}) \text{ fi } s(\angle ABC)=50^\circ \text{ yoo ta'e, } \text{safara } \angle ACB \text{ barbaadi.}$$



**Furmaata:**  $\Delta ABC$ 'n rog-sadee ayisoosilesii waan ta'eef, ( $s(\overline{AB})=s(\overline{AC})$  waan ta'eef),

kofootni fuullee rogoota kanaa jiran safara wal-qixa ta'e qabu.

$$\text{Kana jechuun, } s(\angle ABC) = s(\angle ACB)$$


$$\text{Garuu } s(\angle ABC) = 50^\circ, \text{ kanaaf, } s(\angle ACB) = 50^\circ$$

Rog-sadee ikulaateraalii keessatti, kofootni isaa hundi safara wal-qixa ta'e qabu.

Kana jechuun,  $\Delta ABC$  keessatti,

$$s(\overline{AB}) = s(\overline{AC}) = s(\overline{BC}) \text{ yoo ta'e,}$$

$$s(\angle A) = s(\angle B) = s(\angle C) = 60^\circ$$




Danaa 6.28

- 1 Rogsadee iskeelanii keessatti kofootni sadanuu safara adda addaa qabu.

Kana jechuun  $\Delta ABC$  keessatti


$$s(\overline{AB}) \neq s(\overline{BC}) \neq s(\overline{CA}) \text{ yoo ta'e,}$$

$$s(\angle A) \neq s(\angle B) \neq s(\angle C).$$



Danaa 6.29

- 2 Rogsadee tokko keessatti kofootni lama safara adda addaa yoo qabaatan, rogootni fuullee kofoota kanaa safara addaa addaa qabu. Kana malees, rogni fuullee kofa isa safara guddaa qabutti argamu, dheerina guddaa qaba. Kana jechuun,  $\Delta ABC$  keessatti yoo  $s(\angle C) > s(\angle B)$  ta'e,  $s(\overline{AB}) > s(\overline{AC})$ .



Danaa 6.30

- 3 Rogoonni rogsadee lama dheerina adda addaa yoo qabaatan, kofootni fuullee rogoota kanaatti argamanis safara wal-qixa ta'e hin qaban. Kana malees, kofti fuullee roga dheeratti argamu, kofa safarri isaa guddicha ta'e dha.

### Gilgaala 6.5

- 1 Kompaasi fi sarartootti fayyadamuun rogsadeewwan armaan gadii ijaari. Rogootni rogsadichaa lamaa fi kofti gidduu isaanii kennamee jira. Kofaa fi roga isa hafe safaruun barbaadi.

**a**  $a = 3\text{cm}, b = 4\text{cm}$ , fi  $s(\angle C) = 40^\circ$    **b**  $a = 5\text{cm}, b = 6\text{m}$  fi  $s(\angle C) = 50^\circ$

**c**  $a = 6\text{cm}, b = 6\text{cm}$  fi  $s(\angle C) = 60^\circ$    **d**  $a = 3\text{cm}, b = 4\text{cm}$  fi  $s(\angle C) = 90^\circ$

**e**  $a = 6\text{cm}, b = 8\text{cm}$  fi  $s(\angle C) = 90^\circ$


- 2 Armaan gaditti kofoonni lamaa fi rogni gidduu kofootaa kennamee jira. Rog sadeewwan kana ijaari.

**a**  $45^\circ, 90^\circ, 3\text{cm}$    **b**  $60^\circ, 60^\circ, 5\text{cm}$    **c**  $110^\circ, 30^\circ, 2\text{cm}$

**d**  $40^\circ, 40^\circ, 6\text{cm}$    **e**  $60^\circ, 90^\circ, 3\text{cm}$    **f**  $50^\circ, 70^\circ, 5\text{cm}$

**g**  $40^\circ, 70^\circ, 3\text{cm}$    **h**  $60^\circ, 40^\circ, 3\text{cm}$

- 3 Danaa 6.31 armaan gadii keessatti,  $s(\angle A) = 75^\circ$ ,  
 $s(\angle B) = 50^\circ$  dha. Roga  $\overline{AC}$  moo Roga  $\overline{BC}$  tu  
dheeraa dha? Maaliif?



Danaa 6.31

- 4 Rogsadee dheerinni rogoota isaa 6cm, 9cm fi 16cm ta'e ijaaruu dandeessaa?  
5  $\Delta PQR$  keessatti  $s(\angle P) = 30^\circ$ ,  $s(\angle Q) = 30^\circ$  yoo ta'e rogsadeen kun rogsadee  
ayisoosilasii ta'uu danda'aa? Kofa R safari.


## 6.3 ROGSADOO TA WALITTIGALOO

Ji'oomeetirii keessatti, yaad-rimeen ji'oomeetirii bu'ura kan godhate, hariiroo rogootaa fi kofoota rog sadee gidduu jiru dha. Mata duree kana keessatti hariiroo rogsadeewwan gidduu jiru jecha "walitti galoo"tti fayyadamuun ni ibsita.


### 6.3.1 Walitti galummaa Rogsadootaa

#### Gocha 6.6


- 1 Danaa 6.32 armaan gadii ilaali.  
a Danaawwan lamaan bifa (boca) wal-fakkaatu qabuu?  
b Danaawwan kana keessaa tokko fuutee isa biraa irra yoo keesse guutumaa  
guutuutti walirra ooluu?



Danaa 6.32



- 2 Danaa 6.33 armaan gadii ilaali.  
a Danaawwan lamaan bifa (boca) wal-fakkaatu qabuu?  
b Dheerinni rogoota danaawwan kanaa wal qixa dhaa?  
c Danaawwan kana keessaa tokko fuutee isa biraa irra yoo keesse, guutumaa  
guututti ni huwwisaa? Maaliif?




Danaa 6.33



3 Danaa 6.34 armaan gadii ilaali.


- a Sararoonni dhaabbatoo lamaan dheerina wal-qixa ta'e qabuu?
- b Sarara dhaabbataa isa tokko, isa biraa irra yoo keesse wal qixxaatuu?



Danaa 6.34

4 Danaa 6.35 armaan gadii ilaali.

- a Kofootni lamaan safara wal-qixa ta'e qabuu?
- b Kofoota kana keessaa isa tokko isa biraa irra yoo keesse isa biraa waliin wal simataa? Maaliif?



Danaa 6.35

5 Danaa 6.36 armaan gadii ilaali.

- a Rogsadeewan lamaan bifaa (boca) wal fakkaatu qabuu?
- b Rogsadee isa tokko, rogsadee isa biraa irra yoo keesse wal simatuu? Tartiiba kamiin wal simatu?



Danaa 6.36

6 Danaawwan ji'oomeetirii diriiroo lama kan wal simatan yoomi jettee yaadda?

Gochi armaan olii guutumaa guututti barbaachisummaa yaad-rimeen walittigalummaa" ni agarsiisa. Hubannoo tilmaamaatiin danaaleen ji'oomeetirii lama walittigaloo kan

ta'an, danaalee kana keessaa isa tokko, isa biraa irra yoo keessu, walsimatu yoo ta'e dha. Kun irra caalaatti yoo ibsamu akka armaan gadiitti kaa'ama.

**Hubachiisa:** Danaaleen ji'oomeetirii lama walittigaloo dha kan jedhaman yoo boca tokkoo fi guddina qaamaa wal-qixa qabaatani dha.

Danaaleen ji'oomeetirii lama walitti galoo ta'uun isaanii agarsiisuuf mallattoo “≡” fayyadamt. Yoo dubbistus waliiti galoo jechuun.


Hiikoo walittigalummaa rogsadoota osoo hin kenniin dura, hiikoo walitti galummaa sararoota dhaabbatoo akkasumas walitti galummaa kofootaa ilaali.

- 1 Sareroonni dhaabbatoon lama, haa jennu  $\overline{AB}$  fi  $\overline{CD}$  walitti galoo dha ( $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$ ) kan jedhaman yoo dheerinni  $\overline{AB}$  fi dheerinni  $\overline{CD}$  walqixa ta'e dha. Kana jechuun, yoo  $s(\overline{AB}) = s(\overline{CD})$  ta'e,  $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$



Danaa 6.37


- 2 Kofootni lama  $\angle ABC$  fi  $\angle DEF$  walittigaloo dha, ( $\angle ABC \equiv \angle DEF$ ) kan jedhaman yoo safarii kofoota kanaa wal-qixa ta'e dha. Kana jechuun yoo  $s(\angle ABC) = s(\angle DEF)$  ta'e,  $\angle ABC \equiv \angle DEF$  ta'a.




Danaa 6.37

Rogsadeewan lama keessatti rogsadee isa tokko fuutee rogsadee isa biraa irra yoo keessu, yoo wal simatan, kofootnii fi rogoonni wal simatan kun safara wal qixa ta'e qabu. Kofootni wal simatan kun kofoota waliigitaaj jedhamu. Rogootni walsimatan immoo rogoota walii gitaa jedhamu.

**Fakkeenyaa 1:** Danaa 6.38 armaan gadii,  $\triangle ABC$  fi  $\triangle DEF$  keessatti kofoota waliigitaaj fi rogoota waliigitaaj tarreessi.



Danaa 6.38



**Furmaata:**

- 1  $\angle A$  fi  $\angle D$ , kofoota waliif gitaa ti.
- $\angle B$  fi  $\angle F$  kofoota waliif gitaa ti.
- $\angle C$  fi  $\angle E$  kofoota waliif gitaa ti.

**2**  $\overline{BC}$  fi  $\overline{EF}$  rogoota waliif gitaa ti.

$\overline{AB}$  fi  $\overline{DF}$  rogoota waliif gitaa ti

$\overline{AC}$  fi  $\overline{ED}$  rogoota waliif gitaa ti.

**Hiikoo 6.8:** Rogsadeewwan lama, rogsadeewwan walittigaloo dha kan jedhaman yoo rogoontni waliif gitaa walittigaloo ta'anii fi kofootni waliif gitaa walitti galoo ta'ani dha. Hiikoon armaan olii kun danaatiin akka armaan gadiitti ibsama.

**Hiikoo 6.9:** Rogsadeewwan lama,  $\Delta ABC$  fi  $\Delta DEF$ 'n rogsadeewwan walitti galoo dha ( $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$ ) kan jedhaman kanneen armaan gadii yoo dhugaa ta'ani dha.

1  $\overline{AB} \equiv \overline{DE}$


4  $\angle B \equiv \angle E$

2  $\overline{AC} \equiv \overline{DF}$

5  $\angle A \equiv \angle D$

3  $\overline{CB} \equiv \overline{FE}$

6  $\angle C \equiv \angle F$



Danaa 6.39

#### Hubachiisa:

- 1 Mallattoon  $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$  kan himu rogsadootni walitti galoo ta'uu qofaa osoo hin taane, tartiiba isaan ittiin walitti galoo ta'anis ni hima.
- 2 Rogsadeewwan lama walitti galoo yoo ta'an, rogoota walitti galoo ta'an irra mallattoo wal fakkaatu keessa. Akkasumas kofoota walittigaloo ta'an irrattis mallattoo wal fakkaatu keessa.

**Fakkeenyä 2:**  $\Delta PQR \equiv \Delta RST$  yoo ta'e, rogoota walitti galoo fi kofoota walitti galoo tarreessi.

**Furmaata:**  $\overline{PQ} \equiv \overline{RS}$

$\angle PQR \equiv \angle RST$

$\overline{QR} \equiv \overline{ST}$

$\angle QRP \equiv \angle STR$

$\overline{RP} \equiv \overline{TR}$

$\angle RPQ \equiv \angle TRS$ .

**Fakkeenyä 3:**  $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$  fi  $s(\overline{AB}) = 2s(\overline{BC})$  yoo ta'e, hariiroo safara  $\overline{DE}$  fi safara  $\overline{EF}$  akkamitti ibsita?

**Furmaata:**  $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$  waan ta'eef

$$s(\overline{AB}) = s(\overline{DE}) \text{ fi } s(\overline{BC}) = s(\overline{EF})$$

$$s(\overline{AB}) = 2s(\overline{DC}) \text{ waan ta'eef, } s(\overline{DE}) = 2s(\overline{EF}) \text{ ta'a.}$$

## Hojii Garee 6.2

- 1 Waraqaa irraa rogsadeewwan adda addaa lama kan bocaa (bifa) fi hamma tokkicha qaban mummuruun hojjedhu. Rogsadeewwan kunniin tartiiba adda addaa meeqaan walitti galoo ta'uu danda'u?
- 2 Waraqaa mummuruun Rogsadeewwan Ikulaateraalii lama qopheessi. Rogsadeewwan kun tartiiba adda addaa meeqaatiin walittigaloo ta'uu danda'u?

### 6.3.2 Walitti galummaa rogsadeewwanii Mirkaneessuu

Hiikoo walitti galummaa rogsadeewwanii irraa, rogsadeewwan lama walitti galoo yoo ta'an, rogoonti waliigitaa walittigaloo dha. Akkasumas kofootni waliigitaa walittigaloo dha. Rogsadeewwan lama walitti galoo ta'uu isaanii mirkaneessuu yoo barbaadde, walitti galummaa rogoontaa fi walitti galummaa kofootaa, jahan isaanii mirkaaneessuu qabdaa? Walitti galummaa rogsadeewwan lamaa mirkaneessuuf haalota ja'anuu ilaaluun barbaachisaa miti.

#### A. Walitti galummaa rogsadeewwanii Roga-Kofa-Roga ilaaluun mirkaneessuu

## Gocha 6.7


- 1
  - a Sarartoo fi pirotiraakteriitti fayyadamuun, dabtara kee irratti,  $\Delta ABC$ ,  $s(\overline{AB})=3\text{cm}$ ,  $s(\overline{BC})=4\text{cm}$  fi  $s(\angle B)=90^\circ$  akka ta'utti ijaari.
  - b Sarara dhaabbataa DE, kan dheerinni isaa dheerina  $\overline{BC}$  waliin walqixa ta'e ijaari.
  - c Tuqaa D irratti kofa safarri isaa, safara  $\angle B$  waliin wal qixa ta'e ijaari.
  - d Tuqaa D akka ka'umsaatti fudhachuun, sarara dhaabbataa DF, kan dheerinni isaa sarara dhaabbataa AB, waliin wal qixa ta'e ijaari.
  - e Tuqaalee F fi E wal qabsiisuun,  $\Delta FDE$  ijaaruun xumuri.
  - f Sarartootti fayyadamuun  $\overline{EF}$  safaruun dheerina  $\overline{AC}$  waliin madaali.
  - g Pirotiraaktariitti fayyadamuun,  $\angle E$  safari. Kan safarte kana safara  $\angle C$  waliin wal madaalchisi. Kofootni kun lamaan walitti galoo dhaa?
  - h  $\angle F$  safari. Achiin booda safara kofa A waliin walmadaalchisi. Kofootni kun lamaan walitti galoo dhaa?
- 2 Tartii lakkofsaa 1 armaan olii irraa,  $\Delta ABC$  fi  $\Delta FDE$  walittigaloo dhaa? Kun yeroo hunda dhugaa dhaa? Irra deddeebi'uun mirkaneeffachuu yaali.

#### Walitti-galummaa Rogsadeewwanii Roga-Kofa-Rogaan (RKR) Mirkaneessuu

Rogsadeewwan lama keessatti, rogoonti lamaa fi kofti gidduu isaanii tokko rogoota walii gitaa fi kofa waliigitaa rogsadee isa biraan walii walitti galoo yoo ta'an, rogsadeewwan kun lamaan walitti galoo dha.

**Hubachiisa:** Yaalii madaallii walitti galummaa armaan olii gabaabsitee RKR  
jechuun kaa'uu dandeessa.



**Fakkeenya 4:** Danaa 6.40 armaan gadii keessatti,  $\Delta ABC$  fi  $\Delta DEF$  keessatti  
 $\overline{AB} \equiv \overline{DE}$  fi  $\overline{BC} \equiv \overline{DF}$  yoo ta'e, yaalii RKR tiin  $\Delta ABC \equiv \Delta EDF$  akka  
ta'uuf, kofootni walitti galoo ta'uu qaban warren kami?



Danaa 6.40

**Furmaata:** RKR tiin  $\Delta ABC \equiv \Delta EDF$  yoo ta'e,  $\angle B \equiv \angle D$  ta'uu qaba. Sababni isaas, kofootni kun lamaan rogoota walitti galoo kennaman gidduutti waan argamaniif dha.

**Fakkeenya 5:** Danaa 6.41 armaan gadii keessatti,  $\Delta\text{GHI} \equiv \Delta\text{PQR}$  ta'uu mirkaneessi. Rogni roga  $\overline{\text{HI}}$  waliin walitti galaa ta'e kami?




Danaa 6.41

# Mirkaneessuu:

<b>Hima</b>	<b>Sababa</b>
<b>1</b>	$\overline{GH} \equiv \overline{PQ}$ ..... <i>Kennama</i>
<b>2</b>	$\angle G \equiv \angle P$ ..... <i>Kennama</i>
<b>3</b>	$\overline{GI} \equiv \overline{PR}$ ..... <i>Kennama</i>
<b>4</b>	$\Delta GHI \equiv \Delta PQR$ ..... <i>RKR</i>
<b>5</b>	$\overline{HI} \equiv \overline{QR}$ ..... <i>roqoota waliif qitaa waan ta'aniif</i>


Gilgaala 6.6

- 1 Kanneen armaan gadii keessatti rogsadeewwan cimdiidhaan kennaman RKR tiin walitti galoo akka ta'aniif, rogoota walitti galoo ta'uu qabanii fi kofoota walitti galoo ta'uu qaban tarreessi.




Danaa 6.42

- 2 Danaa 6.43 armaan gadii keessatti,  $\overline{AC} \equiv \overline{BC}$ , fi  $\angle ACD \equiv \angle BCD$  yoo ta'e,  $\Delta ACD \equiv \Delta BCD$  ta'uu mirkaaneessi.




Danaa 6.43

- 3 Danaa 6.44 keessatti,  $\Delta AEB \equiv \Delta DEC$  ta'uu mirkaneessi,




Danaa 6.44

- 4 Danaa 6.45 gara mirgaa keessatti  $\Delta ABD \equiv \Delta CDB$  ta'uu mirkaneessi.





Danaa 6.45

- 5 Danaa 6.46 gara mirgaa keessatti,  
 $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$ ,  $\overline{BE} \equiv \overline{DF}$  fi  $\angle ABE \equiv \angle CDF$   
yoo ta'e,  $\Delta AEB \equiv \Delta CFD$  ta'uu mirkanessi.  
Kofti  $\angle AEB$  waliin walitti galoo ta'e kami?




Danaa 6.46

- 6 Danaa 6.47 armaan gadii keessatti,  $\overline{AB} \equiv \overline{DE}$ ,  $\overline{BC} \equiv \overline{EF}$  yoo ta'e, RKR tiin  
 $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$  akka ta'uuf, kofootni walitti galoo ta'uu qaban warra kami?




Danaa 6.47

- 7 Danaa 6.48 armaan gadii keessatti,  $s(\overline{PQ}) \equiv s(\overline{TU})$ ,  $\angle QPR \equiv \angle TUS$  yoo ta'e, RKR tiin  $\Delta PQR \equiv \Delta TUS$  akka ta'uuf rogoonti walitti galoo ta'uu qaban warra kami?



Danaa 6.48



### B. Walitti galummaa rogsadeewwanii Roga-Roga-Roga ilaaluun mirkaneessuu

- (A) keessatti yaalii rog-kofa-Roga fayyadamuun akkamitti walittigalummaa Rogsadeewwanii akka mirkaneessuu dandeessu barattee jirta. Asitti ammoo seera Rog-Roga-Rogaatti fayyadamun, akkaataa, itti walitti galummaa rogsadeewwanii mirkaneessuu dandeessu ni baratta.

### Hojii Garee 6.3


- 1 Kompaasii fi sarartootti fayyadamuun,  $\Delta ABC$ , kan  $s(\overline{AB}) = 6\text{cm}$ ,  $s(\overline{BC}) = 7\text{cm}$  fi  $s(\overline{CA}) = 8\text{cm}$  ta'e ijaari.
- 2 **a** Sarara dhaabbataa DE, Kan dheerinni isaa 6cm ta'e ijaari.
- b** Tuqaa D, akka tuqaa handhuuraatti fudhachuun, golboo raadiyesiin isaa dheerina  $\overline{BC}$  waliin wal-qixa ta'e fakkeessi.
- c** Tuqaa E, akka tuqaa handhuuraatti fudhachuun, golboo raadiyesiin isaa dheerina  $\overline{CA}$  waliin walqixa ta'ee fi, golboo **b** keessatti fakkeessite waliin wal kiphu muri. Tuqaa golboowwan kun irratti wal-kiphan F jechuun moggaasi.

- d** Tuqaa F, tuqaalee D fi E waliin wal qabsiisuun ijaarsa rogsadee DEF xumuri.
- 3 a** Pirotiraaktariitti fayyadamuun, kofoota  $\Delta ABC$  fi  $\Delta DEF$  safari.
- b** kofoota,  $\angle A \equiv \angle D$ ,  $\angle B \equiv \angle E$ ,  $\angle C \equiv \angle F$  waliin madaali. Cimdiwwan kofootaa kennaman kun walitti galoo dhaa?
- 4** Waa'ee walitti galummaa  $\Delta ABC$  fi  $\Delta DEF$  maal jechuu dandessa? Rogsadeewwan kun walitti galoo dhaa?

Hojjin Garee armaan olii gara yaalii biraa kan walitti galummaa rogsadootaa ittiin mirkaneessitutti sigeessa.

### Walitti-galummaa Rogsadeewwanii seera Roga-Roga-Rogaan (RRR)

Rogsaddeewwan lama keessatti,  
rogootni rogsadee tokkoo rogoota  
waliigitaa rogsadee biraa waliin  
walittigaloo yoo ta'an, rogsadeewwan  
lamaan walitti galoo dha.




Danaa 6.49

Gabaabaatti,  $\Delta ABC$  fi  $\Delta DEF$  keessatti,  $\overline{AB} \equiv \overline{DE}$ ,  $\overline{BC} \equiv \overline{EF}$  fi  $\overline{CA} \equiv \overline{FD}$  yoo ta'e,  
 $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$  ta'a.

**Hubchiisa:** Seera walittigalummaa Roga-Roga-Rogaa, gabaabsitee RRR jechuun barreessuu dandeessa.

**Fakkeenyaa 6:** Danaa 6.50 armaan gadii irratti,  $\overline{AB} \equiv \overline{DC}$ ,  $\overline{AD} \equiv \overline{BC}$  yoo ta'an,

- i**  $\Delta ACB \equiv \Delta DBC$  ta'uu mirkaneessi.  
**ii**  $\angle A \equiv \angle D$  ta'uu mirkaneessi.




Danaa 6.50

**Furmaata:**

	Hima	Sababa
1	$\overline{AB} \equiv \overline{CD}$	kan kenname
2	$\overline{AC} \equiv \overline{BD}$	kan kenname
3	$\overline{BC} \equiv \overline{DC}$	Roga walee
4	$\Delta ACB \equiv \Delta DBC$	tarkaanfii 1, 2, 3 fi RRR irraa
5	$\angle A \equiv \angle D$	Hiikoo walitti galummaa rogsadeewwanii fi tarkaanfii 4 irra.


### Gilgaala 6.7

- 1 Danaa 6.51 gara mirgaa irratti,  $\overline{AB} \equiv \overline{AC}$  fi  $\overline{DB} \equiv \overline{DC}$  fi  $s(\angle BDA) = 30^\circ$  yoo ta'e, safara  $\angle CDA$  barbaadi.




Danaa 6.51

- 2 Danaa 6.52 armaan gadii keessatti,  $s(\overline{DB}) = 5\text{cm} = s(\overline{EC})$ ,  $s(\overline{DC}) = 10\text{cm} = s(\overline{BE})$  fi  $s(\angle BDC) = 50^\circ$  yoo ta'e,  $s(\angle BEC)$  barbaadi.




Danaa 6.52

- 3 Danaa 6.53 armaan olii keessatti,  $\overline{AB} \equiv \overline{AC}$ ,  $\overline{DB} \equiv \overline{DC}$  yoo ta'e,  $\angle ADB \equiv \angle ADC$  ta'uu mirkaneessi.




Danaa 6.53

- 4 Danaa 6.54 armaan gadii keessatti,  $\overline{AB} \equiv \overline{CD}$  fi  $\overline{BD} \equiv \overline{CA}$  yoo ta'e,  $\Delta ABD \equiv \Delta DCA$  ta'uu mirkaneessi.




Danaa 6.54

- 5 Danaa 6.55 armaan gadii keessatti,  $\overline{AB} \equiv \overline{DE}$ ,  $\overline{BC} \equiv \overline{EF}$ ,  $\overline{CA} \equiv \overline{FD}$  ti.  $\Delta ABC$ 'n immoo rogsadee kofa akkiyutii dha.  $\Delta DEF$ 'n rogsadee akkamitti?




Danaa 6.55



- 6 Danaa 6.56 armaan gadii keessatti,  $\overline{BO} \equiv \overline{AO}$ , fi  $\overline{OD} \equiv \overline{OC}$  ti.

$\Delta BOC \equiv \Delta AOD$  yoo ta'e RRR, tiin rogootni biraan kan walittigaloo ta'uu qaban warra kami?




### C. Walittigalummaa Rogsadeewwanii Kofa-Roga-Kofaan (KRK) mirkaneessuu:

(A) fi (B) keessatti, maloota adda addaa lama kan walitti galummaa rogsadeewwanii ittiin mirkaneessitu barattee jirta. Amma ammoo mala kofa-roga-kofaa ilaaluun walitti galummaa rogsadeewwanii ittiin mirkaneessitu baratta.

Jalqaba garuu hiikoo armaan gadii ilaali.

**Hiikoo 6.10:** Rogni rogsadee tokko kofoota lama gidduu ooleera kan jennu, yoo verteeksonni kofoota kanaa tuqaalee fiixee roga kanaa kan uuman yoo ta'ani dha.

**Fakkeenyaa 7:** Danaa 6.57 armaan gadii keessatti,  
rogni gidduu kofoota  $\angle A$  fi  $\angle C$   
ta'e  $\overline{AC}$  dhaa?



**Furmaata:** Verteeksonni A fi C'n tuqaalee fiixee  $\overline{AC}$  waan ta'aniif,  $\overline{AC}$  'n kofoota,  $\angle A$  fi  $\angle C$  giddutti argama.

## Gocha 6.8

- 1 Kompaasii fi sarartuutti fayyadamuun,  $\Delta ABC$ , kan  $s(\angle A) = 70^\circ$ ,  $s(\angle B) = 60^\circ$  fi  $s(\overline{AB}) = 5\text{cm}$  ta'e ijaari.
- 2
  - a Sarara dhaabbataa DE kan dheerini isaa 5cm ta'e ijaari.
  - b Tuqaa dhumaan, tuqaa D irratti, kofa biraa kan kofa A waliin walitti galoo ta'e ijaari.
  - c Tuqaa dhumaan, tuqaa E irratti, kofa biraa, kan kofa B waliin walitti galoo ta'e ijaari.
  - d Xiyoota D fi E keessa darbanii tuqaa F irratti wal qaxxaamuran ijaari.

- e** Dheerina  $\overline{AC}$  fi  $\overline{DF}$  safaruun walmadaalchisi. Sararootni dhaabbatoon kuni lamaan walitti galoo dhaa?
- f** Dheerina  $\overline{BC}$  fi  $\overline{EF}$  safaruun wal madaalchisi. Sararootni dhabbatoot kuni lamaan walitti galoo dhaa?
- g** Kofoota  $\angle C$  fi  $\angle F$  safaruun wal madaalchisi. Kofootni kun walitti galoo dhaa?
- 3**  $\Delta ABC$  fi  $\Delta DEF$ 'n walittigaloo dhaa? Maaliif?

Gocha armaan olii sirriitti hojjettee jirta yoo ta'e,  $\Delta ABC \equiv \Delta DEF$  ta'uu ni hubatta. Bu'aan gocha kana irraa argatte gara yaalii sadaffaa walitti galummaa rogsadeewwanii ittiin mirkaneessitutti si ceesisa. Seerri kun seera, Kofa-Roga-Kofaa (KRK) kan jedhamu dha.

### Walittigalummaa Rogsadeewwanii, Kofa-Roga-Kofaan (KRK) Mirkaneeffachuu

Rogsadeewan lama keessatti, kofootni lamaa fi rogni gidduu isaanii kan rogsadee tokkoo, kofootaa lamaa fi roga gidduu isaanii kan rogsadee isa biraa waliin walittigaloo yoo ta'an, rogsadeewan kun walitti galoo dha.

**Hubachiisa:** Seera armaan olii kana gabaabaatti KRK jechuun barreessuu dandeessa.

**Fakkeenyaa 8:** Danaa 6.58 armaan gadii keessatti,  $\angle A \equiv \angle F$ ,  $\overline{AC} \equiv \overline{FD}$ ,  $\angle C \equiv \angle D$  fi  $s(\angle B) = 20^\circ$  yoo ta'e  $s(\angle E)$  meeqa?




**Furmaata:**  $\angle A \equiv \angle F$ ,  $\overline{AC} \equiv \overline{FD}$ , fi  $\angle C \equiv \angle D$  waan ta'eef, yaalii KRK tiin  $\Delta ABC \equiv \Delta FED$  ta'a. Kanaaf,  $\angle B \equiv \angle E$  ta'a.

Kanaaf,  $s(\angle E) = 20^\circ$


### Gilgaala 6.8

- 1** Danaa 6.59 armaan gadii keessatti  $\Delta DEF \equiv \Delta CAB$  ta'uu mirkaneessi.




- 2 Danaa 6.60 armaan gadii keessatti

$\Delta ABC \cong \Delta EDC$  ta'aa? ibsi




Danaa 6.60



- 3 Danaa 6.61 armaan gadii keessatti,  $\angle E \equiv \angle C$ , fi  $\overline{DE} \equiv \overline{BC}$  ti. KRK tiin,  $\Delta ABC \cong \Delta FDE$  akka ta'uuf kofootni walitti galoo ta'uu qaban warra kami?



Danaa 6.61




- 4 Danaa 6.62 armaan gadii keessatti, KRK tiin  $\Delta GHE \cong \Delta KLM$  akka ta'uuf, rogoootni walitti galoo ta'uu qaban lamaan warra kami?




Danaa 6.62

- 5 Danaa 6.63 armaan gadii keessatti,  $s(\angle B) = s(\angle L) = 60^\circ$ ,  $s(\overline{BC}) = s(\overline{NL}) = 4\text{cm}$ ,  $s(\overline{AC}) = 5\text{ cm}$ ,  $s(\angle C) = s(\angle N) = 70^\circ$  yoo ta'e, dheerina  $\overline{MN}$  barbaadi.



Danaa 6.63



## 6.4 SAFARA

Mata duree kana keessatti bal'ina rektaanglii irratti hundaa'uun bal'ina rogsadee kofa sirrii ni shallagda, yuuniitii safara bal'inaa tokko irraa isa biraatti ni jijiirta, naannawa rogsadee ni shallagda. Kana malees, foormulla qabee piriizimii rektaangulaa'aa ni ilalta, yuuniitota safara qabee bifaa tokko irraa gara bifaa biraatti ni jijiirta.

### 6.4.1 Bal'ina Rog-sadee Kofa sirrii fi Naannawa Rogsadee

Hiikoo fi foormulaa bal'ina bal'insa rektaangilii ni yaadattaa? Foormulaa bal'ina bal'insa rektaangilii irratti hundaa'uun, foormulaa bal'inaa kan rogsadee kofa sirrii ni barbaadda.

#### Gocha 6.9

- 1    **a**    Rektaangiliin rogafree akkamiiti?  
**b**    Safarii tokko tokkoon kofoota rektaanglii meeqa?
- 2    Baal'ina rektaangilii dheerinnii 3cm fi dalgeen isaa 4cm ta'e fudhadhu.  
**a**    Rektaangilii kana iskuweer-saantiimeetirii meeqatti hiruu dandeessa?  
**b**    Baay'ina iskuweer-saantiimeetirootaa kan rektaangilicha kana hiran maal jechuun waamta?
- 3    Rektaangilii dheerinni isaa yuuniitii  $\ell$  fi dalgeen isaa yuuniitota  $w$ , ( $\ell$  fi  $w$ 'n lakkofsota lakkawwii) kan ta'e fudhadhu.  
**a**    Rektaangilii kana iskuweer-yuunitoota xixiqqoo meeqatti hiruu dandeessa?  
**b**    Baay'ina iskuweer-yuunitootaa kan rektaangilicha kana hiranii irratti maal jechuu dandeessa?


#### Yaadadhu:

- 1    Rektaangiliin rogafree kan rogoontni waliif fuullee walitti galoo ta'anii fi kan tokko tokkoon kofoota isaa afran kofa sirrii ta'e dha.

Rektaangiliin tokko dheerina  $\ell$  fi dalgee

$w$  ta'e yoo qabaate, bal'inni isaa B:

$$B = \ell \times w \text{ iskuweer yuuniitii ta'a.}$$



Danaa 6.64

- 2    Rektaangiliin keessatti sararri dhaabbataan kan kofoota fuullee walii jiran walqabasiisu sarbii jedhama.


Danaa armaan gadii keessatti  $\overline{BD}$ 'n sarbii dha.

Bal'inni rogsadee kofa sirrii kan dheerinni miilotaa  $a$  fi  $b$  ta'an:

$$B = \frac{1}{2} \times a \times b \text{ iskuweer yuuniitii ta'a.}$$

**a**    Dalgee

**b**    olee



Danaa 6.65

**Fakkeenyaa 1:** Dheerinnii fi dalgee rogsadee kofa sirrii tokkoo duraaf duubaan 6cm fi 8cm yoo ta'an bal'ina rogsadee kofa sirrii kanaa barbaadi.

**Furmaata:** Kan kennae:  $a = 6\text{cm}$ ,  $b = 8\text{cm}$

$$\begin{aligned}\text{Bal'inni rogsadee kanaa } B &= \frac{1}{2} \times a \times b \\ &= \frac{1}{2} \times 6\text{cm} \times 8\text{cm} = \frac{48}{2} \text{cm}^2 = 24\text{cm}^2\end{aligned}$$

**Fakkeenyaa 2:** Diriiraan lafaa tokko bifaa rogsadee kofa sirrii qaba. Dalgee fi dheerinni lafa kanaa tartiibaan 5m fi 12m dha. Lafti rogsadee kanaan hammatame hangami?

**Furmaata:** Dalgee =  $\ell = 5\text{m}$

$$\text{Oolee} = w = 12\text{m}$$

$$\begin{aligned}B &= \frac{1}{2} \times \ell \times w = \frac{1}{2} \times 5 \times 12 = 30 \text{ iskuweermeetirii ta'a.} \\ B &= 30\text{m}^2\end{aligned}$$

Kanaaf, bal'inni bal'insa lafa kanaa kan rogsadee kanaan hammatame meetir iskuweerii 30 dha.

Bal'inni danaalee ji'oomeetirii adda addaa yuuniitota safara adda addaatiin safarama. Yuuniitonni bal'inaa yeroo baay'ee itti fayyadamnu, iskuweer-saantiimeetirii fi iskuweer meetirii dha. Ammammoo akkaataa itti yuuniitii tokko gara yuuniitii biraatti jijiiruu dandeessu ilaali.

**1** Bal'ina iskuweer- meetirii 1 ta'e fudhadhu.

$$\begin{aligned}1\text{m}^2 &= 1\text{m} \times 1\text{m} \\ &= 100\text{cm} \times 100\text{cm} \quad (1\text{m} = 100\text{cm} \text{ waan ta'eef}) \\ &= 10,000 \text{ cm}^2\end{aligned}$$

Kanaaf bal'inni iskuweer- meetirii 1, Bal'ina Iskuweer saantiimeetira 10,000 waliin walqixa dha.

Kanaaf, iskuweer meetiriin 1 = Iskuweer saantiimetira 10,000

$$1\text{m}^2 = 10,000\text{cm}^2$$

**2** Bal'ina Iskuweer saantiimeetira 1 fudhadhu.

$$\begin{aligned}1\text{cm}^2 &= 1\text{cm} \times 1\text{cm} \\ &= \frac{1}{100} \text{m} \times \frac{1}{100} \text{m} \quad (1\text{cm} = \frac{1}{100} \text{m} \text{ waan ta'eef}) \\ 1\text{cm}^2 &= \frac{1}{10,000} \text{m}^2 = 0.0001\text{m}^2\end{aligned}$$

Kanaaf, iskuweer-saantiimeetiriin tokko, iskuweer meetirii 0.0001 waliin walqixa dha.

$$1\text{cm}^2 = \frac{1}{10,000}\text{m}^2 = 0.0001\text{m}^2$$

- 3** Yuuniitiin biraan bal'ina ittiin safarru hektaaraa dha. Bal'ina lafaa yoo safartu hektaaratti fayyadamta. Hektaari 1, iskuweer meetirii 10,000 waliin wal qixa dha.

$$\text{hektaari } 1 = 10,000 \text{ m}^2$$

$$1\text{hek} = 10,000\text{m}^2$$

Kanaaf, hektaara gara iskuweer-meetiraatti yoo jijiirtu 10,000 tiin baay'ista. Iskuweer meetira gara hektaaraatti jijiiruuf, 10,000 tiif hirta.

**Fakkeenyaa 3:** Iskuweer- meetirii 7, gara iskuweer saantiimeetiriitti jijiiri.

**Furmaata:** 1 Iskuweer meetira = 10,000 iskuweer saantiimeetira.

$$\text{Kanaaf, 7 iskuweer meetira} = 70,000 \text{ iskuweer saantiimeetira.}$$

**Fakkeenyaa 4:** Iskuweer saantii meetira 860,000 gara iskuweer meetiratti jijiiri.

$$\text{Furmaata: } 10,000\text{cm}^2 = 1\text{m}^2 \text{ waan ta'eef, } 860,000\text{cm}^2 = \frac{860,000}{10,000} \text{m}^2$$

$$= 86\text{m}^2$$

**Fakkeenyaa 5:** Hektaara 5, gara iskuweer meetira fi sikuweer saantimeetiraatti jijiiri.

**Furmaata:** Hektaari 1 = 10,000m<sup>2</sup> waan ta'ef

$$\begin{aligned} &= 10,000 \times 10,000\text{cm}^2 \\ &= 100,000,000\text{cm}^2. \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} \text{Kanaaf, 5 hektaara} &= 5 \times 10,000\text{m}^2 \\ &= 5 \times 100,000,000\text{cm}^2 \\ &= 500,000,000\text{cm}^2 \\ &= 50,000\text{m}^2 \end{aligned}$$


**Fakkeenyaa 6:** Iskuweer meetira 680,000 gara hektaaraatti jijiiri.

**Furmaata:** 10,000m<sup>2</sup> = hektaara 1 waan ta'eef

$$680,000\text{m}^2 = \frac{680,000}{10,000} = \text{hektaara 68}$$

Kutaa 5<sup>ffaa</sup> keessatti, akkaataa itti naannawaa rogsadee barbaaddu barattee jirta.

**Hubachiisa:** Naannawni rogsadee marsaa naannoo rogoota isaa ti.  $a$ ,  $b$  fi  $c$ 'n dheerina rogoota rogsadee yoo ta'e, naannawni rogsadee kanaa,  $(a + b + c)$  ta'a.



**Fakkeenyaa 7:** Dheerinni rogoota rogsadee 8cm, 9cm fi 13cm yoo ta'e, naannawa rogsadee kanaa barbaadi.

**Furmaata:** Naannawni rogsadee = ida'ama dheerina rogoota isaati.

$$= 8\text{cm} + 9\text{cm} + 13\text{cm} = 30\text{cm}$$

**Fakkeenyaa 8:** Dheerinni rogoota rogsadee 6cm, 10cm fi naannawan isaa 29cm yoo ta'e, dheerina roga rogsadee kanaa isaa sadaffaa barbaadi.

**Furmaata:** Mee dheerina roga sadaffaa  $x$  haa jennu.

$$\text{Naannawa} = 6\text{cm} + 10\text{cm} + x\text{cm}$$

$$29\text{cm} = 16\text{cm} + x\text{cm}$$

$$x = 29\text{cm} - 16\text{cm}$$

$$x = 13\text{cm}$$


Kanaaf, dheerinni roga sadaffaa saantiimeetira 13 ta'a.

### Gilgaala 6.9

- 1 Dheerinni miilota rogsadee kofa sirrii 6cm fi 8cm dha. Bal'ina rogsadee kofa sirrii kanaabarbaadi.
- 2 Dheerinni miila rogsadee kofa sirrii isa tokkoo 8cm dha. Bal'inni rogsadee kofa sirrii kanaa  $24 \text{ cm}^2$  yoo ta'e, dheerina miila isa biraa barbaadi.
- 3  $a$  fi  $b$ 'n dheerina miilota rogsadee kofa sirrii yoo ta'ee fi A'n bal'ina rogsadee kofa sirrii kanaa yoo ta'e, bakka duwwaa gabatee armaan gadii guuti.

a	b	A
3		6
6	8	
	24	216

- 4 Danaa 6.67 armaan gadii irratti bal'ina danaa kennamee barbaadi.



Danaa 6.67

- 5 Kannen armaan gadii gara iskuweer meetiriitti jijjiiri.

a  $50,000 \text{ cm}^2$       b  $1000 \text{ cm}^2$       c 6 hektaara.


- 6 Kanneen armaan gadii gara iskuweer saantiimeetiriitti jijjiiri.

a  $8 \text{ m}^2$       b  $0.6 \text{ m}^2$       c 3 hektaara.

- 7 Kanneen armaan gadii gara hektaaraatti jijjiiri.

a  $60,000 \text{ m}^2$       b  $400,000,000 \text{ cm}^2$       c  $120 \text{ m}^2$

- 8 Danaa 6.68 armaan gadii keessatti naannawaa fi bal'ina bal'insa dibamee barbaadi.



Danaa 6.68

- 9 Armaan gaditti dheerinni rogoota rogsaddee kennamanii jiru. Naannawaa rogsadichaa barbaadi.

a 8cm, 11cm, fi 13cm      b 21cm, 11cm, fi 25cm  
c 9cm, 12cm, fi 15cm

- 10 Dheerinni rogoota lamaan rogsaddee 5cm fi 14cm dha. Naannawani rogsaddee kanaa 26cm yoo ta'e, dheerina roga sadaffaa shallagi.

- 11 Rogsaddee kofa sirrii keessatti dheerinni rogootaa 6cm, 8cm fi 10cm dha.


a Naannawa rogsaddee kanaa barbaadi.  
b Bal'ina rogsaddee kanaa barbaadi.

### 6.4.2 Qabee Piriizimii Rektaangulaa'aa

Piriizimiin yeroo baay'ee jirenya guyyaa guyyaa keessatti si mudatu saanduqa dha. Hundeen isaa akkasumas, rogoonni dirraa hundeef perpendiikulaarii waan ta'aniif, saanduqni piriizimii rektaangulaa'aa jechuun danda'ama. Akkuma danaa jaboo kamiiyyuu pirizimii rektaangulaa'aan keessa isaatti waa ni qabata. Hammi inni qabate kun, qabee piriizimichaa jedhama.


### Gocha 6.10

- 1 a** Piriizimii rektaangulaa'aan tokko dheerina 3cm, dalgee 4cm fi oolee 8cm qaba. Piriizimii rektaangulaa'aa kana kiyuubota yuuniitii meeqatu guuta?



Danaa 6.69

- b** Piriizimii rektaangulaa'aan tokko dheerina 3cm, dalgee 4cm fi oolee 5cm qaba. Piriizimii rektaangulaa'aa kana kiyuubota yuuniitii meeqatu guuta?



Danaa 6.70

- 2** Piriizimii rektaangulaa'aan tokko dheerina yuuniitota  $\ell$ , dalgee  $w$  fi oolee yuuniitota  $h$  yoo qabaate, pirizimii kana kiyuubii yuuniitii meeqatu guuta?

Gocha armaan olii irraa, kan armaan gadii hubachuu dandeessa. Piriizimii rektaangulaa'aan tokko dheerinaa yuuniitota  $\ell$ , dalgee yuuniitota  $w$  fi oolee yuuniitota  $h$  yoo qabaate, qabeen piriizimii reektaangulaa'aa kanaa formula armaan gadiitiin kennama.

Qabeen = dheerina  $\times$  dalgee  $\times$  oolee

$$V = \ell \times w \times h \text{ kiyubiik yuuniitii}$$

**Fakkeeny 1:** Piriizimii rektaangulaa'aan tokko dheerina, dalgee fi ooleen isaa 8cm, 6cm fi 10cm yoo ta'e, qabee piriizimii rektaangulaa'aa kanaa barbaadi.

**Furmaata:** Qabeen piriizimii rektaangulaa'aa =  $\ell \times w \times h$

$$\begin{aligned} &= 8\text{cm} \times 6\text{cm} \times 10\text{cm} \\ &= 480\text{cm}^3 \end{aligned}$$

**Fakkeeny 2:** Qabeen piriiziimii rektaangulaa'aa tokkoo  $270 \text{ cm}^3$  dha. Dheerinnii fi dalgeen piriizimii kanaa tartiibaan yuuniitota 6 fi 9 yoo ta'an, oolee piriizimii kanaa barbaadi.

**Furmaata:** Qabee (V) =  $\ell \times w \times h$

$$= 6 \times 9 \times h$$

$$270 = 54h$$

$$h = \frac{270}{54} = 5\text{cm}$$

Qabeewwan danaalee jaboo adda addaa yuuniitota safaraa adda addaatiin ibsamu. Fakkeenyaaaf, kiyubiik saantiimeetirii ( $\text{cm}^3$ ), kiyubiik meetirii ( $\text{m}^3$ ), liitirii, mililitirii fi kif yuuniitota safara qabee ti. Kanatti aansuun, yuuniitii qabee tokko gara yuuniitii qabee biraatti akkaataa itti jijiirtu ni baratta.

**1** kiyubiik meetiriin 1 = meetirii 1 × meetirii 1 × meetirii 1

$$= 1\text{m} \times 1\text{m} \times 1\text{m}$$

$$= 100\text{cm} \times 100\text{cm} \times 100\text{cm}$$

$$= 1,000,000\text{cm}^3$$

Kanaaf,  $1\text{m}^3 = 1,000,000\text{cm}^3$

$$1 \text{ m}^3 = 1,000,000\text{cm}^3$$

**2**  $1\text{cm}^3 = 1\text{cm} \times 1\text{cm} \times 1\text{cm}$

$$= \frac{1}{100}\text{m} \times \frac{1}{100}\text{m} \times \frac{1}{100}\text{m}$$

$$= \frac{1}{1,000,000}\text{m}^3$$

$$= 0.000001\text{m}^3$$

Kanaaf,  $1\text{cm}^3 = 0.000001\text{m}^3$

$$1\text{cm}^3 = 0.000001\text{m}^3$$

**3** 1liitirii = 1000 mili liitirii = 1000 kiyubiik saantiimeetirii

**Fakkeenyaa 3:** liitirri 5 gara miiliiliitiriitti jijiiruu.

**Furmaata:** liitirri 1 = 1000 ml

$$\begin{aligned}\text{liitirri } 5 &= 5 \times 1000 \text{ ml} \\ &= 5000 \text{ ml}\end{aligned}$$

Kanaaf, liitirri 5 = 5000 ml.

$$5\ell = 5000 \text{ ml}$$

**Fakkeenyaa 4:** kiyuubiik saantiimeetirii 6,000,000 gara liitirri fi gara kiyuubiik-meetiraatti jijiiri.

**Furmaata:**  $1000 \text{ cm}^3 = \text{liitira } 1$

$$\text{Kanaaf, } 6,000,000 \text{ cm}^3 = \frac{6,000,000}{1,000} \ell = 6000 \ell$$

Haaluma walfakkaatuun

$$1,000,000 \text{ cm}^3 = 1 \text{ m}^3$$

$$\text{Kanaaf, } 6,000,000 \text{ cm}^3 = \frac{6,000,000}{1,000,000} \text{ m}^3 = 6 \text{ m}^3$$

$$\text{Kanaaf, } 6,000,000 \text{ cm}^3 = 6000 \ell = 6 \text{ m}^3$$

**Fakkeenyaa 5:** meetirkiyubii 10 gara kiyuubiik saantiimeetiriitti jijiiri.

**Furmaata:**  $1 \text{ m}^3 = 1,000,000 \text{ cm}^3$

$$\text{Kanaaf, } 10 \text{ m}^3 = 10 \times 1,000,000 \text{ cm}^3$$

$$10 \text{ m}^3 = 10,000,000 \text{ cm}^3$$

### Gilgaala 6.10

- 1 Meeshaan bifa pirizimii rektaangulaa'aa qabu tokko dalgee 10m, dheerina 10m fi oolee 15m qaba. Meeshaan kun bishaan liitira meeqa qabachuu danda'a?
- 2 Qabeen pirizimii rektaangulaa'aa tokkoo kiyuubiik saantiimeetira 300 dha. Pirizimiin kun, dheerina 10cm fi dalgee 5cm yoo qabaate, oolee pirizimii rektaangulaa'aa kanaa barbaadi.
- 3 Kanneen armaan gadii gara kiyuubiik meetiriitti jijiiri.
  - a 3,000,000,000 kiyuubik saantiimeetirii
  - b 500,000,000 kiyuubik saantiimeetirii
  - c 92,000,000 kiyuubik saantiimeetirii

- 4** Kanneen armaan gadii gara kiyuubiik saantiimeetiriitti jijiiri.  
**a**  $5m^3$       **b**  $27m^3$       **c**  $32m^3$
- 5** Kanneen armaan gadii gara miliiliitiriitti jijiiri.  
**a**  $62\ell$       **b**  $5\ell$       **c**  $96\ell$
- 6** Kanneen armaan gadii gara kiyuubiik saantiimeetiriitti jijiiri.  
**a**  $2\ell$       **b**  $5ml$       **c**  $11,000,000ml$
- 7** Kanneen armaan gadii gara liitirriitti jijiiri.  
**a** kiyuubik saantiimeetira 2,000,000      **b** miliiliitirii 5,000,000  
**c** Meetiir kiyuubii 6
- 8** Qaruuraan tokko alkoolii mili liitirii 300 qabatee jira. Qaruuraan kun alkoolii liitirii meeqa qabatee jira?
- 9** Manni tokko dalgee meetira 3 fi dheerina meetira 5 qaba. Oleen mana kanaa meetira 12 yoo ta'e, qabee qilleensa mana kanaa keessaa shallagi.
- 10** Manni hundeen isaa iskuweerii ta'e tokko dalgee 5m qaba. Qabeen mana kanaa kiyuubik meetira 200 yoo ta'e, olee mana kanaa shallagi.

## MIRKANEEFFANNOO

Kanneen armaan gadii yaad-rimeewwan ijoo boqonnaa kanaati. Mirkaneeffannoonaun kun ergaa boqonnaa kanaa hammam akka baratteettu akka of madaaltuuf si gargaara. Kanaaf, sirriitti hubatteetta yoo ta'e gaarii dha. Kan siif hin galle yoo jiraate duubatti deebi'uun fuula yaadichi irra jiru irra deebi'uun dubbisuun, gadi fageenyaan qo'adhu.



### JECHOOTA LJOO

↳ Foormulaa bal'ina rogsadee kofa sirrii	↳ Kiyuubiik meetirii ( meetir kiyuubii)
↳ Kiyuubiik yuuniitii	↳ Kiyuubik saantiimeetirii
↳ Kofa guuchisaa	↳ Kofa hirkoo
↳ Kofa maddii	↳ Kofoota alaan cinaachaa
↳ Kofoota keessaan cinaachaa	↳ Kofoota waliin duubaa
↳ Kofoota waliif hirkoo	↳ Miliiliitirii
↳ Liitirii	↳ Piriizimii rektaangulaa'aa
↳ Naannawaa rogsadee	↳ Rogsadee kofa sirrii
↳ Rektaangilii	↳ Walitti galummaa rogsadeewwanii
↳ Sararoota waltarree	



## CUUNFAA BOQONNAA 6

- 1** Kofootni roga walii fi verteeksii walii qaban fi tuqaa keessaa kan walii hin qabne kofoota maddii jedhamu.
- 2** Koofootni maddii lama kan rogootni isaanii qarqaraa lamaan kofa qajeelaa uuman kofoota dirriraajedhamu.
- 3** Kofootni waliin duubaa safara walqixa ta'e qabu. Kana jechuun kofootni waliin duubaa walitti galoo dha.
- 4** Kofootni lama kan ida'amni isaanii  $90^{\circ}$  ta'e, kofoota guuchisoo jedhamu. Kofootni lama kofoota guuchisoo yoo ta'an, kofootni kun kofoota guuchisoo walii jedhamu.
- 5** Kofootni lama  $\alpha$  fi  $\beta$ 'n kofoota hirkoo kan jedhaman, ida'amni safara isaanii  $180^{\circ}$  yoo ta'e dha.  $\alpha$ 'n kofa hirkoo kofa  $\beta$  ti jedhama.  $\beta$ 'n kofa hirkoo kofa  $\alpha$  ti.
- 6** Sararri sararoota lama yookiin lamaa ol ta'an qaxxaamuru sarara qaxxaamuraajedhama.
- 7** Sararootni diriiroo tokko irra jiran lama sararoota wal tarree kan jedhaman, sararootni kun wal hin kiphan yoo ta'e dha.
- 8** Sararootni waltarree lama, sarara qaxxaamuraatiin yoo qaxxamuraman:
  - ♦ Kofootni waliigita walitti galoo dha.
  - ♦ Kofootni keessaan cinaahaa walitti galoo dha.
  - ♦ Kofootni alaan cinaachaa walitti galoo dha.
  - ♦ Kofootni keessaa kan gam tokkee sarara qaxxaamuraatti argaman waliif hirkoo dha.
- 9** Rog sadee kamiyyuu keessatti ida'amni dheerina rogoota lamaa irraa guddaa dheerina roga sadaffaa ti.
- 10** Rogsadee ayisoosilesii keessatti, kofootni lama walitti galoo dha.
- 11** Rogsadee ikkulaateraalii keessatti, safarri tokko tokkoo kofaa  $60^{\circ}$ dha.
- 12** Rogoota rogsadee keessaa, dheerinni rogoota lamaa walqixa miti yoo ta'e kofootni fuullee kofoota kanaa jiran walqixa miti. Rogni inni dheeraan fuullee kofa isa safara guddaa qabuutti argama.
- 13** Danaaleen ji'oomeetirii lama bocaa fi guddina tokko yoo qabaatan walitti galoo jedhamu.
- 14** Rogsadeewwan lama keessatti rogootni waliigita walitti galoo yoo ta'an, rogsadeewwan kun walittigaloo dha.
- 15** Walitti galummaan rogsadeewwanii RKR, RRR fi yookiin KRK beekuun mirkanoeffamuu danda'a. Haala kenname irratti hundaa'uun jechuu dha.
- 16** Rogsadee kofa sirrii keessatti, dheerinni miilota isaa yuuniitii a fi b, akkasumas dheerinni roga sadaffaa yuuniitii c yoo ta'ae, Bal'inni rogsadee kofa sirrii kanaa,

$B = \frac{1}{2} \times a \times b$  iskuweer yuuniitii dha.


Naannawani rogsadee kanaa,  $P =$  yuuniitii  $(a + b + c)$  ta'a.

- 17  $1m^2 = 10,000cm^2$
- 18  $1cm^2 = 0.0001m^2$
- 19 Hektaarri  $1=10,000m^2$
- 20  $1m^3 = 1,000,000cm^3$
- 21  $1cm^3 = 0.000001m^3$
- 22  $1\ell = 1000ml = 1000cm^3$
- 23  $1m^3 = 1000\ell$



## GILGAALA KESSA DEEBII BOQONNAA 6


- 1 Bal'inni rektaangili 32cm<sup>2</sup> dha. Hundeen isaa 16cm yoo ta'e olee rektaangili kanaa barbaadi.
- 2 Kofoota armaan gadiitiif kofa guuchisoo fi kofa hirkoo barbaadi.
  - a  $20^\circ$
  - b  $30^\circ$
  - c  $45^\circ$
- 3 Naannawan rogsadee saantiimeetirii 14 dha. Dheerinni rogoota isaa lamaa 5cm fi 3cm yoo ta'e, dheerina roga sadaffaa barbaadi.
- 4 Bal'inni rogsadee kofa sirrii iskuweer saantiimeetiirii 64 dha. Dheerinni miila tokkoo saantiimeetirii 16 yoo ta'e, dheerina roga sadaffaa barbaadi.
- 5 Kofti hirkoo kofa tokkoo, dacha kofichaa  $30^\circ$  tiin caala. Kofa kana barbaadi.
- 6 Danaa 6.72 keessatti.
  - a Kofoota cimdii 1 fi 5 maal jechuun moggaasta?
  - b Kofoota cimdii 3 fi 6 maal jechuun moggaasta?
  - c Kofoota cimdii 1 fi 4 maal jechuun moggaasta?
  - d kofti 1 fi kofti 2 kofoota maddii tii? maaliif
  - e kofti 1 fi kofti 5 walqixa kan ta'ani yoomi?
- 7 Lakkoofsota armaan gadii keessaa kan dheerina rogoota rogsadee ta'uu danda'an isaan kami?
  - a 6,7,9
  - b 6,6,12
  - c 8,8,15
- 8  $\Delta ABC$  keessatti  $s(\overline{AB}) = 6\text{cm}$ ,  $s(\overline{BC}) = 8\text{cm}$  fi  $s(\overline{CA}) = 9\text{cm}$  dha. Kofa kamtu guddaa dha? Kofa kamtu xiqqaa dha?



Danaa 6.72

- 9 Danaa 6.73 armaan gadii keessatti,  
 $\overline{GH} \equiv \overline{QN}$  fi  $\angle FGH \equiv \angle MNQ$ .


Rogsadeewwan,  $\Delta FGH$  fi  $\Delta MNQ$  walitti galoo akka ta'aniif, rogoontni waliitti galoo ta'uu qaban warreen kami?



- 10 Danaa 6.74 armaan gadii keessatti,


$\overline{BC} \equiv \overline{DE}$  fi  $\angle ACB \equiv \angle ADE$  ti.  
yoo  $\overline{AC} \equiv \overline{AD}$  ta'e,

$\Delta ACB \equiv \Delta ADE$  ta'aa? maaliif?




- 11 Danaa 6.75 armaan gadii keessatti,  $\overline{AE} \equiv \overline{DE}$ ,  $\overline{BE} \equiv \overline{CE}$

$\angle AEC \equiv \angle DEB$  yoo ta'e,  $\Delta AEB \equiv \Delta DEC$  ta'aa?




- 12 Danaa 6.76 armaan gadii keessatti,  $\overline{BC} \equiv \overline{BD}$  fi  $\overline{CO} \equiv \overline{DO}$ .

$\angle CBO \equiv \angle DBO$  ta'uu mirkaneessi.



- 13 Danaa 6.77 armaan gadii keessatti,

$\overline{MN} \equiv \overline{MQ}$ ,  $\overline{NO} \equiv \overline{QO}$  ti  $s(\angle Q) = 65^\circ$   
yoo ta'e,  $s(\angle N)$  barbaadi.



Danaa 6.77

- 14 Liitirii 2000 gara meetir-kiyuubitti jijiiri

- 15 Saantiimeetir iskuweerii 50,000 gara iskuweer-meetiritti jijiiri.